

QAJEELFAMA SOORTUUWWAN
PHEENXEQOOSXEE



SOORTUUWWAN PHENXEQOOSXEE
AFRIKAAF KAN QOPHAA'E

QAJEELFAMA SOORTUUWWAN PHEENXEQOOSXEE



SOORTUUWWAN PHENXEQOOSXEE
AFRIKAAF KAN QOPHAA 'E

Denzil R. Miller, Gulaalaa
Jeffery Nelson, Gargaaraa Gulaalaa
Todd Churchill, Gargaaraa Gulaalaa

Qajeelfama Soortuuwwan Pheenxeqoosxee: Soortuuwwan Afrikaatiif Kan Qophaa'e © Mirga abbummaa 2022 kan Afrikaas Hopi, Spiringfiildii,

Miisoorii, Ameerikaa. Mirgi Abbummaa hundumtuu eegamaa dha. Kutaawwan kitaaba kanaa keessaa hayyama barreeffamaa abbaa mirga waraabbi irraa argateen alatti, bifa kamiinuu ykn karaa kamiinuu (baay'isuunis ta'ee, odeeffannoo koompitaraatin kaa'un, yookiin bifa gara biraatin yookiin karaa kamiin iyyuu humna ellektiriikiitiin, maashiniidhan, footokoppiin) waraabun yookin heyyama barreeffama abbaa mirga abbummaan alattii yoo waraabbi ifa ta'e kan akka barruulee yookin gaazexaa waliin walqabatee fayyadame malee heeyyamamaa miti.

Caqasawwan Macaafa Qulqulluu kitaaba kana keessatti argaman hundi Macaafa Qulqulluu hiikkaa isa haaraa irraa kan fudhatamanidha. Mirgi maxxansaa kan@ 1973,1978,2011 Biblika Inc. Mirgi barreessitootaa addunyaa guutuutti kan eegamanidha.

Koree Gulaalaa:

Denzil R. Miller, DMin, Gulaalaa
Jeffery Nelson, PhD, Gargaaraa Gulaalaa
Todd Churchill, Gargaaraa Gulaalaa

Akkaataa itti argama Kitaabichaa: 1.1.

Miller, Denzil R., gulaalaa, 1946
Qajeelfama Paastaroota Pheenxeqostee: Qajeelfama Paastaroota Afrikaa
Denzil R. Miller Jeffery Nelson fi Todd Churchill waliin

Africa's Hope kan maxxanfame
580 West Central Street
Springfield, Missouri, USA 65802

Printed in Federal Democratic Republic of Ethiopia

Baafata

Baafata	3
Gumaachitoota	7
Dubbi-duree Randel Tarrtiin Barreeffame	11
Dubbi-duree Dr. Barnaabaas Mtokambalitiin Barreeffame	13
Seensa	15

KUTAA 1FFAA: ULAAGAAWWAN SOORTUUWWAN

PHEENXEQOOSXEE

Boqonnaa 1: Nama Muuxannoo Qabu	23
Boqonnaa 2: Nama Hafuuraa	33
Boqonnaa 3: Nama Amala Gaarii Qabu	43
Boqonnaa 4: Nama Akka Gaariitti Qophaa'e	53

KUTAA 2FFAA: AKKA SOORTUU PHEENXEQOOSXEETTI

WAANTOOTTA DURSUU QABAN

Boqonnaa 5: Tajaajila Keessatti Wantoota Dursi Kennamuu Qabuuf	65
Boqonnaa 6: Dursa Dhuunfaa	75
Boqonnaa 7: Dursa Maatii.....	85
Boqonnaa 8: Dursa Kadhannaa	95

KUTAA 3FFAA: AMANTAA SOORTUU PHEENXEQOOSXEE

Boqonnaa 9: Macaafa Qulqulluu Amanuu	107
Boqonnaa 10: Dhugaa Pheenxeqoosxee Deeggaruu	117
Boqonnaa 11: Muuxannoo fi Shaakala Pheenxeqoosxee Beeksisuu.....	127
Boqonnaa 12: Hambaa Pheenxeqoosxee Leellisuu	137

KUTAA 4FFAA JIREENYA DHUUNFAA SOORTOTA

PHEENXEQOOSXEE

Boqonnaa 13: Jireenya Akka gaariitti Hogganame	149
Boqonnaa 14: Hariiroo Fayya-Qabeessa	159
Boqonnaa 15: Amala Waaqeffannaa Dhuunfaa Cimaa	169

KUTAA 5FFAA TAJAAJILA HAWAASUMMAA SOORTOTA

PHEENXEQOOSXEE

Boqonnaa 16: Lallaba Hafuuraan Dibame.....	181
Boqonnaa 17: Barsiisa Bu'a qabeessa	191
Boqonnaa 18: Waldaa Waaqeffannaan Geggeessuu.....	201
Boqonnaa 19: Waldaa Kirstaanaa Gara Haaromsa Pheenxeqoosxeetti Gaggeessuu.....	211
Boqonnaa 20: Amantoota gara Cuuphaa Hafuuraatti Qajeelchuu	221
Boqonnaa 21: Humna Hafuuraan Tajaajiluu	231
Boqonnaa 22: Lola Hafuuraa Irratti Bobba'uu	241

KUTAA 6FFAA: SOORTUU PHEENXE QOOSXEE AKKA TIKSEETTI

Boqonnaa 23: Tajaajila Soortuu Hubachuu	253
Boqonnaa 24: Hoolotaa Kunuunsuu	263
Boqonnaa 25: Warra Qaama Kiristoos Ta'an Cimsuu.....	271
Boqonnaa 26: Saba Waaqayyoo Gorsuu.....	281
Boqonnaa 27: Hoolota Waaqayyoo Eeguu	293

KUTAA 7FFAA: SOORTUU PHEENXEQOOSXEE AKKA

GEGGEESSAATTI

Boqonnaa 28: Geggeessummaa Pheenxeqoosxee.....	305
Boqonnaa 29: Geggeesaa Tajaajilaa	315
Boqonnaa 30: Geggeesaa Abbaa Mul'ataa	325
Boqonnaa 31: Geggeessummaa Ergamaa	335

KUTAA 8FFAA: SOORTOTA PHEENXEQOOSXEE AKKA

BULCHIISAATTI

Boqonnaa 32: Galmee, Qarshii, fi Qabeenyaa Bulchuu	347
Boqonnaa 33: Geggeessitoota Warra Soortuu Hin Ta'iin Sochoosuu	357
Boqonnaa 34: Kutaalee Tajaajila Waldaa Qajeelchuu.....	367
Boqonnaa 35: Miseensota Waldaa To'achuu	379

KUTAA 9FFAA: SOORTUU PHEENXEQOOSXEE ERGAMA

KEESSATTI

Boqonnaa 36: Tarsiimoo Kakuu Haaraa Hubachuu	391
Boqonnaa 37: Warra Badanitti Wangeela Lallabuu	401
Boqonnaa 38: Hawaasa Tajaajiluu	411
Boqonnaa 39: Waldoota Haaraa Dhaabuu	421
Boqonnaa 40: Sagantaa Ergamummaa Waldaa Naannoo Guddisuu	431

KUTAA 10FFAA: SORTOTA PHEENXEQOOSXEE FI SIRNOOTA

AYYAANNEFFANNAA FI IRBAATA QULQULLUU

Boqonnaa 41: Cidha fi Awwaalcha Raawwachuu	443
Boqonnaa 42: Sirna Qulqullinaa, Eebbaa, fi Dhaabbataa Raawwachuu	453

ODEEFFAANNOOWWAN DABALATAA

Odeeffannoo Dabalata 1 Ibsa Amantaa kan Waldaa Yaa'ii Waaqayyoo Addunyaa Hordofaniif	465
Odeeffannoo Dabalataa 2 Mul'achuu Kennaawwan Hafuura Qulqulluu 1 Qorontos 12:8-10	469
Odeeffannoo Dabalata 3 Gabaajeewwan Kitaaba Macaafa Qulqulluu.....	471

Baafata

Gumaachitoota

Kanneen armaan gaditti tarreeffaman warra barreeffama kitaaba kanaaf gumaachanidha. Lakkoofsi cuftuu keessatti argamu kan waa'ee nama kitaaba kana irratti gumaachee ibsu dhuma irratti argamu, boqonnaa namichi caalaatti keessatti gumaache argisiisa.

Adade, Ayi, PhD. Secretary General, Togo Assemblies of God (29)

Ama, UcheChukwu. Deputy Chairman, Africa Assemblies of God Alliance
World Missions Commission (40)

Banda, Lipenga. General Superintendent, Assemblies of God in Zambia (33)

Bogere, Richard, PhD. Co-Founder, Christ Chapel International, Kampala,
Uganda; Teaching faculty member, Pan Africa Theo-logical Seminary (6)

Bomboko, Cécile, PhD. Central Africa Regional Representative, Association for
Pentecostal Theological Education in Africa (APTEA) (14, 32)

Bomboko, Marcel, PhD. Chairman, Board of Governors, West Africa Advanced
School of Theology, Lomé, Togo (14, 32)

Chipao, Lawrence, PhD. Dean of Theology Faculty and Ministerial Formation,
Malawi Assemblies of God University (34)

Churchill, Todd. AGWM Missionary to DR Congo, Africa's Hope (30)

Daplex Ouentchist, Honoré, PhD. President, Evangelical Church of the
Assemblies of God, Cotê d'Ivoire (10)

Djakouti, Mitré. President, Togo Assemblies of God; Former President, Africa
Assemblies of God Alliance (15)

Dube, Andrew, PhD. President, Malawi Assemblies of God (11)

Flindja, Douti Lallebili, PhD. Academic Dean, West Africa Ad-vanced School of
Theology, Lomé, Togo (27)

Gumaachitoota

- Frimpong-Manso, Paul, PhD. General Superintendent, Assemblies of God, Ghana (37)
- Gnanchou, Désiré Béchié, PhD. Former President, Evangelical Assemblies of God, Cotê d'Ivoire; Director, Theological and Pastoral Institute of Katadji (23)
- Kitoto, Dinah. Wife of Philip Kitoto, General Superintendent, Kenya Assemblies of God (7)
- Kitoto, Philip. General Superintendent, Kenya Assemblies of God; Chancellor, KAG East University (7)
- Kuoh, Jimmy, PhD. General Superintendent Emeritus, Assemblies of God Liberia; President, Liberia Assemblies of God Bible College (21, 41)
- Lebelo, Gordon, PhD. General President, International Assemblies of God, South Africa (26)
- Lwesya, Enson, DMin. Vice Chancellor, Malawi Assemblies of God University (28)
- Mba, Arthur, PhD. First Vice President, Assemblies of God, Gabon (2, 18)
- Mbiwan, Daniel. General Superintendent, Full Gospel Mission, Cameroon (25)
- Miller, Denzil R., DMin. AGWM Missionary; Director, Acts in Africa Initiative (1, 3, 8, 16, 20, 36)
- N'sembe Loyela, Israël. Pastor, Ark of the Covenant Evangelistic Center, Kinshasa; Former General Superintendent, Assemblies of God, DR Congo (22)
- Ndayisaba, Jérôme. President, Burundi Assemblies of God Fellowship (24)
- Nelson, Jeffery, PhD. AGWM Missionary; Former Vice Chancellor, KAG East University, Nairobi, Kenya (5, 12, 39)
- Ngabonziza, Emmanuel. Vice General Superintendent, Pentecostal Assemblies of God, Rwanda (38)
- Niba, Felix, PhD. Director of Foreign Missions, Full Gospel Mission, Cameroon (13)

Gumaachitoota

Oganya, Ngozi Cecilia, PhD. Coordinator of Theological Education by Extension (TEE), Assemblies of God Divinity School, Umuahia, Nigeria (17)

Sawadogo, Jephthé, DMin. Vice President, Burkina Faso Assemblies of God; Director, Koubri Bible School (4, 42)

Sebastião, Francisco. President, Angola Assemblies of God (9)

Smith, Bernard, MA. AGWM Missionary to Togo (15)

Swai, Ron. General Treasurer, Tanzania Assemblies of God (35)

Turney, Mark, MA. AGWM Missionary; President, West Africa Advanced School of Theology, Lomé, Togo (19)

Watt, C. Peter, ThD. Chairman, Assemblies of God, South Africa (31)

Gumaachitoota

Dubbi-duree Randel Tarrtiin Barreeffame

Qajeelfamni Soortuuwwan Pheenxeqoosxee kun waggoota dhufaniif soortuwwan Afrikaatiif qabeenya guddaa ta'ee akka tajaajilu abdi guddaa kenna. Waldaan Afrikaa yeroo dheeraaf qormaata addaa addaa soortuuwwan pheexeqoosxee Afrikaa mudatu kan ilaallatu qajeelfama akkasii barbaaddi turte.

Hojii kana keessatti, Dr. Denzil R. Miller fi koreen gulaalaa isaanii, Dr. Jeffery Nelson fi Todd Churchill, dhimmoota har'a Afrikaa keessatti soortuuwwan pheexeqoosxee mudatan hedduu ilaaluuf hoggantoota waldaa pheexeqoosxee Afrikaa dinqisiisaa ta'an walitti qabaniiru. Akkuma "Tarreen Gumaattotaa" fuuldura kitaabichaa irratti argamu mul'isu, geggeessitootni kun qondaaltota waldaa biyyoolessaa, soortuuwan waldaa geggeessan, bulchitootaa fi barsiisota mana barumsaa Macaafa Qulqulluu fi seeminaarii, geggeessitoota ergamtoota wangeelaa, warra waldaa dhaaban, lallabdoota wangeelaa fi kkf of keessatti qabatu.

Gad-fageenyi muuxannoo fi beekumsa geggeessitoota kanaa hojii kana irratti gatii guddaa dabala. Dhiiraa fi dubartoota kana keessaa hedduu wajjin tajaajilaa waanan tureef, akka geggeessitootaatti amanamummaa isaanii, quuqama Kiristoosii fi ergama isaaf qaban, akkasumas Waldaan golee Afrikaa hunda keessatti dhaabamtee arguuf fedhii qaban dhuunfaan mirkaneessuu nan danda'a. Kana malees, gareen gulaalan mataan isaanii beekumsa guddaa Afrikaa fi ummatoonaa ishee gara guddina kitaaba kanaatti fidu. Tokkoon tokkoon isaanii Kibba, Bahaa ykn Giddugaleessa Afrikaatti ergamaa wangeelaa ta'anii waggoota hedduudhaaf tajaajilaniiru.

Kitaabni kun namoota duraanuu waldoota Afrikaa guutummaa keessatti tajaajila gaggeessaa jiran, akkasumas warra ammallee mana barumsaa Macaafa Qulqulluu fi sagantaa leenjii dabalataa tajaajila gara fuula duraatiif qophaa'aa jiran cimsuuf abdi guddaa kenna. Kitaabni kun gargaarsa qabatamaa kan soortuuwwan Pheenxeqoosxee tajaajila isaanii keessatti akka milkaa'anii fi firii garii godhatan gargaaruun kan guutamedha.

Keessattuu dhimmi baay'ee barbaachisaan kitaabni kun xiyyeeffannoo itti kennu tokko, soortuwwan pheexeqoosxee Afrikaa dhiirris ta'e dubartiin amala gaarii akka qabaataniif waamicha taasisuu isaati. Xiyyeeffannaan barbaachisaan kan biroon immoo kitaabichi yeroo hundumaa soortuwwan Afrikaa hafuura qulqulluudhaan guutamaniif akka jiraatanii fi ergama Waaqayyo isaanitti kenne irratti xiyyeeffatanii akka turan, dhiirotni, dubartootnii fi daa'imni Afrikaa keessa jiran hundinuu wangeela dhaga'uuf carraa argatanii akka Yesuus Kiristoositti amananiif waamicha dhiheessuu isaati. Bara "wangeela badhaadhina" jedhamu waldootni Afrikaa keessa jiran hedduun ergama Waaqayyoo irraa gara barbaacha eebba dhuunfaatti goran kana keessatti, xiyyeeffannaan macaafa kanaa ergama Waaqayyoo isa guddaa sana ta'uu isaa arguun baay'ee kan nama jajjabeessudha. Kitaaba kanaaf gumaachitoonni dhugaa dubbichaa raawwatan, dhiiraa fi dubartoonni Waaqayyoo jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti xiyyeeffannoo Ergama Guddaa Kiristoos jiraachuu barbaadaniidha.

Waggoota kurnan ja'an darbaniif Waldaa Afrikaa wajjin walitti dhufeenyan qaba, jalqaba akka daa'imaatti Afrikaa keessatti guddachuu fi boodarra immoo Afrikaa Dhihaa keessatti ergamaa wangeelaa ta'ee waggoota 35 tajaajileera. Hojii dhiirotnii fi dubartootni Afrikaa kumaatamaan lakkaa'aman jireenya isaanii adda baasuun gatii kamiyyuu kaffalanii warra badan gara Kiristoositti fiduuf hojjetan arguun baay'ee waan nama dinqisiisudha. Kitaabni kun tajaajila irratti bu'a qabeessummaa isaanii guddisuuf akka tajaajilu nan amana. Kadhannaan koo, kitaabni kun guutummaa Afrikaa keessatti harka soortotaa fi barattoota mana barumsaa Macaafa Qulqulluu kumaatamaan lakkaa'aman keessa waan seeneef, mootummaan Waaqayyoo karaa daran guddaa ta'een gara ardii kanaatti akka dhufudha.

Geggeessitoonni hafuuraan humna argatanii fi leenjii macaafa qulqulluu argatan dhuguma abdii Afrikaati!

~ Luba Raandeel Tarr
Daarikteera Olaanaa
Africa's Hope

Dubbi-duree Dr. Barnaabaas Mtokambalitiin Barreeffame

Soortuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiran harki caalaan isaanii haala yaada Phaawuloos keessa ta'ee amantoota Qorontosiiif barreesse waliin wal fakaachuu danda'a:

"Ani adeemsa har'aa borii keessatti bishaan guutuudhaan doorsifamaa, warra saamtuudhaan doorsifamaa, saba kootiin doorsifamaa, warra saba koo hin ta'iniin doorsifamaa, mandara keessatti doorsifamaa, lafa onaa keessatti doorsifamaa, gaalaana irratti doorsifamaa, obboloota sobaatiin doorsifamaa tureera. Hojiitti dadhabuu, rakkina, halkan baay'ee hirriba malee buluu, beela, dheebuu, yeroo baay'ee hagabuu taa'uu, qorra keessatti qullaa ta'uu baachaan ture. Kana malees, guyyaa guyyaatti waldoota kristiyaanaatiif yaadda'uun anatti ulfaachaa jira." (2 Qor. 11:26-28)

Haalli dhuunfaa isaanii kan Phaawuloos irraa adda ta'uu danda'us, irra caalaan soortuwwan Pheenxeqostee Afrikaa keessa jiran miira inni "gama hundumaatiin dhiphachuu" (4:8) isaa wajjin wal fakkaachuu danda'a.

Waldaa Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti Hojiiwan muraasa irraa kan hafe, hojii sooruu caalaa kan qormaatni itti baay'atu hin jiru. Mee kutaa jireenyaa fi tajaajilaa hedduu soortuwwan Pheenxeqoosxee gahumsa agarsiisuu qaban yaadi. Inni ykn isheen hoolota Waaqayyoo dandeettiidhaan kunuunsuu danda'uu qabu, akkasumas dhimma dhuunfaa fi maatii ofii isaanii bulchuu danda'uu qabu. Isaan lallabdoota, barsiisota, gorsitoota, fi bulchitoota gahumsa qaban ta'uu qabu – hunduma yeroo tokkotti. Yeroo hundumaas, ajaja Gooftaan keenya saba hundumaa duuka buutota gochuuf kenne raawwachuu keessatti waldoota isaanii geggeessuu danda'uu qabu. Warri kun itti fufuu danda'u. Qajeelfamni soortuwwan Pheenxeqoosxee kun akka malee kan simatamu kana waan ta'ee fidha.

Qajeelfama soortuwwan Afrikaa kan ilaalcha Pheenxeqoosxee giddu-galeessa taasise akka barbaachisu yeroo dheeraaf hubachaa tureera. Kanaaf hojii dhaabbanni Abdii Afriikaa jedhamu kitaaba kana qopheessuuf hojjete baay'een galateeffadha. Keessattuu wanti nama jajjabeessu qajeelfamni kun soortuwwanii

Gumaachitoota

fi geggeessitoota Pheenxeeqoosxee bilchaatoo ta’an kan guutummaa ardii kana irraa jiraniin barreeffamuu isaati. Innis, yeroo wal fakkaatutti, qor-waaqumaadhaan sirrii, ergama irratti kan xiyyeeffate fi qabatamaan faayidaa kan qabu dha. Qajeelfamni kun jireenya fi tajaajila soortuuwwan Pheenxeeqoosxee irratti hubbannoo guddaa kenna. Soortuuwwan Pheenxeeqoosxee guutuu ardii kanaa gara tajaajila bu’a qabeessa ta’etti qajeelchuuf ni gargaara. Akkasumas harka soortuuwwan keenyaa cimsuun waldoota isaanii akka gaggeessan ni jabeessa.

Qajeelfamni soortuuwwan pheenxeeqoosxee kun keessattuu bara 2021 – 2030 yeroo gamtaan Yaa’ii waaqayyoo Afrikaa (Africa Assemblies of God Alliance (AAGA)) “Dadamaqinsa waggoota kurnaniif” (Decade of Revival) xiyyeefannoo kennu kanatti shoora gudda tapahata. Waggoota kurnan kana keessatti waldoonni Yaa’ii waaqayyoo guutuu Afrikaa keessatti argaman hafuurri qulqulluu akka dhangalaasuuf fuula Waaqayyoo barbaaduuf of kenaniiru, bu’aan isaas dhufaatii Kiristoos dhihooiti ta’uuf jiru dura haaromsa guddaan Afrikaa keessatti akka ta’u , amantoonni wangeela gara qomoo, sabaa fi sablammoota hundumaatti akka geessan humna kennuu dha.

Waggoota Kurnan Haaromsaa keessatti, waldoonni Yaa’ii waaqayyoo human Hafuura Qulqulluu, jireenya Waaqayyoo, leenjii duuka bu’ummaa, wangeela lallabuu, waldaa dhaabuu, fi ergama aad-qaxxaamuraa ummattoota ardii kanaa hin dhaqqabne irratti xiyyeeffata—keessattuu Kaaba Afrikaa fi gaanfa Afrikaa keessatti. Qajeelfamni soortuuwwan Pheenxeeqoosxee akka meeshaa gatii qabeessa guddatti akka tajaajilu, soortuuwwan waldoota isaanii ergama guddaa kana akka raawwatan gargaara jedheen amana. Sanaa booda, Gooftaan Yesuus dhufaatii isaa yoo harkifate, kitaabni kun waggoota hedduu dhufaniif waldaa Pheenxeeqoosxee Afrikaa keessa jirtu tajaajiluu itti fufa.

Kitaaba kana soortuuwwanii fii tajaajiltootni Pheenxeeqoosxee guutuu Afrikaa keessa jiran akka itti fayyadaman gammachuu guddaan nan gorsa.

~ Dr. Barnaabaas Mtokambali
Dura taa’aa
Gamtaa Yaa’ii Waaqayyoo Afrikaa

Seensa

Hogganaan Afrikaa tokko, waldaan Afrikaa keessatti akkamitti guddachaa akka jirtu hubachuudhaan, “Waaqayyo waldaa Afrikaa eebbisaa jira kanaaf waldaan Afrikaa saboota biroof eebba ta’aa jirti!” Nutis akka dhaabbata Abdii Afrikaatti kaka’umsa yaada HoE. 1:8 irra jiru kana garaa guutuudhaan irratti walii galle. Waaqayyo yeroo akkasiif waldaa Afrikaa gara Mootummaa isaatti akka waame ni amanna (cf. Est. 4:14). Waldaan Pheenxeqosxee Afrikaa keessa jirtu hiree ergamaa guddaa qabdi. Bara dhumaa kana keessatti Gooftaan deebi’ee osoo hin dhufiin dura ergama isaa isa guddaa raawwachuu keessatti guutummaatti akka hirmaatan humna isaaniif kennuudhaaf hafuura isaa saba isaa irratti dhangalaasaa jira (Mat. 24:14; HoE 1:8-11) .

Kana gochuuf immoo waldaan Afrikaa jabaachutu ishee barbaachisa. Cimaa ta’uuf immoo hoggansa cimaa qabaachuu qabdi. Fedhii kana guutuuf qajeelfamni soortuuwwan Pheenxeqosxee qophaa’e. Soortuuwwan Pheenxeqosxee Afrikaa keessa jiran kaayyoo Waaqayyoo waldaadhaaf qabu galmaan ga’uuf gahee isaanii akka ba’aniif hidhachiisuuf qophaa’anii jiru. Abdiin keenya inni guddaan kitaabni kun meeshaa qabeenya guddaa qabu ta’ee harka soortuuwwan Pheenxeqosxee guutuu ardii kanaa ga’uu isaati. Qajeelfamni kun yaadota ja’a sammuutti qabaachuun kan qophaa’e dha:

1. *Ilaalcha Macaafa Qulqulluuti*. Barreessitoonni fi qopheessitoonni qajeelfama kanaa Macaafni Qulqulluun Dubbii Waaqayyoo dhala namaaf mul’ise akka ta’e amanu. Innis qajeelfama jireenyaa fi ergama hundumaaf ga’aa kan ta’eedha. Kanaaf, warri kitaabicha qopheessan yaad-rimee qajeelfama kana keessatti argamu hunda Caaffata Qulqullaa’oo irratti jabeessanii akka hundaa’an barbaadaniiru.

2. *Xiyyeeffannoo Warra Pheenxeqosxeeti*. Kitaabni kun soortuuwwan Pheenxeqosxeef kan barreeffamedha. Innis falma amantii tokko malee ilaalcha pheenxeqosxeetiin dhimma soortuuwwan Pheenxeqosxee irratti xiyyeeffannoo addaa kennuun ilaaluu barbaada. Tokkoon tokkoo naamoota kitaabichaaf gumaachan hundi, geggeessitoota Pheenxeqosxee tajaajilaan bilchina qaban ta’uun isaanii mirkanaa’eera. Sababa muuxannoo hafuuraa, fi hubannoo Caaffata Qulqullaa’oo ga’aa qabaniif, dhiironni fi dubartoonni kun jireenyaa fi tajaajilaaf

mala addaa kan Pheenxeqostee ta'e qabu. Haalli kun hojii kana hunda keessatti ni calaqqisa.

3. *Ergama irratti xiyyeeffata.* Warri qajeelfama kana qopheessan Kiristoos soortuuwwan fi waldaan Pheenxeqoosxee hunduu ergama Waaqayyoo irratti guutummaatti akka hirmaatan ajajeera jedhanii amanu. Ergamni Waaqayyoo Yesuus utuu hin deebi'in dura gosa, afaanii fi saba lafa irra jiran hundumaa furuu fi ofitti waamuu dha (Mat. 24:14; Mul. 5:9). Kiristoos ergama Waaqayyoo ergama isaa isa guddaa keessatti gabaabsee dubbateera (Mat. 28:18-20; Mar. 16:15-17; Luq. 24:47-49; Yoh 20:21-22; HoE 1:8). Xiyyeeffannaan ergamaa kun guutummaa kitaabichaa keessatti babal'atee jira.

4. *Kalatiin xiyyeeffannoon isaa Afrikaadha.* Qajeelfamni kun soortuuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti argaman irratti kan xiyyeeffatedha. Barreessitoonni kun soortuuwwan Afrikaa tajaajila isaanii haala adda ta'een Afrikaa keessatti akka raawwatan hubatu, kun immoo rakkoo addaa Afrikaa waan hubatanii fi isaaniiif yaaduu irraa kan ka'edha. Boqonnaan hundi haala kana yaada keessa galchuun barreeffameera.

5. *Daangaan isaa waan hunda kan ofkeessatti qabatedha.* Kitaabni kun dhimmoota bal'aa soortuuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti har'a mudatan ilaaluu kan qophaa'e dha. Abdiin qajeelfama kanaa qabeenyi barbaachisaa ta'ee kun, harka soortuuwwan ardii Afrikaa galee akka fedhanitti kan itti fayyadaman akka ta'u abdiin qabu.

6. *Hojii irra ooluu kan danda'udha.* Qajeelfamni kun dirqamatti dhimmoota qor-waaqummaa fi yaada soortuu kan ilaalu yoo ta'u, barumsi as keessatti barsiifamu haala qabatamaa ta'een kan qophaa'e dha. Soortuuwwan Pheenxeqoosxee maal gochuu akka qabanii, fi maaliif akka gochuu qaban qofa osoo hin taane, akkamitti tajaajila isaanii bu'a qabeessa ta'een raawwachuu akka danda'an caalaatti irratti mari'atu.

Adeemsa Barreessuu

Qajeelfamni soortuuwwan Pheenxeqoosxee jalqaba kan yaadame Dr. John Easter yommuu ta'u, yeroo sanatti inni Daarektara Olaanaa Abdii Afrikaa ture. Qajeelfama kana akka qopheessaniif koree hojii ijaare. Dr. Easter yommuu Raandii Tarrin bakka bu'an, hooganaan haaraan kun hojii kana garaa guutuudhaan fudhate.

Hojiin koree kanaa inni jalqabaa mata dureewwan kitaabni kun ilaalu sana bal'inaan qindeessuu ture. Kun hojii guddaa qorannoo bal'aa fi marii ifa ta'esa'aatii hedduu of keessaa qabu ture. Tarreen mata dureewwan kanaa hooggantootaa fi barsiisota ardii Afrikaa guutuu irraa dhufan warra daran ciccimoo ta'aniin qoratameera. Dhuma irrattis mata dureewwan afurtamii lama boqonnaa kitaaba kanaa ta'an filataman. Mata dureewwan boqonnaa erga murtaa'anii booda koreen kun bakka kudhantti gurmeessuun kutaalee kitaabichaa kurnan ta'an.

Koreen kun mata dureewwan maal ofkeessatti akka qabachuu qabaniif fi kitaabichaa keessatti eessatti akka mul'atan erga murteesse booda, soortuuwwan, barsiisotnii, fi geggeessitootni ijoo ta'an kan waldaa yaa'ii waaqayyoo (Assemblies of God) Afrikaa guutuu irraa filataman boqonnaa dhuunfaa isaanii akka barreessan ta'e. Ergamtootni wangeelaa Ameerikaa muraasni kan Afrikaa keessa bal'inaan jiraatanii fi tajaajilanis akka barreessan affeeramaniiru. Maqaan barreessitoota kanaa, tokkoon tokkoon isaanii irratti fakkii, seenaa jireenyaa gabaabaa wajjin, "Tarree Gumaachitootaa" naannoo fuula duraa kitaabichaa irratti argama.

Barreessitootni hojii isaanii erga xumuraniin booda waan hojjetan sana akka madaalamuu fi gulaalamu koreedhaaf dhiyeessan. Sana booda koreen kun tokkoon tokkoon boqonnaa qabiyyee fi boqonnaawwan biroo wajjin walitti dhufeenya qabaachuu isaa qorateera. Galmi isaanii tokkoon tokkoon boqonnaa yaada Pheenxeqosxee fi ergamaa kitaabichaa gumaacha akka godhu, akkasumas akkaataan barreeffamichaa hojii sana hunda keessatti walsimaa akka ta'u gochuu ture. Adeemsi gulaalaa erga xumuramee booda boqonnaan sun kitaabichaa keessatti hammatame.

Haala Fayyadama Maq-dhaala

Kitaaba kana keessatti waa'ee soortuuwwan Pheenxeqosxee Afrikaa keessa jiran yeroo eerru waa'ee itti fayyadama gaalee "inni ykn ishee" jedhu ykn waa'ee maq-adhaala kanaa waan tokko jechuun barbaachisaa dha. Gochi kun kan hordofame waldoota Pheenxeqosxee guutuu Afrikaa keessatti lakkoofsi dubartoota soortotaa baay'achaa jiran tajaajilli isaanii kabajaa fi dinqisiifamaa akka ta'e akka beekan gochuuf dha.

Sochiin Pheenxeqosxee jalqaba isaa irraa kaasee bakka dubartoonni tajaajila keessatti qabaniif iddoo guddaa kenneera. Warri Pheenxeqosxee Hafuurri Qulqulluun dhiirota tajaajilaaf akka aangessu dubartootas ni aangessa jechuutti

amanu. Amantii kana kan bu'uureffatan abdi Yesu HoE 1:8 irratti, bakka inni amantoota hundumaaf, dhiiraas ta'e dubaraaf hafuura qulqulluu abdachiise irratti. Dubartoota dabalatee namni Hafuura Qulqulluu guutamu hundi Kiristoosiin dhugaa ba'uuf humna argata. Ragaan kun dirqama labasa wangeela of keessatti qabata.

Warri Pheenxeqoosxee abdi raajii Yo'el isa Pheexiroos guyyaa Pheenxeqoosxee caqase sana caqasu: "Guyyaa gara dhumaatti akkana in ta'a jedha Waaqayyo, *foon-qabeessa hundumaaf* hafuura koo nan kenna, ilmaan keessaanii *fi intaloonni* keessan raajii in dubbatu; dargaggoonni keessan mul'ata in argu, maanguddoonni keessanis abjuu in abju'atu. Eyyee, guyyoota sanatti hojjetoota koo warra dhiiraa *fi dubartiidhaaf* hafuura koo nan kenna, raajii in dubbatu." (HoE 2:17-18, cimsi itti dabalame; Yo'el 2:28 ilaali -29). Bara dhuma bara Waaqayyo hafuura isaa dhorkaa tokko malee gad-dhangalaasu kanatti, warri Pheenxeqoosxee dubbii kana akka qajeelfama bu'uuraatti fudhachuun addunyaa guutuutti itti amanudhaan hojii irra oolchu.

Seenaa keessatti barreessitoonni Afaan Ingiliziin barreessan yeroo dhiiraa fi dubartoota ibsan maq-dhaala "isa" jedhu akka waliigalaatti fayyadamaniiiru. Kana jechuun saala lamaanuu akka bakka bu'utti amanu. Gulaaltonni kitaaba kanaa burjaajiin kamiyyuu akka hin uumamneef, yommuu soortuuwwan Pheenxeeqosxee eeran jechoota caalaatti hammatoo ta'an kanneen "inni ykn isheen" ykn "isa ykn ishee" jedhan fayyadamuu filataniiru. Dubbisuuf ifaa akka ta'utti yeroo tokko tokko "isa" ykn "ishee" kan jedhu kana kan bakka bu'u "isaan" kan jedhu fayyadamuu isaanii hubachuunis barbaachisaadha. Kun yeroo ammaa baay'inaan barreeffamoota afaan ingiliffaa keessatti hojii irra oolaa jiru; kitaaba kana keessatti Maacaafni Qulqulluun hiikaan inni haaraan kan bara 1997 filatamee jira.

Akkaataa Kitaaba Kana Itti Fayyadamnu

Akkuma maqaan isaa ibsutti, kitaabni kun qajeelfama soortuuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiraniif qophaa'ee jira. Kitaabicha karaa si gargaaruu danda'u hedduun itti fayyadamuu dandeessa. Kitaabicha jalqabaa hanga dhumaatti dubbisuu ni barbaadde ta'a. Shaakalli kun yaad-rimeewwan kitaabicha keessatti ibsaman ilaalchisee ibsa bal'aa siif kenna. Akkasumas gama hundumaatiin hojii hedduu kan soortuuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti hojjetan irratti hubannoo bal'aa akka argattan isin gargaara.

Kitaabicha guutummati yommuu dubiftu, hubannoowwan jireenya kee fi tajaajila mataa keetii irratti addatti hojiirra ooluu akka danda'an sitti dhaga'amu barreessuu akka dandeessuuf, qalamaafi dabtara ofbiraa qabaachuu qabda. Akkasumas yaada dhuunfaa kee mata duree irratti barreessuu ni barbaadda ta'a. Akkaataa tajaajila yeroo ammaa itti hojjetturratti fooyya'iinsa tokko tokko gochuu qabdu hubachuu qabda ta'a. Dhumarratti, fi hunda caalaa, akkuma dubbisaadeemtuun, sagalee hafuura Qulqulluu dhaggeeffachuu ni dandeessa, waan inni siin jedhus ni hubatta ta'a. Sanaa booda dabtara kee akka qajeelfama kadhannaaf sifayyaduuttii fi akka kaartaa daandii guddina hafuraa dhuunfaa fi tajaajilaaf itti fayyadamuu ni barbaadda ta'a.

Qajeelfama kana akka kitaaba wabii tokkoottis fayyadamuu dandeessa. Sagantaan addaa tokko yommuu jiraatu fakkeenyaaf, kan akka cidhaa, awwaalchaa, walgahii gorsaa, walgahii geggeessummaa, ykn taatee biroo, hubannoo haaraa fi qajeelfama gargaaru argachuuf boqonnaa ykn boqonnaawwan barbaachisoo ta'an ilaaluu dandeessa. Yookiin rakkina dhiibbaa guddaa qabu tokko furuuf ykn hojii tajaajilaa haaraatti dhihaachuuf gargaarsa yeroo barbaaddu, boqonnaawwan dhimma sana ilaalan Gabatee Qabiyyee keessaa barbaaduu dandeessa.

Dhumarratti, kitaaba kana barsiisotni kolleejjii Macaafa Qulqulluu fi seeminaarotaa keessatti argaman akka kitaaba barataatti ykn akka dubbisaa dabalataa kutaa tajaajila tikseetti itti fayyadamuu ni danda'u. Kitaabni kun keessumaa manneen barnootaa yeroo gabaabaa ciccimoo kanneen akka *barumsa galgalaa/dabalataa* ykn manneen barnootaa waldaa dhaabuu keessatti gargaaruu danda'a.

Nuti warri koree Kitaaba kanaa geggeessinu, waa'ee hojii kanaaf Soortota Pheenxeqoosxee Afriikaa ni galateeffanna. Waaqayyo karaa kitaaba kanaa waggoottan kurnnan gara fuul-duraa jiran kanatti soortota Afriikaa akka eebbisu guddifnee kadhanna. Kitaabni kun mootummaan Waaqayyoo Afriikaa keessatti karaa waldoota Afriikaa akka babal'atu gochuu keessatti meeshaa bu'a qabeessa akka ta'us ni kadhanna.

Kabajamoo,

~ Dr. Denzil R. Miller, gulaalaa

~ Dr. Jeefarii Nelson, gulaalaa gargaaraa

~ Luba Todd Churchill, gulaalaa gargaaraa

Seensa

~ KUTAA 1FFAA ~



ULAAGAAWWAN
SOORTUUWWAN
PHEENXEQOOSXEE



~ Boqonnaa 1 ~

Nama Muuxannoo Qabu

Mee nama yuniversiitii beekamaa ta'e tokko keessatti ogummaa fayyaa barate tokko yaadi. Barumsa baqaqsanii hodhuu irratti hirmaatee kitaabota dhimma kanarratti barreeffaman hunda caalan dubbiseera. Haa ta'u malee, qabatamaan nama tokkollee baqaqsanii hodhuu hin beeku. Namichi kun yaalii baqaqsanii hodhuutiin akka si yaalu ni barbaaddaa? Namni tokko ogeessa baqaqsanii hodhuu ta'uuf yoo hawwe, ogeessa waa'ee baqaqsanii hodhuu beekuu fi muuxannoo qabu jalatti barumsa kana shaakalaan qabatamaatti argachuu qaba.

Haaluma walfakkaatuun namni tokko tajaajila soortumaatti osoo hin seeniin dura, muuxannoo horachuu qaba. Muuxannoon kun kan hafuuraa fi shaakala qabatamaan ta'uu qaba. Boqonnaa kana keessatti, nama soortuu Pheenxeqoosxee ta'uu barbaadu kamiyyuu irraa muuxannoo barbaachisu ni qoranna.

MUUXANNOO HAFUURAA

Waaqayyoo waliin hariiroo gaarii qabaachuun soortuu pheexxeqoosxee kamiifuu ka'umsa isa jalqabaa fi barbaachisaa ta'edha. Hunda caalaa Kiristoosii wajjin hariiroo dhuunfaa gadi fagoo qabaachuu qaba. Yesuus warra Kudha Lamaan yeroo filate, “akka isaan isa waliin ta'aniif” (Mar. 3:14) isaan waame. Inni, isaan akkuma Isa waliin deemanii fi haasa'aniin, caalaatti Isa akka fakkaatan ni beeka ture. Yesuus, “Namni hundinuu yommuu leenji'u hundinuu akka barsiisaa isaa in ta'a” jedheera (Luq 6:40). Har'as nuufis kanuma, akkuma

kadhannaa fi sagalee Waaqayyoo dubbifachuudhaan yeroo dabarsaa deemnuun gara Kirstoosiin fakkaachuutti guddanna, (2 Qor. 3:18). Isa tajaajiluu keenya dura isa fakkaachuu qabna, isa fakkaachuuf immoo yeroo isa waliin dabarsuu qabna.

Sochiin Pheenxeqoosxee kan jalqabame amantoonni har'aa muuxannoo hafuuraa jireenya namaa jijjiiru kan ergamoonniifi duuka buutonna Kakuu Haaraa keessatti qabaachaa turan sana qabaachuu akka danda'an amanuu irraa kan ka'e ture. Warri Pheenxeqoosxee, barumsi sirrii barbaachisaa ta'us, gahaa akka hin taane barsiisu. Waan hundumaa caalaa akkuma soortuun Pheenxeqoosxee Yesus Kristoos wajjin hariiroo itti fufiinsa qabu sana atis hariiroo kana qabaachuu qabda. Hariiroo akkasii utuu hin qabaatin tajaajiluun daandii irraa nama kaasa. Hariiroon kun muuxannoo hafuuraa qabaachuu irraa dhufa.

Guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti, warri namoota kaan tajaajilan, Waaqayyoon gaafachuudhaan imala isaanii jalqaban. Abrahaam sagalee Waaqayyoo dhaga'e (Uma. 12:1-3). Museen arraba ibiddaa isa huuxxii qoraattii tokko keessaa boba'u keessatti Waaqayyoon wal arge (Bau. 3:1-4). Isaayaas mana qulqullummaa keessatti Waaqayyoon arge, teessoo dheeraa fi ol ka'aa irra taa'ee (Isa. 6:1-5). Duuka buutonna Yesuus wajjiin adeemu turan (Mar. 3:13-14). Phaawuloos immoo karaa Damaasqootti Kiristoos isa du'aa ka'e waliin wal arge (HoE 9:1 5).

Haala walfakkaatuun, namni soortuu Pheenxeqoosxee ta'uu barbaadu hundi Waaqayyoo wajjin wal arguuf waan afur qabaachuu qaba:

Lamata Dhalachuu

Niqoodimoos geggeessaa amantii ture. Inni dhimma Fariisotaaf nama of kennee hojjetu ture, waan kana ta'eef miseensa gumii bulchitoota Yihuudotaa keessaa nama tokko ture. haata'umalee, hojiin isaa kun tokkollee nama ga'aa isa hin taasifne. Yesuus Niqoodimoosiin, "Lammata dhalachuu qabda" (Yoh 3:7) jedhee itti beeksise. Yesuus, Niqoodimoos lamata dhalachuu yoo baate, mootummaa Waaqayyoo "galuu" ykn "arguullee" akka hin dandeenye itti hime (lakk. 3-5).

Soortuu Pheenxeqoosxee kan ta'e hunduu dhuguma lammata dhalachuu qabu. Inni ykn isheen jireenya isaanii keessatti yeroo itti Yesuusiin wal qunnaman, cubbuu isaanii irraa qalbii diddiirratan, Gooftaa akka Fayyisaa isaaniitti fudhatan sana dhugaa bahuu danda'uu qabu. Yeroo sana Yesuus teessoo jireenya isaanii irratti bakka isaa isa sirrii ta'e argata, jireenya isaaniis ni haaressa. Phaawuloos,

Boqonnaa 1: Nama Muuxannoo Qabu

akkas jedha, “Kanaafis namni kan Kristos yoo ta’e, uumama haaraa dha; inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhufeera!” (2Qor. 5:17).

Lammata dhalattee jirtaa? Jireenyi ykn yaadni kee keessaa gara alaatti jijjiiramee jiraa? Yoo hin taane, ammuma ta’uu dandeessa. Cubbuu kee irraa deebi’ii qalbii jijjiirradhu, Waaqayyo akka siif dhiisu kadhadhu. Fayyinaaf Kiristoos qofa irratti amantii guutuu qabaachuu qabda; inni Gooftaa jireenya keetii ta’ee bakka isaa isa sirrii akka fudhatu isa afeeri. Kiristoosiin akka fayyisaa keetti fudhachuuf, garaa kee guutuudhaan amani, kadhannaa kanas garaakee irraa kadhadhu.

“Yesuus, Ati Ilma Waaqayyoo, Fayyisaa biyya lafaa akka taate dhugumaan nan amana. Cubbuu kootiif duutee akka kaate nan amana. Ani cubbamaa ta’uu koo nan beeka, sitti amanuu yoon baadhe, ani bara baraan badeera. Maaloo cubbuu koo naaf dhiisii fayyisaa fi Gooftaa koo ta’i. Si hordofuuf amma hundumaa dhiiseen jira. Ani bara jireenya koo hundumaa sin tajaajila. Gara laphee kootti koottu gooftaa jireenya koo ta’i. Maqaa Keetiin nan kadhada. Ameen.”

Hafuura qulqulluun Cuuphamuu

Yesuus gara samiitti ol ba’uu isaa dura bartoota isaa, “Kunoo isa abbaan koo isin abdachiise isiniifnan erga, garuu akka nama uffannaa guutuu uffatuutti waaqa irraa human hamma argattanitti mandaricha keessa turaa” (Luq 24:49) jedhee ajajeera. Hanga hafuura qulqulluudhaan cuuphamanitti Yersaalemitti eeguu qabu turan (HoE 1:4). Jarri kun lammata dhalatanii turan. Barumsa Yesuus jala taa’anii turan, dinqiiwwan isaas arganii turan. Guutummaa biyya lafaa keessatti wangeela akka lallaban isaan ajajee ture. Ta’us, amma iyyuu waanti isaan hafu jira ture.

Hojiin Yesuus isaaniif kenne humna isaaniitiin hojjechuuf baay’ee guddaa ture. Humna Waaqayyootiin guutamu qabu turan. Yesuus, “Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u, human in godhattu; Yersaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaraa lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu” (HoE 1:8) isaaniin jedhe.

Hafuurri jalqaba duuka buutota irratti dhufee guyyaa Pheenxeqoosxeetti isaan guute. Yeruma sana afaan haaraatiin dubbachuu jalqaban, afuurri ija jabinaas isaan irra dhufe, ittumaayyuu namoota cimsanii isaan morman fuul-dura dhaabachuun wangeela mootummaa Waaqayyoo haala bu’a-qabeessa ta’een

lallaban. Namni kamiyyuu Gooftaa tajaajiluuf isa duukaa bu'uu kan barbaadu, hafuura qulqulluudhaan cuuphamuu qaba.

Yesuus akkamitti hafuura qulqulluudhaan cuuphamuu akka dandeenyu nutti himera. Innis, “Abbaan keessan inni waaqa irraa --- warra isa kadhataniif hafuura qulqulluu [ni] kenna!” (Luq 11:13). Namni kamiyyuu amantiidhaan gaafachuu qofaan humna hafuuraa argachuu danda'a. Gaafachuun kun tarkaanfiiwwan amantii salphaa sadii of keessaa qaba:

1. *Amantiidhaan gaafadhu.* Waaqayyoon hafuura gaafachuudhaan jalqabi. Yesuus waa'ee kennaa hafuuraa yeroo dubbatu, “Kadhadaa isiniif in kennama, barbaadaa ni argattu, balbala rukutaa isiniif in banama” (Luq 11:9). Yommuu gaafattu, Waaqayyo kadhannaa kee dhaga'aa akkaa jiruu fi deebii kadhannaakee akka siif kennu, akkasumas battalattu Hafuura qulqulluudhaan akka si guutu amani. Garaa kee Waaqayyoof bani, akkasumas Hafuurri sitti dhufuu isaa hubadhu. Hafuurri sirra jiru erga sitti dhaga'amee booda tarkaanfii amantii lammaffaa fudhachuuf qophaa'i.

2. *Amantiidhaan fudhadhu.* Yesuus dabalataan, “kan kadhatu hundinuu in fudhata” (Luq 11:10) jedhee waadaa galeera. Yeroo biraa immoo, “Waan kadhattan waan gaafattanis hundumaa akka waan fudhataniitti lakkaa'aa amanaa, isiniif ta'uufis jira!” jedhee barsiiseera (Mar. 11:24). Waaqayyo kadhannaa kee deebisee hafuura qulqulluudhaan si guutaa akka jiru amani. Kana gochaa, argamuu hafuuraa gadi fageenyaan keessa kee keessatti hubadhu (Yoh. 7:38). Erga kun ta'ee booda tarkaanfii amantii kee isa sadaffaa fudhadhu.

3. *Amantiidhaan dubbadhu.* Macaafni Qulqulluun guyyaa Pheenxeqosxeetti “Yommuus hundumti isaanii hafuura qulqulluudhaan guutaman; akka hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kennetti, afaan garaa garaa *dubbachuu jalqaban*” jedha (HoE 2:4, cimsituu dabalata). Dubbiin ati dubbattu kan kee miti; Waaqayyo biraa siif kennama. Jechootni atti dubbattu hafuurakee isa gad-fagoo keessaa burqu ykn dhufu. (1Qor. 14:2). Afaan isin hin hubannes ta'uu danda'u. Kun mallattoo Waaqayyoo siif, akkasumas waldaadhaaf kennudha; kun immoo kan ta'uuf akka ati ykn waldaan kiristaanaa waa'ee isaa dhugaa baatan huma haata'uuf kan kennamudha. Gooftaa galateeffadhaa! Hafuura qulqulluudhaan cuuphamtaniitu.

Waamicha Waaqummaa

Soortuun Pheenxeqosxee ta'uun filannoo hojii caalu waan ta'eef; waamicha Waaqayyo biraa dhufedha. Phaawuloos waa'ee Yesuus yeroo dubbatu, “Isumatus

Boqonnaa 1: Nama Muuxannoo Qabu

namootaaf kennaa kenne; kennaan isaas kaan ergamoota, kaan waan Waaqayyo isaanitti mul'ise warra himan, kaan warra wangeela lallaban, kaan eegdota, kaanis barsiisota akka ta'aniif ture” (Efe. 4:11). Gahee ykn waajjirri ykn kutaan tajaajilaa afran waliin soortuwwan kennaa Kiristoos Waldaa Isaatiif kennedha. Gooftaan ofii isaatii eenyuun akka soortuu godhee ni muudu filata. Inni ni filata, ni waama, dhuma irratti ni bobbaasa. Yesuus duuka buutota isaa kudha lamaanitti akkas jedhe, “Isin ana hin fo’anne, anatu isin fo’ate; dhaqxanii akka ija godhattaniif, iji keessanis akka jiraatuuf, maqaa kootiin abbaa waan kadhattanis akka inni isiniif kennuuf, ani isin kaaseera” (Yoh. 15:16).

Waamicha Waaqayyoo ilaalchisee, Gooftaan dhugaawwan barbaachisoo ta’an sadii mul’ise: Tokkoffaa, kan filatu Waaqayyo qofa akka ta’e mul’ise. Soortuun Pheenxeeqosxee inni dhugaan ofii isaa of hin filanne. Inni ykn isheen Kiristoosiin kan filatamedha ykn kan filatamedha. Yesuus dabalataan hojii tajaajilaaf kan ramadu isa akka ta’e ibseera. Itti fufees, “Ani si filadhe, si muudeera” jedhe. Kiristoos eenyu akka tajaajilu filachuu qofa osoo hin taane, ibsa hojii keneefii hojjetootin hojiiwwan sana akka raawwatan ramada.

Dhumarratti, warra filatee fi muude immoo ni bobbaasa. Yesuus dubbii isaa akkana jechuun xumure “[Ani] dhaqxee akka ija godhattu si muudeera.” Inni Gooftaa makarriiti (oomisha isaa waliitti qabudha), “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa! Uumama hundumaattis wangeela lallabaa” (Marq 16:15) jedhee kan nu ajaju isa dha. Jecha biraatiin, soortuwwan Pheenxeeqosxee warri dhugaan ofiin kan filataman, ofiin kan muudaman, fi ofiin kan ergaman miti. Garuu, Waaqayyoon kan filataman, Waaqayyoon kan muudamanii fi Waaqayyoon kan ergamanidha. Gaheen keenya sagalee isaa dhagahuu, aangoo isaaf bitamuu fi waamicha isaaf bitamuu dha.

Waamichi Waaqayyoo karaa adda addaatiin dhufuu danda’a. Innis haala dinqisiisaa ta’een dhufuu danda’a, akkuma Saamu’eel yommuu Waaqayyo isa waamu dhaga’e (1Sam. 3:1-11). Haa ta’u malee, yeroo baay’ee waamichi Waaqayyoo haala lallaafaadhaan kutaa gadi fagoo keessa namaa keessatti dhaga’ama. Kun muuxannoo Eliyaas ture. Raajichi qilleensa cimaa, kirkira lafaa ykn ibidda keessatti sagalee Waaqayyoo hin dhageenye. Qoodaa kanaa sagalee Waaqayyoo akka “haala hasaasa lallaafaa ta’een” dhaga’e (1Mootota 19:12).

Kaka’umsi lallaafaa kun yeroo baay’ee Waaqayyo akka dubbachaa jiru “keessaa beekuu” wajjin kan deemudha. Yeroo booda ciminaan guddachuun miira ariifachiisaa namatti fida. Mucaan Yesuus, “Mana Abbaa koo keessatti argamuun

akka ana irra jiru hin beektan turtanii?” (Luqaas 2:49) yeroo warra isaatti himu akkas itti dhaga’amee ta’uu qaba. Phaawulos warra Qorontosiin baay’ee isaan dadammaqsa. “Wangeela yoon lallabuudhaa baadhe, anaaf wayyoo!” (1Qor. 9:16). Miikiyaa raajichi Waaqayyo biraa ergaa yommuu fuudhe waan gad fagoo keessa isaa jiru akkana jedhee ibseera: “Ani garuu Yaaqoobitti irra-daddarbaa isaa, Israa’elitti cubbuu isaa himuudhaaf humnaan, hafuura Waaqayyoon, wanta dhugaa ta’e beekuu, ija jabina guutuus argadheera” (Mik 3:8).

Sagalee hafuura fi amantiif abboomamuudhaan yeroo deebii kenninu, Waaqayyo jireenya keenya wangeela labsuuf akka of kenninu hamma mirkanaa’ee beeknutti amantiin ni guddata.

Hariiroo Jiraataa

Dhumarratti, soortuun Pheenxeqoosxee tokko Waaqayyoo waliin walitti dhufeenya adda hin cinne qabaachuu qabu. Muuxannoon Waaqayyoo wajjin jiraachuu akka waan yeroo muraasa keessatti raawwatamutti yaadamuu hin qabu. Muuxannoon tokko hagam dinqisiisa ta’us, jireenya kiristaanaa itti fufsiisuu hin danda’u. Duuka buutonni jalqabaa illee, guyyaa Pheenxeqoosxeetti hafuuraan guutamani turan, guutamuu isaaniis al tokko qofa osoo hintaane ittifufiinsaan kan raawwatamaa turedha. (HoE 4:8, 31; 5:8).

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, Waaqayyoo wajjin deemsa dhuunfaa itti fufiinsa qabu horachuu qabda. Phaawuloos Kiristiyaanota haaraa Galaatiyaatti argamaniif akkas jedhee barreesse: “Nuyi Jireenya hafuuraatti yoo jiraanne, hafuura kana duukaa bu’uu keenya” (Gal. 5:25). Xalayaadhuma sana keessattis, “Attam akkas wallaalota taatuu? Hafuura qulqulluudhaan jalqabdani, amma immoo yaada fooniitiin rawwachuu barbaadduu ree?” (Gal. 3:3). Al tokko hafuuraan guutamun gahaa miti, “hafuuraan guutamtee ” jiraachuu qabda (Luqaas 4:1; HoE 6:3; 7:55; 11:24).

Yesuus walitti dhufeenya kana akka isa keessa turuutti ykn jiraachuutti ibseera (Yoh 15:4). Kiristoos keessa jiraachuun sagalee isaa fi jaalala isaa keessa jiraachuu of keessaa qaba (lakk. 7, 9). Akkasumas abboomii isaa eeguu (lak. 10) fi hafuuraan jiraachuu (1Yoh 2:27; 4:13) of keessatti qabata.

MUUXANNOO QABATAMAA

Dandeettiiwwan tokko tokko kitaaba irraa barachuun hin danda’amu. Namni tokko barruulee irraa akkaataa itti bishaan daakan dubbisuu danda’a; haa ta’u

Boqonnaa 1: Nama Muuxannoo Qabu

malee, jalqaba bishaan gad-fagoo ta'e tokko osoo daakuuf hin yaaliin, bakka bishaan gad-fageenya hin qabne tokkotti shaakaluutu isa irra jira. Tajaajilli Pheenxeqoosteenis kanuma fakaata. Barumsa hagam yoo qabaateyyuu barumsichi Ofii isaatiin tajaajilaaf ga'aa si taasisuu hin danda'u. Tajaajilatti osoo hin seeniin dura muuxannoo qabatamaa ta'e argachuun ykn qabaachuun baay'ee barbaachisadha. Muuxannoo akkasii argachuuf qabatamaatti tajaajilicha keessa seentee shaakalutu sirraa eegama.

Afrikaa Kibbaa mana barumsaa Macaafa Qulqulluu tokko keessatti, namoonni barachuu barbaadanii, iyyata galmee dhiheessan. Bulchiitootni mana barumsaa sanaa odeeffannoo iyyannoo barataa irraa argatan fayyadamuun iyyataan sun mana barumsichaa seenuuf ga'umsa qabaachuu isaa murteessu. Dabalatan unka guutame sana waliin iyyataan sun seenaa dhuunfaa isaa barreeffama harka isaatiin barreessee akka galchu gaafatan. Iyyataan kamuu dhuga ba'umsa dhuunfaa isaa yommuu barreesuu, dhimmoota afur akka caqasu ni gaafatame: (1) Attamitti akka Gooftaa fudhatte/te himi; (2) Attamitti Hafuura Qulqulluun akka cuuphamtee fi dhiibbaa inni jireenya kee irratti fide himi; (3) Waa'ee waamicha tajaajilaa kee ibsi; akkasumas (4) tajaajila waldaa kee keessatti akkamitti akka hirmaachaa jirtu ibsi.

Bulchaan mana barumsichaa akkas jechuun ibseera, "Gaaffii isa dhumaa kan gaafannu muuxannoon qabatamaan leenjii tajaajilaaf bu'a qabeessa waan ta'eef qaama barbaachisaa ta'uu isaa waan amannuufidha. As mana barumsaa keenyatti tajaajilaaf leenjii hin kenninu, tajaajila irratti leenjifna." Leenjii idilee barbaachisaa ta'us, inni qofti tajaajila tikseedhaaf gonkumaa si hin qopheessu. Tajaajila shaakaluu keessatti dammaqinaan hirmaachuudhaan muuxannoo qabatamaa argachuu qabda.

Hanga muuxannoo qabatamaa argattutti waldaa tokko soortuu taatee geggeessuuf yaaluun kee ogummaa of keessaa hin qabu. Muuxannoo akkasii waldaa naannoo keessan jiru keessatti qajeelfama soortuu bilchaataa, Hafuuraan guutame jalatti argachuun keessan hunda caalaa gaarii dha. Phaawuloos Ximootewoosiin yommuu gorsu soortuun ykn geggeessaan, "nama dhi'oo amane hin ta'in!" jedhe (1Xim. 3:6). Itti dabaluuudhaanis, soortichi "warra alaa biratti maqaa gaarii qabaachuun isaaf in ta'a" (lakk. 7). Tajaajila keessatti muuxannoo qabatamaa qabaachuun wantoota barbaachisoo ta'an afur of keessatti qabata, muuxannoo dhugaa ba'uu, muuxannoo lallabaa fi barsiisuu, muuxannoo kennuu fi muuxannoo kadhannaa, warreen kana akka armaan gadiitti ilaaluu dandeenaya:

Muuxannoo Dhugaa Baa’uu

Tokkoffaa, tajaajila sortuuf qophaa’uu keessatti, dhugaa ba’uu irratti muuxannoo horachuu qabda. Wangeela namoota biroof himuu irratti dandeettii qabaachuu qabda. Akkuma armaan olitti ibsame Dhugaa ba’umsi akkasii bu’aa hafuura qulqulluudhaan cuuphamuu dha. Yesuus waa’ee ofii isaa yeroo dubbatu, soortuun “Hoolota isaa hundumaa erga gad yaasee, fuula isaanii dura in adeema; hoolonni sagalee isaa waan beekaniif isa duukaa in bu’u” (Yoh. 10:4) jedheera. Soortuuwwan Pheenxeqoosxee fakkeeniyuma kana hordofu. Namoota Kirstoosiif booji’aa isaan kan geggeessitu yoo ta’e, namootni si hordofuu danda’u. Haa ta’u malee, yoo ati dhugaa ba’uu dadhabde, sabni ati geggeessitus akkasuma ta’u.

Soortuun Pheenxeqoosxee kamiyyuu bakka waldaan ergama hafuuraan humna argatte hin jirretti waldoota haaraa dhaabuun dirqama isaati. Kanaaf hoggansa yaa’ii naannoo tokkoo fudhachuu keen dura duula dhaabbii waldaa tokkoo ykn isaa ol irratti hirmaachuun kee barbaachisaa dha. Shaakalli qabatamaan akkasii kun miseensota waldaa kee sochoosuun waldaa dhaabuu irratti akka hirmaatan si gargaara.¹

Muuxannoo Lallabaa fi Barsiisaa

Kana malees, namni soortuuwwan Pheenxeqoosxee ta’uuf kaayyeffate kamiyyuu, sagalee Waaqayyoo lallabuu fi barsiisuu irratti muuxannoo horachuu qabu. Yoo sagalee Waaqayyoo namoota birootti dabarsuu irratti ogummaa hin qabu ta’e, namni tokko akkamitti waldaa Pheenxeqoosxee bu’a qabeessa ta’e tokko geggeessuu danda’a. Phaawuloos soortuun tokko “barsiisuu danda’uu” (1Xim. 3:2) akka qabu Ximotewosiin yaadachiisee ture. Itti dabaluuudhaanis Ximootewos amantii guutuudhaan yeroo hundumaa sagalee Waaqayyoo lallabuuf akka qophaa’u isa gorse (2Xim. 4:2).

Karaan muuxannoo barsiisuu fi lallabaa argachuu dandeessu tokko tola ooltummaadhaan barumsa sanbataa ykn kutaa Macaafa Qulqulluu waldaa mana keessanii keessatti barsiisuudha. Karaan biraa garee gurmuu xiqqaa gaggeessuu dha. Karaalee kanaan, qajeelfama soortuu keetiin, ergaawwan macaafa qulqulluu walitti qindeessuu fi lallabuu shaakaluu dandeessa. Karaan gaariin muuxannoo lallabaa itti argannu kan biraan tajaajila bakkee irratti lallabuudha. Kana gochuu

¹ Dhimmoonni kun Boqonnaa 37: “Warra Badaniif Wangeela Lallabuu” fi “Waldaa Haaraa Dhaabuu” Boqonnaa 39 keessatti bal’inaan ibsamaniiru.

kan dandeessu garee miseensota waldaa amanamoo gurmeessuu fi naannoo gabaa fi iddoowwan uummanni itti baay'atu biroo naannoo waldaa kee jiranitti deemuu tajaajila wangeelaa dirree irratti gaggeessuu dandeessa.²

Muuxannoo Kennuu

Sadaffaa, namni soortuu Pheenxeqoosxee ta'uu barbaadu amala kurnoo amanamumaan hojii Waaqayyoo arjumaadhaan kennuu qabaachuu qaba. Namni gara jabeessaa fi kennuu hin beekne, Waaqayyoo isa gara-laafessaa fi arjaa ta'e kana bakka bu'uu hin danda'u. Yesuus duuka buutota isaa akkas jedhee jajjabeessee, "gatii utuu itti hin basin fudhattan, isinis gatii utuu hin baasisin kennaa" (Mat. 10:8). Haaluma wal fakkaatuun Phaawuloos amantiota Qorontoosiin, "Egaa akkuma ani fakkeenya Kiristoos fudhadhe, isinis immoo fakkeenya koo fudhadhaa" (1Qor. 11:1) jedhee gorseera. Miseensonni waldaa kee arjummaa kee amantiidhaan guutame yeroo ilaalan, fedhii isaanii hundumaa akka guutu waaqayyoon amanuudhaan isaanis hojii Waaqayyoo arjumaadhaan akka kennan ni jajjabeeffamu (Filp. 4:19). Kana irraa kan ka'e hojiin Waaqayyoo ni dagaaga.

Muuxannoo Kadhannaa

Dhumarratti, namni soortuu Pheenxeqoosxee ta'uu barbaadu kadhannaa irratti muuxannoo qabatamaa qabaachuu qaba. Kadhannaan tajaajila Pheenxeqoosxee hundaaf bu'uura kaa'a. Muuxannoon namni tokko kadhannaa keessatti qabu jireenya kadhannaa naamusa qabuun jalqaba. Macaafni Qulqulluun akkamitti "Inni garuu kadhachuuf gara lafa namni hin jirretti jalaa sokke" (Luq 5:16) dubbata. Soortuun Pheenxeqoosxee bu'a qabeessa ta'uuf akkasuma gochuu qabda. Abbaa kee isa Waaqa irraa wajjin walitti dhufeenyaaf guyyaa guyyaan yeroo ramaduu barachuu qabda.³

Akkasumas namoota kaan wajjin kadhannaa irratti hirmaachuuf fedha qabaachuu qabda. Kana gochuu kan dandeessu immoo koree kadhannaa, gurmuudhan bakka biraa deemanii kadhachuu fi walga'ii kadhannaa bultii irratti hirmaachuudhaani. Shaakala kanaan namoota kaaniif kadhachuuf of qopheessuu

² Waa'ee lallabaafi barsiisuu ilaalchisee hubannoo dabalataa argachuuf, Boqonnaa 16: "Lallaba Hafuuraan Dibame" fi "Barsiisa Bu'a qabeessa" Boqonnaa 17 ilaali.

³ Jireenya waaqeffannaa soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 8: "Aantummaa Kadhannaa" fi "Amala Waaqeffannaa Cimaa" Boqonnaa 15: ilaali.

Kutaa Iffaa: Ulaagaawwan Soortuuwwan Pheenxeqosxee

dandeessa. Waantonni lama ati irratti muuxannoo argachuu qabdu kan biroo immoo dhukkubsattoota akka fayyan kadhachuu fi amantoota hafuura qulqulluudhaan akka guutaman wajjin kadhachuu dha.⁴

⁴ Shaakalawwan kun Boqonnaa 19: “Amantoota Gara Cuuphaa Hafuuraatti Qajeelchuu” fi “Humna Hafuuraatiin Tajaajiluu” Boqonnaa 21 : keessatti bal’inaan ibsamaniiru.



~ Boqonnaa 2~

Nama Hafuuraa

Biyya Afrikaa tokko keessatti dargaggeessi tokko waamichi Waaqayyoo jireenya isaa irratti dhufuun itti dhaga'ame. Kanaa booda Waan itti dhagahamu soortuu isaatti hime. Soortichis waamicha Waaqayyoo jireenya dargaggeessa kanaa waan hubateef waldaa damee magaalaa naannoo sana jirtutti ramade. Innis dargaggeessa kanaan, “Ati waldaa kana guddisuu fi waldoota biroo naannoo sanatti dhaabuu qabda” jedheen. Dargaggeessi kun xiiqiidhaan guutamee maatii isaa gara magaalattiitti fidee hojii sanaaf of kenne. Dargaggeessi kun waan isa irraa eegamu hunda cimee hojjete. Haa ta’u malee, milkaa’ina xinnoo argate. Yeroo booda dargaggeessi “beekumsii fi leenjiin dabalataa” akka isa barbaachisu hubate. Kanaaf mana barumsaa Macaafa Qulqulluu dhaqee galmaa’e.

Mana barumsaa Macaafa Qulqulluu keessatti dargaggeessi kun sagalee Waaqayyoo qayyabate. Caalaatti barachaa deemuun ofitti amanamummaa guddaa argachaa dhufe. Akkasumas waa’ee muuxannoo macaafa qulqulluu, cuuphaa hafuura qulqulluu jedhamu tokko barate. Dargaggeessi kun ciminaan hafuura qulqulluun guutamuu barbaade. Innis yeroo muraasa booda akkuma duuka buutonni 120 guyyaa Pheenxeqoosxee gutaman (HoE 2:1-4) innis ni gutame.

Sanaa booda barsiisonni isaa humna hafuuraatiin akkamitti akka deddeebi’u danda’u isa barsiisan. Yeroo gara waldaa isaatti deebi’u waanti baay’een jijjiirame. Amma aangoo fi amantiidhaan tajaajiluu jalqabe. Namoonni baay’ee fayyanii

Kutaa Iffaa: Ulaagaawwan Soortuuwwan Pheenxeqoosxee

bilisa ba'aniiru, baay'een isaaniis gara Kiristoos dhufaniiru. Kanarraa kan ka'e waldaan jabaattee guddachaa deemtee. Yeroo gabaabaa keessatti waldaan sun waldoota biroo dhaabuu dandeesseetti. Seenaan kun soortotni Pheenxeqoosxee hundi dhiirri ykn dubartiin maaliif akka Hafuura qulqulluun guutamuun akka barbaachise ragaa ba'a.

Boqonnaa darbe keessatti soortotnti pheenxeqoosxee maaliif nama hafuuraa fi shakala hafuuraa qabaachuun akka isaan barbaachise ilaalleerra. Boqonnaan kun immoo dhimmoota kana bal'inaan ibsa. Hubannoo bu'uuraa soortuun Pheenxeqoosxee waa'ee hafuuraa fi hojii isaa irratti ibsa kenna. Akkasumas deemsii fi tajaajilli hafuuraa maal akka fakkaatus ni barsiisa.

HUBANNOO HAFUURICHAA

Ati, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, nama hafuuraa dhugaa ta'uu yoo barbaadde, waantoota arfan armaan gadii hubachuun si barbaachisa:

Hafuurichi Eenyu

Tokkoffaa, Hafuurichi eenyu akka ta'e hubachuun si barbaachisa. Har'a amantoonni baay'een, warra Pheenxeqoosxee dabalatee, Hafuurri Qulqulluun eenyu akka ta'e yaada ifa ta'e hin qaban. Baay'een dogoggoraan akka eenyumaa mata isaa hin qabnee fi human Waaqayyo biraa dhufu tokkootti ilaalu. Soortuun Pheenxeqoosxee garuu Hafuurri Qulqulluun dhugumaan Waaqayyo ta'uu isaa hubachuu fi barsiisuu qaba. Inni eenyummaa sadaffaa Sadan tokkummaa Waaqayyooti (Mat. 28:19; 2Qor. 13:14). Akkuma Abbaan Waaqayyoo, Ilmis Waaqayyo ta'e, Hafuurri Qulqulluunis Waaqayyodha. Akkuma Waaqayyoo, Hafuurri Qulqulluunis ni yaada (HoE 15:28), ni dubbata (HoE 1:16), ni gaggeessa (Rom. 8:14), gadduus ni danda'a (Efe. 4:30). Hafuurri Qulqulluun eenyumaa mataa isaa waan qabuuf, duuka buutotni Kiristoos hundi isa wajjin walitti dhufeenya dhuunfaa isaanii qabaachuu danda'u (Yoh. 14:16-18; 2Qor. 13:14).

Dabalataanis, akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, Hafuurri Qulqulluun Hafuura Ergama wangeelaa ta'uu isaa hubachuu fi barsiisuu qabna. Inni Sadan tokkummaa Waaqayyoo keessaa tokko ta'ee, bara Hafuura kana keessatti, ergama fayyisuu Waaqayyoo lafa irratti isa raawwatu dha. Sabni Waaqayyoo ergama kana irratti akka isa waliin ta'aniif isaaniif humna ni kenna, ni kakaasa, ni gaggeessa (HoE 1:8).

Hafuurri Akkamitti Hojjeta

Hafuurri Qulqulluun eenyu akka ta'e beekuu qofa osoo hin taane, akkaataa inni itti hojjetu beekuun qabna. Hafuurri ergama Waaqayyoo lafa irratti raawwachuuf karaa ergamtoota wangeelaa fi karaa waldaa isaa hojjeta. Hafuurri Qulqulluun Yesuus hojii isaa akka raawwatu humna kenneeraf (Luq 4:17-19; HoE 10:38). Haaluma wal fakkaatuun hordoftootni Yesuus hojii isaanii akka raawwatan humna ni kenna (HoE 1:8; Yoh 14:12). Akka soortuuwwan Pheenxeeqosxeetti dhugaawwan kana hubachuu fi karaa amansiisaa ta'een barsiisuu qabdu.¹

Bara kana keessatti hojii Hafuuraa sirriitti hubachuuf, yaad-rimeewwan macaafa qulqulluu sadii hubachuu qabda:

1. Ergama Waaqayyoo. Tokkoffaa, Macaafni Qulqulluun Waaqayyoon akka Waaqa ergamaa ta'etti akka dhiyeessu hubachuu qabda. Ergamni isaa yeroo tokko tokko *missio Dei* jedhamee kan waamamu yoo ta'u, kunis salphaatti afaan Laatiiniin “ergama Waaqayyoo” jechuudha. Ergamni Waaqayyoo saba gosa hundumaa keessaa, afaan hundumaa irraa, saba lafa irra jiru hundumaa irraa furuu ykn fayyisuu fi ofitti waamuudha (Mul. 5:9). Waldaan ergama isaa raawwachuuf meeshaa Waaqayyoo taatee jirti.

Yesuus ergama Waaqayyoo yeroo Ajaja Isaa Guddaa kenne yaada keessa galcheera: “Egaa dhaqaa, maqaa abbaattii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa. Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa! Kunoo, ani immoo hama dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira” (Mat. 28:19-20; cf. Mar. 16:15-16; Yoh. 20:21).

Akka soortuu Pheenxeeqosxeetti saba Waaqayyoo waa'ee ergama isaa barsiisuuf dhugumaan of kennuu qabda. Ergama sana raawwachuu keessatti gahee isaan qabanis barsiisuu qabda.

2. Maalummaa ergamaa cuuphaa hafuuraa. Ergama Waaqayyoo hubachuu dabalatee, akka soortuu Pheenxeeqosxee dhugaatti ergama waaqayyoo raawwachuu keessatti ga'ee barbaachisaa cuuphaan Hafuuraa qabu hubachuu

¹ Mata duree kana ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaan 10: “Dhugaa Pheenxeeqosxee ni Deggera” Boqonnaa 11: “Muuxannoo fi Shaakala Pheenxeeqosxee ni Jajjabeessa” sirriitti ilaali.

qabda. Waaqayyo ergama isaa akka raawwataniif sabini isaa hafuura isaatiin akka cuuphamuu qaban hubachuu qabda (Luq 24:49). Yesuus tajaajila isaa kan jalqabe erga hafuura qulqulluudhaan humna argatee booda ture (Luq 3:21-23; 4:17-19; HoE 10:38). Barattoonni isaas har’as akkasuma akka godhan ni eega (HoE 1:4 8).

3. *Ergamaaf sochoosuu*. Dabalataanis, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, miseensota waldaakee gara cuuphaa hafuuraatti yommuu gaggeessitu akka isaan ergama wangeelaaf hafuuraan humna argataniif isaan akka qopheessaa jirtu hubachuu qabda. Yesuus duuka buutota isaa, “Kunoo, isa abbaan koo isin abdachiisee isiniif nan erga, garuu akka nama uffannaa guutuu uffatuutti waaqa irraa human hamma argattanitti mandaricha keessa turaa” (Luq 24:49) jedhee yommuu isaan ajaje, ergama isaan fuuldura jiruuf isaan qopheessaa ture (lakk. 47-48). Phaawuloos bartoota Efesoon kudha lamaaniin “Yeroo amantan hafuura qulqulluu fudhattanii?” jedhee isaan gaafate. Ergama wangeelaa Efesoonii fi Eeshiyaa Xiqqoo hafe keessatti lallabuu keessatti isa waliin ta’uuf qophii isaanii gaafachaa ture (lakk. 10).

Har’as nu birattis akkasuma ta’uu qaba. Hubachuu qabna, saba keenya gara cuuphaa hafuuraatti geggeessuudhaan, dhugaa ba’umsa hafuuraan humna argatanii , dhaabbii waldaa, fi ergamaaf qopheessaa akka jirru.

Macaafa Hojii Ergamootaa Hiikuu

Sadaffaa, akka soortuu Pheenxeqoosxee isa dhugaa Afrikaatti, maalummaa ergamaa fi kaayyoo macaafa Hojii Ergamootaa hubachuu qabda. Wanti Pheenxeqoosxee fi warra Pheenxeqoosxee hin taane adda godhu tokko gareen tokkoon tokkoon isaanii kitaaba Hojii Ergamootaa akkamitti akka hiikanidha. Warri Pheenxee hin taane walumaa galatti Hojii Ergamootaa akka seenaa durii fi akkaataa Waldaan Kiristaanaa ergama ishee itti jalqabdee fi raawwate qofa ibsutti ilaalu. Yaada isaanii keessatti Hojiin Ergamootaa akkaataa Waaqayyo yeroo *sanaa fi achitti*, bara dheeraa fagoo dura hojjete qofatti ilaalu. Warri Pheenxeqoosxee garuu, macaafa Hojii Ergamootaa akka fakkeenya dhaabataa hordofamuu qabuutti ilaalu, Waaqayyo akkamitti Waldaa keessatti fi karaa Waldaa *asitti fi amma*, yeroo dhiyootti hojjechuu akka barbaadu.

Soortuun Pheenxeqoosxee Hojiin Ergamootaa kitaaba seenaa durii caalaa ergaa akka qabu ni hubata. Ergama wangeelaa bara dhumaatf qajeelfamaa fi tooftaa Waaqayyoo kaka’etti ni amanu. Hojii Ergamootaa keessatti, Hafuurri

Boqonnaa 2: Nama Hafuuraa

Qulqulluun waldaa Kiristaanaaf fakkeenya, qajeelfama fi tooftaa ergama Waaqayyoo raawwachuuf gargaaru kenneera. Tooftaan sun abdii Yesus waldaa Kiristaanaadhaaf kenne isa dhumaa keessatti gabaabfamee jira: “Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u, human in godhattu; Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatu koo in taatu”(HoE 1:8).

Luqqisiin kun akkaataa *hafuuraan aangeffamuun dhuga-ba’umsaa* kan bakka garaa garaatti irra deebi’amee ibsame mul’isudha. Kana malees, Hojii Ergamootaa keessatti dhangala’uun hafuuraa hundinuu dhugaa ba’umsaaf humna argamsiiseera. Yaad-rimee kana qabachuun macaafa Hojii Ergamootaa hubachuu kee fi ergama hafuuraan humna hidhachuuf waldaa kee sochoosuuf furtoodha.

Pheenxeqoosxee Jechuun Maal Jechuudha

Dhumarratti, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, dhuguma Pheenxeqoosxee ta’uun maal jechuu akka ta’e hubannoo ifa ta’e qabaachuu qabda. Pheenxeqoosxummaa dhugaan akkaataa waaqeffannaa, waa’ee waaqummaa beekuu olidha. Waaqayyo waldaan Pheenxeqoosxee sochii ergama wangeelaa humna Hafuuraan galmaan akka ga’aniif isaan waame. Soortuun Pheenxeqoosxee inni dhugaan akkasitti fakkeenya tajaajila Yesuus wangeelota keessatti kaa’ee fi ergamootaa fi duuka buutota birootiin macaafa Hojii Ergamootaa keessatti barraa’e hordofuuf waadaa nama galedha. Inni ykn isheen gochaalee macaafa qulqulluu arfan armaan gadiif of kennuu qabu:

1. *Ergaa wal fakkaatu*. Tokkoffaa, soortuun Pheenxeqoosxee inni dhugaan ergaa ergamoonii fi lallabdoonni wangeelaa macaafa Hojii Ergamootaa keessatti amanamummaadhaan labsan waliin kan fakkaatu lalabuuf kan ofkennudha. Ergaan sun wangeela dha. Innis tajaajila Filiphos isa “Mandara Samaariyaa tokkotti gad bu’ee, namoota mandarichaatti Kristosin lallabe.” (HoE 8:5; cf. lakk. 12) keessatti fakkeeffameera. Hojii Ergamootaa hundumaa keessatti, Waldaan Kiristaanaa ergaa du’uu fi du’aa ka’uu Kiristoos labsuu irraa gonkumaa hin sochoone (cf. 2:22-24; 3:15; 4:10-12). Kana malees, sabni akka qalbii diddiirratanii wangeelatti amananiif osoo wal irraa hin kutiin waamicha gochaa turan (cf. 2:38; 16:31; 20:21; 26:20). Har’as akkasuma gochuu qabna.

2. *Ergama wal fakkaatu*. Lammaffaa, soortuun Pheenxeqoosxee inni dhugaan ergama Waldaa macaafa Hojii Ergamootaa keessatti argamu hordofuuf of kan

laatudha. Akkuma armaan olitti ibsame, ergamni sun akka gaariitti gabaabfamee kan ibsame Hojii Ergamootaa 1:8 irratti yoo ta’u, Yesuus, “Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u, human in godhattu; Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu” Jedhe. Macaafni Hojii Ergamootaa Waldaan itti fufiinsaan akka daangaa darbitu, gara naannoo haaraatti cee’tuu fi humna hafuuraatiin oduu gammachiisaa lallabduutti dhiheessa. Akka soortuu Pheenxeqoosxee dhugaatti waldaa kees akkasuma akka gootu gaggeessuu qabda.

3. *Muuxannoo wal fakkaatu.* Sadaffaa, soortuun Pheenxeqoosxee inni dhugaan muuxannoo hafuura ergamoonni macaafa Hojii Ergamootaa keessatti raawwatan sun har’as akka raawatamu ni jajjabeessa. Muuxannoowwan sun jijjiirama jireenya (cf. HoE 2:41; 8:5-6; 9:1-8), bishaan keessatti cuuphamuu (cf. 2:41; 8:13, 36-38; 9:17-19; 16:33), hafuura qulqulluudhaan cuuphamuu afaan adda addaatiin dubbachuudhaan ragaa ba’umsa kan qabu (cf. 2:4; 10:44-46; 19:6), dinqii fayyisuu (cf. 3:1-10; 5: 12-16; 20:7-12), fi dinqii warra hafuura xuraawwaan qabamam bilisa baasuu (cf. 8:7; 16:16-18). Madaallii walfakkaatuun, soortuun Pheenxeqoosxee dinqii ykn muuxannoo hafuura kamiyyuu kan Caaffata Qulqullaa’oon hin deeggaramne ni morma.

4. *Tooftaa walfakkaataa.* Dhumarratti, soortuun Pheenxeqoosxee inni dhugaan tooftaa ergamoonni fi warri kaan macaafa Hojii Ergamootaa keessatti fayyadaman sana ni fayyadama. Tooftaan kunniin wangeela hafuuraan dibame labsuu, amantii gadi fagoo, amantii fi qalbii diddiirranaa kan uumudha (cf. HoE 2:14-41; 8:13). Soortuu Pheenxeqoosxee caalaatti Waaqayyo mallattoodhaan akka mirkaneessu eega, dinqii dubbii, fayyisuu fi bilisa baasuu dabalatee jechuudha (cf. 5:12-16; 10:44-47; 14:6-10).²

Dabalataanis, soortuun Pheenxeqoosxee inni dhugaan Hafuurri Qulqulluun ergama keessatti akka isa qajeelchu ni eega (cf. HoE 8:29; 10:9-20; 16:6-10). Qajeelfamni kun karaa yaada keessaa (cf. 8:29; 10:19), abjuu (cf. 2:17; 16:9), fi mul’ataan (cf. 9:10-16; 10:9-20) dhufuu danda’a. Malli wangeela lallabuu inni guddaan ergamoonni macaafa Hojii Ergamootaa keessatti fayyadaman waldoota

² Mata dureewwan kana ilaalchisee caalaatti hubachuuf , Boqonnaa 16: “Lallaba Hafuuraan Dibame” fi Boqonnaa 21: “Humna Hafuuraatiin Tajaajiluu” ilaali.

Boqonnaa 2: Nama Hafuuraa

ergamtootaa hafuuraan humna argatan kan ergaa Kiristoosiin naannoo naannoo isaaniitti gahan dhaabuu ture.³

AFUURA WALIIN DEEMUU

Soortuun Pheenxeqoosxee Hafuurri eenyu akka ta'e, akkasumas akkamitti akka hojjetu hubachuu qofa osoo hin taane, qajeelfama hafuuraa jalatti jiraachuu barachuu qaba. Phaawulos amantoota haaraa Galaatiyaa keessa jiran, "Hafuura qulqulluudhaan jalqabdani, amma immoo yaada fooniitiin raawwachuu barbaadduu ree?" (Gal. 3:3). Deemsa Kiristaanummaa isaanii akkamitti akka jalqaban isaan yaadachiisaa ture. Hafuuraan dhalatanii hafuuraan guutamani jalqabani turan. Amma, isaan "hafuura kana duukaa bu'uu" qabu turan (5:25). Kun kaayyoo soortuuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa hunda ta'uu qaba.

Kana gochuuf wantoota Karaa gurguddoo lameen armaan gadii gochuu dandeessu: hafuuraan kadhachuu fi firii hafuuraa horachuu.

Hafuuraan Kadhachuu

Macaafni Qulqulluun waa'ee kadhannaa gosa hedduu kan dubbatu yoo ta'u, isaanis araarfannaa, iyyannoo, waadaa galuu, kadhannaa, waaqeffannaa, galateeffannaa fi kkf dabalata. Kadhannaan hafuuraa deemsa hafuuraan guutame itti fufsiisuuf haala mijataa uuma. Phaawuloos waa'ee kadhannaa gosa kanaa Efesoon 6:18 irratti dubbata. Dabalataanis, Roomaa 8:26 irratti, kadhannaan hafuuraan akkamitti akka hojjetu ibseera: "Hafuurichis immoo akkuma kanatti dadhabbi keenyatti nu gargaara; nuyi maal kadhachuun akka nuuf barbaachisu akka ta'utti hin beeknu; hafuurichi garuu aaduu isaatiin karaa namni dubbiidhaan mul'isuu hin dandeenyeen nuuf in kadhata." Kadhannaan hafuuraan godhamu kadhannaa hafuuraan eegalame, hafuuraan dibamee, hafuuraan qajeelfamee kadhannaa kamiyyuu ta'uu kan danda'u yoo ta'u, yeroo baay'ee afaan biraatiin kadhannaadha (1Qor. 14:14-15). Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxee ogeessaatti, meeshaa hafuuraa humna guddaa qabu kana irra deddeebitee itti fayyadamuu qabda (2Qor. 10:4-5).

³ Waa'ee waldoota ergamtootaa Hafuuraan humna argatan dhaabuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 39: "Waldaa Haaraa Dhaabuu" ilaali.

Firii Hafuuraa

Karaa biroon ati deemsa hafuuraa kee cimsuu dandeessu firii hafuuraa horachuudha. Phaawuloos firii kana “jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amanamummaa, garraamummaa, of to’achuu” (Gal. 5:22-23) jechuun adda baasee ibsa.

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti humna Yesuus beekuu qofa osoo hin taane, jireenyi kee amala isaa calaqqisiisuu qabaachu qabda. Kennaawwan firii hin qabne “akka sibiila kililchuu yookiis dibbee kosh kosh jedhu” ta’a (1Qor. 13:1). Namoonni baay’een karaa agarsiisa humnaatiin gara Kiristoositti fiduu kan hin dandeenye, gocha jaalalaatiin amansiisuu danda’u. Hafuuraan deddeebi’uudhaan, akkasumas Kiristoos keessa, jiraachuudhaan jireenya kee keessatti firii hafuuraa guddifachuu dandeessa (Gal. 5:16) (Yoh. 15:4).

TAJAAJILLOOTA HAFUURAA KEESSATTI

Yesuus dhugaa ba’eera, “Hafuurri gooftichaa ana irra jira, sagalee misraachoo warra gadadamootti himudhaaf na dibbeera” (Luq 4:18). Fakkeenya Gooftaa isaa hordofuun Phaawuloos tajaajila mataa isaa akka “humni fi hafuurri waaqayyoo isa keessa jiru agarsiise” (1Qor. 2:4). Haaluma walfakkaatuun, ati akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, humna hafuura qulqulluutiin tajaajila kee raawwachuuf of kennuu qabda. Akkuma Phaawuloos tajaajilaa hafuuraa gahumsa qabu ta’uuf carraaquu qabda (2Qor. 3:6).

Akka kanaan, jireenya kee fi tajaajila kee keessatti, akkasumas namoota gaggeessitu gidduutti Hafuurri hojjechuu ykn hojjechuu dhabuu isaa yeroo hundumaa dammaqinaan hordofuu qabda. Bifa amanti duwwaa kan humnaa fi argama hafuuraa irraa bilisa ta’e kamiyyuu jabeessitee mormuu qabda (2 Xim. 3:5), akkasumas barumsa, muuxannoo fi shaakala dhugaa Pheenxeqoosteedhaaf cimsitee falmuutu sirraa eegama (cf. Yihu. 1:3). Karaan sadeen ati kana gochuu dandeessu, dibata hafuuraa barbaaduudhaan qajeelfama hafuuraa hordofuudhaan, kenna hafuura qulqulluu barbaaduudhaan. Mee akka armaan gadiitti ilaaluu dandeenya:

Dibata Hafuuraa Barbaaduu

Akka soortuu Pheenxeqoosxee dhugaatti, dibata Hafuura qulqulluu barbaaduu qabda. Yeroo hundumaa argamuu Hafuura Waaqayyoo keessa taatee

Boqonnaa 2: Nama Hafuuraa

lallabuu, barsiisuu fi tajaajiluu barbaaduu qabda. Kanaafiyuu, kadhachuu fi hafuuraaf of kennuu qabda, jireenya kee irratti akka boqotu kadhanaadhaan eeguudhaan, humnaa fi aangoo dabalataatiin akka tajaajiltu si dandeessisa. Dibanni Hafuuraa Qulqulluu warra garaa jabaattanillee ni amansiisa, gara Waaqayyootti deebi’anii, “Yesus Gooftaa dha!” isaan jechisiisa

Qajeelfama Hafuuraa Barbaaduu

Dabalataanis, tajaajila keessatti akka si qajeelchu hafuura gooftaa amanachuu qabda. Kun shaakala Yesuus fi ergamootaa ture. Soortuun ogeessi Pheenxeqoosxee Hafuurri Qulqulluun dhuguma ergama Waaqayyoo kan gaggeessu akka ta’e ni hubata. Fedhii fi dursa ergamaa kan hubatu isa qofaadha.

Hafuurri Filiphooisiin gara namicha Itoophiyaatti geesse (HoE 8:26-38), Pheexiroosiin gara mana Qorneelewoositti geesse (10:9-25), Phaawulosii fi garee ergamaa isaa gara Awurooppaa dhihaatti qajeelche (16:6-40). Har’as akkasuma nuuf godha. Yoo laphee keenya isaaf bannee fi sagalee isaa dhageenye, Hafuurri Gooftaa hojii Kiristoosiif hojjennu keessatti nu qajeelcha.

Kennaa Hafuura Qulqulluu Barbaaduu

Phaawuloos amantoonni Qorontos “Kennaa garaa garaa warra hafuurri qulqulluun kennu akka argattaniif, caalaatti immoo waan Waaqayyo isinitti mul’isu akka himtaniif dhama’aa” (1Qor. 14:1) jedhee isaan jajjabeesseerra. Akka soortuu amanamaa Pheenxeqoosxeetti, jireenya mataa keetii fi jireenya waldaa ati soortuu taate keessatti hojii kennaa hafuuraa guddisuudhaan qajeelfama ergamaa dhaggeeffachuu qabda. Karaa cuuphaa Hafuuraa kana kennaawwan Hafuura Qulqulluu tajaajila keenya keessatti dhangala’u. Phaawuloos hojii kennaawwanii kunneen 1Qorontos 12-14 irratti ibsa. Luqaas macaafa Hojii Ergamootaa keessattis akkasuma godheera. Phaawuloos hojii kennaa waldaa keessatti waaqeffannaadhaaf walitti qabame irratti xiyyeeffata (1Qor. 14:23-26), Luqaas immoo kennaawwan wangeela sarara duraa fi dhaabbii waldaa keessatti akkamitti akka hojjetan agarsiisa.⁴

⁴ Kennaawwan hafuuraa Boqonnaa 19: “Humna Hafuuraatiin Tajaajiluu” isa jedhu keessatti dabalataan ibsameera. Isaanis Dabalata 2: “Kennaawwan Mul’achuu 1 Qorontos 12:8-10” irratti tarreeffamaniiru, ibsamaniiru.

Kutaa Iffaa: Ulaagaawwan Soortuuwwan Pheenxeqoosxee

Phaawuloos ergaa isaa isa dhumaa Ximotewosiif dabarsee keessatti ilmi isaa amantii keessa jiru “kenna Waaqayyoo isa yeroo ati harka koo mataa kee irra kaa’e siif kenname, haareessitee akka ibiddaatti akka qabsiiftu sin yaadachiisa.” Ximotewos nama hafuuraa akka ta’u kakaasa ture. Soortuun Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiru hundi gorsa Phaawuloos Ximotewosiif kenne hordofuun gaarii ta’a. “Wanta gaarii” imaanaa isinitti kenname sana hafuura qulqulluun sirriitti eeguu qabu (2Xim. 1:14). Kana gochuu keessatti, hafuura qulqulluudhaan guutamanii ergama Waaqayyoof of kennanii akka jiraatan mirkaneessuu qabu. Akkasumas tajaajila isaanii humnaa fi dibata Hafuura Qulqulluutiin raawwachuuf carraaquu qabu.



~ Boqonnaa 3 ~

Nama Amala Gaarii Qabu

RAAJJII SHAMARRAN DARGAGEETII ULFEESUUSAATIIF RHIDHAME.” Mata dureen nama jeequ kun gaazexaa Afrikaa Kibbaa tokko keessatti mul’ateera. Barreeffamichi itti fufee, shamarran xixiqqoo hedduun tokko tokko umuriin isaanii waggaa kudha afur ta’an “raajii Kiristiyaanaa” beekamaa ta’een akkamitti akka ulfaa’an ibseera. Shamarran kun amala seeraan alaa lallabaa kana gabaasuuf gara aangawoota waliin deemanii turan. Kan nama gaddisiisu, waldaan ni qaanofte, hojiin Waaqayyoo xuraa’e, maqaan Kiristoos ni salphate.

Haa ta’u malee, cubbuu ifatti nama qaanessu akkasii miti kan irra caalaan guddina waldaa gufachiisu; kanneen xixiqqoo ifatti hin baanedha. Kan dhoksaadhaan cubbuu hojjete, cubbuun isaa guutummaa waldaa irratti dhiibbaa uume (Iya. 7:1-12). Haaluma wal fakkaatuun, soortuun tokko dhoksaadhaan irra daddarbaa raawwatu guutummaa gumii tokko irratti dhiibbaa geessisuu danda’a. Tajaajiltoonni Waaqayyoo hedduun isaanii amala gaarii dhabuu isaanii irraa kan ka’e hojii Waaqayyoo irratti salphinaa fi tajaajila isaaniif gufuu ta’uudhan tajaajilaa ala of godhaniiru.

Amalli gaariin bu’uura tajaajilli Pheenxeqoosxee dhugaa ta’e irratti ijaaramuudha. Bu’uura kana malee wanti biraa hundi dhuma irratti ni raafama, ni kufa. Tajaajilli bara baraa gonkumaa dandeettii, sadarkaa hawaasummaa, sadarkaa barnootaa, ykn dibata hafuura qulqulluu irratti ijaaramuu hin danda’u. Bu’uura

Kutaa Iffaa: Ulaagaawwan Soortuuwwan Pheenxeqoosxee

amala irratti jabaatee ijaaramuu qaba. Hunda caalaa sabni Waaqayyoo soortuu isaanii amanachuu danda'uu qabu.

BARBAACHISUMMAA AMALA

Soortuun Pheenxeqoosxee dhiira ykn dubartiin amala ol'aanaa ta'e qabaachuu qabu. Phaawuloos Ximotewoos isa soortuu waldaa Efesoon ta'ee tajaajilaa tureef barreessee jireenya fakkeenya ta'e akka jiraatu isa gaafateera.

“Ilaaltuun hojii waldaa Kristiyaanaa, waan ittiin jedhan kan hin qabne, nama haadha manaa tokkittii, nama dhugaatiitti of hin ganne, nama of qabu, nama ulfinaa, nama keessummoota jaallatu, nama warra kaan barsiisuu danda'us ta'uun isa irra jira; nama garraammii, naga-qabeessas malee, nama machaa'aa, nama lola jaallatus hin ta'in! Nama horii jaallatus hin ta'in!” (1 Xim. 3:2-3)

Akkasumas Phaawuloos waa'ee amala soortuu tokkoo Tiitoos gorseera:

“Ilaaltuun hojii waldaa tokko, hojii Waaqayyoo in adeemsisa erga ta'ee, waan ittiin jedhan kan hin qabne ta'uun isa irra jira; ofii isaa malee warra kaan kan hin gammachiifne yookiis nama dafee aaru yookiis machaa'aa yookiis nama lola jaallatu, nama bu'aa karaa dalgaa argachuuf sassatu ta'uun isa irra hin jiru. Nama keessummaa simachuu jaallatu, nama waan gaarii jaallatu, nama of qabu, nama qajeelaa, qullaa'aa, nama adaba qabus haa ta'u” (Tit. 1:7-8)

Caqasa lamaan keessatti Phaawuloos adda durummaan dhimmoota dandeettii osoo hin taane dhimmoota amala ilaallatu irratti akkamitti akka xiyeefate hubadhu. Soortuuf gahumsi barbaachisaa yoo ta'e iyyuu amala garuu barbaachisummaa olaanaa qaba.

HIIKKA AMALAA

Egaa jechi amala jedhu maal jechuudha? Amalli waa'ee naamusaa nama tokkoo dubbata. Namummaa keessa keenya dha. Kiristaanaaf amala Kiristoos fakkaachuudha. Amalli namni tokko yeroo dhiibamu akkamitti akka socho'u (ykn deebii itti kennu) murteessa. Yeroo namni biraa nu ilaalu hin jirre eenyu akka taane mul'isa. Jechi amala jedhu kan biraan immoo amanamummaadha. Amanamummaan waa'ee naamusa sirrii ta'uu ykn guutummaa ta'uu dubbata.

Boqonnaa 3: Nama Amala Gaarii Qabu

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti maqaa gaarii qabnu caalaa waa'een amala keenyaa irratti xiyyeeffachuu qabna. Kunis maqaan keenya waan warri kaan waa'ee keenya yaadan yoo ta'uu; amalli keenya garuu waan nuti taanu waan ta'eef. Saamu'eel obboleessa Daawit isa angafaa Israa'el irratti mootii akka ta'uuf yeroo qorame sana akeekkachiisa kenne yaadadhu. Raajichi akkas jedhe, “Namni fuula ilaala, Waaqayyo garuu garaa ilaala” (1Sam. 16:7). Saamu'el dhuma irratti Daawit mootii godhee dibe sababni isaas inni nama Waaqayyoon gammachiisuuf waan ta'eef (1Sam. 13:14; HoE 13:22).

Amalli Waaqayyoo jireenya Pheenxeqoosxee keessatti haala qabatamaan karaa sadi'iin mul'achuu danda'a , akka armaan gadiitti haa'ilaallu:

Dhugaa dubbachuu

Soortuun Pheenxeqoosxee inni dhugaan faana Yesuus hordofuu filata, “Inni cubbuu hin hojjenne, dubbii isaa keessatti haxxummaan hin argamne” (1Phex. 2:22). Inni ykn isheen walqunnamtii namoota biroo wajjin godhan hunda keessatti dhugaa dubbata. Karaa biraatiin yoo ilaalle, soortuun amanamaan Pheenxeqoosxee soba hin dida – haala rakkisaa keessatti, yeroo soba dubbachuun gatii nama hin baasifneyyuu jechuudha. Phaawuloos amantootni Efesoon “namni adduma addaan soba of keessaa baasee, dhugaa namatti haa dubbatu!” jechuun gorseera (Efe. 4:25).

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti hawaasa keessatti maqaa gaarii akkasii qabaachuuf carraaquu qabda, kunis yeroo dubbattu namoonni dhugaa dhaga'aa akka jiran beeku. Yeroo bakkeetti dubbattu si amanuu yoo dadhaban, yeroo ati minjaala irraa dubbattu akkamitti si amanuu danda'u? Nama yeroo hundumaa “jaalalaan dubbii dhugaa” (Efe. 4:15) dubbatu ta'uun beekamuu qabda.

Amanamummaa Maallaqaa

Akka soortuu amanamaa Pheenxeqoosxeetti, qunnamtii kee hundumaa keessatti dhugaa dubbachuu qabda, akkasumas maallaqa kennuu fi fudhachuu kee hundumaa keessatti guutummaatti amanamaa ta'uu qabda. Kunis walqunnamtii maallaqaa Waaqayyoo wajjin, waldaa wajjin, akkasumas warra waldaa ala jiran wajjin gootu dabalata. Kana kan gootu Waaqayyo akka si ilaalaa jiru waan beektuufi. Akkasumas, waan hundumaa caalaa, Isa gammachiisuu barbaadda. Kanaaf, kurnoo fi kennaa aarsaa keessan Waaqayyo saamuu irraa of eegda (Mal. 3:8).

Kutaa Iffaa: Ulaagaawwan Soortuuwwan Pheenxeqoosxee

Soortuuwwan tokko tokko miseensonni waldaa isaanii waldaadhaaf kurnoo akka kaffalan kan gaafatan yoo ta’u, isaanis ofii isaanii kana gochuu hin barbaadan. Kana gochuudhaan Waaqayyoon saamuu qofa osoo hin taane, gowwoomsaa laphee ofii mul’isu. Nama akkasii yoo taate qalbii diddiirradhuu waan sirrii ta’uu beektu hojjedhu (cf. HoE 26:20).

Kana malees, maallaqa waldaa qabdu keessatti kabajamaa ta’uu qabda. Soortuu ta’uun kee qarshii waldaa akka barbaaddetti fayyadamuuf mirga siif hin kennu. Aarsaa/kennaa/ waldaan argattu hunda cimsitee eeguu qabda. Akkasumas maallaqni hundi kaayyoo kennameef qofaaf akka oolu mirkaneessuu qabda. Fakkeenyaaf, maallaqa ergamootaaf kenname konkolaataa bitachuuf ykn maallaqa lallaba wangeelaaf kenname gamoo waldaa suphuuf fayyadamuu hin qabdu. Kan caalaa hammaatu immoo, qarshii hiyyeeyyii gargaaruuf kenname gonkumaa fudhachuu hin qabdu, akka Yihudaa isa korojoo qarshii keessaa saamee faayidaa mataa isaatiif oolfate sanaa ta’uu hin qabdu (cf. Yoh. 12:6).

Kana malees akka soortuuwwan amanamaa Pheenxeqoosxeetti namoota waldaa ala jiran waliin hariiroo maallaqaa gootu keessatti amanamaa ta’uu qabda. Nama amanamummaa olaanaa qabu ta’uun beekamuu qabda. Maallaqa liqeffatte kamiyyuu hatuu, namoota kaan gowwomsuu ykn hatattamaan deebisuu dhiisuu hin qabdu. Kan biraa gochuun waldaa irratti maqaa balleessuu fi namoonni ergaa Kiristoos irraa akka deebi’an taasisa.

Hariiroo Namoota Saalaan Faallaa Ta’an Waliin

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti qunnamtii kee keessatti dhugaa dubbachuu fi qabaa maallaqaa kee irratti amanamaa ta’uu qofa osoo hin taane, yeroo hundumaa, namoota saalaan faallaa ta’an waliin hariiroo qulqullummaa qabu qabaachuu qabda. Waadaa gaa’ila keef amanamaa ta’i “Waanuma hamaa ta’e dhiisi!” (1Tas. 5:22).

“Dubartoota maangoddoota akka haadhotaatti, warra gara ijoollees yaada qullaa’aadhaan akka obboleetotaatti gorsi” (1Xim. 5:2). Kana gochuu keessatti, haadha manaa keetiin alatti dubartii biraa wajjin gonkumaa kophaa kee akka hin teenye mirkaneeffachuu qabda. Akkasumas, of eeggannoo malee haasa’uudhaan ykn sochii gochuudhaan haadha manaa keetiin alatti dubartii kamiyyuu wajjin walitti dhufeenya miiraa akka hin uumamne of eeggachuu qabda. Dubartoonni

Boqonnaa 3: Nama Amala Gaarii Qabu

soortuuwwan dhiirota wajjin walitti dhufeenya qaban irrattis kanumatu akka raawwatamu beekamaadha.

Akka tajaajilaa Kiristoositti gorsa Phaawulos “Akka warra Waaqayyoo qulqullaa’aniitti jiraadhaa malee, halalummaan, xuraa’ummaan hundinuu, sassatis isin gidduutti hin dhaga’amin” (Efe. 5:3).

AMALOOTA BIROO BARBAACHISOO TA’AN

Bakka bu’aa Waaqayyoo waan taateef, amala Waaqayyoo kan biroos horachuuf carraaquu qabda. Amaloota shan kaasuun barbaachisaa dha, cimina , hirkattummaa, gad of deebisuu, gara laafinaa fi arjummaa fa’i, isaan kana akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaaluu dandeenya:

Cimina

Cimina jechuun humna keessaa kan waan tokko akka hojjennuuf nu gargaaru, keessumattuu yeroo ulfaataa, sodaachisaa fi rakkisaa ta’etti jechuudha. Innis ija jabina murtoo fudhachuu, waan gaariif jabaatanii dhaabbachuu fi yeroo karaan fuulduraa hin jiru fakkaatutti Waaqayyoon amanachuudha. Nelson Maandeellaan seenaa jireenyaa isaa keessatti akkas jechuun barreesse, “ciminni soda balleessuu osoo hin taane, injifannoo irratti argachuu akka ta’en baradhe. Namni jabaan nama sodaan itti hin dhaga’amne utuu hin ta’in, isa sodaa sana injifatudha.”

Ciminni faallaa abshaalummaati. Abshaalummaan ofiif yaaddoon afuufamuu irraa dhalata; ciminni kan dhalatu namoota kaaniif yaaduu irraati. Abshaalummaan dandheetii namni tokko waan sirrii ta’e hojjechuu ykn dubbachuu isaa gabaabsa; ciminni balaa keessatti dhugaa dubachuun akka dhaabanu nama jajjabeessa. Museen yeroo Fara’oon dura dhaabatee mootiin Gibxii saba Waaqayyoo akka bilisa baasu gaafatu ija jabina qaba ture (Ba’uu 5:7). Yesuus gad of deebisee salphinaa fi dhiphina fannoo yeroo bitamu ija jabina qaba ture (Ibr. 12:2). Isxifaanos immoo gaggeessitoota Yihudootaatti Masihiicha isaanii akka ajjeesan yeroo itti himu ija jabina qaba ture (HoE 7:51-52).

Hafuura Qulqulluu isa nu keessa jiraatuuf yoo harka kennine, Kiristoosiif dhaabbannee maqaa isaa hundumaaf labsuuf hamilee nu barbaachisu nuuf kenna. Pheexiroosii fi Yohaannis yommuu doorsifaman, “Ammas yaa gooftaa, doorsisa isaanii ilaali, hojjetoonni kee sodaa malee dubbii kee akka dubbataniif, ija jabummaa kenniif! Maqaa Yesuus hojjetaa kee isa qulqulluutiin dhukkubsatoota

Kutaa Iffaa: Ulaagaawwan Soortuuwwan Pheenxeqoosxee

fayyisuudhaaf, milikkita fi dinqii garaa garaas gochuudhaaf, harka kee diriirsi jedhan. Isaan kadhata afaanii fixuuniifi iddoon isaan itti walitti qabaman socho’uun, wal faana ta’e. Hundumti isaaniis hafuura qulqulluudhaan guutamani, dubbii Waaqayyoo ija jabummaadhaan dubbachaa turan” (HoE 4:29-31). Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, atillee waamicha kee amanamummaadhaan raawwachuuf ija-jabina si barbaachisu siif kennuuf hafuuraan guutamu fi Waaqayyootti hirkattee turuu barbaaduu qabda.

Hirkatummaa

Dabalataanis akka bulchaa ykn hogganaa Waldaa Kiristoositti amanamaa ta’uu qabda. Gooftaan amanannaa isaa guutuu sirra kaa’uu danda’uu qaba (Tito 1:7; 1Phex. 4:10). Phaawuloos, “Warra hojii adeemsisan irraa immoo amanamummaatu barbaadama” (1Qor. 4:2) jedhee barreesseera. Kanaaf jireenyi kee amala akka hirkattummaa, yeroo beelamaa eeguu, ciminaa fi obsa agarsiisuu qaba. Amalli akkasii firii deemsa hafuuraan guutameeti (Gal. 5:22).

Phaawulos jaarsolii Efesoon, “Of eeggadhaa, karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis, eegadhaa! Waldaa kristiyaanaa isa Waaqayyoo dhiiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa!” (HoE 20:28). Akka soortuuwwaniitti Gooftaan lubbuu dhiiraa fi dubartootaa imaanaa nuuf kenneera. Gaaf tokko immoo dhimma kana irratti amanamummaa keenya ilaalchisee Waaqayyoo nu gaafata (Ibr. 13:17). Yaaqoob akkas jedhee cimsee akeekkachiisa, “Obboloota ko, baay’een keessan barsiisota ta’uutti hin ariifatinaa! Nuyi warri barsiisota taanu warra kaan irra caalaa firdii fudhachuuf akka jirru in beektu” (Yaaqoob 3:1).

Gad of deebisuu

Akka fakkeenya Kiristoositti, soortuun Pheenxeqoosxee gad of deebisuu qaba (Efe. 5:1). Yesuus duuka buutota isaatiin, “Isin gidduutti akkas hin ta’u; eenyu illee isin keessatti guddaa ta’uu kan barbaadu, hojjetaa keessan ta’uutu isa irra jira, Eenyu illee isin keessaa dura ta’uu kan barbaadu, garbicha isiniif ta’uutu isa irra jira. Ilmi namaas akkasuma hojjechiifachuudhaaf hin dhufne, namootaaf hojjechuudhaaf fi lubbuu isaa furii namoota baay’eedhaaf kennuuf dhufe malee” (Mat. 20:26-28) Jedhe.

Soortuun Pheenxeqoosxee tokko of tuulummaa fi dantaa ofiitiin guutame isaan tajaajiluu caalaa namoota birootiin akka tajaajilamu gaafatu ilaaluun baay’ee

Boqonnaa 3: Nama Amala Gaarii Qabu

nama jeeqa. Ilaalchi akkasii faallaa gad of deebisuu Gooftaan keenya argisiiseeti. Phaawuloos Kiristiyaanota Filiphisiyusiif akkana jedhee barreesseera, “Yaada garaa isa Kiristoos Yesus qaba ture qabaadhaa! Inni bifa waaqayyummaatiin utuma jiruu, ulfina waaqayyummaa isa abbaa isaa wajjin wal isa qixxeessu wanta qabataniitti itti hafanitti hin lakkoofne. Inni ulfina sana gad dhiisee, akka waan, waan tokkotti hin galle of godhe; bifa garbummaa in fudhate; fakkaatti namummaatiin in dhalate, waan hundumaanis nama ta’ee argame. Inni gad of deebisee, hamma du’aatti, hamma fannifamee du’utti iyyuu abboomamaa ta’e” (Filp. 2:5-8). Namni of tuulaan akka tajaajilamu gaafata; soortuun Waaqayyoon jaallatu garuu gad of deebisuudhaan warra kaan tajaajiluutti gammada.

Gara laafina

Akka soortuu Pheenxeqoosxee dhugaatti nama gara laafina qabu ta’uu qabda. Gara laafinni jaalala gochaan ta’uudha. Namoota rakkataniif yaaddoo qabaachuun of mul’isa. Innis garaan jaalala Waaqayyootiin guutame kan argisiisu dha. Macaafni Qulqulluun waa’ee Yesuus akkas jedha, “Inni namoota akka hoolota tiksee hin qabneetti bututanii, gatamanii turan sana yommuu arge isaaniif oo’e” (Mat. 9:36) jedha.

Gara laafinni Yesuus wanta hafuuraa fi fooniin isaan barbaachisu akka isaanii kennu isa kakaase. Akka soortuuwwan tuuta Waaqayyooti nutis saba isaatiif akkasumas warra Kiristoosiin hin beekneef jaalalaan yaaduu argisiisuu qabna. Gara laafinni yeroo isaan rakkatanitti akka kunuunsinu nu godha akkasumas wangeela hundumaaf akka labsinu nu kakaasa.

Akka dhiiraa fi dubartoota Waaqayyooti, Hafuura wajjin adeemsi keenya itti fufiinsaana namoota kaan jaallachuu fi kunuunsuuf nu kakaasuu qaba. Phaawuloos akkas jechuun ibseera, “Jaalalli Waaqayyoo karaa hafuura qulqulluu isa nuuf kennameen garaa keenya keessatti dhangala’eera” (Rom. 5:5). Namoota hundumaa keessaa nuti warri hafuura Kiristoosiin guutamneerra jennu gara laafina Kiristoos warra kaaniif qabu agarsiisuu qabna.

Arjummaa

Amalli barbaachisaa inni dhumaa soortuun Pheenxeqoosxee dhugaa ta’ee qabaachuu qabu arjummaadha. Ayyaana Pheenxee Hafuuraan guutamuu isaanii irraa kan ka’e amantoonni jalqabaa hafuura arjummaatiin qabamaniiru. Macaafni Qulqulluun waa’ee isaanii akkana jedha, “Kan amanan hundinuu walii wajjin

iddoodhuma tokko turan, kan isaan qaban hundinuu qixxee ture. Araddaa isaaniitii fi qabeenya isaanii gurgurani, horii isaas hundumaafuu, akka isa barbaachisetti in hiru turan” (HoE 2:44-45). Haaluma walfakkaatuun, akka soortuu Hafuuraan guutameetti waan qabdu namoota biroof qooduu qabda. Waaqayyoo wajjin, waldaa wajjin, warra rakkataniif harka hiixatu qabaachuu qabda.

Yesuus warra Kudha Lamaan yommuu erge, “Warra dhukkubsatoo fayyisaa, warra du’aan kaasaa, warra lamxaa’an qulleessaa, hafuurota hamoota baasaa; gatii utuu itti hin basin fudhattan, isinis gatii utuu itti hin baasisiin kennaa” (Mat. 10:8). Arjummaan akkasii namaa namatti daddarba. Ummanni arjummaa soortuu isaanii argan, isaanis garaa isaanii fi boorsaa isaanii bananii arjaa akka ta’an ni jajjabeeffamu. Aadaan arjummaa kun waldaa, hawaasa naannoo ishee, fi dhumarratti saboota biyya lafaa irratti dhiibbaa garii geesisa.

AMALA GUDDISUU

Gaaffiin ka’u: soortuun Pheenxeqoosxee tokko amala Waaqayyoo armaan olitti ibsame akkamitti guddisuu danda’a? Kana kan goonu fakkeenya Yesuus hordofuudhaani. Inni fakkeenya Jireenyaa fi tajaajila keenyaa dha. Yohaannis, “Namni isattin jiraadha jedhu hundinuu akkuma Yesuus dedeebi’etti deddeebi’uu qaba” jedhee barreessera (1Yoh 2:6).

Jecha Phaawuloos keessatti, “Kiristoosiiin uffachuu” qabna (cf. Qol. 3:12-17; Rom. 13:14). Yesuus duuka buutota isaa, “Ana duukaa bu’aa” (Marq 4:19) jedhee yommuu ajaje, jireenya isaa akka ilaalanii fi jireenya isaaniin akka isa fakkeessan itti himuu isaa ture. Kana yommuu godhan gara bifa isaatti ni jijjiiramu (Rom. 8:29; 2Qor. 3:18). Suuta suutaan jireenyi isaanii akka Isaa ta’a. Humna hafuuraatiin akka inni jiraatetti jiraachuu, akka inni yaadutti yaaduu, akka inni jaallattutti jaallachuu ni jalqabu (2Phex. 1:3-4). Yoo soortuu Pheenxeqoosxee dhugaa ta’uu barbaadde, Yesuusiin fakkaachuuf murteessuu qabda.

Warri Kudha Lamaan Yesuus duukaa yeroo bu’an, isaa dura turan caalaa kan biraa ta’an. Kanaan dura qurxummii kan qaban qofa turan. Haa ta’u malee akkuma Isa duukaa bu’aniin akkuma Gooftaa isaaniitti namootaa qabduu ta’an. Kana jechuun, amala Yesuus fudhatan. Hayyoonni Macaafa Qulqulluu yeroo tokko tokko adeemsa kana uumamuu hafuuraa jedhanii waamu.

Boqonnaa 3: Nama Amala Gaarii Qabu

Haa ta’u malee carraaqqii ofiitiin ykn humna fedhiitiin amala Kiristoos fakkaatu argachuu dandeenya jennee yaaduu hin qabnu. Gargaarsa Waaqayyoo qabaachuu qabna. Gargaarsa isaa argachuu kan dandeenyu naamusa hafuura sadii shaakaluudhaan:

Kiristoositti Maxxanuu

Tokkoffaa, isa keessa jiraachuudhaan ykn turuudhaan amala Waaqayyoo guddisuu keessatti gargaarsa Kiristoos argachuu dandeenya. Kiristoos keessa jiraachuu qofaan isa fakkaachuu dandeenya. Yesuus, “Dameen kam iyyuu ofuma isaatiin ija godhachuu hin danda’u; muka wayinii keessa hafuu qaba. Ana keessa yoo jiraattan malee firii godhachuu hin dandeesan” (Yoh 15:4). Kiristoos keessa turuun sagalee isaa fi fuula isaa duratti itti fufuudhaan jireenya isa irraa fudhachuudha. Kana kan goonu kadhannaa of kennuudhaan, yeroo hunda Macaafa Qulqulluu xiinxaluudhaan, akkasumas wanta nu barbaachisu hunda akka nuuf kennu guutummaatti amanuudhaani.

Waaqayyootti Dhiyaachuu

Guyyaa guyyaan isatti dhihaachuudhaan amala Kiristoos guddifanna. Yaaqoob, “Waaqayyootti dhihaadhaa inni immoo isinitti in dhihaata” (Yaaqoob 4:8) nuuf mirkaneessa. Akkuma Kiristoos keessa jiraachuudhaan, kadhannaa, waaqeffannaa fi tajaajila amanamaatiin gara Waaqayyootti dhihaanna. Kiristoositti yommuu dhihaannu gara fakkeenya isaatti jijjiiramna. Phaawuloos akkas jedhee barreesseera, “Nuti warri fuula hin golgannee ulfina gooftaa irratti xiinxallu hundi keenya, ulfina yeroo hundumaa dabalaa deemu isa gooftaa isa hafuura ta’e irraa dhufuun gara bifa isaatti jijjiiramaa jirra” (2Qor. 3:18).

Hafuuraan deddeebi’uu

Dhumarratti, hafuuraan deddeebi’uudhaan amala Kiristoos guddifna. Hafuuraan deddeebi’uun jireenya ofii Hafuura Qulqulluuf bitamuudhaan jiraachuudha. Ajaja Isaatiif bitamuudha. Phaawuloos “hafuura qulqulluudhaan qulqullaa’e” jedheera (Rom. 15:16). Kana jechuun Hafuurri Waaqayyoo humna akka Yesuus jiraachuuf nu barbaachisu nuuf kenna jechuudha. Phaawuloos amantoota Galaatiyaa, “Hafuuraan deemaa, fedhii fooniis hin guuttan” jedhee jajjabeesse (Gal. 5:16).

Solomoon akkas jedhee barreesseera, “Wanta qabdu hundumaan ogummaa bitadhu, hubannaa argadhu. Ishee kunuunsi, isheen immoo ol si in baafti; ishee hammadhu, isheen immoo siif ulfina” (Fak. 4:7-8). Waa’ee Soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee waan baay’een jechuun ni danda’ama. Waan baay’ee gatii yoo si kaffalchiise illee amala godhadhu; isa kunuunsi, innis guddumaa siif kenna; hammadhu kabaja siif fida. Hunda caalaa soortuun Pheenxeqoosxee dhiira ykn dubartii amala qabu ta’uu qaba.



~ Boqonnaa 4~

Nama Akka Gaariitti Qophaa'e

Akkuma jaarmiyaa kamiyyuu waldaan namoota hojii wangeelaaf haala gaariin qophaa'aniin gaggeeffamuu qabdi. Lallabaan Wangeela addunyaatti beekamaan tokko yeroo tokko, “Wangeela lallabuuf waggaa sadii qofa akkan qabu utuun beekke, waggaa lamaan jalqabaa qophiidhaan nan dabarsa ture” jedheera. Soortuun milkaa'e tokko ogummaadhaan, “Milkaa'inni kan argamu yeroo carraan qophii waliin wal argudha” jedheera. Namoonni lamaan tajaajila wangeelaa keessatti qophiin barbaachisaa ta'uu isaa cimsanii dubbataa turan.

Phaawuloos Ximotewoos isa soortuu waldaa Efesoon ta'ee muudeef, “Namni ilaaltuu [paastarii] ta'uuf hawwu hundinuu hojii ulfina qabeessa hawwu” (1Xim. 3:1) jedhee barresse. Phaawuloos soortuu ta'anii tajaajiluuf haal-duree hedduu caqaseera. Haalawwan sana keessaa tokko, “Inni nama dhiheeniyatti Gooftaa fudhte ta'uu hin qabu” (lakk. 6) ture.

Jechi Giriikii kutaa kana keessatti “dhiheeniyatti jijjiirame” jedhamee hiikame, *neophytos* kan jedhu si'a ta'u, hiikni isaas kalatiidhan “kan haaraa dhaabame” ykn “nama jalqaba ta'e” jechuudha. Kunis maqaa Phaawulos soortuudhaaf itti fayyadame kan biraatiin, jechuunis afaan Giriikiitiin “jaarsa” ykn *presbiteros* jedhu wajjin faalaadha. Jechi kun waa'ee muuxannoo fi bilchina kan dubbatu yoo ta'u, qophii kan agarsiisudha (1Xim. 5:17-19; Tit. 1:5). Phaawuloos soortuun tokko Kiristoos wajjin deemsa isaa keessatti nama haaraa ta'uu hin qabu jechaa

jira. Faallaa kanaatiin nama amantiidhaan bilchaataa ta'ee fi hojii tajaajilaaf haala gaariin qophaa'e ta'uu qaba.

Yeroo tokko dargaggeessi lallabaa Pheenxeqosxee tokko dura bu'aa mana barumsaa Macaafa Qulqulluu tokkootti “Leenjiin na hin barbaachisu; wanti na barbaachisu akkuma duuka buutotaa guyyaa Pheenxeqosxeetti hafuuraan humna argachuu qofa” jedhe. Kun garuu dubbii gowwummaati. Wanti lallabaa dargaggeessi sun hubachuu dadhabe Guyyaa Pheenxeqosxee dura duuka buutonni kudha lamaan Yesus wajjin waggaa sadii dabarsanii isa irraa barachuu isaaniiti. Tajaajilaan dargaggeessi kun Hafuura Qulqulluudhaan humna argachuun barbaachisaa ta'uu isaa madaaluun isaa sirrii ta'us tajaajilaaf qophii hafuuraa, sammuu fi qabatamaa ta'uu isaa ilaalchisee ilaalcha isaa dogoggora ture.

Yesuus duuka buutota isaa kudha lamaan kan filate “akka isaan isa wajjin ta'aniif, inni immoo lallabuuf akka isaan erguuf” dha (Mar. 3:14). Guutummaa biyya lafaa dhaqanii wangeela akka lallaban ajajuu isaa dura sa'aatii lakkoofsa hin qabne isaan waliin dabarsee hojii sanaaf isaan qopheesse.

Boqonnaan kun barbaachisummaa soortuun Pheenxeqosxee akka gaariitti qophaa'uu isaa ibsa. Bakkeewwan qophiin itti barbaachisu tokko tokko adda baasee ibsa. Sana booda akkamitti soortuun Pheenxeqosxee qophii barbaachisu argachuu fi eeguu akka danda'u dubbata.

BAKKA IRRATTI QOPHA'UN BARBAACHISU

Qophiin soortuwwanii dandeettii fi ilaalcha barbaachisaa waamicha isaanii milkaa'inaan raawwachuuf barbaachisu akka horatu isa dandeessisa. Akka saanduqa ykn meeshaa lubbuun jiraachuutti yaadamuu danda'a. Qophiin gahaan hojii kee bu'a qabeessa ta'een hojjechuuf si hidhachiisuu qofa osoo hin taane, yeroo dhiphina ykn balaa kufaatii irraa si eega. Akka soortuu Pheenxeqosxeetti yoo xiqqaate karaa shaniin akka gaariitti qophaa'uu qabda:

Hafuuraan Qophaa'uu

Hunda caalaa akka soortuu Pheenxeqosxeetti hojii sanaaf hafuuraan qophaa'uu qabda. Sababni isaas ofii keetii ayyaana isaa argitee hin beektu yoo ta'e, attaamitti ayyaana Waaqayyoo isa bu'a qabeessa ta'ee kana namoota biroof dabarsuu dandeessa? Kanaaf, soortuwwan Pheenxeqosxee ta'uuf dhuguma lammata dhalachuu qabda (Yoh 3:3-7), dhugaadhaan nama hafuura qulqulluudhaan guutamtee ta'uu qabda (HoE 1:8; Efe. 5:18). Dabalataanis

jireenya Kiristoosiin kabaju amanamummaadhaan jiraachuu qabda (1Yoh 2:6), akkasumas Kiristoosii fi ergama isaatiif guutummaatti of kennuu qabda (Mat. 16:24).

Phaawuloos Ximotewos “leenjiin qaamaa gatii tokko tokko qaba, Waaqayyoon sodachuun garuu waan hundumaaf gatii qaba” (1Xim. 4:8) akka ta’e yaadachiise. Phaawuloos fakkeenya leenjii kana fayyadamee tajaajila soortuuf qopheessuu keessatti naamusa hafuura barbaachisu agarsiisuuf (cf. 1Qor. 9:24-27). Inni Ximotewositti, akkuma atileetiin tokko dorgommii tokkoof of qopheessuuf akka gaariitti leenji’uu qabu, soortuun sunis hojii tajaajilaaf hafuuraan of qopheessuu qaba jechaa ture. Taphataan kubbaa miilaa leenjii dide tokko garee isaa keessaa of baasa. Haaluma walfakkaatuun, soortuun naamusa hafuura fayyadamuu dide tajaajila irraa of ni hambisa.

Qophii Macaafa Qulqulluu

Lammaffaa, soortuu Pheenxeqoosxee bu’a qabeessa ta’uu yoo barbaadde, beekumsa macaafa qulqulluudhaan of qopheessuu qabda. Kunis, waa’ee Caaffata Qulqullaa’oo gadi fageenyaan hubachuu ofkeessatti qabata. Dirqamni guddaan soortuu kamiyyuu saba Waaqayyoo amanamummaadhaan sagalee Waaqayyoo barsiisuudhaan sooruudha. Barumsi macaafa qulqulluu bu’a qabeessa ta’e qulqullooni Kiristoos keessatti akka bilchaatan ni taasisa (1Phex. 2:2), barsiisota sobaa mormuu akka danda’an ni taasisa (HoE 20:28-29), akkasumas tajaajila waldaa kiristaanaatiif akka isaan qopheessu ni taasisa (Efe. 4:11-12). Phaawuloos yeroo lama Ximotewositti soortuun tokko “barsiisuu danda’uu” (1Xim. 3:2; 2Xim. 2:24) akka qabu beeksiseera. Tajaajilli barsiisaa bu’a qabeessa ta’e tokkoo, barsiisni isaa bu’uura beekumsa macaafa qulqulluu bal’aa irratti kan ijaarame dha. Soortuun tokko Saba Waaqayyoo sirritti barsiisuuf “dubbii dhugaa” (2Xim. 2:15) akkamitti akka sirritti hiikuu fi hojii irra oolchu beekuu qaba.

Naamusaan Qophaa’uu

Itti aansuudhaan, akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti, tajaajilaaf naamusaan qophaa’uu qabda. Jireenya qulqulla’aa jiraachuu, jireenya Kiristoosiin kabaju jiraachuu qabda. Phaawuloos ilaaltuu, ykn soortuutiin, “mudaa kan hin qabne ta’uu qaba, kan hin machoofne, kan jeequmsa hin kaafnee fi bu’aa dalgaa kan hin barbaanne ta’uu qaba” (Tito 1:7) jedhee barreesseera. Itti dabaluudhaanis, soortuun tokko “qajeelaa, qulqulluu fi naamusa kan qabu” ta’uu qaba (lakk. 8). Haaluma walfakkaatuun, ilaaltuun tokko “arrabsoo caalaa, haadha manaa isaatiif

amanamaa ta'uu qaba,...maallaqa jaallachuu dhiisuu” (1Xim. 3:2) akka qabu Ximotewositti hime. Namni gama jireenyaa kanaan injifannoo hin arganne kamiyyuu tajaajila irraa adda of baasuu danda'a. Namni sun hanga hammeenya naamusaa kana irratti injifannoo argatutti battalumatti tajaajila irraa of qusachuu qaba.

Akka Soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti cubbuu gurguddaa sadii kanneen geggeessitoota amantii hedduu kiyyootti galchee fi gahumsa dhabsiisan irraa dammaqinaan of eeguu qabda. Hammeenya gurguddoon sadan kun sasatuu ykn nahinga'u jechuu(jaalala maallaqaa), hawwii (fedhii seeraan alaa), fi hawwii biyya lafaa (barbaachisummaa namoota biroo biratti dinqisiifamuu hojjechuu) dha. Dadamaqinsi hafuuraa ykn dibatin kamiyyuu kufaatii naannoo kanatti ta'u bakka bu'uu hin danda'u.

Ergaa Phaawuloos amantoota Galaatiyaatiif barreesse keessatti, fedhii cubbuuf akka hin bitamne isaan akeekkachiiseera (Gal. 5:19-21). Akkasumas, akka isaan firii hafuuraa horachuu qaban isaan gorsa (lak. 22-23). Phaawulos ittumafufee karaa naamusaadhaan mo'amu irraa gara injifannoo naamusaatti geessu akkas jechuudhaan isaaniif ibseera: “Warri kan Kiristoos Yesus ta'an, foonii isa fedhii fi hawwii isaa wajjin fannisaniiru. Hafuuraan waan jiraannuuf, hafuura wajjiin haa tarkaanfannu” (lakk. 24-25). Ergamichi dabalataan warra Galaatiyaa gorseera, “Hafuuraan deddeebi'a malee, fedhii fooniif hin jiraatiinaa ” (lak 16).

Sammuu fi Miiraan Qophaa'uu

Dhumarratti, tajaajila kee haala bu'a qabeessa ta'een raawwachuuf sammuu fi miiraan hojii sanaaf qophaa'uu qabda. Kana jechuun, sammuudhaan yaaduu danda'uu qabda, akkasumas miira kee to'achuu fi qormaata si mudatuuf deebii sirrii ta'e kennuu danda'uu qabda.

Phaawuloos Tiitoof akkas jechuun barreesseera, “Ilaaltuun mana Waqaayyoo waan bulchu, mudaa kan hin qabne ta'uu qaba—of jajuu hin qabu, ariifataa ta'uu hin qabu,... jeeqamaa ta'uu hin qabu.... Kanaa mannaa,...of to'achuu qaba...nama naamusa qabu ta'uu qaba” (Tito 1: 7-8). Ergamaan kun xalayaa jalqabaa Ximotewosiif barreesse keessatti itti dabaluuudhaan, “Ilaaltuun...of to'achuu qaba,...kan nama jeequ ta'uu hin qabu, nma damboobaa ta'uu qaba, kan lolu ta'uu hin qabu” (1Xim. 3:2). Tokko tokkoon amala armaan olitti filataman akkamitti waa'ee bilchina sammuu fi miiraa akka dubbatan hubadhu. Akka Soortuu

Pheenxeqoosxeetti, jireenyaa fi tajaajila mataa kee keessatti amaloota kana horachuuf carraaquu qabda.

Soortuun sammuuudhaan qaroo fi miiraan bilchaate kennaa fi dandeettii Waaqayyo isaaf kenne fayyadamuu irratti ofitti amanamummaa agarsiisa. Ofitti amanamummaan kun haalawwan rakkisaa ta'aniif deebii kennuu fi murtoo barbaachisaa ta'e gochuuf isaan gargaara. Itti gaafatamummaa ulfaataa kan akka oduu gadhee labsuu, waldaa kiristaanaa barsiisota sobaa irraa ittisuu, fi hojii ulfaataa biroo irraa ni eega.

TOOFTAAWWAN QOPHII

Soortuun ogeessi Pheenxeqoosxee tokko gatii qophii gaarii hubachuun , qophii tajaajilaaf isa barbaachisu hunda ni taasisa.. Mee tooftaalee kana raawwachuuf si gargaaran sadeen tokko haa ilaallu:

Karaa Muuxannoo Qabatamaa

Tokkoffaa, muuxannoo qabatamaa barbaaduudhaan tajaajilaaf of qopheessuu dandeessa. Karaaleen muuxannoo itti argatan sadii kanneen armaan gadiiti.

1. Waldaa naannoo jirtu keessaa tajaajiluu . Waldaan naannoo kee bakka ati tajaajila itti jalqabdu dha. Yeroo Hafuurri Qulqulluun gara tajaajila ergamaatti isaan qajeelche sana, Phaawulosii fi Barnaabaas waldaa Anxokiyaa keessatti tajaajila irratti hirmaachaa turan (HoE 11:25-26; 13:1-3). Phaawuloos dabalataan namoota waldoota naannoo sana jiran keessatti socho'an keessaa namoota ergamtoota ta'an hedduu qacare. Fakkeenyaaf, Ximotewosiin waldaa Lixiraa keessaa (16:1-2), Sophaaxiroosiin Beeriyaa irraa, Aristaaqosii fi Sekundoosiin Tasaloonqee irraa, Gaayoosiin immoo Derbee irraa bobbaase (20:4). Namoonni kun waldoota naannoo isaanii keessatti attamitti akka tajaajilan barataniiru. Erga of mirkaneessanii booda tajaajila bal'aadhaaf filatamaniiru.

Kanaaf, akka nama soortuu Pheenxeqoosxee ta'uuf hawwu tokkootti, waldaa naannoo kee keessatti tajaajiluuf carraa barbaaduu qabda. Yeroo carraan tajaajilaa uumamu tola ooltummaaf qophaa'aa ta'uu qabda. Tajaajila waldaa naannookee irratti hirmaachuudhaan muuxannoo gatii guddaa qabu ni argatta, kennaawwan hafuuraa kee ni mul'ata, amalli kee ni cima, akkasumas tajaajila bal'aadhaaf waamichi kee ni mirkanaa'a.

2. Soortuu muuxannoo qabu jalatti tajaajiluu. Tajaajila Pheenxeqoosxeedhaaf qophiin bu'a qabeessa ta'e kan biraan leenjii gorsaati. Leenjiin gorsaa kan

uumamu yeroo lallabaan haaraan tokko soortuu durii cinaa tokko jalatti deemee baratudha. Kun karaa Yesuus duuka buutota isaa itti leenjisedha (Mar. 3:14-15). Innis, “Kottaa na duukaa bu’aa...anis namoota qurxummii qabuuf isin nan erga” (Mar. 1:17) jedheen. Yesuus wajjin yommuu adeemanii fi tajaajilan, akkuma inni tajaajilutti tajaajiluu baratan. Innis, “Namni guutummaatti leenji’e hundinuu akka barsiisaa isaa in ta’a” jedhee ibseera (Luq 6:40).

Fakkeenyonni macaafa qulqulluu biroo leenjii gorsaa Musee fi Iyaasuu (Ba’uu 24:12-13), Eelii fi Saamu’eel (1Sam. 2:11), Eliyaasii fi Elsa’i (1Mootota 19:19-21), Phaawulosii fi michoota tajaajila isaa—Ximotewos, Tiitoos, Luqaas fi namoota kaan dabalatee. Soortuun muuxannoo qabu jalatti tajaajiluun jireenya waldaa irratti hubannoo akka argattu fi waa’ee hojii soortuu akka barattu si dandeessisa.

3. *Namoota biroo waliin tumsuu.* Akkasumas gareewwan tajaajilaa keessatti namoota kaan wajjin michuu gochuudhaan muuxannoo gatii guddaa qabu argachuu dandeessa. Gareen kun gareewwan kadhannaa araarsummaa, gareewwan wangeelaa, gareewwan waldaa dhaabuu fi kanneen biroo of keessatti qabachuu danda’u. Faayidaan namoota kaanii wajjin gareedhaan hojjechuun qabdu tokko, namoota tajaajilarratti namoota wajjin hojjettu wajjin haala wal simuun akkamitti akka hojjettu akka barattu si gargaara.

Karaa Barnoota Al- idilee

Karaan tajaajilaaf of qopheessuu dandeessu kan biroon immoo, “barnoota al-idilee ” dha. Barumsi al-idilee barumsa naannoo daree caaseffama qabuun ala ta’eedha. Barumsi al- idilee caaseffama kan hin qabne yoo ta’ellee, akka waan of eeggannoo hin qabneetti ykn akka tasaa ta’etti yaadamuu hin qabu. Itti yaadnaan bu’a qabeessa ta’uu danda’a. Barumsi al-idilee qo’annoo Macaafa Qulqulluu dhuunfaa, kitaabotaa fi bareeffama qo’annoo (articles) dubbisuu, konfiraansii irratti hirmaachuun akkaataa armaan gadiitti tareeffametti barumsa siif ta’u bal’inaan of keessatti qabachuu ni danda’a.

1. *Kitaaba Qulqulluu dhuunfaan qo’achuu.* Karaan gatii guddaa qabu tokko leenjii idilee hin taane, qayyabannaa Macaafa Qulqulluu dhuunfaa dha. Waggaa waggaa dhaan Macaafa Qulqulluu dubbisuun shaakala faayidaa qabudha. Ergaa waliigalaa Caaffata Qulqullaa’oo baruuf sigargaaruu danda’a. Karaan gatii guddaa qabu kan biraan immoo Macaafa Qulqulluu dubbisuuf, kitaabota Macaafa Qulqulluu keessaa adda kan ta’e tokko irra deddeebi’udhaan dubbisuudha. Hayyuun Macaafa Qulqulluu tokko akkas jedheera, “Macaafa Qulqulluu beekuuf

iccitii isa dubbisuu utuu hin ta'in irra deebi'anii dubbisuudha" jedheera. Kitaaba tokko yeroo hedduu yommuu dubbistu, dhugaawwan hedduu achi keessatti barsiifaman caalaatti hubatta.

Macaafa Qulqulluu dubbisuu qofa bira darbee, amala sirnaan Macaafa Qulqulluu qayyabachuu horachuu ni barbaadda. Yoo danda'ame, Macaafa Qulqulluu qayyabannaa gaarii kan kaartaa, yaada kitaabaafi seensa, yaada barreeffamichaa, mata dureewwanii fi chaartiiwwan of keessaa qabu argachuu qabda.¹

2. *Kitaabotaafi barruulee dubbisuu.* Karaan leenjii al-idilee gatii guddaa qabu kan biroon Soortuun Pheenxeeqoosxee hundaaf argamu kitaabotaa fi barreeffamoota filataman yaadaan dubbisuudha. Namni tokko, "Hoggantoonni dubbistootadha" jechuun sirritti hubatee jira. Kanaaf dubbisaa cimaa ta'uu qabda. Guyyaa guyyaan dubbisuun sammuu kee kakaasuuf, sammuu kee bal'isuu fi dandeettii yaaduu kee guddisuuf gargaara. Rakkoowwan jireenyaa fi tajaajilaa irrattis hubannoo haaraa siif kenna. Kana malees, amala dubbisuun jechoota haaraa akka dabalatinsaan bbartu si gargaara, kanaanis dandeettii dubbachuu kee ni guddisa.

Haa ta'u malee, meeshaalee dubbisaa filattu irratti of eeggannoo gochuu qabda. Kitaabonni fi barreeffamoonni baay'een yeroo har'aa Afrikaa keessatti argaman yaad-rimeewwan macaafa qulqulluu hin taanee fi gochaalee sobaa ni jajjabeessa (cf. 1Xim. 4:7; 2Yoh. 1:7-8). Meeshaalee dubbisaa akkasii irraa fagaachuu qabda.

3. *Konfiraansii fi seminaara irratti hirmaachuu.* Konfiraansii fi seminaara soortuuwwanii irratti hirmaachuudhaan dandeettii tajaajilaa kee caalaatti guddisuu dandeessa. Walgahiin kun yeroo baay'ee soortuuwwan dandeettii tajaajilaa isaanii akka fooyyeffatan gargaaruuf karoofamu. Isaan daran soortuuwwan abdi kutatan kakaasuuf akkasumas waa'ee Caaffata Qulqullaa'oo fi hojii waldaa irratti hubannoo haaraa akka argatan gargaaruuf tajaajilu. Akkasumas, seminaaronni soortuuwwan waa'ee jalqabii dhaabbata waldaa adda addaa ni beeksisa, tajaajila

¹ Macaafin Qulqulluun kan warri Pheenxeeqoosxee qayyabachuu qaban inni baay'ee gaariin, Macaafa Qulqulluu Qo'annaa Jireenya Guutuu, Macaafa Qulqulluu Qo'annaa Jireenya Hafuura Keessaa ykn "Macaafa Qulqulluu Ibddaa" isaan kunneenidha. Macaafni Qulqulluun kun afaanota hedduutti hiikamanii jiru.

keessatti michoota hojii gidduutti miira hojii garee barbaachisaa ta'e uumuuf gargaaru.

Karaa Leenjii Idilee

Dhumarratti, yoo danda'ame akka soortuu Pheenxeqoosxee hawwii qabuutti leenjii idilee argachuu qabda. Leenjiin idilee leenjii karaa manneen barnootaa fi dhaabbilee jiraattotaa fi jiraattota hin taaneen kennamudha. Carraan leenjii idilee kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

1. *Barnoota Mana Baruumsaa Biyya Lafaa.* Barnoonni sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaa, fi tarii sadarkaa lammaffaa boodaa soortuu Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti murteessaadha. Dhaabbileen kunneen barattoota jireenya addunyaa ammayyaatiif qopheessuuf gargaaru. Isaan keessatti barattoonni dubbisuu, barreessuu fi herrega hojjechuu baratu. Achitti waa'ee seenaa, teessuma lafaa fi wantoota barbaachisoo ta'an kan biroo ni baratu. Soortuun Pheenxeqoosxee hawwii guddaa qabuuf faayidaan barnoota biyya lafaa baayyee guddaadha. Fedhii beekuuf qaban kakaasuuf, yaada isaanii bal'isuufi haala yeroo ammaa hawaasa keessatti mul'atu akka hubatan gochuuf gargaaru.

2. *Dhaabbilee fi kolleejjii Macaafa Qulqulluu.* Yoo danda'ame, dhaabbata Macaafa Qulqulluu ykn kolleejjii beekamaa ta'e keessatti barachuun kee daran murteessaadha. Namni ogeessa fayyaa ta'uu hawwu tokko leenjii fayyaa idilee hir'isuu isaatti baay'ee gowwaa ta'a! Haaluma walfakkaatuun, namni soortuu Pheenxeqoosxee ta'uuf kaayyeffate tokko leenjii tajaajilaa ofitti hir'isuun isaa gowwummaa itti ta'a. Waldoonni biyyoolessaa hedduun soortuuwwan isaanii mana barumsaa Macaafa Qulqulluu akka baratan gaafatu. Waldaan qo'annoo akkasii barbaaddus, Soortuuwwan Pheenxeqoosxee ogeessi leenjii tajaajilaa sirnaa ni hordofti.

3. *Barnoota fagoo ykn galgalaa .* Manneen barnootaa Macaafa Qulqulluu tokko tokko barnoota dheerinaa fi barreeffamoota barreessuu ni kennu. Barnoonni kun qaamaan, poostaadhaan, ykn karaa interneetiin kennamuu danda'u. Soortuun sun mana keessa taa'ee akkasumas tajaajila irratti bobba'ee akka qo'atu ni hayyamu. Kunis, soortuun beekumsaa fi dandeettii isaa guddisuuf karaa gaarii ta'edha.

Yeroo ammaa kana, waldoonni Yaa'ii Waaqqayyoo (Assemblies of God) guutuu Afrikaa keessatti argaman dhaabbilee leenjii tajaajilaa kennan 300 ol ni qabu. Manneen barnootaa kun barattoota miseensa waldaa Yaa'ii Waaqqayyoo

Boqonnaa 4: Nama Akka Gaariitti Qophaa'e

(Assemblies of God) ta'anii fi warra miseensa waldaa Yaa'ii Waaqqayyoo (Assemblies of God) hin taaneefis leenjii ni kennu. Soortuun Yaa'ii Waaqqayyoo (Assemblies of God) naannoo keessan jiru mana barumsaa (ykn manneen barnootaa) biyya kee keessa jiru akka argattu sigargaaruu danda'a.

4. *Barnoota Ol-aanaa (Digrii 2ffaa)*. Tajaajiltoonni Pheenxeqoosxee tokko tokko Afrikaa keessatti barnoota sadarkaa ol-aanaa ykn seeminaarii hordofuu ni barbaadu. Keessumaa warra kolleejjii Macaafa Qulqulluu fi seeminaarota Macaafa Qulqulluu keessatti barsiisaniif kun dhugaadha. Haa ta'u malee, namni tokko mana barumsaa Pheenxeqoosxee beekamtii qabu keessatti barnoota digrii lammaffaa hordofuun barbaachisaa dha. Waldoonni biyyoolessaa Yaa'ii Waaqqayyoo (Assemblies of God) Afrikaa keessatti argaman hedduun manneen barnootaa sadarkaa Mastersii ni hojjetu. Barnoota doktoorummaa karaa Paan-Afrikaa Ti'ooloojii Seminaarii (PATHS) ni kennama. PATHS seeminaarii guutummaatti beekamtii qabu yoo ta'u, Yaa'ii Waaqqayyoo (Assemblies of God) Lomé, Togo keessatti argamuun kan hojjetamu yoo ta'u, biyyoota Afrikaa biroo keessattis dheerina qaba. Qorannoon afaan Ingiliffaa fi Faransaayiin kennama.

QOPHII ITTI FUFUAA

Dhugaa dubbachuuf, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, qophiin ati tajaajilaaf gootu dhuma hin qabu. Umurii guutuu barataa ta'uu qabda. Jireenyi kee barbaacha caalmaa itti fufiinsa qabuun kan beekamu ta'uu qaba. Phaawuloos jireenya ofii isaa keessatti barbaacha kanaaf dhugaa ba'ee yeroo barreesse, “Ani kana hundumaa argadheera, yookaan galma koo irra ga'eera jechuu miti, garuu isa Kiristoos Yesuus na qabate sana qabachuuf nan dhiphadha” Jedheera (Filp 3:12).

Barbaacha waan fooyyaa'aa qabaachuun jireenya kee guutuu itti fufuu qaba. Hafuura Qulqulluudhaan guutamee jiraachuu barbaaduudhaan akkasumas shaakala naamusa hafuura kadhannaa, sooma, waaqeffannaa fi xiinxala Caaffata Qulqullaa'ootiin hafuuraan of qopheessuu itti fufuu qabda.² Dabalataanis karaa macaafa qulqulluu qo'annoo naamusa qabuun Caaffata Qulqullaa'oo, yoo hafuurri qajeelche, leenjii olaanaa hordofuudhaan of qopheessuu itti fufuu qabda.³

² Qophii hafuura ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 15: “Amala Waaqeffannaa Cima” isa jedhu ilaali.

³ Hariiroo Soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu wajjin qabu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 9: “Macaafa Qulqulluu ni amanna” isa jedhu ilaali.

Kutaa Iffaa: Ulaagaawwan Soortuuwwan Pheenxeqoosxee

Kana malees, naamusaan of fooyyessuuf yeroo hunda carraaquu qabda. Dubbii Solomoon keessatti, wanti jireenyaaf barbaachisu yaada garaa keessaa waan ba'uuf, yaada kee ba'eessa godhii eeggadhu. Irra adeemuudhaaf akka ta'utti, daandii kee wal qixxeeffadhu. Yommus adeemsi kee hundinuu siif in qajeela Jedheera. Kanaaf, karaakee fii garaakee cimsitee eeguu qabda (Fak. 4:23-27).

Dhumarratti, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti ooggumaan, sammuu fi miiraan dursitee of qopheessuu itti fufuu qabda. Kana gochuu kan dandeessu: karaa naamusa qabuun dubbisuu fi qo'achuudhaan, akkasumas Hafuura fi Sagaleen Waaqayyoo jireenya kee keessatti humnaan akka hojjetan hayyamuudhaan, akka fakkii Kiristoositti si bocuudhaan (2Qor. 3:18).

~ KUTAA 2FFAA ~



AKKA SOORTUU
PHEENXEQOOSXEETTI
WAANTOOTA DURSUU QABAN



~ Boqonnaa 5 ~

Tajaajila Keessatti Wantoota Dursi Kennamuu Qabuuf

Soortuun muuxannoo bara dheeraa qabu tokko garee barattoota mana barumsaa Macaafa Qulqulluu hawwii guddaan baratan tokko waliin taa'ee mari'ate. Garee sana keessaa barataan tokko akka kanatti fufee jiru jechuun gaaffii gaafate, “Kabajamoo soortuu, akkamitti waldaa cimaa akkasii ijaaruu dandeesse? Akkasumas milkaa'inni tajaajilarratti argattan maalirraa kan ka'e jettu?” Deebiin isaa barattoota ajaa'ibsiise. “Waan gaarii hojjechuuf, wanta gaarii dhiisuu qabda” jedhe. Ilaalcha ajaa'ibsiisaa fuula barattootaa irratti mul'atu arguun, “Jireenya keessatti wanti gaariin ati hojjechuu dandeessu hedduutu jira. Addunyaan gaaffii hedduu sirra kaa'a. Miseensonni waldaa keessanii fi jaarsoliin walddaa keessanii waan baay'ee sirraa eegu. Soortotni kaanis wantoota tokko tokko ni hojjetu, haa ta'u malee isaanis waan sirraa eegan ni qabu.”

Soortuun muuxannoo bara dheeraa qabu kun itti fufuun, “Wantoonni kun hundi gaarii ta'uu danda'u. Garuu akka nama Waaqayyoo tokkootti, ‘Gooftaan, maal narraa barbaada?’ jechuun of gaafachuu qabda?’ Wantoonni kaan gaarii ta'uu danda'u, garuu wanti Waaqayyoo akka gootu uf sitti himu hundi caalaa gaarii dha. Waaqayyoo namoota gara waldaa keetti fiduun wantoota biroo sana akka hojjetan gochuu danda'a. Ati garuu yeroo hundumaa wanta Waaqayyoo sitti hime raawwachuu irratti xiyyeeffachuu qabda.”

Soortuun muuxannoo bara dheeraa qabu kun tajaajila keessatti waa'ee waan dursuu qabuu dubbachaa ture. Waan hunda caalaa barbaachisaa waanta ta'eef dursi kennamuu qaba. Innis waan biroo kan baay'ee barbaachisaa hin taane hojjechuu dhiisuun, waan baay'ee barbaachisaa ta'e irratti xiyyeeffachudha.

DURSA MACAFA QULQULLUUF

Yesuus fi duuka buutonni isaa Yihudaadhaa gara Galiilaa deemaa turan. Yesuus karaa irra dhaabatee, “Samaariyaa keessa darbuun qaba” jedhee isaanitti hime (Yoh. 4:4). Kun duuka buutota kan ajaa'ibsiisu dha, sababni isaa isaan karaa mataa isaanii achi ga'uu barbaadani turan. Magaalaa Sikaar yommuu ga'an, Yesuus Samaariyaa keessa darbuun maaliif akka isa barbaachise hubataniiru. Biyya sana keessa namootni dubbii fayyinaa dhagaa'anii Gooftaatti hin ammanne kan lapheen isaanii qophaa'aa ta'e jiru turan. Akkasumas Yesuus duuka buutota isaa waa'ee makarii barsiisuu barbaadee ture.

Yeroo biraa Yesuus bartoota isaatiin, “Ani waldaa koo nan ijaara” jedhee ture (Mat. 16:18). Boodarra “Dhaqaa saba hundumaa bartoota godhaa” jedhee isaan ajaje (Mat. 28:19). Tokkoo tokkoo fakkeenya kana keessatti, Yesuus ofii isaafs ta'e isaaniif wantoota dursa kenneef dubbachaa ture.

Ergamoonni fakkeenya Gooftaa isaanii hordofuudhaan duraa duuba tajaajilaa qopheffataniiru. Wanti isaan dursa kennaniif hojii Kiristoos isaanitti kenne hojjechuu ture. Guyyaa tokko gareen miseensota waldaa tokko komii qabatanii gara ergamootaatti dhufan. Dubartoonni abbaan manaa irraa du'e guyyaa guyyaadhaan nyaata raabsuurratti dagatamanii turan, isaanis ergamoonni rakkinicha akka isaaniif furan ni barbaadu turan. Ergamoonni garuu dursa waan hojjetamuu qabu irratti walii galanii waan turaniif deebii kanatti fufee jiru kennan, “Nuyi soora jara kanaaf kurkuruudhaaf jennee , dubbii Waaqayyoo lallabuutti hir'isuun nuuf hin ta'u” (HoE 6:2) jedhanii sabaaf deebisaniiru.

Dubartoota abbaan manaa irraa du'e gargaaruun waan gaarii fi barbaachisaa ta'us, waan Kiristoos ergamoonni isaa akka raawwatan ajaje hin turre. Kanaaf kadhannaa fi lallabaaf dursa kennuudhaan fedhii kana akka tajaajilaniif waldaan diyaaqonoota akka filattu gaafatan. Kana irraa kan ka'es, “dubbiin Waaqayyoo babal'ate. Lakkoofsi duuka buutotaa Yerusaalem keessa jiran saffisaan dabalaa dhufe, luboonni baay'eenis amantiidhaaf abboomaman” (lakk. 7).

Boqonnaan kun dhimma barbaachisaa tajaajila keessatti dursi kennamuu qabuuf kan soortota Pheenxeqoosxee Afriikaa ilaallatudha.

TAJAAJILA KEESSATTI WAANTA DURSII KENNAMUU QABUUF MURTEESSUU

Soortuun Pheenxeqoosxee tokko dursa akkamii qabaachuu qaba? Wantoonni gaariin inni gochuu danda’u hedduun jiraatanis, wantoota inni dirqama gochuu qabu garuu muraasni jiru. Wantoota dursi kennamuuf qabu toorba haa ilaallu: (1) ergama Waaqayyoo tajaajiluu, (2) waamicha Waaqayyoo raawwachuu, (3) warra badan bira ga’uu, (4) Dubbii Waaqayyoo labsuu, (5) kadhachuu, (6) duudhaawwan Pheenxeqoosxee kabajuu fi (7) saba Waaqayyoo tajaajilaaf hidhachiisuu dha. Mee gosoota tajaajilaa dursi kennamuuf qabu kana kunneen tokko tokkoon itti dhiyeenyaan haa ilaallu:

Ergama Waaqayyoo Tajaajiluu

Tokkoffaa, soortuun Pheenxeqoosxee ergama Waaqayyoo tajaajiluuf dursa kennuu qaba. Yesuus qorumsa isaa isa lafa onaa booda gara Galiilaatti deebi’e. Achittis, mana sagadaa Naazireet keessa jiru seenee macaafa kitaaba Isaayaas irraa dubbisuu jalqabe: “Hafuuri Waaqayyoo ana irra jira, sababiin isaas inni hiyyeeyyiif oduu gammachiisaa akkan labsuuf na dibe...waggaa kan Gooftaa akkan labsuuf tola” (Luq 4:18-19). Yesuus jireenya fi tajaajila isaatiif abbaan isaa waan dursa kennu beeka ture. Abbaan ergama isaa tajaajiluuf akka isa erge hubate. Akkasumas ilma isaa lubbuu isaa namoota hundumaaf furii akka ta’u ergee ture (Mat. 20:28).

Akkuma Yesuus akka soortuu Pheenxeqoosxeetti ergama Waaqayyoo tajaajiluuf of kennuu qabda. Yesuus duuka buutota isaatiin, “Akkuma abbaan ana erge, anis isin ergaa jira” (Yoh 20:21). Akkuma Waaqayyoo Yesusiin ergama isaa tajaajiluuf gara biyya lafaatti erge, Yesuus ammas akkasuma akka gootu gara biyya lafaatti si erge. Ergamni Waaqayyoo, yeroo tokko tokko *missio Dei* jedhamee kan waamamu, saba lafa irra hunda gosaa fi afaan jiru hundumaa keessaa furuuf ofitti waamuu dha (Mul. 5:9).¹

Waamicha Waaqayyoo Raawwachuu

Lammaffaa, soortuun Pheenxeqoosxee waamicha Waaqayyoo jireenya isaa irratti raawwachuuf dursa kennuu qaba. Yesuus waan Abbaan akka hojjetuuf isa

¹ Ergama Waaqayyoo raawwachuu keessatti ga’ee soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 31: “Hoggansa Ergamaa” fi Boqonnaa 40: “Sagantaa Ergamootaa Waldaa Naannoo Keessatti Qopheessuu” ilaali.

waame irraa ija buqqifatee hin beeku. Yeroo dhiphinaa keessattillee Abbaa isaa kadhate, “Fedhii koo osoo hin taane, kan kee haa ta’u” jedhee Abbaa isaa kadhate (Luq 22:42). Haaluma wal fakkaatuun, soortuun Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiru waamicha Waaqayyoo jireenya isaa irratti qabu hubachuu qaba, waamicha sanas raawwachuuf carraaquu qaba. Waaqayyoo tokkoo tokkoo tajaajiltoota isaaf karaa irra fiigan argisiiseera. Soortuun Pheenxeqoosxee hunduu karaa sana argachuu qaba. Akkasumas hanga daandii isaanii xumuranitti karaa sanarra turuu qabu (Ibr. 12:1-2; 2Xim. 4:7).

Warra Bade bira gahuu

Sadaffaa, soortuun Pheenxeqoosxee warra badan bira ga’uuf dursa kennuu qaba. Yesus hojii kanaaf dursa kenna ture. Innis, “Ilmi namaa warra badan barbaaduuf, fayyisuuf dhufe” (Luq 19:10) jechuun dhugaa ba’eera. Namoota badan bira gahuun nama Kiristoos duukaa bu’uu barbaadu hundaaf dursa ta’ee hafuu qaba. Yesuus, “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaatii uumama hundumaatti wangeela lallabaa” jedhee abboomeera (Mar. 16:15).

Ajajni Kiristoos kun hanga inni samii irraa deebi’utti hojii irra ni oola(Mat. 24:14). Akka soortuu amanamaa Pheenxeqoosxeetti, waldaa Kiristaanaa dadammaqsuun humna Haffuura Qulqulluun guutamanii wangeela akka lallabaniif fi ergama Waaqayyoo akka raawwatan geggeessuu qabda. Isa Kana karaa lama raawwachu dandeessa:

Tokkoffaa, wangeela dammaqinaan namoota biroof qooduudhaan, gara Gooftaatti isaan geessuu barbaaduudhaan waldaadhaaf fakkeenya ta’uu qabda. Miseensonni waldaa kee yommuu ati dhugaa baatu arguun isaanii, isaanis akka dhugaa ba’aniif isaan jajjabeessa. Lammaffaa, ergamoota wangeelaaf arjoomuu, akkasumas sabootaa fi sub-lammoota Afrikaa keessa jiraattan kan wangeelli hin qaqqabiin bira ga’uu fi kanneen sanaa achitti jiraniifis yaaduutu sirraa eegama. Waldaanis akkasuma akka gootu sochoosuu qabda. Sagantaa fi baajata waldaa keessatti wangeelaa fi ergama dursa kennuu qabda.²

Dubbicha Lallabuu

Arfaffaa, soortuun Pheenxeqoosxee labsii sagalee Waaqayyoof dursa kennuu qaba. Phaawuloos karaa amantii ilma isaa isa ta’e Ximotewosiin akka kanatti fufee

² Waa’ee namoota badan bira ga’uu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 37: “Warra Badanitti Wangeelaa Himuu” isa jedhu ilaali

jiru jechuun gorse “Dubbicha lallabi “kun yeroodha kun yeroo miti” utuu hin jedhiin qophaa’i! nama balleessaa isaa hubachiisi ifadhu! Obsa hundumaan gorsi barsiisii” (2Xim. 4:2). Sagalee lallabuun wangeela warra badaniif labsuu fi amantoota karaa gooftaa irra qajeelchuu fi jajjabeessuu lamaanuu of keessatti qabata. Yesuus, “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaatii wangeela lallabaa” jedhee abboomeera (Mar. 16:15). Akkasumas, “Hoolota koo nyaachisi” jedhee ajajeera (Yoh. 21:17). Akka gaariitti lallabuuf, sagalee Dhugaa sirritti qabachuuf of kennuu qabda (2Xim. 2:15). Kana gochuuf, fedhiidhaan Dubbii Waaqayyoo nama baratu ta’uu qabda.³

Kadhachuu

Shanaffaa, soortuun Pheenxeqosxee kadhannaaf dursa kennuu qaba. Jireenya kadhannaa of kenne jiraachuudhaan, Waaqayyoo irratti hirkattummaa akka qabdu argisiista. Isin daran miila Yesuus fi ergamootaa hordofaa jirtu. Macaafni Qulqulluun waa’ee Yesus akka jedhutti, guyyoota jireenya isaa biyya lafarra turetti, “iyya guddaa fi boo’ichaan kadhannaa fi himata dhiheesse” (Ibr. 5:7; cf. Maarqos 1:35; Luq. 5:16). Waa’ee ergamootaa “yeroo hundumaa kadhannaa keessa akka turan” dubbata (HoE 1:14; cf. 3:1; 6:2-4; 10:9).

Kadhannaan haala jijjiruu qofa osoo hin taane, namas ni jijjiira. Namni haaromsaa Maartiin Luuter gatii kadhannaa hubate ture. Yeroo tokko akkana jedhe, “Har’a hojii baay’ee waanan qabuuf sa’aatii sadan jalqabaa kana kadhannaadhaan dabarsa!” Haaluma walfakkaatuun, kadhannaan jireenya soortuun pheenxeqosxee hundumaa keessatti dursa kennuu qaba.⁴

Duudhaalee Pheenxeqosxee kabajuu

Ja’affaa, soortuun Pheenxeqosxee tajaajila isaa keessatti waan Pheenxeqosxeewwan gatii itti laatan kabajuuf carraaquu qaba. Duudhaaleen Pheenxeqosxee amantii fi waadaa ciminaan qabaman kanneen nama tokko akka amanaa Pheenxeqosxee dhugaa ta’etti ibsanidha. Duudhaaleen ijoo sadeen kan soortuun Pheenxeqosxee tokko kabajuu qabu, barumsa macaafa qulqulluu sirrii

³ Tajaajila lallabaa soortuu Pheenxeqosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 16: “Lallaba Hafuuraan Dibame” ilaali.

⁴ Jireenya kadhannaa soortuu Pheenxeqosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 8: “Dursa Kadhannaa” ilaali.

ta'eef of kennuu, Waaqayyoo fi ergama isaaf amanamummaa cimaa qabaachuu, fi sochii hafuura Waaqayyooof banaa ta'uu dha.

Sochii hafuura Waaqayyootiif banaa ta'uun kun amantoota hafuura qulqulluudhaan cuuphaman arguu irratti xiyyeeffannoo kennuu of keessatti qabata.⁵ Yesuusis ergamoonnis barbaachisummaa dhimma kanaa cimsanii dubbataniiru. Yesuus gara samiitti osoo hin deebi'iin dura hordoftoota/duukabuutota isaa akkas jedhee ajajeera, “Kenna abbaan koo abdachiise eegaa malee...guyyoota muraasa booda hafuura qulqulluudhaan in cuuphamtu” (HoE 1:4-5; cf. Luq. 24 :49). Waggoota booda, Phaawuloos bartoota kudha lamaan Efesoon keessatti yeroo wal arge, gaaffiin inni jalqabaa isaanitti dhiheesse, “Yeroo amantan hafuura qulqulluu fudhattanii?” (HoE 19:2).

Yesuusii fi ergamoonni amantoonni hundinuu hafuura qulqulluudhaan akka cuuphaman cimsanii kan dubbatan, muuxannoon kun “Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaa keessatti, hamma dhuma lafaattis” dhugaa baatota Kiristoos akka ta'aniif humna akka isaaniif kennu waan beekaniif (Hojjii Ergamootaa 1:8).).

Saba Waaqayyoo Hidhachiisuu

Dhumarratti, soortuun Pheenxeqoosxee saba Waaqayyoo tajaajilaaf leenjisuuf dursa kennuu qaba. Soortuun Pheenxeqoosxee gaheen isaa ykn ishee inni jalqabaa akka soortuutti qabu keessaa tokko “namoota [Kiristoos] hojii tajaajilaaf hidhachuu” akka ta'e hubata (Efe. 4:12). Kana jechuun ati akka soortuutti saba Waaqayyoo kunuunsuu caalaa, saba Waaqayyoo gara miseensota mootummaa isaa keessatti faayidaa qabanitti guddisuu qabda. Kanaaf, tajaajila keessatti guddina duuka buutotaaf dursa kennuu qabda.⁶

TAJAAJILA DURSI KENAMUUF HORDOFUU

Dura duuba tajaajilaa torban armaan olii erga hubatteen booda akka Soortuu Pheenxeqoosxee tokkootti ofitti fudhachuun ittifayyadama isaanii irratti

⁵ Waa'ee gatiiwwan Pheenxeqoosxee bal'inaan ilaaluf, Boqonnaa 10: “Dhugaa Pheenxeqoosxee ni Deggersa” ilaali; Boqonnaa 11: “Muuxannoo fi Shaakala Pheenxee ni Guddisa”; akkasumas Boqonnaa 12: “Hambaa Pheenxeqoosxee ni dinqisiifata.”

⁶ Waa'ee saba Waaqayyoo guddisuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 16: “Barumsa Bu'a qabeessa” fi Boqonnaa 25: “Qaama Cimsuu” ilaali.

murteessuu dandeessa. Waa'ee wantoota dursa kennaniif kitaaba tokko keessatti dubbisuun waan tokko. Hafuurri Waaqayyoo yaada garaa kee irratti akka isaan barreessu hayyamuun filannoo isa biraati. Kun akka ta'uuf, adeemsa seera bu'uuraa kana gara dursa kennuutti jijjiiri; achiis wantoota dursi kennamuu qabuuf sana gara gocha tajaajilaatti jijjiiruuf waadaa galuu si barbaachisa. Adeemsa kana haa ilaallu.

Dursa Kennuu Bu'uuressuu

Adeemsa kana kan jalqabdu soortuu Pheenxeqoosxee gahumsa qabu ta'uun carraaqii akka barbaadu hubachuudhaani. Gahumsi tajaajiltootaa xumura imala dheeraati. Akkasumas, akkuma imala kamiyyuu, imalli kun bakka ga'umsaa filachuudhaan jalqaba. Bakka sana ga'uuf karoora baafachuu fi raawwachuudhaan itti fufa. Tajaajila kee keessattii fi tajaajila waldaa kee keessatti waan dursa kennuu qabdu torban armaan olii bu'uuressuuf of kennuu si barbaachisa.

Adeemsa kana kan jalqabdu wantoota duraaduuba tajaajilaa armaan olitti caqafaman kunneen waraqaa yaadannoo kee irratti barreeffachuun eegaluu dandeessa. Sana booda waan tarreefattee qabbatee kana akka qajeelfama kadhannaa guyyaa guyyaatti fayyadamuu dandeessa. Guyyaa guyyaan waa'ee ijoo tarreeffaman kana yeroo kadhattu, Waaqayyoo yaad-rimeewwan macaafa qulqulluu keessaa fudhataman kana hafuura kee keessatti akka malatteessu gaafadhu. Yoo kana goote jijjiiramni ni uuma. Hafuurri Qulqulluunis wantoota dursi kennamuuf qaban kunneen gabatee garaa kee irratti barreessuu ni jalqaba. Yaad-rimeewwan ta'anii hafu utuu hin taane, yeroo booda gara dursa tajaajilaa ta'anii guddatu.

Yommuu kadhattu, “Yeroo ammaa tajaajila koo keessatti maaltu dursa argachuu qaba?” Wantoonni ati amma dursa kennituuf, gochaalee yeroo fi humna baay'ee itti baastee gootu dha. Wantoota dursa kennuu qabdu sana tarreessi. Achiis, “Wanti dursi kennamuuf kunneen kun wanta Yesuusii fi ergamoonni isaa dursa itti kennan wajjin kan wal simu haala kamiini? Gaaffilee madaallii dhuunfaa kee kana irraa ka'uudhaan, gaaffiiwwan armaan gadii kana of gaafadhu:

- Ergama Waaqayyoo tajaajiluurratti hamin cimee hojjechaa jira?
- Waamicha Waaqayyoo jireenya koo fi jireenya waldaan geggeessuu keessatti hagmin cimee hojjechaa jira?
- Naannoo koo fi addunyaa maratti namoota badan bira ga'uu irratti hagamin cimee hojjechaa jira?
- Sagalee Waaqayyoo lallabuurratti hagaman cimee hojjechaa jira?

- Jireenyi kadhannaa dhuunfaa koo fi tajaajilli kadhannaa waldaa ani geggeessu hagam bu'a qabeessa?
- Waldaa koo keessatti duudhaawwan Pheenxeqoosxee guddisuu irratti hagamini cimee hojjechaa jira?
- Saba Waaqayyoo tajaajilaaf hidhachiisuu irratti hagamini cimee hojjechaa jira?

Deebii kee waraqaa yaadannoo kee irratti barreessi. Amma akkas jedhii of gaafadhu, “Jireenyaa fi tajaajila koo keessatti wantoota dursa kennaniif tokkoon tokkoon isaanii caalaatti galmaan ga'uuf karaa adda ta'een maal gochuun qaba?” Ammas deebii kee waraqaa yaadannoo kee irratti barreessi, guyyaa guyyaan irratti kadhachuu kee itti fufi.

Hojiirra Oolchuu Dursa Kennuu

Aantummaa tajaajilaa kana akka kan keetti erga fudhattee booda, tajaajila mataa keetii fi tajaajila waldaa keessatti hojiirra oolchuu jalqabuu qabda. Kana gochuuf tooftaalee armaan gadii fayyadamuu dandeessa:

1. *Hubannoo kee dabali.* Waa'ee wantoota toorban dursi kennamuu qabuuf kunneen Macaafni Qulqulluun maal akka barsiisu ilaaluun hubannoo kee dabaluun barbaachisaadha. Mata-duree kana irratti waan Macaafni Qulqulluu jedhu barbaaduun hubachuun dandeessa. Yesuus dhugaa barbaaduu keenya keessatti “Caaffata Qulqullaa'oo cimsinee akka qo'annu” nu barsiisa (Yoh. 5:39). Yeroo dubbistu, “Hafuurri maal naan jedha?” jedhi. Hubannoo haaraa argatte waraqaa yaadannoo irratti barreessi. Yoo danda'ame kitaabota gaarii mata dureewwan kana irratti bareeffaman argachuu fi dubbisuun barbaachisaadha.⁷

Karaan biraan waa'ee dhimmoota kanaa hubannaa kee guddisuu dandeessu, yeroo baay'ee waa'ee isaanii lallabuu fi barsiisuu dha. Tooftaan kun hubannoo mata dureewwan sana irratti qabdu dabaluu qofa osoo hin taane, miseensota keessan tarkaanfii itti aanuuf, hojii dursa kennuu kana gara jireenya waldaa kiristaanaatti jijjiira.

2. *Karoora qopheessuu.* Itti aansuudhaan, karoora dursa kennuu kan mataa keetii fi tajaajila waldaa keessatti hojiirra oolchuuf qopheessuun barbaachisaa dha.

⁷ Kitaabni ergama Waaqayyoo ibsu baay'ee gaarii ta'e, A Biblical Theology of Missions, kan Paul York barreesse, kan Africa's Hope Discovery Series jedhamu maxxanfame dha.

Boqonnaa 5: Tajaajila Keessatti Wantoota Dursi Kennamuu Qabuuf

Kana gochuuf tokko tokkoo waantoota dursi itti kennamuu qabuu sunneen irratti hubannoo waldaan qabdu guddisuun baay'ee barbaachisaadha. Gaaffiiwwan armaan gadii deebisuun jalqabuu dandeessa:

- Waldaan koo ergama Waaqayyoo akka gaariitti akka tajaajiltu qajeelchuuf maal gochuun qaba?
- Waamicha Waaqayyoo jireenya koo fi waldaa inni akkan geggeessuuf itti na waame keessatti caalaatti raawwachuuf maal gochuun qaba?
- Waldaan warra badan bira ga'uuf bu'a qabeessa akka ta'aniif, geggeessummaa koo keessatti maal gochuun qaba?
- Waldaa keessatti sagalee Waaqayyoo caalaatti lallabuu fi barsiisuuf maal gochuun qaba?
- Waldaa keessatti kadhannaa haala gaariin guddisuuf maal gochuu qaba?
- Waldaa gara muuxannoo fi shaakala guddaa Pheenxeqoosxeetti geessuuf maal gochuun qaba?
- Saba Waaqayyoo tajaajilaaf akka gaariitti hidhachiisuuf maal gochuun qaba?

Deebiiwwan waraqaa yaadannoo kee irratti barreessite yeroo baay'ee irra deebi'ii ilaali.

3. *Karoora kee hojjedhu.* Amma karoora kee hojjechuu qabda. Kana jechuun tarsiimoo baafatte hojii irra oolchuuf gara fuulduraatti tarkaanfachuun si barbaachisa. Karoora kee fuulduratti yeroo deemtu, adeemsa kee yeroo hunda madaaluu fi irra deebitee madaaluu ni barbaadda ta'a. Yeroo barbaachisaa ta'etti karoora sana irratti sirreeffama barbaachisu kamiyyuu gochuu dandeessa.

Halkan tokkotti milkaa'ina akka hin arganne yaadadhu. Yeroo kan fudhatu si'a ta'u, yommuu rakkinni sitti dhufu obsuun si barbaachisa. Yoo kana gootan yeroon booda waldaan keessan jijjiiramuu ni jalqabdi. Waldaanis akka Kiristoos yaadetti humna qabeetti ni taati. Dubbiin ergamootaa si haa jajjabeessu: "Yoo abdiin hin kutanne yeroo isaatti midhaan sassaabna" (Gal. 6:9).

Tokko Tokkoon soortuuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiran hundinuu, tajaajilaaf dursi isaan kennan kan Yesusii fi kan ergamootaa wajjin wal-simuu qaba. Sana booda wantootni isaan dursa kennaniif kunneen tajaajila isaanii akka qajeelchu eeyyamuu qabu. Adeemsi kun wal'aansoo ta'uu danda'us,

Kutaa 2ffaa: Akka Soortuu Pheenxeqoosxeetti Waantoota Dursuu Qaban

carraaqii gochuun gatii qaba. Soortuun Pheenxeqoosxee tokko daandii Kiristoosiif of kennuu, fedha Waaqayyoof of kennuu, fi humna hafuura qulqulluun cimudhan galma tajaajilaa isaa galmaan ga'uu danda'a.



~ Boqonnaa 6 ~

Dursa Dhuunfaa

Ilmaan haadha koo waan anatti aaraniif maasii /oyiruu/ wayinii akkan eegu Inataasisan ; hoyiruun wayinii kiyya garuu ni dagatame” (Faarfannaa 1:6). Jechootni gaddisiisoo kunneen kan durbartiin Shuulaam sun dubbattedha. Hoyiruu namoota biroo osoo kunuunsituu kan ishee dagattee turte. Isheen garuu waa’ee maasii wayinii foonii dubbachaa hin turre; waa’ee jireenya mataa ishee dubbachaa turte malee. Yeroo baay’ee dhimma namoota biroo irratti human ishee dhangalaasaa waan turteef jireenyi ishee aramaadhaan guutamee ture.

Kan nama gaddisiisu, haalli walfakkaataan kun jireenya soortuu Pheenxeqoosxee hedduu yeroo har’aa Afrikaa keessa jiran ibsuu danda’a. Yeroo baay’ee dhimma tajaajilaa yeroo isaanii waan dabarsanii fi fedhii namoota biroo tajaajiluuf jecha of kunuunsuu dadhabaniiru. Kanarraa kan ka’e lamaan isaaniiyyuu rakkataniiru. Jireenyi hafuuraa isaanii gogeera waldoonni isaan geggeessanis laaffataniiru.

Phaawuloos Ximotewoos waldaa Efesoon akka kunuunsu isa muude. Booda irra dargaggeessa wajjin hojjetu kanaaf akkas jedhee barreessee, “Jireenya kee fi barumsa kee sirriitti ilaali. Isaanitti jabaadhu, yoo kana goote, ofii kee fi warra si dhaga’an ni fayyisa” (1Xim. 4:16). Phaawulos akkasitti Ximotewoosiin gorseera, tajaajila waaldaa isaa irratti xiyyeefachuu qofa osoo hin taane, jireenya dhuunfaa isaa irrattis akka xiyyeefatu gorseera. Soortuun of eeggannoo qabu tajaajila isaa warra kaaniif dursa kennuu qofa osoo hin taane, akkuma Boqonnaa 5 irratti

ibsame, of kunuunsuufis dursa ni kenna. Boqonnaan kun soortuun Pheenxeqoosxee waan dursuu qabu waan ja'a ni qorata.

DURA KIRISTOOSIIN BEEKUU

Hunda caalaa soortuun Pheenxeqoosxee hariiroo Kiristoosiin wajjin qabuuf dursa kennuu qaba. Soortuun tokko namoota birootti Kiristoosiin beeksisuun dura, ofii isaanii sirriitti isa beekuu qabu. Namni tokko akkamitti nama ofii isaa hin beekne tokko nama biraatti beeksisuu danda'a?

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, sammuunis ta'e muuxannoodhaan Kiristoosiin beekuu qabda. Kana jechuun, Yesu eenyu akka ta'ee fi maal akka hojjete hubachuu qabda jechuudha. Akkasumas dhuunfaan Isa waliin wal argitee, Isa waliin hariiroo cimaa qabaachuun barbaachisaadha.

Eenyu Akka Ta'e Beekuu

Kiristoosiin sammuudhaan beekuun dhugaa waa'ee isaa beekuudha. Innis waa'ee eenyu akka ta'ee fi maaliif akka inni gara biyya lafaa dhufe Macaafni Qulqulluun maal akka jedhu hubachuudha. Macaafni Qulqulluun waa'ee Kiristoos eenyu akka ta'e akka armaan gadiitti barsiisa:

- Inni sagalee Waaqayyoo isa bara baraa, Uumaa waan hundumaati (Yoh 1:14).
- Inni Waaqayyo fooniin mul'ateedha (1Xim. 3:16).
- Inni "Masiihii, Ilma Waaqayyoo isa jiraataati" (Mat. 16:16).
- Inni "karaa dhugaa fi jireenya," karaa tokkicha gara Abbaatti geessudha (Yoh. 14:6).

Kitaabni Qulqulluun Kiristoos maaliif gara lafaa akka dhufes ni hima:

- Inni "warra badan barbaaduuf, fayyisuuf" dhufe (Luq. 19:10; 1Xim. 1:15 ilaali).
- Inni "tajaajiluuf, lubbuun isaas furii namoota baay'eef akka ta'u kennuuf" dhufe (Mar. 10:45; Yoh.
- Inni "hojii seexanaa balleessuuf" dhufe (1Yoh. 3:8; cf. Ibr. 2:14).
- Inni "jireenya akka qabaannuuf, guutummaatti akka argannuuf" dhufe (Yoh. 10:10).

Dhuunfaan Isa Beekuu

Soortuun Pheenxeqoosxee Yesus eenyu akka ta'ee fi maaliif akka dhufe beekuun isaa murteessaa ta'us, sun gahaa miti. Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti Kiristoosiin dhuunfaan beekuutu sirraa eegama. Dhuunfaadhaan Gooftaa wajjin wal baruu qabda, akkasumas Isa wajjin hariiroo itti fufiinsa qabu qabaachuun murteessaadha.

Phaawulos jireenya ofii isaa keessatti waan kanaaf dursa akka kenne dubbateera. Inni warra Filiphisiyyusitti amananiif akkas jedhee barreesse, “Ani Kiristoosiin beekuu nan barbaada—eeyyee, humna du'aa ka'uu isaa fi gidiraa isaa keessatti hirmaachuu isaa beekuu, du'a isaa keessattis akka isaa ta'uu” (Filp. 3:10). Fedhiin Phaawuloos Kiristoosiin beekuuf qabu baay'ee guddaa waan tureef, isa waliin injifachuuf qofa osoo hin taane, gidiraa isaa keessaa hirmaachuuf qophaa'aa ture. Isaaf du'uuf illee qophaa'aa ture. Soortuun Pheenxeqoosxee quuqama Phaawuloos Kiristoosiin beekuuf qabu sana gooddachuu qaba.

Isa Beekuu

Kiristoosiin beekuuf dursa kennuu keessatti karaa sadiin isa hordofuu dandeessa:

1. *Karaa wal-arguu dhuunfaa.* Namni tokko jalqaba Kiristoosiin kan beeku karaa dhuunfaan isa waliin wal arguudhaani. Kun nama hundumaa ilaallata, soortuu Pheenxeqoosxee illee ni ilaallata. Saa'ol namni Tarsees sun waa'ee Kiristoos ni beeka ture; haa ta'u malee, hanga karaa Damaasqootti isa qunnamutti dhuunfaan isa hin beekne (HoE 9:1-9). Achitti Saa'ol, “Yaa Gooftaa ati eenyu?” Jedhe. Yesuus deebisee, “Ani Yesuus isa ati ari'atudha” (lakk. 5). Achii booda jireenyi Saa'ol ni jijjiirame. Kiristoosiin akka Gooftaa fi Fayyisaa isaatti beekuu danda'e. Yeroo muraasa keessatti, ari'ataan hamaan waldaa Kiristaanaa guddiftuu ishee guddaa ta'e.

Phaawulos muuxannoo isaa kana irraa yommuu yaadu, “Kanaafis, namni namni kan Kiristoos yoo ta'e, uumama haaraadha; inni moofaan darbe, kunoo inni haaraan dhufeera namni tokko illee Kiristoos keessa yoo jiraate, uumamni haaraan dhufeera” (2Qor. 5:17). Namni soortuu Pheenxeqoosxee ta'uuf hawwu kamiyyuu as irraa jalqabuu qaba. Yesuus, “Dhugumaan isinitti hima, namni tokko illee lammata yoo dhalate malee mootummaa Waaqayyoo arguu hin danda'u” (Yoh. 3:3) jedhee labseera.

2. *Karaa sagalee Waaqayyoo.* Karaan lammaffaan soortuun Pheenxeqoosxee Kiristoos caalaatti beekuu danda’u Macaafa Qulqulluu keessaan isa beekuudha – keessumaa wangeelotaa fi ergaawwan keessatti. Wangeelonni waa’ee jireenya isaa, hojii isaa fi barsiisa isaa ni dubbatu. Ergaawwan hiika isaanii ibsu. Wangeelota dubbisuudhaan, Yesuus wajjin daandii Galiilaa isa awwaaraan guutame sana irra deemu dandeessa. Miila isaa jala teessee barsiisa isaa dhaggeeffachuu dandeessa. Dhaabatee fannoo irratti du’uu isaa ilaaluu dandeessa. Akkasumas awwaala fayyisaa kee isa duwwaa keessa ilaaltee ergamaan, “Inni as hin jiru. Inni du’aa ka’eera!” siinjedhu sana dhageessa.

Soortuun dargaggeessi Pheenxeqoosxee tokko yeroo tokko akkas jedhee ofitti dubbateera, “Duka bu’oonni Yesuus waggaa sadii Isa wajjin deddeebi’anii isa irraa barachaa turan. Jireenyi isaaniis jijjiirame. Anis akkasuma gochuufan jira. Waggoota sadan itti aanan wangeelota afran dubbisuu fi irra deebi’ee dubbisuudhaan nan dabarsa.” Lallabaa dargaggeessi kun waadaa galee isaaf amanamaa ta’ee waggoota sadan itti aanan wangeelota dubbisuudhaan dabarseera. Yeroo isaa seenaa Yesuus irratti dabarseera. Sana booda jireenyi fi tajaajilli Isaa gonkumaa tokko hin turre.

3. *Karaa kadhannaa.* Karaan sadaffaan soortuun Pheenxeqoosxee Yesuusiin beekuu danda’u kadhannaa dha. Macaafni Qulqulluun waa’ee kadhannaa gosa hedduu dubbata, isaan keessaa iyyannoo, qalbii jijjiirannaa, kadhata araarsuu, galateeffachuu fi kadhannaa hafuura fa’i. Haa ta’u malee, gosti kadhannaa soortuu Yesuusiin caalaatti akka beeku gargaaru kadhannaa isatti dhiyaachuuti Yaaqoob waa’ee kadhannaa gosa kanaa dubbateera. “Waaqayyooti dhihaadhaa, innis isinitti in dhihaata” (Yaaqoob 4:8) jedhee gorse. Museen kadhannaa itti dhiyaachuu akkasii shaakalaa ture. Macaafni Qulqulluun “akkuma namni tokko michuu isaatti dubbatutti fuulaaf fuulatti” Waaqayyoo wajjin akka haasa’ee dubbata (Ba’uu 33:11).

Maariyaam obboleettiin Maartaa, kadhannaa gosa kanaatiif fakkeenya gaarii dha. Yesuus mana ishee yommuu daawwatu, isheen miila isaa bira teessee jecha inni dubbatu hundumaa sirriitti dhaggeeffachaa turte. Obboleettiin ishee akka isheen dadhabduu taatetti ishee lakkoofte. Haa ta’u malee, Yesuus Maariyaamiin ni galateeffate, “[Isheen] wanta caalu filatteetti, innis ishee irraa hin fudhatamu” (Luq 10:38-42). Yesuusiin wal baruun soortuuwwan Pheenxeqoosxee hundaaf isa dursu ta’uu qaba. Gochi kun akka kan biraatti jireenya isaa fi tajaajila isaa irratti dhiibbaa guddaa qabaata.

HAFUURAAN DEDEEBI'UU DURSISIISUU

Soortuun Pheenxeqoosxee Kiristoosiin beekuuf dursa kennuu qofa osoo hin taane, hafuuraan dedeebi'uu fi jiraachuuf dursa kennuu qaba. Phaawuloos Kiristaanota Galaatiyaa keessa jiraniin, “Erga hafuuraan jiraannu, hafuuraan wal haa tarkaanfannu” (Gal. 5:25) jedhee gorseera.

Hafuuraan Dedeebi'uu Jechuun Maal Jechuudha

Hafuuraan dedeebi'uu jechuun yoo xiqqaate waan sadii jechuudha:

1. *Hafuuraan guutame.* Tokkoffaa, hafuuraan deddeebi'uu jechuun hafuuraan guutamuu jechuudha (HoE 1:4-8). Jecha biraatiin, namni tokko hafuuraan deddeebi'uu isaa dura, jalqaba akkuma duuka buutonni guyyaa Pheenxeqoosxee ta'an hafuura qulqulluudhaan guutamuu qaba (HoE 2:1-4). Erga hafuuraan guutamaniin booda, duuka buutonni humna hafuuraatiin jiraachuu fi tajaajiluu jalqaban. Kitaabni Hojii Ergamootaa seenaa gammachiisaa tajaajilli isaanii hafuuraan humna akka argate dubbata. Soortuun Pheenxeqoosxee hunduu muuxannoo murteessaa kana qabaachuu qaba.

2. *Hafuuraan geggeeffamu.* Lammaffaa, hafuuraan deddeebi'uun hafuuraan geggeeffamuudha. Soortuun Pheenxeqoosxee sagalee hafuura qulqulluuf gurra isaa banaa taasisuu qaba. Sana booda, Hafuurri yommuu dubbatu ajajamuu qabu. Yesuus isa kan godhe jira. Tokkoffaa, Inni hafuura qulqulluudhaan guutame. Sana booda, hafuuraan geggeeffame (Luq 3:21-22 4:1 waliin). Phaawulosii fi gareen isaas hafuura qulqulluudhaan geggeeffamaniiru (HoE 16:6-10). Soortuwwan Pheenxeqoosxee har'as akkasuma. Isaanis akkuma Yesuusii fi Phaawuloos hafuura qulqulluudhaan geggeeffamuu qabu.

3. *Hafuuraan Tajaajiluu.* Dhumarratti, hafuuraan deddeebi'uu jechuun humna hafuuraatiin tajaajiluu jechuudha. Yesuus, “Yeroo Hafuurri Qulqulluun isin irra dhufu humna ni argattu; Isin Yerusaalemitti, guutummaa Yihudaa keessatti, Samaariyaatti, hamma dhuma biyya lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu” (HoE 1:8). Yesuusii fi ergamootarra kan ga'e kana. Hafuura qulqulluudhaan guutamaniin humna hafuuraatiin tajaajiluu jalqaban (fkn, Luqaas 3:21-22 4:14 waliin; HoE 4:31-33). Hafuuraan yeroo deddeebitu, atis tajaajila kee Hafuurri humna akka kennu eegu dandeessa.

Akkaataa Hafuuraan Dedeebi'uu

Gaaffiin ni ka'a, akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti, hafuuraan jiraachuu fi adeemu mirkaneessuuf maal gochuu qabda? Tokkoffaa, akkuma armaan olitti ibsametti, dhugumaan hafuuraan guutamuu kee mirkaneeffachuu qabda. Yommuu hafuuraan guutamtu, ragaa macaafa qulqulluu lama off biratti eeguu dandeessa: Inni jalqabaa akkuma hafuurri dubbii kennutti afaan adda addaatiin akka dubbattudha (HoE 2:4; 10:44-46; 19:6). Inni lammaffaan immoo Kiristoosiif dhugaa ba'uuf humna uumamaa ol ta'e ni argatta (HoE 1:8; 4:31).

Erga Hafuura Qulqulluudhaan guutamtee booda, garaan kee kaka'umsa hafuuraa wajjin walsimuu qabda. Kiristiyaanonna macaafa Hojii Ergamootaa keessatti kan godhan kana. Yaa'ii Yerusaalem isa jalqabaa irratti ergamoonni fi jaarsoliin amantiota Ormootaa waldaa keessatti hammatamuu ilaalchisee murtoo dabarsan. Xalayaa isaaniis kan jalqaban, "Afuura Qulqulluufis nuttis gaarii nutti fakkaate" (HoE 15:28). Dubbistoonni isaanii murtoo isaanii gochuu isaanii dura sagalee hafuuraa dhaggeeffachuu isaanii akka beekan barbaadan. Shaakala tokko kan hafuuraan akka deemtuu fi akka jiraattu si gargaaruu danda'u guyyaa guyyaadhaan hafuura qulqulluudhaan kadhachuudhaan yeroo dabarsuu dha (Rom. 8:26-27; Efe. 6:18).¹

GUDDINAA FI DAGAAGINA DHUUNFAA DURSISIISUU

Kiristoosiin beekuu fi hafuuraan deddeebi'uu bira darbee, soortuun Pheenxeqoosxee dagaaginaa fi guddina dhuunfaa isaaf dursa kennuu qaba. Inni ykn isheen yeroo hundumaa Gooftaadhaaf nama baay'ee filatamaa ta'uuf carraaquu qabu.

Phaawulos, jireenya fiigichaan wal bira qabuun, Kiristiyaanonna Qorontos keessa jiraatan caalmaa akka hordofan gorseera. Innis, "Fiigicha tokko keessatti fiigdonni hundi akka fiigan, badhaasa kan argatu garuu tokko qofa akka ta'e hin beektanii?" Sana booda, "Akka badhaasa argattanitti fiigaa" (1Qor. 9:24) jedhee isaan kakaase. Haaluma wal fakkaatuun, "Waan gootan hundumaa akka gooftaaf hojjettanitti garaa keessan guutuudhaan hojjedhaa" (Qol. 3:23) jedhee warra Qolosaayis jajjabeessa ture.

¹ Jireenya kadhannaa soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 8: "Dursa Kadhannaa" ilaali.

Boqonnaa 6: Dursa Dhuunfaa

Ilaalchi olaantummaa akkasii abbootii ofii irraa hin dhaalamu, harka irra kaa'uudhaanis hin kennamu. Tajaajila irratti caalmaa galmaan ga'uuf xiyyeeffannaa, kutannoo fi naamusa gaafata. Caalmaa hordofuun nama biraa caalaa ta'uuf yaaluun miti. Gooftaa tajaajiluu keessatti hunda caalaa ta'uun waan dandeenyu hunda ta'uudha.

Soortuun Pheenxeqoosxee kan inni sadarkaa ol'anaan hordofuu qabu tokko amala qo'annoo isaati. Kan nama dhibu garuu, soortuuwwan Pheenxeqoosxee tokko tokko biratti amala qo'annoo tuffachuun ni jira. Beekumsa kenname irratti gatii guddaa kan kaa'an yoo ta'u, beekumsa argate hordofuu xiqqeesanii ilaalu. Macaafni Qulqulluun garuu, “gurri ogeeyyii waan barbaaduuf, garaan warra hubataa beekumsa in argata” (Fak. 18:15).

Kanaaf, akka soortuun Pheenxeqoosxee amanamaa tokkootti, beekumsa Caaffata Qulqullaa'oo irratti qabdu guddisuuf nuffii tokko malee barbaaduu qabda. Kanuma waliin, haala yeroo hawaasa keessatti mul'atu hordofuuf carraaquu qabda. Sana booda dhugaa macaafa qulqulluu haala yeroo irratti hojii irra oolchuudhaan lamaan isaanii walitti fiduu ni dandeessa. Kana malees, kitaabota gaarii barreessitoota beekamoo ta'an dubbisuu amala kee godhachuu qabda. Shaakala kanaan dandeettii yaaduu kee ni guddifta. Qayyabannaa irratti caalmaa qabaachuun tajaajila irratti caalmaa uumuuf gargaara.

DURSA OF EEGANNOO

Yeroo tokko, Soortuun Pheenxeqoosxee tokko dadhabbiin garmalee fi dhukkubbiin qaamaa isa mudachaa ture. Dhukkuba lubbuu namaa galaafatu tokkoon qabameen jira jedhee sodaachuun gara ogeessa fayyaa deeme. Haa ta'u malee, ogeessi fayyaa erga isa qoratee booda mallattoon isaa dhiphina irraa kan ka'e akka ta'e itti hime. Ogeessi fayyaa sun boqonnaa fi nyaata fayya qabeessa ta'e isaaf ajaje. Qajeelfamni ogeessi fayyaa sun ni hojjete! Baayyee utuu hin turin soortuun sun tajaajila isaaf humna isaa deebisee argate.

Soortuuwwan Afrikaa hojjetoota cimoo ta'uun beekamu. Kun gaariidha. Haa ta'u malee, nama hundumaaf waan hundumaa ta'uuf yaaluu irraa of eeggachuu qabu. Soortuun baay'ee dadhabe immoo maatii isaaniifis ta'e waldaa isaaniif bu'aa buusuu hin danda'u. Dhiphinni dandeettii kadhachuu, qo'achuu fi lallabuu soortuu tokkoo laamshessuu danda'a. Amala saba isaa irratti daran dhiibbaa uumuu danda'a, kunis yaadni isaanii kan hin hiramee fi waa'ee namoota biroof akka hin

yaaddofne taasisii danda'a. Kunis, waldaa keessatti itti quufnisaa dhabuu uumuu danda'a, soortuu sana irrattis dhiphina daran cimaa uumuu isaa kan hin oolledha.

Soortuwwan Pheenxeqoosxee yeroo tokko tokko boqonnaa irraa fagaatu. Boqochuuf kan yeroo fudhatan yoo ta'e, waamicha isaaniif amanamoo ta'uu dhabuu isaaniiti isaanitti dhaga'ama. Yesuus garuu boqonnaan akka barbaachisu dubbateera. Yeroo tokko duuka buutota isaatiin, "Kophaa keessan gara iddoo tasgabbaa'aa ta'etti koottaa, boqonnaa argadhaa" jedhee ture (Mar. 6:31).

Soortuun hinaaffaa qabu Waaqayyo ofii isaatii iyyuu guyyaa torbaffaa irratti uumuu irraa akka boqote yaadachuu qaba (Uma. 2:2). Kana kan godhe waan dadhabeef osoo hin taane, dhala namaatiif fakkeenya ta'uufi. Yesuus, "Sanbanni namaaf uumame malee namni Sanbataaf hin uumamne" jedheera (Mar. 2:27). Waaqayyo Sanbata akka sabni isaa Uumaa isaani kabajaniif, akkasumas haala jiran keessatti yeroo humni isaani laafu humna isaan barbaachisu akka argatanitti boqonnaa Sanbataa qopheesse. Qajeelfamni boqonnaa Sanbataa yoo cabse tajaajila keessatti gahumsa dhabuu fida.

Kanaaf Soortuun Pheenxeqoosxee boqonnaa fi dandamachuuf jecha torbanitti guyyaa tokko ramaduu qaba. Sana booda guyyaan kun guyyaa boqonnaa soortuu, Sanbata isaa akka ta'e ummataaf beeksisuu qaba. Soortuun sun guyyaa boqonnaa keessatti haadha manaa isaa fi ijoollee isaa wajjin yeroo gammachuudhaan dabarsuu argata.²

QULQULLUUMMAA DHUUNFAA DURSIISUU

Barreeffamni gaazexaa Baha Afrikaa tokko irratti ba'ee waa'ee soortuun beekamaan haadha manaa isaa amala ejja raawwachuu isheetiin hiike ibsu tokko ba'e. Innis dhiifama isheef gochuu didee deebi'ee fuudhuu filate. Namichi tokko waan soortuun kun hojjete argee, "Soortuun haadha manaa isaa yoo hiike, kan hike eenyu sitti fakaata?" Isumatu haadha manaa isaa hiikee dubartii biroo barbaacha deeme. Akka soortuutti tokkootti gochi ati raawwattu karaa gaariinis ta'e karaa hamaa dhiibbaa namoota geggeessitu irratti fiduun isaa hin oolu.

Akka Soortuu Pheenxeqoosxeetti Waaqayyo jireenya fakkeenyummaa qabuutti si waama. Pheexiros akkas jedhee barreesseera, "Akkuma namni isin

² Waa'ee of kunuunsuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 13: "Jireenya Akka gaariitti Hogganame" isa jedhu ilaali.

Boqonnaa 6: Dursa Dhuunfaa

waame qulqulluu ta'e, waan hojjettan hundumaa keessattis qulqulluu ta'aa; 'Ani qulqulluu waanan ta'eef qulqullaa'aa' jedhamee waan barreeffameef' (1Phex. 1:15-16). Phaawuloos ilaaltuun tokko jireenyi isaa "waan ittiin jedhan kan hin qabne, nama haadha tokkittii, kan of to'atu, kabajamaa,...machiif kan of hin kennine" ta'uu akka qabu barreesseera (1Xim. 3:2-3). Itti dabaludhaanis ilaaltuu olaanaan tokko "namoota alaa birattis maqaa gaarii qabaachuu qaba" (lakk. 7). Tiitoodhaanis jaarsi waldaa Kiristaanaa tokko "kan balleessaa hin qabne ...kan gaarii jaallatu, kan of to'atu, qajeelaa, qulqulluu fi naamusa qabu" (Tito 1:7-8) ta'uu qaba jedhee gorse.

Afrikaatti soortuuwwan kabaja guddaa qabu. Kallattiinis ta'e al-kallattiin namoota irratti dhiibbaa geessisu. Jecha isaaniitiin kallattiin dhiibbaa isaan irratti godhu—waan dubbataniin. Jireenya isaaniitiin al-kallattiin dhiibbaa isaan irratti godhu—waan hojjetaniin. Wanti soortuuwwan hojjetan yeroo baay'ee waan isaan jedhan caalaa dhiibbaa guddaa qaba. Yeroo tokko miseensi tokko soortuu isaatiin, "Wanti ati gootu sagalee ol kaasee dubbata waan ati jettu dhaga'uu hin danda'u" jedhee ture. Kanaaf, akka soortuuwwan Pheenxeqosxeetti jireenya qulqullummaa jiraachuun waan dursa argachuu qabu keessaa isa tokko ta'uu qaba.

ITTI FAYYADAMA YEROO DURSIISUU

Warri Pheenxeqoosxee waaqeffannaa keessatti of ta'uu fi of ibsuuf iddoo guddaa kennu. Gidduu seenummaa Hafuuraa hin shaakalaminiiif gatii guddaa kennu. Waan kun gaarii waan ta'aniif gonkumaa gatamuu hin qaban. Haa ta'u malee, soortuun Pheenxeqoosxee gonkumaa dadhabii yeroo itti fayadamuusaaf akka sababaatti itti fayyadamuu hin qabu. Akkuma ati qarshii Waaqayyo harka kee keessa kaa'eef bulchaa taate, ati yeroo Waaqayyo siif kenne irratti bulchaa dha. Kanaaf yeroo bu'a qabeessa ta'een itti fayyadamuuf of kennuu qabda.

Soortuun tokko tokko yeroo isaanii fayyadamuu irratti naamusa hin qaban. Walga'ii fi beellamaaf amala isaaniiif waan ta'ee ni harkifatu. Soortuuwwan kun waldoota isaan geggeessaniif fakkeenya hamaa kaa'u. Amalli of eeggannoo dhabuun isaanii amanamummaa ummata biratti qaban ni xiqqeessa. Qaama aadaa waldaa ta'ee guddina ishee gufachiisa.

Gama biraatiin immoo akka gaariitti yeroo kee bulchuu danda'uun kee waldaa haala bu'a qabeessa ta'een akka geggeessitu si dandeessisa. Qo'annaaf, sochii bulchiinsafa, daawwannaaf, gorsaa fi dhimmoota maatiidhaaf yeroo ramaduu ni dandeessa. Bulchiinsi yeroo bu'a qabeessa ta'e hojjiwwan akka galma guyyaa

Kutaa 2ffaa: Akka Soortuu Pheenxeqoosxeetti Waantoota Dursuu Qaban

guyyaa kaa'uu, tarree hojiiwwan hojjetamuu danda'an uumuu, barbaachisummaa fi ariifannaa irratti hundaa'uun hojiiwwan dursa kennuu fi hojii tokkoon tokkoon isaanii xumuruuf yeroo daangaa kaa'uu of keessatti qabata.

Akka Soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti akkaataa jireenya kee itti jiraattu fi tajaajila kee itti geggeessitu irratti kaayyoo qabaachuun barbaachisaadha. Itti yaaddee dursa dhuunfaa kaa'uu qabda. Sana booda dammaqinaan wantoota dursa argatan kunneen kana guutuuf hojjechuu qabda. Wantoota kana yoo raawwatte eebbifamta, namoonni ati geggeessitus akkasuma.



~ Boqonnaa 7 ~

Dursa Maatii

Soortuun waldaa magaalaa guddaa Baha Afrikaa tokko seenaa baay'ee nama gadisiisu kan akaakayyuu isaa wajiin wal fakkaatu qaba. Waggoota hedduudhaaf akaakayyuu isaa waldaa Pheenxeqoosxee tokkof soortuu ture. Haa ta'u malee, guyyaan maatii isaa fi amantii isaa dhiisee haadha manaa sadii fuudhe tokko dhufe. Sababa kufaatii gaddisiisaa kanaan ijoolleen isaa tokkollee Gooftaa hin hordofne. Haadha soortuu sanaa irraa kan hafe tokkollee kan Gooftaa beeku hinturre. Soortichi amma akkana jechuun dhugaa ba'a, "Ani bu'aa amanamummaa haadha kooti. Gooftaa duukaa akkan bu'u kan narratti dhiibbaa godhe ishee dha." Har'a Soortuun kun dhimma maatii irratti barsiisuu fi lallabuu isaatiin beekama.

Dhugaan nama gaddisiisu, Soortuwwan Pheenxeqoosxee illee yeroo tokko tokko gaa'ila isaanii keessattis ta'e ijoollee isaanii wajjin rakkatu. Sababa kanaaf hariiroo maatii isaanii waliin qaban kunuunsuuf dursa kennuu qabu. Soortuuf jireenya mana isaa keessatti milkaa'uun haala ajaa'ibaa ta'een milkaa'uu isaa agarsiisa; jireenya mana isaatiin kufuun isaa imoo hundumaan guutummaatti kufuu isaa agarsiisa. Boqonnaawwan lamaan darban tajaajila soortuu Pheenxeqoosxee fi dursa dhuunfaa kan isaa kan ilaallatu turan. Boqonnaan kun imoo dursa maatii isaaf kennuu kan ilaallatu ta'a.

HARIIROO MAATII KEESSATTI

Macaafni Qulqulluun waa'ee hariiroo soortuun maatii isaa wajjin qabu ni dubbata. Phaawulos waa'ee soortuu ilaalchisee, “Maatii isaa akka gaariitti kan bulchuu, ijoolleen isaas akka isaaf abboomaman arguu qaba, akkasumas haala kabaja guutuu qabuun gochuu qaba” jedhee barreesseera. Sana booda ergamaan kun, “Namni maatii ofii akkamitti akka bulchuu hin beekne , akkamitti waldaa Waaqayyoo kunuunsuu danda'a?” (1Xim. 3:4-5) jechuudhaan gaafata. Qajeelfamni adda addaa Macaafni Qulqulluun abbaa manaa, haadha manaa fi ijoolleef kenne mana soortuufis ni hojjeta (cf. Uma. 2:24; Mar. 10:6-9; 1Qor. 11:3; Efe. 5:22-33; 6:1-4; Qol.3:18-21; 1Phex.3:1 7).

Tartiiba Macaafa Qulqulluu

Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti jireenyi manaa kee akka Caaffata Qulqullaa'ootti tartiiba qabaachuu qaba. Aadaan Caaffata Qulqullaa'oo yeroo mormu, ati yeroo hundumaa Caaffata Qulqullaa'oof bitamuu qabda, walitti dhufeenyi ati haadha manaa kee fi ijoollee kee wajjin qabdu barsiisa sagalee Waaqayyoo wajjin guutummaatti akka walsimu mirkaneessuu qabda.

Fakkeenyaaf, aadaa Afrikaa keessatti abbootiin warraa baay'een isaani akka bulchaa eenyuyuu isaan hin gaafanetti ilaalamu. Jechaa fi murtoo isaaniif yoo sababa gahaa ta'e hin qaban ta'ellee, mortoon isaani gongumaa gaaffii keessa galuu hin qabu. Yesuus garuu Waa'ee ofii isaa yeroo dubbatu, gosa geggeessummaa kana irraa adda ta'e barsiiseera. “Ilmi namaa tajaajilamuuf hin dhufne, tajaajiluuf, lubbuu isaas furii namoota baay'eef kennuuf dhufe malee” (Mar. 10:45).

Akka abbaa manaa amanaa tokkootti Yesuus akkayyaa(fakkeenya) isaa kana akka hordoftu sirraa eega. Hoggansi ati maatii keessatti qabdu gad of deebisuu fi haadha manaa fi ijoollee keetiif ofittummaa dhabuudhaan ibsamuu qaba. Phaawuloos mata duree gosa gaggeessummaa tajaajilaa ta'e kana irra dhaabbatee abbootii warraa gorseera, “Akkuma Kiristoos waldaa jaallate, isheef jedhees of kenne, haadhotii manaa keessanis jaalladhaa” (Efe. 5:25).

Phaawuloos manni kiristaanaa akkamitti geggeeffamu qabu ibseera: “Akkuma Kiristoos mataa waldaa, qaama isaa isa fayyisaa ta'eef, abbaan manaa mataa haadha manaati” (Efe. 5:23). Bakka biraattis ergamichi, “Abbaa manaa, haadhotii manaa keessan jaalladhaa malee isaanitti hin jabaatinaa! Ijoollee, kun Gooftaa waan gammachiisuuf, waan hundumaa keessatti warra keessaniif

abboomamaa. Yaa abbootii, ijoollee keessan hin dha'inaa, isaanis abdii kutatu” (Qol. 3:19-21). Haala sirnaan qophaa’e akkasii keessatti, gaa’illi keessan guddachuu fi ijoolleen keessan guddachuu danda’u.

Walii Waliif Aboomamuu

Macaafin Qulqulluun hariiroon abbaa manaa fi haadha manaa gidduu jiru waliif bitamuu akka ta’uu qabu barsiisa. Phaawuloos akka barreessetti, abbaan manaa fi haati manaa “Kiristoosiif ulfina qabaachuu isaaniitiin waliif bitamuu qabu” (Efe. 5:21). Abbaan manaa mataa haadha manaa ta’us, akkuma Yesuus jaalalaan fedhii isheetiif of kennuudhaan gad of deebisuudhaan ishee tajaajiluu qaba. Isheenis akkasuma isa tajaajiluu qabdi. Gad of deebistee tajaajila akkanaa laachuun kee sadarkaa soortuu ta’uu kee hir’isuu irra waldaa fi hawaasa keessatti sadarkaa kabajamuu kee ni guddisa.

Jaalalaa fi Kabajaa

Kana malees, hariiroon maatii kee wajjin qabdu jaalalaa fi walkabajaan kan beekame ta’uu qaba. Phaawuloos, “Akkuma Kiristoos waldaa jaallatee, isheef jedhee of kenne, isinis haadhotii manaa keessanis jaalladhaa” jedhee abbootii warraa gorseera (Efe. 5:25). Boodarra itti dabalee, “Tokkoon tokkoon keessanis haadha manaa isaa akkuma ofii isaa jaallatutti jaallachuu qaba, haati manaas abbaa manaa ishee kabajuu qabdi” (lakk. 33). Faallaan isaas dhugaadha; haati manaa abbaa manaashee jaallachuu qabdi, abbaan manaas haadha manaasaa kabajuu qaba. Wantoota kana gochuu keessatti maatiin soortuwwanii warra kaaniif fakkeenya ta’u.

Dhugoomina

Kana malees, hariiroon maatii kee wajjin qabdu dhugoominaan kan beekame ta’uu qaba. Kana jechuun jireenyi ati uummata keessatti jiraattuu fi mana keessatti jiraattu wal-fakkaachuu tu isa irraa eegama. Wanta jireenya haadha manaakee fi ijoolleekee keessatti ta’aa jiruuf garaakee guutuu akka yaaddu argisiisuu qabda. Ijoolleen yeroo mana jiran sagalee lallabaa dhugaa jireenya isaanii irraa fagoo ta’e osoo hin taane sagalee abbaa ykn haadha isaanii dhaga’uu qabu. Kana jechuun mana keessatti ijoolleen jaalala abbaa fi haadhaa dhandhamachaa guddachuu qabu jechuudha.

YAADA SOORTUWWAN DUBARTOOTAA ILAALLATU

Asitti immoo soortuwwan dubartootaa fi maatii isaanii waan ilaallatu tarreesina. Soortuwwan dubartootaa gaa'ila qaban Afrikaa keessatti haala adda ta'ee fi rakkisaa keessatti of argu. Waaqayyo waldaa akka geggeessaniif isaan waamee jira; haa ta'u malee, dhimmoota mana ilaallatan irratti abbaa warraa isaanii akka kabajanii fi aangoo isaaf akka bitaman isaan waamee jira. Kun to'achuudhaaf haala rakkisaa itti ta'uu danda'a.

Kana malees, aadaan Afrikaa irra caalaan hoggansa dubartootaa ni mormu, haata'u malee, bakka hedduutti ilaalchi kun jijjiiramaa jira. Kanarraa kan ka'e miseensonni waldaa tokko tokko hoggansa soortuu dubartii tokkoo hordofuu ykn hojii tiksee tokko tokko akka raawwattu hayyamuuf fedhii ni qabu.

Kanaaf, keessumaa abbaan manaa soortuu haadha manaa isaa tajaajila ishee keessatti deggeruun barbaachisaa dha. Yeroo tokko tokko gad of deebisuu fi karaa aadaa beekamaa faallaa fakkaatu hedduudhaan ishee deggeruuf fedhii qabaachuu qaba. Fakkeenyaaf, yeroo tokko tokko, hojii ishee irraa kan ka'e, abbaan manaa ishee gad of deebisuudhaan karaa danda'e hundaan ishee gargaaruuf fedhii qabaachuu qaba. Gama biraatiin, dubartiin soortuu taate tokko dirqama tajaajilaa ishee akka sababaatti fayyadamuudhan dirqama mana ishee keessaa abbaa manaa fi ijoollee ishee irratti qabdu tuffachuu hin qabdu.

Kunis sadarkaa adda ta'en bilchinaa fi jijjiirama gama soortuu dubaraa fi abbaa manaa irraa ni barbaada. Waan hundumaa caalaa hariiroo walii isaanii wajjin qabaniif dursa kennuu qabu, akkasumas walii isaanii wajjin akka gaariitti wal mari'achuu barachuu qabu.

MAATII AKKA GAARIITTI BULCHUU

Soortuun Pheenxeqoosxee waldaa isaa sirnaan bulchuu qofa osoo hin taane, maatii isaa sirnaan bulchuu qaba. Akkuma armaan olitti ibsame, Phaawuloos ilaaltuun olaanaa tokko “maatii isaa akka gaariitti bulchuu akka qabu” Ximotewos yaadachiise (1Xim. 3:4). Boodarra Tiitoofis ni barreesse, “Jaarsi waldaa tokko haadha manaa isaatiif amanamaa ta'uu qaba, ijoolleen isaa kan amanan malee , gad-dhiisatti jiraachuu isaaniitiin yookiis abboomamuu diduu isaaniitiin kan hin hadheeffamiin haata'u” (Tiitoos 1:6).

Itti gaafatamummaa barbaachisaan kun haadha manaa fi ijoolleesaa geggeessuu, eeguu fi kunuunsuu dabalata. Macaafni Qulqulluun abbaan manaa

Boqonnaa 7: Dursa Maatii

haadha manaa isaa wajjin akkuma Kiristoos waldaa wajjin walitti dhufeenya qabu akka qabu barsiisa (Efe. 5:25-27). Kana malees, akkuma Abbaan isaa inni Waaqa irraa isa ilaalutti yaaddoo jaalalaa qabuun ijoollee isaa eeguu qaba. Namnichi ogeessi sun “ akka itti jiraachuun ta’u mucaa barsiisi ! innis yommuu dulloomuyyuu irraa hin goru ” jedhee gorse (Fak. 22:6).

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, geggeessummaan maatii keetii yoo xiqqaate hojiiwwan sadii of keessaa qaba:

Guddina Hafuuraa

Tokkoffaa, guddina hafuuraa maatii keetii ilaalchisee dhimitee yaaduu qabda. Akkuma Iyoob dhimma hafuuraa irratti maatii kee kaayyoodhaan geggeessuu qabda (Iyoob 1:4-5). Karaan kana gochuu dandeessu tokko maatii kee wajjin yeroo hunda waaqeffannaa gaggeessuudha. Yeroo waaqeffannaa kana keessatti ijoolleen keessan akka kadhatan akkasumas Caaffata Qulqullaa’oo akka dubbisaniif fi sammuutti qabatan barsiisuu qabdu. Ijoolleen keessan Kiristoos akka fayyisaatti akka beekan, akkasumas hafuura qulqulluudhaan akka cuuphaman daran mirkaneessuu qabdu.

Guddina Dhuunfaa

Lammaffaa, guddina dhuunfaa maatii keetii to’achuu qabda. Atii fi haati manaa kee ijoollee keessan ga’essota bilchaataa ta’an, amantoota of kennanii fi lammiiwwan bu’a qabeessa ta’an akka ta’anitti bocuuf kaayyeffachuu qabdu. Kana malees, ijoolleen keessan qarshii ogummaadhaan akkamitti akka qabatan barsiisuu qabdu. Ijoolleen keessan akkuma guddachaa fi bilchaachaa deeman, bulchinsa qarshii manaa akka gargaaran hayyamu qabdu. Haala kanaan hawwii fi fedhii bu’uuraa adda baasuu barachaa deemu.

Guddina Hawaasummaa

Dhumarratti, atii fi haati manaa kee guddina hawaasummaa ijoollee keetii ilaaluu qabdu. Jireenyi mana maatii ijoollee dandeettii jireenya hawaasummaa isaanii akka guddataniif haala mijaawaa ta’e uumuu ta’uu qaba. Garaagarummaa hiriyaa gaarii fi hamaa gidduu jiru akka hubatan barsiisuu qabda. Haala hawaasummaa adda addaa keessatti akkaataa namoota biroo wajjin walitti dhufeenya qaban caalaatti barsiisuu qabda.

DURINSA MICHUUWWAAN GAA'ILAA

Macaafni Qulqulluun waa'ee itti gaafatamummaa abbaan manaa haadha manaasaatiif qabu ifatti dubbata. Itti gaafatamummaan kun soortuu Pheenxeqoosxee ni ilaallata. Akka nama Waaqayyoon sodaatutti dirqamni ati haadha manaa kee irratti qabdu kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

Jaalala Argisiisuu

Phaawuloos abbaan manaa “akkuma Kiristoos waldaa jaallate haadha manaa [isaa] jaallachuu qaba” jedhee barreesseera (Efe. 5:25). Jaalalli Kiristoos waldaadhaaf qabu aarsaa fi of-laachuu kan qabu ture. Jaalalli Kiristoos ofittummaa kan hin qabne ture. Jaalalli ati haadha manaa keetiif qabdu akkasuma ta'uu qaba. Jaalala haadha manaa keessaniif qabdan dhuunfaattis ta'e bakka namoonni baay'atanitti labsuu qabdu. Yeroo kophaa ishee wajjin teessu “Ani si jaalladha” jettee itti himuu qabda. Yeroo namoota duratti argamtutti jaalala haadha manaa keetiif qabdu ifatti ibsuu qabda. Fakkeenyaaf, “Har'a haadha manaa koo wajjin asitti argamuukoof baay'ee gammadeera. Haadha manaa ajaa'ibduu fi haadha ajaa'ibduu ijoollee keenyaati. Baay'een ishee jaalladha.”

Gochoonni kunnii fi kanneen kana fakkaatan kanneen biroo haadha manaa kee wajjinis ta'e waldaa kee wajjin walitti hidhamsiinsa akka qabaattu si gargaara. Akkasumas, jaalala kee haadha manaa keetiif qabdu gocha keetiin argisiisuu qabda, jechuunis waan gaarummaa qabu isheetti haa'atudhaan, ofii kee dura ishee dursisiisuudhaan, akkasumas itti gaafatamummaa ishee irratti ishee gargaaruudhaan.

Deeggaruu

Itti gaafatamummaa lammaffaan ati akka soortuu Pheenxeqoosxeetti haadha manaa fi ijoollee kee ilaalchisee qabdu ilaalchaa fi deeggarsa sirrii ta'e isaaniif kennuudha. Pheexiroos abbootii warraatiif akkas jedhee barreese, “Haadha manaa keessanii wajjin yeroo jiraattan yaadaa, kabajaan isaan ilaalaa” (1Phe. 3:7).

Akka abbaa manaa amanataa tokkootti, haadha manaa fi ijoollee kee bakka jireenyaa, nyaataa fi uffata ga'aa isaaniif kennuudhaan qabeenyaan deeggaruun si irraa eegama. Haati manaa kee fi ijoolleen kee warri umurii isaaniin ga'aa ta'an gama kanaan si gargaaruu danda'u, ta'us, ati akka abbaa mana sanaatti itti gaafatamummaa isa jalqabaa qabda.

Boqonnaa 7: Dursa Maatii

Karaan barbaachisaan haadha manaakee deggeruu dandeessu kan biraan immoo, tajaajilarratti waamicha dhuunfaashee akka raawwattu gargaaruudha. Dhaadannoon kee, “Haati manaa koo dandeettii ishee baastee akka hojii irra oolchitu yoon gargaaruu baadhe, waldaan koo dandeettii isaanii baasanii akka fayyadaman attamittan barsiisuu danda’a?” Kana gochuuf, Waaqayyo akkuma jireenya kee irratti waamicha qabu, jireenya haadha manaa kee irratti waamicha akka qabu beekuu si barbaachisa. Sana booda kadhannaa fi gorsa kennuudhaan ishee wajjin deddeebi’uu qabda, fedha Waaqayyoo jireenya isheetiif qabu akka hubattu fi akka hordoftu ishee gargaaruu qabda.

Eegumsa Taasisuu

Itti gaafatamummaan sadaffaa haadha manaa kee ilaalchisee qabdu miidhaa qaamaa, miiraa fi hafuuraa irraa ishee eeguudha. Sadarkaa hunda caalaa bu’uura ta’e irratti qaama ishee eegu qabda. Macaafni Qulqulluun walitti dhufeenya gaa’ilaa keessatti haadha manaa “dhagna kee isa dadhabaa ” jedhee waama (1Phex. 3:7). Akka hiriya qaamaan cimaa ta’etti, yeroo hundumaa haadha manaa kee eeguuf dhaabbachuu qabda, yeroo hundumaa miidhaa qaamaa irraa ishee eeguuf qophaa’aa ta’uu qabda. Kana beekuun ishee nageenyii fi bu’aqabeettii ta’uun ishee akka itti dhagaa’amu taasisa.

Kana malees, haadha manaa kee miidhaa miiraa irraa eegu qabda. Kan nama dhibu, yeroo baay’ee haati warraa soortuu qeeqaaf kan saaxilamtedha. Soddaa fi miseensonni waldaa akka yaada fooniitti deddeebi’an yeroo baay’ee ishee fi ijoollee ishee qeequ. Warri kaan immoo wanta isheen goote hundaaf ishee hin dinqisiifatan. Kun baayyee ishee miidhuu danda’a. Waldaa keessatti waan kun akka jiru beekuu qabda, haadha manaa kee eegu fi deeggarsa miiraa ishee barbaachisu isheef kennuu qabda.

Dhumarratti, haati manaa soortuu xiyyeeffannoo Seexanaa isa jalqabaa waan taateef, karaa hafuuraa ishee eegu qabda. Kana gochuu kan dandeessu, naannoo isheetti dallaa kadhannaa ijaaruudhaani. Akkasumas, yeroo barbaachisaa ta’etti, qaawwa ishee fi diina gidduu jiru keessa dhaabachuu qabda (Hiz. 22:30).

DURSA IJOOLLEE

Soortuun Pheenxeqoosxee ijoollee isaatiif dursa kennuu qaba. Itti gaafatamummaa haadha manaa isaa jaallachuu fi kunuunsuuf qabutti aansee ijoollee isaa jaallachuu fi kunuunsuuf itti gaafatamummaa qaba. Innis akkuma

Abbaan isaa inni Waaqa irraa isaaf yaadu isaan kunuunsuu qaba. Akkasumas, “barsiisaa fi abboommii Gooftaatiin isaan guddisuu qaba” (Efe. 6:4).

Ijoollee kee ilaalchisee akka nama Waaqayyoo fi abbaatti, waantoota sadiif dursa kennuun itti gaafatamumma kee ba’achuutu sirraa eegama:

Fakkeenya Jaalala Waaqayyoo Agarsiisuu

Tokkoffaa, jaalala Waaqayyoo ijoollee keetiif qabu fakkeenyummaa jireenya keetiin agarsiisuu qabda. Ijoolleen abbaa isaanii ilaaluun yaad-rimee Waaqayyoo yaada isaanii keessatti guddifachaa deemu. Abbaan isaanii inni lafa irraa gaarummaa fi jaalala kan qabu yoo ta’e, Abbaan isaanii inni Waaqa irraa gara laafessaa fi jaalala kan qabu ta’uu isaa hubatu. Abbaan isaanii inni lafa irraa hamaa fi gara jabeessa yoo ta’e, ijoolleen Waaqayyoos akkasuma ta’a jedhanii yaadu. Amaloota Waaqayyoo kan akka jaalalaa, kabajaa, tajaajilaa fi wal amanuu yommuu fakkeenya godhattan, ijoolleen keessan mana keessatti qajeelfamaa fi sirreeffama keessan fudhachuu ni danda’u. Macaafni Qulqulluun amala jaalala isa dhugaa akkasitti ibsa:

“Jaalalli obsa qaba, jaalalli gara laafessa. Hin hinaaftu, hin dhaadatu, hin boonu. Nama hin salphisu, of barbaaduu miti, salphaatti hin aarsu, badii homaa hin galmeessisu. Jaalalli hammeeniyatti hin gammadu garuu dhugaa waliin gammada. Yeroo hundumaa ni eega, yeroo hundumaa ni amana, yeroo hundumaa ni abdata, yeroo hundumaa ni obsa. Jaalalli yoomiyyuu hin dhabamu.” (1 Qor. 13:4-8)

Kun jaalala ati ijoolleekeetti argisiisuu qabduhda.

Gara Kiristoositti Isaan Gegeessi

Jaalala Waaqayyoo isaanitti argisiisuu irratti dabalee, ijoollee kee hariiroo dhuunfaa Yesuus Kiristoos waliin akka qabaatan gochuu qabda. Yeroon gaarii ati kana gochuu qabdu yeroo waaqeffannaa maatii ti. Waaqeffannaa akkasii keessatti karoora fayyinaa Waaqayyoo ijoollee keessaniif dhiyeessuu dandeessu. Sana booda, yommuu yeroon isaa ga’u, Kiristoosiin akka Fayyisaa isaaniitti akka fudhataniif isaan waliin kadhachuu dandeessa. Kana booda ijoolleen kee barumsa duukaa buutumaa barsiisuun fi cuuphaa bishaanii isaan cuuphaamuun Kiristoosiin duukaa bu’uuf murteessuu isaanii ifatti labsuun barbaachisaa dha. Akkasumas ijoollee keessan gara cuuphaa hafuura qulqulluutti gaggeessuu qabda. Sana booda amantii isaanii michoota isaaniitiif akka himan jajjabeessuu qabda.

Amala Isaanii Bocu

Amala ijoollee keessanii bocuuf karoora ifa ta'e qabaachuu qabdu. Atii fi haati manaa kee sirriitti dogoggoraa akkamitti akka adda baafatan akkasumas akamitti "hamaa hundumaa akka didan" isaan barsiisuun barbaachisaadha. (1Tas. 5:22). Ijoolleen keessanis amanamummaa fi cimani hojjechuun barbaachisaa ta'uu isaanii wajjin, safuu, gara laafessa fi aangoo akka kabajan barsiisuu qabda. Qajeelfamni kun jireenya keessatti akka milkaa'an gargaaruu keessatti karaa dheeraa ni deema.

Wantoota kana gochuu kan dandeessan jireenya qulqulluu mana keessatti fakkeenya ta'uudhaan, akkasumas ijoollee keessan wajjin dhimma naamusaa irratti mari'achuudhaani. Ijoolleen keessan warri isaanii garaadhaan qajeelummaa yommuu hojjetan arguun akkuma baratame si hordofuu barbaadu. Yeroo tokko tokko ijoollee keessan gocha gowwummaa fi nama miidhu irraa isaan deebisuuf jaalalaan adabuun isin barbaachisa (Fak. 29:15).

MAATII BAL'AA GARGAARUU

Akkasumas maatii keetii fi maatii hadha manaa keetiif jaalalaan akka yaaddu argisiisuu qabda. Miseensonni maatii bal'aan kun warra, obbolaa fi obboleettii, ilmaan obboleettii fi obboleessa, akkasumas tarii namoota biroo of keessatti qabachuu danda'a. Phaawuloos akkas jedhee barreesse, "Namni firoota isaa, keessumaa immoo maatii isaatiif wanta barbaachisu hin dhiheessine, amantii isaa ganeera, nama hin amanne caalaas hamaadha" (1Xim. 5:8).

Haa ta'u malee, yeroon gaaffiin miseensota maatii bal'aa qaban Caaffata Qulqullaa'oo wajjin wal faallessuu danda'u jira. Fakkeenyaaf, maatiin keessan gochaalee Macaafa Qulqulluu hin taane kan akka sirna dhaqna qabaa ykn maqaa daa'ima haaraa moggaasuu maatii keessan irratti fe'uuf yaalu danda'u. Yeroo akkasiitti, yaada dhihaate kana jaalalaan, garuu jabeessitee diduu qabda.

Karaan miseensonni maatii bal'aan gaaffii qabatamaa hin taane siifi maatii kee irra kaa'uu danda'an inni biraan yeroo dheeraaf mana kee keessa jiraachuu dha. Kanarraa kan ka'e, qabeenya maallaqaa, sammuu fi miiraa maatii keetii kan balleessan ta'u. Gaaffiin guddaan yeroo baay'ee haadha manaa soortuu irra kaa'ama. Hanga dadhabbiitti illee dhiibamuu dandeessi. Haala akkasii keessatti akka itti gaafatamaa manaatti haala jiru itti gaafatamummaa fudhachuu fi daangaa fayya qabeessa ta'e kaa'uu qabda.

Gorsa Phaawulos Ximotewosiif kenne, akkuma armaan olitti ibsame, namni tokko firootasaa, “keessumaa maatii isaaniitiif” kunuunsuu akka qabu yaadachuu qabda. Akka amanataa tokkootti itti gaafatamummaan kee inni jalqabaa maatii kee bal’aa osoo hin taane haadha manaa fi ijoollee keeti. Kanaaf, fira mufataa ta’e tokko ajaja Macaafa Qulqulluu hordofuun deebii deebisuu qabna “amanaa hojii hin qabnee fi jeequmsa kaasuu hundumaa irraa fagaadhu” (2Tas. 3:6), akkasumas “namni hojjechuu hin barbaanne akka hin nyaanne” yaadachiisuun barbaachisaa ta’uu danda’a. (lak 10).

Gaaffii miseensonni maatii bal’aan yeroo hunda gaafataniif deebii kennuu irra, atii fi haati manaa kee gargaarsa gosa akkamii akka isaaniif gootan dursitanii mar’achuun murteessuun gaarii ta’a. Kana gochuudhaan qajeelfamoota kanatti fufanii jiran irratti walii galuu qabdu: Maatii bal’aa gama lamaanii keessaa eenyutu gargaaramuu qaba ? Akkasumas, gargaarsi sun hanga yoomiitti itti fufee kennama?

Kaayyoon kee inni guddaan miseensota maatii kee hundaaf soogiddaa fi ifa ta’uudha. Aadaadhaaf baay’ee jilbeenfachuun tajaajila irratti bu’a qabeessa ta’uu dhabuu ni fida. Kanaaf, gargaaruu fi gargaaruu diduu gidduutti madaallii gara laafessa ta’e qabaachuuf carraaquu qabda. Kanas ta’e sana, yeroo hundumaa maatiin keessan miseensota maatii keessaniif dhugaa ba’uuf carraaquu qabu.

Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti, Waaqayyo ergama Isaa akka raawwatuuf waldaa akka geggeessitu si waamee jira. Haa ta’u malee, kana gochuu keessatti maatii ofii dagachuu hin qabdu. Gonkumaa akkas jechuu hin qabdu: “Ani warra badan Kiristoosiif booji’eera; haata’u malee maatii koo dhabeera.”



~ Boqonnaa 8 ~

Dursa Kadhannaa

Museen akkuma amala isaa kadhachuuf buufata sanaa ala gara dukaana walga'ii dhaqe. Yeroo hundumaa namoonni amala akkasiitiin isa beeku, wanta hojjechaa jiran gidduutti dhaabuudhaan hanga inni dukaana keessa seenutti isa ilaalu turan. Museen dukaana keessa utuu kadhachaa jiruu, utubaan duumessaa tokko gad bu'uun balbala dukaanichaa ni haguuga ture. Sabni yommuu kana argan dinqisiifatanii, Waaqayyoon waaqeffachuuf gad gugguufanii ni sagadu. Geggeessaan isaanii yeroo baay'ee Waaqayyoo wajjin akka haasa'u waan beekaniif, jajjabina ni argatu. Gochi Museen raawwate kun keessumaa Iyaasuu isa dargaggeessa gargaaraa isaa irratti dhiibbaa guddaa geessiseera. Yeroo baay'ee Musee duukaa bu'ee gara dukaana sanaa deemuun erga inni ba'eellee yeroo dheeraaf achi tura ture. Innis akka gorsaa isaa akka Musee ta'uu barbaade (cf. Ba'uu 33:8 11).

Wanti akka soortuu Waaqayyoon cimee kadhatuu waldaa ol kaasu hin jiru. Daabiloos digrii barnootaa keenya hin sodaatu. Akkasumas baajata waldaa keenya guddaa ykn gamoo keenya isa dinqisiisaa ta'e hin sodaatu. Wanti seexxanni sodaatu garuu kadhannaa keenya dha. Seexxanaa fi tuta isaa kan ta'an hafuuri xuraawonni sabni Waaqayyoo yommuu kadhannaa hafuuraan dibamee, amantiidhaan guutamee jilbeenfatani kadhatan ni raafamu. Soortuun Pheenxeqoosxee tokko waan biraatiin yoo caaluu baate illee, shaakala kadhannaatiin caaluu qaba.

JIREENYA KADHANNAA

Haaromsaan Pirootestaantii guddaan Maartiin Luuter yeroo tokko, “Amanaan tokko kadhannaa malee jirata jechuun, namni tokko hafuura osoo hin baafatiin jiraata” jechuudha jedhe. Wanti kun nama Kiristoositti amane hundumaaf dhugaa yoo ta’e, soortuu Pheenxeqoosxeetiif immoo dachaa lama dhugaadha. Namni tokko jireenya kadhannaa of kennuu malee akka soortuuwwan Pheenxeqoosxee warra dhugaa kanatti tajaajiluu hin danda’u. Yesuus duuka buutota isaa “yeroo hundumaa kadhachuu akka qaban malee abdi kutachuu akka hin qabne” barsiiseera (Luq 18:1).

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, Yesuusiin akka fakkeenya keetti fudhachuu qabda. Jireenyi fi tajaajilli Gooftaa guutuun kadhannaadhaan kan guutame ture. Luqaas “Yesus yeroo baay’ee bakka kophaa ta’etti deemee kadhata ture” (Luq 5:16) jedhee barreessa. Yeroo tokko, “kadhachuuf gara gaara tokkootti ba’ee, halkan guutuu Waaqayyoon kadhachaa ture” (6:12). Yeroo biraa immoo Pheexiroos, “Yohaannisii fi Yaaqoob fudhatee “kadhachuuf gaara tokkotti ol ba’e” (9:28). Dhugaa dubbachuuf, Yesus carraa argate hundumaatti kadhachaa ture. Akkuma Yesuus, saba Waaqayyoo geggeessuuf nama yeroo hundumaa kadhattu ta’uu qabda. Namni kamiyyuu amala kadhannaa itti fufiinsa qabu malee humna hafuuraatiin tajaajiluu hin danda’u.

Karaa kadhannaa tajaajilaaf of qopheessita. Kadhannaa keessaan , gara Waaqayyooitti dhihaatta (Yaaqoob 4:8; cf. Ibr. 10:22). Kana malees, humna hafuura Kiristoosiif jiraachuuf si barbaachisu, akkasumas humna tajaajila kee bu’a qabeessa ta’een raawwachuuf si barbaachisu ni argatta (Isa. 40:31; Far. 40:1-3).

Macaafni Qulqulluun, “Hafuuraan deddeebi’aa, fedhii fooniis hin guuttan” (Gal. 5:16) jedhee jajjabeessa. Kana gochuuf Waaqayyoo wajjin yeroo hundumaa walitti dhufeenya qabaachuun si barbaachisa. Walitti dhufeenya akkasii kan argamu kadhannaadhaan. Yeroo kadhannaa keessatti Hafuurri Qulqulluun sitti dubbatee jajjabinaa fi kallattii siif kenna. Kadhannaan hafuuraan dibame caalaatti lola hafuuraaf si qopheessa (Efe. 6:12, 18).

TAJAAJILA KADHANNAA

Jireenya kadhannaa guddifachuu kee irratti dabalettee, akka soortuu pheensexoosxeetti kadhannaan namoota biroo tajaajiluu ta'uu isaa beekuu qabda. Karaawwan kadhannaadhaan namoota biroo tajaajiltu sadeen haa ilaallu:

Kadhannaa Dhuunfaatiin Tajaajiluu

Tokkoffaa, kadhannaa dhuunfaatiin namoota kaan tajaajiluu dandeessa. Yesuus kadhannaa gosa kanaa kadhannaa dhoksa jedhee waame. Innis, “Yeroo kadhattan kutaa keessan seena, balbala cufadhaatii abbaa keessan isa hin mul’anne kadhadhaa” (Mat. 6:6) jedhee barsiiseera. Bakka dhoksa sanatti, Waaqayyo fedhii namoota biroo akka guutuuf kadhata. Yeroo kadhattu, Waaqayyo hojii jaalalaa kee akka arguu fi kadhannaa kee akka deebisu beektee, ofitti amanamummaadhaan Waaqayyoon kadhachuu dandeessa. Kutaadhuma kana keessatti Yesuus, “Abbaan keessan inni wanta dhoksaatti raawwatamu argu, isin badhaasa” jedhee waadaa galeera. Yeroon kadhannaa dhoksa keessan yoo xiqqaate bifa sadii qabaachuu ni danda’a:

1. *Kadhannaa waaqeffannaa.* Tokkoffaa, waaqeffannaadhaan kadhachuu qabda. Kana jechuun, gara Waaqayyotti dhihaachuun kadhannaadhaan yeroo dabarsuu qabda. Gochi kun hariiroo Gooftaa wajjin qabdu ni cimsa. Hafuura qulqulluudhaan yommuu kadhattu amantiin kee ni ijaarama, jaalala Waaqayyootiin isin ni eegamta (Yihu. 20-21; cf. Rom. 5:5). Hariiroo Waaqayyo wajjin qabu kanaan tajaajila kee milkiin raawwachuu ni dandeessa.¹

2. *Kadhannaa araarsuu.* Itti aansuudhaan, akkuma armaan olitti ibsame, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, Waaqayyo duratti yeroo dabarsuu qabda, fedhii warra kaaniif isa kadhachuu qabda—keessumaa fedhii warra waldaa kee wajjin walqabataniif. Yesuus yeroo baay’ee duuka buutota isaaniif kadhata ture (Yoh 17:9). Fakkeenyaaf, amantiin isaanii akka cimee itti fufuuf isaaniif kadhate (Luq 22:32). Dabalataanis Waaqayyo akka isaan eegu (Yoh 17:11-12, 15), fi gammachuu akka qabaatan kadhate (lak 13). Qulqullummaa isaaniif (lakk. 17-19) akkasumas tokko ta’anii akka jiraatan isaaniif kadhateera (lakk. 21-23).

Haaluma wal fakkaatuun, ergamaan Phaawulos saba Waaqayyootiif yeroo hunda kadhachaa ture. Innis amantoota Roomaa jiraniif, “Kadhannaa koo

¹ Waa’ee Waaqayyotti dhihaachuu ilaalchisee caalaatti hubachuuf, Boqonnaa 15: “isa Amala Waaqeffannaa Cimaa” jedhu ilaali.

keessatti yeroo hundumaa isinan yaadadha” jedhee barreesseera (Rom. 1:9-10). warra Efesooniin imoo akkas jedhe “Ani kadhannaa koo keessatti isin yaadachaa, isiniif galateeffachuu hin dhiisne” (Efe. 1:16; cf. Qol. 1:9). Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti fakkeenya Yesusii fi Phaawuloos hordofuun yeroo baay’ee kadhannaa keessatti dabarsuu qabna, warra kaaniif kadhachuun baarbaachisaadha.

3. *Soomaan kadhachuu.* Dhumarratti, akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti yeroo baay’ee soomaan kadhachuu qabda. Shaakalli soomaan kadhachuun kun immoo hafuurri kee Hafuura Waqqayyoo waliin akka wal qunnamu sigargaara. Soomaan Kadhannaa keessaan , foon kee Hafuura Qulqulluuf gara bitamuutti ni fidda, hafuurri kee sagalee hafuurraa caalaatti ifatti adda baasuuf qophaa’a (cf. Gal. 5:16-17).

Fulaa fi Fuulatti Namootaaf Kadhachuun Tajaajiluu

Kana malees, yeroo baay’ee namootaaf fuulaa fi fuulatti akka kadhhattuu fi tajaajiltu waamamteetta. Fuulaa fi fuulatti kadhachuun kan ta’u, yeroo nama waliin jirtuuf kadhattudha. Kadhannaan gosa kanaa yeroo baay’ee waldaa fuulduratti ni raawwatama. Akkasumas yeroo daawwannaa mana amantootaa deemnu ykn mana yaalaa keessatti kan raawatamu ta’uu ni danda’a. Yookiin yeroo bakka namoonni walga’anitti erga wangeela lallabnee booda kan raawwatamu ta’uu ni danda’a. Kadhannaan akkasii yeroo baay’ee harka irra kaa’uu ykn dibata dibuun kadhachuu of keessatti qabata (cf. HoE 19:6; Yaaqoob 5:14). Yeroo hundumaa amantiidhaan kadhachuu of keessaa qaba (Yaaqoob 5:15).

Qaamaan namoota waliin kadhachuu keessatti fakkeeniyota afur ilaaluun ni danda’ama: namootni fayyina lubbuu akka argataniif namoota waliin kadhachuu, namootni fayyina foonii akka argataniif namoota waliin kadhachuu, namootni hidhaa seexanaa irra akka bilisa ba’aniif namoota waliin kadhachuu, akkasumas namootni hafuura qulqulluudhaan akka guutamaniif isaan waliin kadhachuu. Tokkoo tokkoo hojii tajaajilawwan armaan olii kana irratti ga’umsa qabaachuu qabda. Haala tokkoo tokkoo isaanii keessatti, Dubbii Waqqayyootti amanamummaa akka qabdu argisiisuu, jechoota amantii fi jajjabinaa dubbachuu, akkasumas namoota dhuunfaa wajjin kadhachaa jirtuuf garaakee irraa akka yaadduuf argisiisuu qabda.²

² Namoota dhuunfaaf kadhachuu ilaalchisee odeeffannoo dabalataa argachuuf, Boqonnaa 20: “Amantoota gara Cuuphaa Hafuuraatti Qajeelchuu” ilaali; Boqonnaa 21:

Kadhannaa Saba Waliin Ta'uun Tajaajiluu

Yeroo tokko tokko kadhannaa waltajii irratti akka kadhatu ni waamamta. Soortuwwan tokko tokko Sanbata guddaa yeroo hundumaa ganama ganama waldoota isaanii keessatti kadhannaa gaggeessu. Kana malees, soortuun Pheenxeqoosxee yeroo baay'ee walga'ii ummataa kan akka awwaalchaa fi cidha irratti akka kadhatu ni afeerama. Yeroo akkasiitti akka kadhattu yeroo gaafatamtu, kadhannaa kee ulfinaa fi tolaan dhiheessuu qabda. Kadhannaan kee ummata duratti gootu garuu gonkumaa agarsiisa ykn sirna qofaaf dhihaachuu hin qabu. Yeroo hundumaa garaa qulqulluudhaan kadhachuu qabda. Yesuus, “Yeroo kadhattan, akka warra fakkeessitootaa hin ta'inaa, isaan mana sagadaa keessas ta'ee daandii irra dhaabbatanii kadhachuu waan jaallataniif” (Mat. 6:5) jedhee akeekkachiiseera.

WALDAA KIRSTAANAA KADHANNAADHAAN GEGGEESSUU

Soortuun Pheenxeqoosxee jireenya kadhannaa dhuunfaa isaa guddifachuu qofa osoo hin taane, waldaa naannoo bakka itti tajaajilu keessatti tajaajilli kadhannaa cimaa akka jiraatu gochuu qaba.

Waa'ee Kadhannaa Lallabuu fi Barsiisuu

Tajaajila kadhannaa cimaa waldaa keessatti babal'isuuf, furtuu inni guddaan mata duree kana irratti yeroo baay'ee lallabuu fi barsiisuudha. Kana gochuudhaan ammas fakkeenya Yesus hordofuu dandeessa, inni ofii isaatii dhimma kadhannaa irratti waan baay'ee barsiise (cf. Luq. 18:1; Mat. 6:5-15).

Kadhannaa yeroo darbee keessatti Waaqayyo akkamitti akka deebise isaaniif dhugaa ba'umsa qooduudhaan akka amantoonni kadhatan, jajjabaatan gargaaran ni dandeessa. Dhugaa ba'umsi kun Macaafa Qulqulluu irraa, seenaa irraa, ykn

“Humna Hafuuraatiin Tajaajiluu”; akkasumas Boqonnaa 22: “Lola Hafuuraa Irratti Bobba'uu.” Akkasumas, kitaaba, Power Encounter: Servicing in the Power and Anointing of the Holy Spirit, jedhu kan Denzil R. Miller barreesse, kan namoota fayyuuf, hafuuraan guutamanii fi garbummaa Seexanaa jalaa bilisa ba'uuf namoota wajjin kadhachuu irratti gorsa gargaaru kennu ilaali. Bifa kitaaba elektirooniksii (PDF) tiin bilisaan DecadeofPentecost.org irraa buufachuun ni danda'ama.

jireenya yeroo sanaa irraa fudhatamuu ni danda'a. Dabalataanis yeroo fudhattee faayidaa fi shaakala kadhannaa irratti barumsa qabatamaa barsiisuu qabda.³

Kadhannaan Fakkeenya Ta'uu

Waa'ee kadhannaa barsiisuu qofa osoo hin taane amantoota akkamitti akka kadhatan agarsiisuu qabda. Ammas, Yesuus akkasitti duuka buutota isaa barsiise. Dubbiin qofa osoo hin taane, jireenya isaatiin isaan agarsiise. Isaan duratti akkaataa jireenyaa kadhannaan fakkeenya ta'e. Duuka buutonni Yesuus akkamitti Abbaa Isaa isa Waaqa irraa wajjin yeroo hundumaa walitti dhufeenyaan akka deemu hubataniiru. Yeroo tokko, kadhannaa isaa erga ilaalanii booda, "Gooftaa, akkuma Yohaannis bartoota isaa barsiise, kadhachuu nu barsiisi" jedhanii isa gaafatan (Luq 11:1). Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti jireenya kadhannaa akkasii jiraachuu qabda, miseensonni kee, "Soortu, akkuma Yesuus duuka buutota isaa barsiise, kadhachuu nu barsiisi" jedhanii sigaafachuu qabu.

Kadhannaaf Qindeessuu

Kana malees, waldaa kee kadhannaaf qindeessuun dirqama. Kana gochuu kan dandeessu garee kadhannaa ijaaruuf akkasumas taateewwan kadhannaa saganteessuudhaan, akka armaan gadiitti haa ilaallu:

Garee kadhannaa ijaaruu. Waldaa keessatti gareewwan kadhannaa addaa akka ijaaraman jajjabeessuu barbaachisaadha. Gareen kunniin gargaartota tajaajiloota jiran kanneen akka tajaajila dhiiraa, tajaajila dubartootaa, tajaajila dargaggootaa, fi kanneen biroo ta'anii ijaaramuu danda'u. Akkasumas fedhii addaa waldaa, hawaasa, saba, ykn addunyaa keessatti mul'atu furuuf ijaaramuu danda'u. Fedhiiwwan kun hawaasummaa ykn hafuuraa, naannoo ykn addunyaa ta'uu danda'u. Fakkeenyaaf miseensonni tokko tokko waldaa keessatti akka haaromfamuuf kadhachuu kan barbaadan yoo ta'u, kaan immoo biyya keessatti nagaan akka jiraatu kadhachuu barbaadu ta'a. Fedhiiwwan biroo hedduun kadhannaa barbaadan adda baasuun ni danda'ama.

Taateewwan kadhannaa saganteessuu. Akkasumas sagantaa kadhannaa hedduu karoora waldaa kan waggaa keessatti karooruu ni barbaadda ta'a.

³ Kadhannaa ilaalchisee yaada lallabaa fi barsiisaa kitaaba, Kadhannaa Sabootaaf Araarsisuu: Kadhannaa Ergamaa ilaalchisee Kadhannaa Lallaba 100 jedhu keessatti argachuu dandeessu, kunis bifa kitaaba elektirooniksiitiin (PDF) bilisaan DecadeofPentecost.org irraa buufachuu dandeessu.

Boqonnaa 8: Dursa Kadhannaa

Waldaadhaaf tajaajila kadhannaa dhaabataa kan akka kadhannaa torbee walakkaa akka qabaattu karoorsuu qabda. Akkasumas sagantaa kadhannaa addaa karoorsuu ni barbaadda ta'a.

Fakkeenyaaf, soortuun Pheenxeqoosxee tokko torban tokkoof kadhannaa yeroo dheeraa fi soomaan kadhannaa waggaa al lama baatii Guraandhalaa fi Hagayya keessa beellama qabateera. Sagantaa kanaaf qophaa'uudhaan miseensota isaa, maatii isaa, hiriyoota isaa, ollaa isaa fi namoota wajjin hojjetan irraa mataduree kadhannaa akka walitti qaban jajjabeesse. Sana booda mataduree kadhannaa kana unka addatti qophaa'an irratti barreessanii miseensotaaf raabsudhaan yeroo walga'ii kadhannaa ganamaa fi galgalaa irratti kadhatamu turan. Shaakala kanaan eebbi guddaan waldaa fi hawaasaaf dhufe.

Waldoonni Pheenxeqoosxee hedduun waggaa waggaa walga'ii kadhannaa walitti aansuun hanga Wiixata Pheenxeqoosteetti geessu beellama. (Dilbatni Pheenxeqoosxee yeroo hundumaa dilbata Faasikaa booda torban torba booda dhufa.) Walgahii addaa kana keessatti miseensoni Waaqayyo hafuura isaa waldaa irratti akka dhangalaasu waamu. Akkasumas yeroo ayyaana Pheenxeqoosxeetti kiristaanonni hedduun hafuura qulqulluudhaan humna akka argatan kadhatu (HoE 1:8; 2:4). Akkasumas akkuma Guyyaa Pheenxeqoosxee jalqabaatti ta'e baay'een gara Gooftaa akka dhufan kadhatu (2:41).

Akkasumas hojjetoota waldaa fi geggeessitoota waliin waggaa waggaa kadhannaa boqonnaa saganteessuu kan barbaaddan ta'a. Waldaadhaaf cimsa kadhannaa kam saganteessuu akka qabdu qajeelfama Gooftaa cimsitee barbaaduu qabda.

Ergama Waaqayyoof kadhachuu

Xiyyeeffannaan kadhannaa tokko waldaa Pheenxeqoosxee Afrikaa hunda keessatti argamu qaba. Soortuun Pheenxeqoosxee waldaan isaa ergamni Waaqayyoo biyya lafa irratti akka galma'an geesuuf yeroo hunda akka kadhattu mirkaneessuu qaba. Kun gaaffii kadhannaa Yesuus ture, tuffatamuu hin qabu (Mat. 9:37-38). Kanaaf waldaa kee hawaasa kee, saba kee, ardii kee, fi addunyaa kee keessatti guddina mootummaa Waaqayyoof kadhannaan of kennuudhaan geggeessuu qabda. Ergamtoota waldaa biyya keessaniin ergamaniif, akkasumas warra yaa'ii naannoo keessaniitiin deeggaramaniif kadhannaadhaan isaan geggeessuu qabdu. Akkasumas gareewwan namootaa wangeelli hin qaabne

kumaatamaan lakkaa'aman addunyaa kanarra jiraniif yeroo baay'ee kadhachuu qabda.⁴

WAL-GA'II KADHANNAA GEGGEESSUU

Soortuun Pheenxeqoosxee akkaataa walga'ii kadhannaa sirnaan gaggeessuu beekuun barbaachisaadha. Walga'ii kadhannaa bu'a -qabeessa ta'e geggeessuuf qajeelfamoota qabatamaa ta'an tokko tokko kunooti.

Dursanii Karoorsuu

Akkuma sagantaan barbaachisaa waldaa keessatti raawwatamu kamiyyuu, walga'iin kadhannaa bu'a qabeessa akka ta'uuf dursitee karoorfachuun si barbaachisa. Yeroo fi bakka walga'iin kadhannaa itti gaggeeffamu filachuun murteessaadha. Dabalataanis kaayyoo walga'ii kadhannaa fi xiyyeeffannaan isaa maal akka ta'u murteessuun si barbaachisa. Akkasumas, qabxiiwwan kadhannaa walga'icha irratti ibsamuu qaban tarreessuun si barbaachisa. Akkasumas waa'ee meeshaalee kadhannaa sanaa odeeffannoo barbaachisaa ta'e walitti qabuun si barbaachisuu danda'a. Sana booda odeeffannoo kana walga'ii kadhannaa keessatti yeroo barbaachisaa ta'etti hirmaattotaaf ni qoodda.

Yeroo Eegi—Xiyyeeffannoon Turi

Walga'ii kadhannaa yommuu geggeessitu, yeroo qabatee kaayyoo kee irratti xiyyeeffachuu si barbaachisa. Kana jechuun walga'ii kadhannaa yeroo murtaa'etti jalqabuu fi xumuruu qabda. Namoonni tokko tokko hojiin kan itti baay'atu si'a ta'an, yeroo isaanii yommuu ati kabajuuf si jajjachuun isaanii hin oolu. Kana irraa kan ka'e, walga'iiwwan kadhannaarratti argamuuf carraan isaanii guddaa ta'a.

Kana malees, walga'ii kadhannaa yommuu geggeessitu kaayyoo kee irratti xiyyeeffachuu qabda. Kana jechuun walga'iin kadhannaa asii fi achi akka naanna'u hin eeyyamtu, garuu galma kee irratti ni xiyyeeffatta jechuudha. Jalqaba walga'ii kadhannaa irratti yeroo gabaabaaf of kennuu fi yeroo gabaabaaf faarfachuun sirrii dha. Haa ta'u malee, harki guddaan walga'ii kadhannaa irratti xiyyeeffatee turuu qaba.

⁴ Odeeffannoo waa'ee gareewwan namootaa wangeelli isaan hin dhaqqabne (UPGs) interneeitii irraa www.JoshuaProject.net irraa argachuu dandeessu.

Hafuuraaf Banaa Ta'i

Walga'iin kadhannaa haala gaariin kan qindaa'ee fi xiyyeeffannoo kan qabu yoo ta'u, geggeessaan walga'ii yeroo hundumaa sochii hafuura qulqulluuf banaa ta'ee turuu qaba. Inni ykn isheen namootni hafuuraan akka kadhatan jajjabeessuu qabu (Rom. 8:26-27; 1Qor. 14:15: Efe. 6:18) akkasumas qajeelfama hafuura fi mul'achuu kennaa hafuuraatiif banaa ta'ee jiraachuu qaba (1Qor. 14:26).

WALGA'II KADHANNAA FAKKEENYA TA'E

Namni tokko, “Walga'iin kadhannaa Pheenxeqoosxee maal fakkaachuu qaba?” Gaaffii kanaaf deebiin isaa Macaafa Qulqulluu keessatti argama. Macaafni Hojii Ergamootaa fakkeenya walga'ii kadhannaa fakkeenya waldaa jalqabaa keessatti nuuf kenna. Walga'iin kadhannaa kun kan raawwatame Guyyaa Pheenxeqoosxee erga raawwate yeroo muraasa booda.

Waldaan kun ari'atama guddaa keessa ture. Hoggantoonni Yihudootaa Pheexiroosii fi Yohaannis qabani. Sana booda isaan doorsisuun maqaa Yesusiin lallabuu akka dhiisan ajajan. Ergamoota lamaan yeroo gadhiisan gara waldaa deebi'anii waan isaan mudate gabaasan. Kiristaanonni kadhachuu jalqaban. Kadhannaan isaanii fi bu'aan kadhannaa isaanii Hojii Ergamootaa 4:23-31 irratti galmaa'ee jira. Walga'ii kadhannaa kanarraa, har'a walga'ii kadhannaa keenya akkamitti geggeessuu akka qabnu ilaalchisee barumsawwan barbaachisoo sadii baranna:

Maalummaa Kadhannaa Keenyaa

Tokkoffaa, waa'ee maalummaa kadhannaa keenyaa, ykn akkamitti kadhachuu akka qabnu ni baranna. Macaafni Qulqulluun waa'ee kiristaanota jalqabaa sana “waaqayyoon yommuu kadhatan sagalee isaanii ol kaasaniiru” jedha (HoE 4:24). Akkasitti, kadhannaan isaanii ciminaan kan guutame (“sagalee isaanii ol kaasan”) akkasumas tokkummaa kan qabu (“sagalee isaanii waliin ol kaasan”). Nutis yommuu walitti dhufnee kadhannu, Waaqayyoon cimsinee barbaaduu qabna, akkasumas tokkummaan kadhachuu qabna. Kana malees kadhannaan keenya amantiidhaan dhihaachuu qaba (Mar. 11:24). Warri guyyaa sana Yersaaleemitti kadhatan Waaqayyo kadhannaa isaanii dhaga'ee akka deebisu guutummaatti eegaa turan. Har'as nuti akkasuma akkasuma gochuu qabna.

Qabiyyee Kadhannaa Keenyaa

Itti aansuudhaan waa'ee qabiyyee kadhannaa keenyaa, ykn maal kadhachuu akka qabnu ni baranna. Amantootni jalqabaa sun rakkina hedduu kan qaban ta'us, kadhannaan isaanii rakkinasaaniirratti hin xiyyeeffanne. Isaan kana caalaa xiyyeeffannaa isaanii humnaa fi guddummaa Waaqayyoo irratti xiyyeeffatan (HoE 4:24-25). Akkasumas fedhi Waaqayyoo akka raawwatamuuf kadhatan (lak 26-28). Dabalataanis wangeela labsuuf Waaqayyoo humnaa fi ija jabina akka isaaniif kennu, ari'atamaa gidduu ta'anii kadhatan (lakk. 29-30). Waaqayyoo "harka isaa akka diriirsu" gaafachuudhaan, hafuura isaatiin humnaan akka socho'u isa gaafachaa turan (cf. Hiz. 37:1; Luq. 11:20 Mat. 12:28; HoE 11:21).

Bu'aa Kadhannaa Keenyaa

Dhumarratti yommuu kadhannu maaltu ta'a jennee eeguu akka dandeenyu baranna. Akka amantoota jalqabaa sanaa yommuu kadhannu, nutis Waaqayyoo walga'ii kadhannaa keenya irratti argamuun isaa akka beeksisu eeguu dandeenya. Macaafni Qulqulluun, "Erga kadhatanii booda bakki isaan itti wal argan ni raafame. Hundi isaaniis hafuura qulqulluudhaan guutamarii ija jabinaan dubbii Waaqayyoo dubbatan" (HoE 4:31). Akkuma isaan kadhatan yeroo kadhannu, Waaqayyoo akkuma kadhannaa isaaniif deebii kenne kadhannaa keenyaaf deebii akka kennu eeguun barbaachisaadha. Hafuura Qulqulluun guutamnee warra badaniif babaaduu akka dandeenyuuf isa eeggachuu ni dandeenya.

~ KUTAA 3FFAA ~



AMANTAA SOORTUU
PHEENXEQOOSXEE



~ Boqonnaa 9 ~

Macaafa Qulqulluu Amanuu

Kaartaan guddaan Afrikaa dallaa fuulduraa gamoo waajjira muummee Afrikaas Hopi jedhamu kan Springfiild, Missuurii, USA keessatti argamu irratti fe’amee jira. Kaartaa kana irratti fakkii nama Afrikaa harka isaa fuuldura isaatti diriirsetu ka’amee jira. Harka namichaa keessa Macaafa Qulqulluu jira. Wangeela lallabaa jira. Fakkiin kun lallabdoota Pheenxeqoosxee kumaatamaan lakkaa’aman guutuu Afrikaa keessatti amanamummaadhaan warra dhaga’an hundaaf sagalee Waaqayyoo labsan bakka bu’a. Dabalataanis hariiroo addaa soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu isaa wajjin qabu bakka bu’a.

Kitaabni akka Macaafa Qulqulluu addunyaa kanarra hin jiru. Seenaa sirritti kan walqabsiisu ta’us, kitaaba seenaa caalaa waan ta’eef. Amala sirrii yoo barsiisu kitaaba naamusaa barsiisu kam iyyuu ni caalaa. Falaasoonni gad fageenya yaad-rimee isaa ni dinqisiifatu, ta’us Macaafni Qulqulluun kitaaba falaasama caalaa waan ta’eef. Macaafni Qulqulluun “dubbii Waaqayyoo” (Rom. 3:2) of keessaa qaba. Haala cubbuu dhala namaa kan mul’isu yoo ta’u, karaa Kiristoos gara fayyinaatti geessu agarsiisa. Boqonnaan kun walitti dhufeenya addaa soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu akka sagalee Waaqayyootti qabu ni qorata.

AKKAMITTI SOORTUUN PHEENXEQOOSXEE MACAAFA QULQULLUU ILAALAN

Soortuuwan Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluuf kabaja guddaa qabu. Isaan ergaa Waaqayyoo dhala namaaf kenne —dubbii Waaqayyoo kan bara baraa – ta’uu isaa ni amanu. Soortuuwan Pheenxeqoosxeetiif Macaafni Qulqulluun tajaajilaa fi shaakala hundaaf akka bu’uuraatti tajaajila. Keewwatni Iffaan “Ibsa Amantii Waldaa Yaa’ii Waaqayyoo Addunyaa” mata duree “Kaka’umsa Caaffata Qulqullaa’oo” jedhuun ilaalcha soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu ilaalchisee qabu gabaabsee ibsa: “Caaffanni Qulqullaa’oon, Kakuu Moofaas ta’e Kakuu Haaraa, geggeeffama hafuura Waaqayyoon kan barreeffame yoo ta’u, namaaf mul’ata Waaqayyoo dha, seera amantii fi amala dogoggora hin qabne fi aangoo kan qabudha (2Xim. 3:15-17; 1Tas. 2:13; 2Phe. 1:21).”¹ Ibsi kun maal jechuu akka ta’e yaada fooyya’aa argachuuf, bakka afuritti qoodnee haa ilaallu:

Jechootni Kan Hafuurfamanidha

Tokkoffaa, soortuun Pheenxeqoosxee “Caaffanni Qulqullaa’oon, Kakuu Moofaas ta’e Kakuu Haaraa, hafuura Waaqayyootiin kan barreeffamedha” jedhee amana. Caaffanni qulqullaa’oon *hafuura Waaqayyootiin kan barreeffame yoo jennu*, Waaqayyoo olaantummaadhaan raajotaa fi ergamoota durii irratti socho’ee, yaada inni filate akka barreessan karaa ol’aanaa ta’een qajeelche jechuu keenya. Phaawuloos dhugaa kana mirkaneessee, “Caaffanni qulqullaa’oon hundinuu Waaqayyoon kan hafuura baafatudha” (2Xim. 3:16). Phexros adeemsa uumamaa ol ta’e kana bal’inaan akkas jechuudhaan ibseera: “Hunda caalaa raajiin Caaffata Qulqullaa’oo keessatti dubbatame tokko illee hiikkaa raajii sanaan akka hin uumamne hubadhaa. Raajiin fedha namaa irraa ka’ee hin beeku, garuu raajonni nama ta’anillee, hafuura qulqulluudhaan akkuma fe’amaniitti Waaqayyoo biraa dubbataniiru” (2Phe. 1:20-21).

Macaafni Qulqulluun *hafuura Waaqayyootiin kan barreeffame yommuu jennu*, kaka’umsi Waaqayyoo jechoota barreeffamicha keessatti argaman filachuu isaalee dabalata jechuu keenya. Waaqayyoo yaada Caaffata Qulqullaa’oo kan madisiise qofa osoo hin taane, adeemsa barreessuu sana to’ateera, jechoota yaadonni kun itti ibsaman filateera. Yesuus dhugaa kana yeroo mirkaneesse, “Qalma xiqqoollee seericha keessaa ba’uu irra samiifi lafti baduun salphaadha”

¹ Ibsa Dabalataa 1: “Ibsa Amantii Waldaa Walta’iinsa Waaqayyoo Addunyaa” ilaali.

(Luq 16:17) jedheera. Kanaafuu jechoonni Caaffata Qulqullaa'oo keessatti argaman hundi kan hafuura qulqulluudha jechuudha. Jechoonni sun achi jirachuun isaanii waan Waaqayyo achitti akka argaman barbaadef dha.

Macaafni Qulqulluun hafuuraan kan barreeffame waan ta'eef, sagalee Waaqayyoo jedhamee waamamuu isaa sirrii dha. Dhugaa dubbachuuf, Macaafni Qulqulluun yeroo afurtamaa ol “dubbii Waaqayyoo” ykn “dubbii Gooftaa” jedhee of waama.

Mul'ata Waaqayyoo

Soortuun Pheenxeqoosxee dabalataan Macaafni Qulqulluun “mul'ata Waaqayyoo biraa namaaf kenname” ta'uu isaa ni amana. Kana jechuun Waaqayyoo dhala namaatiif fedha isaa karaa jechoota Caaffata Qulqullaa'ootiin mul'isee jira jechuudha. Macaafni Qulqulluun akka namoonni Isa, hojii isaa, fi karaa isaa beekaniif barreeffame. Waaqayyoo Macaafa Qulqulluu nuuf kennuudhaan Waaqa of mul'isu ta'uu isaa of argisiiseera. Waaqayyoo dhiironni fi dubartoonni hundi bakka hundumaatti akka isa fi karoora fayyinaa isaa akka beekan barbaadu Macaafni Qulqulluun ragaadha.

Dogoggora Kan Hin Qabne

Dabalataanis, soortuun Pheenxeqoosxee Macaafni Qulqulluun dogoggora kan hin qabne ta'uu isaa ni amana. Macaafni Qulqulluun dogoggora hin qabu jechuun yaada dogoggora of keessaa hin qabu jechuu dha. Jechoonni Caaffata Qulqullaa'oo hafuura Waaqayyootiin kan barreeffaman waan ta'aniif, yaad-rimeen isaa dhugaa fi ibsi isaa sirrii dha. Faarfatichi, “Dubbiin gooftaa mudaa hin qabu” (Faar. 18:30) jedhee labseera. Yesuus dhugaa kana mirkaneessee, “Samii fi lafti ni darba, dubbiin koo garuu yoomiyyuu hin darbu” (Mat. 24:35).

Macaafni Qulqulluun dogoggora akka hin qabne yeroo dubbannu hiika addaa Macaafa Qulqulluu kamiyyuu akka hin eerre soortuun Pheenxeqoosxee hubachuun barbaachisaa dha. Caaffatni Qulqullaa'oon barreeffama harkaa jalqabaa irraa kaasee akka dogoggora hin qabnetti ilaalla. Haata'umalee, namoonni Macaafa Qulqulluu afaan addaa addaatti hiikan, barreeffamicha sirriitti hiikuuf cimani hojjetu. Kanas ta'e sana, nama waan ta'aniif dogoggorri uumamuun waan hin oolledha. Dogoggorri kun garuu xixiqqoodha. Yeroo har'aatti, Macaafni Qulqulluun keenya jechoota Waaqayyoo barreessitoota jalqabaatiif akkuma mul'atanitti sirriitti akka calaqqisiisan ofitti amanamummaa qabaachuu dandeenya.

Amantii fi Amala Irratti Aangoo qaba

Dhumarratti, soortuun Pheenxeqoosxee Macaafni Qulqulluun “seera amantii fi amala irratti aangoo qaba” akka ta’e amana. Macaafni Qulqulluun dhiirri ykn dubartiin maal amanuu akka qabaniif fi akkamitti jiraachuu akka qaban itti hima. Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyoo waan ta’eef, aangoo-qabeessa. Kana jechuun barumsi isaa amanamuu qaba, ajajni isaaf bitamuu barbaachisaadha. Daawit Mootichi dhugaa kana hubateera. Sagalee Waaqayyoo “miila kootiif ibsaa, karaa koo irratti ifa” jedhee waame (Faar. 119:105).

SOORTUUN PHEENXEQOOSXEE MACAafa QULQULLUU AKKAMITTI HUBATU

Egaa soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu akkamitti ilaaluu qaba? Caaffata Qulqullaa’oo ilaalchisee ilaalchaa fi yaada akkamii qabaachuu qaba? Macaafni Qulqulluun dhuguma sagalee Waaqayyoo ta’uu isaa amanuudhaan, soortuun Pheenxeqoosxee ilaalcha sadiitiin Macaafa Qulqulluutti dhiyaachuu qaba:

Kabaja Qulqulluu

Jechoonni Caaffata Qulqullaa’oo garaa Waaqaa isa qulqulluu keessaa waan ba’aniif, Macaafni Qulqulluun mataan isaa qulqulluudha. Akkasumas Macaafni Qulqulluun qulqulluu waan ta’eef, soortuun Pheenxeqoosxee kabaja olaanaa qabachuu qaba. Sagalee Waaqayyoo kabajuu fi kabaja qulqulluudhaan ilaaluu qaba. Phaawulos Kiristiyaanota Tasaloonqee keessa jiran ilaalcha akkasii qabaachuu isaaniitiin akkas jechuudhaan galateeffateera: “Isin dubbii Waaqayyoo yommuu fudhattan,...akka dubbii namaatti utuu hin ta’in, akkuma jirutti, dubbii Waaqayyoo isa isin warra amantan keessatti hojjetutti fudhattan ” (1Tas. 2:13). Soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu akka jecha Waaqayyootti waan kabajuuf, waan inni barbaade akka dubbatu gochuuf yaaluuf barsiisa isaa jallisuu irraa of qusata. Pheexiroos warri kana godhan “badiisa ofii isaaniitiif” akka raawwatan akeekkachiisa (2Phe. 3:16).

Jaalala Gadi Fagoo

Soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu kabajuu qofa osoo hin taane, barsiisa isaatiif jaalala garaadhaa qabaachuu qaba. Barreessaan Faarfannaa 119ffaa, jaalala akkasii Dubbii Waaqayyoof qabu argisiisa. Faarfannaan kun

caqasoota 176 kan qabu yoo ta’u, Macaafa Qulqulluu keessatti boqonnaa dheeraa ta’uuf ulaagaa guuta. Innis kadhannaa waaqayyooti dhihaatedha.

Kadhannaa dinqisiisaa kana keessatti, barreessaan kun jaalala Dubbii Waaqayyoo qabu irra deddeebi’ee ibsa. Fakkeenyaaf, Waaqayyoon, “Abboomii kee waanan jaalladhuuf nan gammada” (lakk. 47) jedha. Akkasumas, dubbii isaa jireenya isaa irratti dhiibbaa akkamii akka geessise Waaqayyoon yaadachiisa: “Lubbuun koo yeroo hundumaa seera kee hawwuudhaan ni dhumatti....Seerri kee natti tola; isaan gorsitoota kooti” (lakk. 20, 24). Akkuma Faarfataa, soortuun Pheenxeqoosxee jaalala garaadhaa Dubbii Waaqayyoo qabu horachuu qaba.

Ofitti amanamummaa Cima

Dabalataanis, soortuun Pheenxeqoosxee Macaafni Qulqulluun Waaqayyoon kan hafuura baafatame ta’uu isaa dhuguma waan amanuuf, ofitti amanamummaa cimaadhaan itti dhiyaata. Labsii inni labsu amanuu akka danda’u, akkasumas waadaa inni kennu amanuu akka danda’u ni beeku. Soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu guutummaatti waan amanatuuf, akkuma Abrahaam, wanta Waaqayyoo abdachiise akka raawwatu guutummaatti ni amana (Rom. 4:21).

Kanaaf akkamitti jireenya Kiristoos akka jiraatan saba keetti agarsiisuu qabda. Kana gochuuf, ulaagaa Kiristiyaanonni jireenya qulqullaa'aa fi qulqulluu jiraachuu qaban irratti yeroo baay'ee barsiisuu fi lallabuutu si barbaachisa. Jireenyi akkasii maal akka fakkaatu daran ummatatti agarsiisuu qabda. Phaawuloos amantoota Filiphisiyyusitti “Nuyi isin warra amantan keessaa hammam qulqulluu, qajeeloo fi mudaa hin qabne akka turre isin dhugaa baatu, Waaqayyos akkasuma” jedhee isaan yaadachiise (1Tas. 2:10). Dabalataanis amantoota gorseera, “Akkuma ani fakkeenya Kiristoos hordofu, fakkeenya koo hordofaa” (1Qor. 11:1). Miseensota waldaa keetiif jecha wal fakkaatu dubbachuu danda'uu qabda.

Pheenxeqoosheen dhugaa gonkumaa gara bifa amanti biraatti gadi bu'uu hin danda'u; amantiin sun hammam dhugaa ta'us jechuudha. Amantiin Pheenxeqoosxee gara jireenyaa muuxannoo fi shaakala amantoota jaarraa tokkoffaa akka macaafa Hojii Ergamootaa fi barreeffamoota ergamoota keessatti ibsametti of wal simsiisuu barbaaduu qabdi. Kanaaf soortuun Pheenxeqoosxee hunduu waldaa isaa gara muuxannoo fi shaakala dhugaa Pheenxeqoosxeetti gaggeessuuf kaayyeffachuu qaba.



~ Boqonnaa 12 ~

Hambaa Pheenxeqoosxee Leellisuu

Leila McKinney Afrikaa keessatti ijoolleef ergamtuu Pheenxeqoosxee jalqabaa ta'uu hin ooltu. Isheen guyyoota jalqabaa dhangala'uu Hafuura Qulqulluu Los Angeles karaa Azusa, California, USA, bara 1906 hanga 1908tti Hafuuraan guutamte. Hinaaffaan ergamaa sochii hafuuraa sana kan guute ture; Leilan adaadaashee Juuliyaa akkasumas kanneen biroo waliin wangeela lalabuuf gara Afrikaa deeman. Leilan gaazexaa *The Apostolic Faith* jedhamu kan koree ergamaan maxxanfame irratti akkas jechuun barreessiteetti, “Ani Afrikaa keessatti akka inni na geggeessu nan amana. Gooftaan akka ani achi deemu ni barbaada. Uummataaf dhugaa ba'uu fi waa'ee Gooftaa ijoollee barsiisuuf, akkasumas Gooftaadhaaf hojjechuun barbaada. Isaaf jedhee namoota ani jaalladhu hunda dhiisuuf fedhiin qaba.” Seenaan Leila McKinney miliyoonaan kan lakkaa'aman sochii Pheenxeqoosxee Afrikaa marsanii jiran keessaa tokkodha.

Soortuun Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiru akkamitti ergaan Pheenxeqoosxee gara ardii kanaatti akka dhufe hubachuu fi leellisuun murteessaadha. Soortuun Afrikaa tokko yeroo tokko, “Eessaa akka dhufne yoo hin beekne, eenyu akka taane, ykn garamitti akka deemnu hin beeknu” jechuun yaada kenneera. Yoo seenaa keenya darbe hin hubannu ta'e, nuyi akka bidiruu waan oofu hin qabneetti. Kallattii fi kaayyoo ifa ta'e tokko malee yoo sochoona ta'e balaa kaayyoo malee oofamuu keessa jirra. Haa ta'u malee, eessaa akka dhufnee fi

maaliif akka as geenye yoo beekne ofitti amanamummaadhaan gara fuulduraatti tarkaanfachuu dandeenya.

Boqonnaan kun waa'ee jalqaba amantii Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti gaaffilee barbaachisoo hedduu deebisa: Ka'umsi sochii Pheenxeqoosxee ammayyaa maali? Afriikaa yoomii fi akkamitti dhufe? Ayyaanni Pheenxeqoosxee ardii kana keessa akkamitti babal'ate? Waldaan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti har'a qormaata akkamii mudata? Fuuldurri Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti maal fakkaata?

SOCHII JALQABAA

Dhuma Muddee 1900tti, mana barumsaa Macaafa Qulqulluu xinnoo Toopekaa, Kaansas, Yunaayitid Isteetisitti argamu keessatti, Chaarlis Fooks Paarhaam barattoota isaatiif ramaddii qorannoo kenne. “Ragaa Macaafa Qulqulluu” hafuura qulqulluudhaan cuuphamuu isaa argachuuf Caaffata Qulqullaa'oo akka qoratan itti hime. Barattoonni yeroo qorannoo cimaa erga gaggeessanii booda argannoo isaanii Paarhaamiif dhiyeessan. Ragaan qorannoo isaanii inni dhuma kan mul'isu, macaafni Qulqulluun namootni Hafuura Qulqulluun cuuphman hundi akka hafuurichi dubbachuu isaa isaaniif kennetti afaan haaraan dubbatan isa jedhu ture.

Guraandhala 1, 1901 halkan walakkaa booda utuu hin turin, Hafuurri Qulqulluun humnaan dubartii Agnes Ozman jedhamtu tokko irratti dhufe. Dinqiidhaan akkuma Hafuurri dubbachuu isaa isheen kennetti afaanota adda addaatiin dubbachuu jalqabde. Guyyoota muraasa keessatti, Paarhaamin dabalatee namoonni kaan hedduun hafuura qulqulluudhaan cuuphamuun isaanii afaan adda addaatiin dubbachuudhaan ragaa ba'eera. Bu'aa hafuuraan guutamuu isaaniitiin, Paarhaam fi barattoonni isaa akkuma amantoota macaafa Hojii Ergamootaa keessatti argamanitti humnaa fi aangoo guddaadhaan wangeela lallabuu jalqaban. Garaan isaanii hinaaffaa ergama isa guddaa ta'een booji'ame. Paarhaam Waaqayyo hafuura isaa waldaa irratti kan dhangalaasu dhiyootti deebi'uu kiristoos dura akka waldaan oduu gamachisa waa'ee Kiristoos dhugaa baatuuf human ishee hidhachiisuuf akka ta'e amanee ture.

Bara 1905tti Paarhaam mana barumsaa isaa gara Hiyustaan, Teksaas, Ameerikaatti jijjiiree, achitti waa'ee cuuphaa hafuura qulqulluu barsiisuu itti fufe. Utuu baay'ee hin turin, Luusii Faaroo sochii kana keessatti makamte. Sana booda Paarhaam Wiliyaam J. Siimoor, lallabaa qulqullummaa Afriikaa Ameerikaa ta'e

Boqonnaa 12: Hambaa Pheenxeqoosxee Leellisuu

waliin wal barsiifte. Siimoor barsiisa Paarhaam dhaggeeffatee, innis ergaa Pheenxeqoosxee fudhateera.

Yeroo gabaabaa booda, Seymour waldaa qulqullummaa xiqqoo Los Angeles, California keessa jirtu irraa dhufee soortuu isaanii akka ta’u waamicha argate. Seymour waamicha kana fudhatee gara Los Angelesitti imale. Waldaa keessatti lallaba isaa isa jalqabaa keessatti waa’ee cuuphaa hafuura qulqulluutiin ergaa afaanota addaa addaatiin dubbachuu ragaa waliin lallabee ture. Soortuun Juuliyaa Haachiins ergaa kana mormuudhaan Seymouriin ergama keessaa issa baase.

Seymour sana booda mana miseensota waldaa tokko tokkoo keessatti ergaa Pheenxeqoosxee lallabuu jalqabe. Yeroo inni lallabuu fi namoonni kadhatan baay’een isaanii hafuuraan guutaman. Namoonni walitti qabaman baay’achaa waan dhufaniif gamoo waldaa dulloomaa daandii Azusaa irratti argamu kan manca’e bitachuuf dirqaman. Waaqayyo hafuura isaa dhangalaasuu itti fufe, yeroo waggaa sadii keessatti, bara 1906 hanga 1908tti, namootni kumaatamaan lakkaa’aman addunyaa mara irraa dhufanii hafuura qulqulluudhaan guutaman. Namoonni sun ergaa Ayyaanni Pheenxeqoosxee dhufe jedhu qabatanii gara qe’ee isaaniitti deebi’an.

Misiyoononni Pheenxeqoosxee waggaa lamaan sana keessatti daandii Azusaa irraa gara biyyoota 25 ol ta’anitti ba’an, isaanis Chaayinaa, Hindii, Jaappaan, Gibxii, Laayibeeriyaa, Angoolaa fi Afrikaa Kibbaa dabalatee jechuudha. Sochii dadamaqinsa hafuuraa daandii Azusaa inni humna guddaa qabu kun Ayyaana Pheenxeqoosxee addunyaa guutuutti babal’isuuf kanneen biroo caalaa waan baay’ee hojjete. Har’a, yoo xiqqaate waldoonni Pheenxeqoosxee addaa addaa 26 waldaa Yaa’ii Waaqayyoo dabalatee ka’umsa isaanii gara sochii daandii Azusaatti faana dha’u.¹

Waggoota sana keessatti Waaqayyo hafuura isaa addunyaa kanarra iddoowwan birootti dhangalaasaa ture. Giddugalli jalqabaa dhangala’uu Pheenxeqoosxee kan biroon Weels (1904), Hindii (1905), Ingilizii (1907), Kooriyaa (1907), Chiilii (1909) fi iddoowwan biroo turan. Waaqayyo waadaa Yo’eel raajiidhaaf kenne raawwachaa ture: “Waaqayyo bara dhumaatti, ani

¹ Haaromsi Daandii Azusaa akkamitti Afrikaa irratti dhiibbaa akka qabu caalaatti baruuf, kitaaba, From Azusa to Africa to the Nations, Maxxansa Lammaffaa, Denzil R. Miller, bilisaan www.DecadeofPentecost.org irraa buusuun ilaali.

hafuura koo namoota hundumaa irratti nan dhangalaasa” (HoE 2:17; cf. Yo’el 2:28).

PHEENXEQOOSXEEN AFRIKAA GA’E

Mee amma ergaan Pheenxeqoosxee akkamitti gara Afrikaatti akka dhufee fi akkamitti ardii kana keessa akka babal’ate haa ilaallu.

Pheenxeqoosheen Gara Afrikaatti Dhufe

Ergamoonni Pheenxeqoosxee jalqaba Ameerikaa irraa gara Afrikaatti dhufan kallattiin ergamoota daandii Azusaa irraa dhufan turan. Bara 1907tti Laayibeeriyaa gahan. Gareen isaanii Luusii Faaroo, J. W. fi Juuliyaa Haachiins, intala obboleettii isaanii Leilaa Maakinii fi boodarra baruma sana, Edwaard Maakoolii isaanitti dabalame. Walumaagalatti dhiironni, dubartoonniifi daa’imman Afrikaa Ameerikaa gara kudhanii ta’an bara sanatti garee lamatti qoodamuun Azusaa irraa gara Laayibeeriyaa deeman. Torban muraasa keessatti isaan keessaa torba dhukkuba busaa ykn ho’a bishaan gurraachaana du’aniiru. Kanas ta’e sana, lammiileen Laayibeeriyaa hedduun gara Gooftaa dhufanii hafuura qulqulluudhaan cuuphamuun isaanii argan. Waldaan dhaabbataa Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti jalqaba bara 1907 Monrovia keessatti dhaabame. Misiyoononni Azusaa irraa dhufanis gara Afrikaa Kibbaa fi Angoolaatti imalan.

Waaqayyos ergaa Pheenxeqoosxee babal’isuuf warra dhalootaan Afrikaa ta’anitti fayyadame. Seenaawwan nama gammachiisan lama kan Eliyaas Letwaba kan Afrikaa Kibbaa fi Wiliyaam Waadee Haaris kan Laayibeeriyaa ti. Namoonni kun sochiiwwan biyyoota Afrikaa Kibbaa fi Dhiha Afrikaa hedduu irratti dhiibbaa uume jalqabuuf gargaaran, kunis namoonni kuma dhibbaan lakkaa’aman gara Kiristoos akka dhufan taasisera.

Elias Letwaba (1870-1959) seenaa Afrikaa Kibbaa keessatti lallabaa Pheenxeqoosxee Afrikaa keessaa dhiibbaa guddaa uume jedhameera. Naannoo bara 1870tti Eliyaas gadameessa haadha isaa keessa osoo jiruu Haati isaa mul’ata Waaqayyo biraa argatte. Hafuurri Waaqayyoo gaaf tokko ilma ishee akka meeshaa isaatti fayyadamee waldoota hedduu akka hundeesu itti hime. Letwabaan akkasitti Waaqayyoon beeku fi isa biratti itti fayyadamuuf beela guddaa qabate guddate.

Bara 1908tti, misiyoonii Ameerikaa kan ta’ee fi gara Afrikaa Kibbaatti dhufuu isaa dura tajaajila Chaarlis Paarhaam jalatti Hafuura Qulqulluu kan fudhate

Boqonnaa 12: Hambaa Pheenxeqoosxee Leellisuu

John G. Lake jedhamu waliin wal bare. Lake dadammaqinsa hafuuraa Los Angeles keessatti gaggeeffame isa daandii Azusaa irrattis hirmaatee ture. Letwaba fi Lake hanga bara 1913tti, yeroo Lake gara USAtti deebi'utti tajaajilaaf waliin imalaa turan.

Waaqayyo haadha Letwabaatti akkuma mul'ise, lallabaa fi barsiisaa Pheenxeqoosxee humna guddaa qabu ta'ee, namoota baay'ee gara fayyinaa fi cuuphaa hafuura qulqulluutti gaggeesse. Afriikaa Kibbaa fi Roodeshiyaa (Zimbaabuwee) keessatti tajaajila isaa keessatti kumaatamaan dhukkuba irra fayyuu fi kumaatamaan lakkaa'aman fayyina lubbuu argachuu isaanii argeera. Letwabaan Afrikaa Kibbaatti keessatti Ergama Amantii Ergamootaa warra jedhaman waliin hidhata qaba ture. Mana Barumsaa Macaafa Qulqulluu Paatmos jedhamu Afrikaa Kibbaa keessatti mana barumsaa gurraachotaan gaggeeffamu isa jalqabaa hundeesse. Letwabaan hanga bara 1959tti hanga du'a isaatti nuffii tokko malee lallabaa ture.

Wiliyaam Waadee Haaris (c. 1860-1929) Waaqayyo wangeela guutummaa Afrikaa Dhihaa keessatti babal'isuuf itti fayyadame. “Afriikaa keessatti lallabaa wangeelaa isa hunda caalaa milkaa'aa” jedhamee waamamee jira. Waggoota ga'essotaa jalqabaa keessatti waldoota Meetodistii fi Ipiskoopaal Laayibeeriyaa keessa jiran waliin hidhata qaba ture. Yeroo ergamtoonni daandii Azusaa achi turan Monrovia keessa jiraachaa ture. Amantootni Gariin isaanii ergamtoonni Afriikaa Ameerikaa kun madda qor-waaqumaa Pheenxeqoosxee Hariis akka ta'an amanu.

Haaris ergamaan Gabri'eel mul'ataan isatti mul'atee namootni baay'een tajaajila raajii isaatiin gara Kiristooitti akka dhufan akka iatti hime dhugaa ba'e. Mul'ata sana hordofuun, Haaris guutummaa Laayibeeriyaa, Kootduvaar, Gaanaa fi Seeraaliyoon keessa imaluun, namoonni cubbuu isaanii dhiisanii gara Kiristoositti akka deebi'an itti hime. Inni humna hafuuraatiin tajaajilaa ture, hafuura xuraawaa basaa, dhukkubsattoota fayyisaa, afaan haraatiin dubbataa ture. Dabalataanis namoonni amantii aadaa isaanii akka dhiisan, Yesusitti akka amanan, akkasumas namoonni adiin Macaafa Qulqulluu isaanii qabatanii dhufanii sagalee Waaqayyoo akka isaan barsiisan akka hin eegne cimsee dubbateera. Karaa tajaajila isaatiin namoonni kuma dhibba tokkoo ol ta'an jijjiiramaniis akka turan tilmaamameera.

Letwabaa fi Harris tajaajiltoota kumootan lakkaa'an keessaa akka fakkeenyaatti kaasna; soortota, lallabdoota wangeelaa, barsiisota, fi ergamtoota

Afrikaa kumaatamaan lakkaa'aman kanneen Afrikaa keessatti Wangeela Guutuu lallabani, Yesus akka lubbuu fayyisu, dhukubsataa fayyisu, hafuura qulqulluudhaan cuuphuu, yeroo dhiyootti akka dhufu labsan keessaa fakkeenya lama qofa.

Ergaan Pheenxeqoosxee Guutuu Afrikaatti Babal'ate

Seenaan babal'ina ergaa Pheenxeqoosxee guutuu Afrikaa keessa jiru karaa Yaa'ii Waaqayyoo seenaa Hafuurri karaa ergamtoota warra dhihaa fi tajaajiltoota Afrikaatiin waldaa Afrikaa keessatti dhaabuuf hojjeteedha. Wadaan Yaa'iin Waaqayyoo waldoota Pheenxeqoosxee ardii kana keessa jiran hedduu keessaa isa tokko yoo ta'u, Waaqayyoo sochii kana humnaan fayyadamee ergaa Kiristoos babal'isee jira. Mee seenaa akkasii lama haa ilaallu.

Laayibeeriyaa. Bara 1908tti, Jasper Klabioh Toe namni jedhamu “Waaqayyoo uumaan yoo jiraate, isa argachuuf na gargaaraa” jedhee kadhata ture. Waaqayyoo Toetti dubbate, “gara galaanaatti akka deemu” itti hime. Yeroo wal fakkaatutti, Hafuurri Waaqayyoo laphee ergamaa Ameerikaa, Joon Muur Perkins jedhamu keessatti hojii hojichaa ture. Perkins haaromsa Pheenxeqoosxee Torontoo, Kaanaadaa keessatti gaggeeffame irratti argamuun hafuura qulqulluudhaan cuuphamee ture. Booda Waaqayyoo ergaa Kiristoos gara Laayibeeriyaa akka geessu isa kakkase.

Perkins qarqara galaanaa Laayibeeriyaa irra osoo dooniidhaan deema jiruu, Hafuurri Qulqulluun qarqara galaanaa gara bakka murtaa'e tokkotti akka deemu yeroo itti himu dhaga'e. Kanaa booda Kaapteeniin doonichaa akka gara inni barbaaduutti deemu gaafate, Kaappiteenichi “Kun iddoo nageenya qabu miti” jedhee isa akeekkachiise. Perkins garuu akka dhaabbatuuf cimsee isatti dubbate. Inni fi gareen isaa akkasitti bakka Hafuurri Toe geggeesse sana ga'an. Guyyaan isaa guyyaa ayyaana dhaloota Kiristoos bara 1908 ture. Perkins wangeela Toe waliin qooddate, innis dafee Kiristoosiin fudhate. Hojiin Toe fi Perkins jalqaban gara Waldaa Yaa'ii Waaqayyoo Laayibeeriyaa guddate. Har'a waldaan kun garee Pheenxeqoosxee biyyattii keessaa isa guddaadha.

Naayijeeriyaa. Jalqaba bara 1930moota keessa, Augustine Ehurieiwu Wogu kan Port-Harcourt, Naayijeeriyaa, barruu *Pentecostal Evangel* jedhamu kan Yaa'iin Waaqayyoo, USA jedhamu maxxansu tokko arge. Woguun waa'ee fayyina waaqummaa fi cuuphaa hafuura qulqulluutiin waan barruu sana keessatti dubbisen harkifame. Kanarraa kan ka'e dhukkubsattootaaf kadhachuu fi namoota gara cuuphaa hafuuraatti geessuu jalqabe. Waldaan inni itti hirmaataa ture barsiisa isaa

Boqonnaa 12: Hambaa Pheenxeqoosxee Leellisuu

kan Pheenxeqoosxee fudhachuu yeroo didu Wogu fi namoonni muraasni waldaa Pheenxeqoosxee of danda'e jalqabuuf ba'anii Waldaa Yesuus Kiristoos jedhamu hundeessan.

Waggoota hedduu booda, bara 1939tti, Wogu ergamtoota Yaa'ii Waaqayyoo Ameerikaa tokko tokko Port Harcourt keessatti qunname. Isaan Yaa'iin Waaqayyoo hojii achitti jalqabuu akka danda'u qorachuuf gara Naayijeeriyaa dhufanii turan. Wooguun misiyoonota kana akka isa gargaaran isaan gaafate. Ergamichi walii galee garee W. Lloyd Shirer tiin durfamu Wogu waliin akka hojjetaniif erge. Waldaa kana waldaa Yaa'ii Waaqayyoo Nigeria jedhamee akka waamuuf walii galan. Har'a, waldaa biyyoolessaa Yaa'ii Waaqayyoo Afrikaa keessaa isa guddaa miseensotaa fi hordoftoota miliyoona sadii ol qabudha.

Kun seenaa dhibbaan lakkaa'aman himamuu danda'u keessaa lama qofa. Isaan, akkaataa Hafuurri Waaqayyoo tumsa Afrikaanotaa fi warra Hafuurri gara Afrikaatti isaan erge waliin ta'uudhan akkatti Afrikaa keessatti seenaa hojjete agarsiisuuf gargaaru. Seenaa biroo akkamitti abiddi Pheenxeqoosxee waldoota biroo guutuu ardii kanaa keessatti akka boba'e himuun ni danda'a, kanneen akka Waldaa Pheenxeqoosxee Gaanaa fi Waldaa Guutuu Wangeela Itoophiyaa akka fakkeeniyati caqasuun ni danda'ama.

Yaa'iiwwan Waaqayyoo Afrikaa. Ergaan Pheenxeqoosxee yeroo jalqabaaf gara Laayibeeriyaa dhufe bara 1906tti, waldoonni Pheenxeqoosxee ykn amantoonni Afriikaa bakka kamittuu hin turre. Waaqayyoo garuu Hafuura isaa ardii kana irratti dhangalaasuu jalqabe. Guddinni waldaa Yaa'ii Waaqayyoo akkaataa Waaqayyoo ardii kana eebbiseef fakkeenya calaqqisudha. Bara 1948tti, Yaa'iin Waaqayyoo Afrikaa keessatti argaman gara amantoota 40,000tti guddatanii, gara waldoota 700 ta'an keessatti saboota Afrikaa 11 keessatti walga'anii turan.

Bara 1989tti Yaa'iinn Waaqayyoo waldoota biyyoolessaa guutuu ardii kanaa keessatti hirmaatan irraa Tokkummaa Yaa'ii Waaqayyoo Afrikaa (Africa Assemblies of God Alliance/ AAGA) hundeeffame. Waggaa itti aanutti, tokkummaan kun xiyyeeffannoo isaanii Kurnan Haamaa ykn makkarrii (Decade of Harvest) jedhu kan jalqaban yoo ta'u, bara 1991 hanga 2000tti itti fufe. Waggoota kurnan sana keessatti waldaan kun hordoftoota miliyoona 2.1 waldoota biyyoota 31 keessatti waldoota 11,688 keessatti walga'an irraa gara hordoftoota miliyoona 6.3tti biyyoota 39 keessatti waldoota 24,019 keessatti walga'anitti guddatte. Sochiin kun human argatee waggoota kurnan itti aananiif itti fufeera.

Bara 2010tti, Yaa'iin Waaqayyoo Afrikaan gara hordofoota miliyoona 16.6tti guddachuun waldoota 67,827 ga'aniiru.

Guraandhala bara 2010 keessa AAGAn jalqabbii waggoota kurnan lammaffaa, “Kurnan Pheenxeqoosxee” (Decade of Pentecost) (2010-2020) jedhamu jalqabe. Akkuma Kurnan Haamaa, Kurnan Pheenxeqoosxee dhaabbii waldaa fi ergama irratti xiyyeeffate. Galmi dabalataa miseensonni waldaa miliyoona 10 ta'an hafuura qulqulluudhaan cuuphamanii akka dhugaa baatota hafuuraan humna argatanitti socho'uu isaanii arguu ture. Dhuma bara 2019tti, Yaa'iin Waaqayyoo Afrikaan gara hordofoota miliyoona 18.7tti guddateera, waldoota 87,741 biyyoota Afrikaa Sahaaraa gadii fi garba Hindii keessatti waliin ga'aniiru.

Guraandhala 2021 keessa AAGAn xiyyeeffannoo kurnan sadaffaa “Kurnan Haaromsaa” jedhamu jalqabe. Waggoota kurnan kana keessatti waldaan lallaba wangeelaa, cuuphaa hafuuraa, waldaa dhaabbii, fi ergama irratti xiyyeeffannoo ishee itti fufti. Xiyyeeffannaan addaa Kurnan Haaromsaa keessaa tokko, Yaa'iin Waaqayyoo Afrikaan Kaaba Afrikaa irratti xiyyeeffachuu isaaniiti, kaayyoon isaaniis naannoo duraan tuffatame kana keessatti sochii dhaabbii waldaa Hafuuraan humna qabu jalqabsiisuudha.

DHIIBBAA PHENXEQOOSXEEN FIDE

Pheenxeqoosheen fuula waldaa Afrikaa karaa hedduudhaan jijjiireera. Guddinni sochii Pheenxeqoosxee ajaa'iba ta'ee jira. Bara 2015tti, Qo'annoon Insaykilopiidiyaa Oxfoord akka gabaasetti Afrikaa keessatti Phenxeqoosheen miliyoona 202 ta'u, kunis baay'ina amantoota ardii kanaa keessaa %35 fi baay'ina ummata ishee waliigalaa keessaa %17 ta'a. Sadarkaa adda addaatiin, waldaan Afrikaa hundi jechuun ni danda'ama dhiibbaa irra gaheera. Waldoonni aadaa hedduun waan amantii Pheenxeqoosxee keessaa kan akka faarfannaa gammachuu, waaqeffannaa ibsaa fi kadhannaa cimaa fudhataniiru. Hedduun isaanii illee gochaalee Pheenxeqoosxeewwan bu'uuraa ta'an tokko tokko kan akka lammata dhalachuu, afaan haaraatiin dubbachuu, fi tajaajila humnaa fa'i.

Amantaan Pheenxeqoosxee aadaa bal'aa Afrikaa irrattis dhiibbaa uumeera. Karaan isaan kana itti godhan keessaa tokko taatee “fuurii fi ka'uu” jedhamuun beekamuudha. Yeroo amantoonni of kennaa ta'an jireenyi isaanii ni jijjiirama, cubbuu fi gad bu'iinsa isaanii keessaa “kaafamu”. Kanarraa kan ka'e namoota fooyya'oo fi lammii oomishaa ta'u. Maatii isaanii jaalalaa fi kabajaan ilaaluu kan jalqaban si'a ta'u, kanaanis sanyii caalaatti bu'a qabeessa ta'e argamsiisu. Kana

Boqonnaa 12: Hambaa Pheenxeqoosxee Leellisuu

malees, Amantoonni of kennan yeroo baay'ee barnoota olaanaa hordofu, cimaniif hojjetu, hojii fooyya'aa argatu, akkasumas amanamummaa qarshii hojjechuuf carraaqu. Yeroo baay'ee namoota jireenyaa wajjin rakkatan kunuunsuuf gara laafinaan harka isaanii diriirsu. Kana malees, Amantoonni Pheenxeqoosxee tokko tokko duudhaalee isaanii gara dirree siyaasaatti geessuun achitti jijjiirama fidaa jiru. Gochoonni kunniin fi kanneen biroo hawaasa fooyya'aa ta'eef gumaacha godhu. Kiristiyaanonni Pheenxeqoosxee hundinuu yaada Kiristoos hawaasa keessatti qabuun kan hin jiraanne ta'us, warri kana gochuuf carraaqan garuu dhiibbaa gaarii geessisaa jiru.

WAL'AANSOO GARA FUULDURAA

Waldaan Pheenxeqoosxee har'aa Afrikaa keessa jirtu karaa qaxxaamura irra dhaabbatee jirti. Boqonnaa kana keessatti akkuma ilaalle, milkaa'ina hedduudhaan of jajuu dandeessi. Haa ta'u malee, amantiin Pheenxeqoosxee Afrikaa gara fuulduraatti akkuma ilaalutti qormaata hedduutu isa mudata. Rakkoowwan sana keessaa sadii doorsisa barumsa dogoggoraa, qabanaa'uu sochii hafuura fi ofitti amanamummaadha.

Deebii kanaaf, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, gaaffilee qorannoo sadii of gaafachuun gaarii ta'a:

- Caaffata Qulqullaa'oodhaaf amanamaa ta'ee itti fufa a jira moo waldaa koo gara dogoggora barumsaatti geessaan jira?
- Waldaa koo gara haaromsa Pheenxeqoosxee isa dhugaatti qajeelchaan jira moo gara qabanaa'uu sochii hafuuraatti akka lixan eeyyamaan jira, “bifa waaqessuu qabaachuu garuu humna isaa ganuu”? (2Xim. 3:5).
- Sabni koo humna Hafuura Qulqulluutiin warra badan akka barbaadan qajeelchaan jira moo gara badhaadhina dhuunfaa fi eebbaa ofitti amanamummaa qabuutti isaan geessaan jira?

Fuuldurri waldaa Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti baay'inaan kan hundaa'u akkaataa ati fi soortuuwwan pheenxeqoosxee biroo kumaatamaan lakkaa'aman gaaffilee kana itti deebisan irratti.

Soortuuwwan Pheenxeqoosxee guutuu ardii kanaa hambaa isaaniif dhugaa ta'uuf garaa guutuudhaan yoo of kennanii fi barumsa, muuxannoo fi shaakala irratti dhugaa ta'ee Pheenxeqoosxee deebi'anii yoo jiraatan, egereen isaa ifaadha. Haa ta'u malee, hambaa isaanii dhiisanii akka warra naannoo isaanii jiran ta'uuf

yoo murteessan, egereen Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti balaa keessa jira. Kanaaf, soortuwwan Pheenxeqoosxee guutuu Afrikaa keessa jiran fakkeenya Waaqayyoo abbootii isaanii fedhiidhaan hordofuun murteessaadha.

Hambaan Pheenxee kun imaanaa qulqulluu dha. Haaromsii Pheenxeqoosxee dhugaa ta'e abdii guddaa addunyaa isa dhumaa ti. Kennaan Pheenxeqoosxee kun yoo kunuunfamee fi boba'e Afrikaa irraa gara saboota addunyaatti babal'achuu danda'a. Haa ta'u malee, yoo tuffatame ykn akkaataa dogoggoraan hojii irra oole du'uu ni danda'a. Kanaaf, soortuwwan Pheenxeqoosxee guutummaa Afrikaa keessa jiran, jecha Phaawuloos Ximotewoos isa dargaggeessa isa warra Pheenxeqoosxee wajjin hojjetuu fi soortuu waldaa Efesoonitti dubbateef xiyyeeffannaa kennuu qabu: "Ani kenna Waaqayyoo isa harka koo irra kaa'uudhaan isin keessa jiru akka abiddaan gubattan isin yaadachiisa" (2Xim. 1:5). Phaawuloos itti dabaluuudhaan, "Kuusaa gaarii imaanaa isiniif kenname sana eegaa—gargaarsa hafuura qulqulluu isa nu keessa jiraatuun eegaa" (lakk. 14).

Akka soortuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaatti, nutis kenna Waaqayyoo kan abbootii keenya warra Pheenxeqoosxee nuuf darbe kunuunsuu fi abidda itti bobeessuu qabna. Akkasumas akkuma isaanii, wanta Hafuura Qulqulluu isa nu keessa jiraatu fi humna nuuf kennu imaanaa nutti kenname amanamummaadhaan kunuunsuu qabna.

~ KUTAA 4FFAA ~



JIREENYA DHUUNFAA SOORTOTA
PHEENXEQOOSXEE



~ Boqonnaa 13 ~

Jireenya Akka gaariitti Hogganame

Soortuun dargaggeessi tokko mataa isaa harka isaa jala awwaalee deeskii irratti gad gombifamee ta'a ture. Sababni isaa fedhiin tajaajila soortummaa bal'achaa deemuun, dandeetii soortuu kanaa ol ta'aa dhufe. Waan kanata'eef, tajaajila dhiisee hojii isaatti deebi'uuf yaadaa ture. Soortuun dargaggeessi kun wanta inni hin hubatiin tokko, dhiphina isaa keessatti kophaa isaa akka hin turredha. Guutummaa Afrikaatti, soortuuwwan Pheenxeqoosxee dhibbaa kana wajjin wal-fakkaatu keessatti argamu. Dhiibbaa tajaajilaa hedduu isaan mudatu dandamachuu isaanii itti fufuu akka hin dandeenye itti dhaga'ama.

Sababni waanti kun soortuuwwan kunneenitti dhaga'amuuf, waan jireenya isaanii akka gaariitti bulchuu hin baranneef. Jireenya hooggansa laafaa qabu waan gegeessaniif, qormaanni haaraan yommuu isaan mudatu salphaatti isaan argachuu danda'a; madaallii isaanii irraa isaan kuffisa.

Soortuun Pheenxeqoosxee tokko dhiibbaa jireenyaa fi tajaajilaa hundumaa jalaa bilisa ta'uun danda'a jedhee yaaduun isaa dhugaa irraa kan fagaatue ta'us , haala bu'a qabeessa ta'een wal'aansoowwan isa mudatan sana dandamachuu akka danda'u beekuun immoo dhugaa irraa kan fagaatu miti. Boqonnaan kun akkamitti akka soortuun Pheenxeqoosxee jireenya haala gaariin geggeeffamu argachuu akka danda'u gorsa ni kenna

BARBAACHISUMMAA JIREENYA AKKA GAARIITTI HOOGGAMUU

Maqaan macaafini qulqulluun soortuuf kennu tokko *ilaaltuudha* (1Xim. 3:1-2). Phaawuloos jaarsolii Efesoon, “Ofii keessanii fi hoolota hafuurri qulqulluun ilaaltoota isin godhe hundumaa eegaa” (HoE 20:28) jedhee qajeelfama kenneera. Akka ilaaltuutti, soortuun tokko “mana Waaqayyoo ni bulcha” (Tito 1:7). soortuun Pheenxeqoosxee akkasitti dhimma waldaa naannoo tokkoo haala bu’a qabeessa ta’een bulchuuf itti gaafatamummaa qaba. Haa ta’u malee, inni ykn isheen waldaa tokko milkaa’inaan bulchuu isnii dura, jalqaba jireenya ofii isaanii akka gaariitti bulchuu danda’uu qabu.

Jireenya Akka gaariitti Hogganame

Jireenyi akka gaariitti geggeeffamu dhiphina maleessa ta’uu baatus, jeequmsaa fi burjaajii hin barbaachifneen immoo kan guutame miti. Jireenyi haala gaariin bulfamu tajaajila irratti guddachuuf ofitti amanamummaa si barbaachisu siif kenna. Caalaatti bu’a qabeessa akka taatu si dandeessisa – xiqqaadhaan waan baay’ee hojjechuuf. Akkasumas, balaawwan jireenya keessatti mudatan akka gaariitti akka dandamattan si gargaara. Mee jireenya haala gaariin bulfamu keessatti wantoota afur haa ilaallu:

1. *Kaayyoo.* Jireenyi haala gaariin bulfamu jireenya kaayyoo ifa ta’een jiraatuudha. Phaawuloos kaayyoo Waaqayyoo “fedha isaa isa gaarii, kan nama gammachiisu, isa mudaa hin qabne” jedhee eereera (Rom. 12:2). Kaayyoo Waaqayyoo jireenya keetiif qabu hanguma sirriitti hubataa deemtuun, caalaatti jireenya kee hunda kaayyoo keesanaaf kenna deemta. Waanti ati hojjetu hundi kaayyookeetti sinaannessu jechuudha.

Bal’inaan yoo ilaalle, ati akka soortuu Pheenxeqoosxee tokkootti—akkuma duukabuutota Kiristoos birootti—Waaqayyoo ulfina kennuu fi fedha isaa raawwachuuf jiraatta. Dhugaa kana fudhachuu dandeessa ta’us, asitti dhaabbachuu hin qabdu. Fedha Waaqayyoo isa mudaa hin qabne, ykn guutummaatti jireenya keetiif qabu beekuuf carraaquu qabda. Yeroo addaa kanatti Waaqayyoo maaliif waldaa addaa kee keessa akka si kaa’e hubachuuf barbaaduu qabda. “Gooftaa, maaliif gara iddoo kanaatti na fidde?” akkasumas “Ulfina keetiif jedhee asitti maal akkan raawwadhu barbaadda?”

2. *Dursa kennuu.* Yeroo addaa kanatti waldaa kee keessa jiraachuu keetiif kaayyoo Waaqayyoo sirriitti erga hubattee booda, dursa dhuunfaa fi tajaajila kee

Boqonnaa 13: Jireenya Akka gaariitti Hogganame

bocuu jalqabuu dandeessa. Wanti ati dursa kennitu wantoota ati baay'ee barbaachisoo ta'anii ilaaltudha. Isaanis dhimmoota yeroo fi humna kee harka caalu irratti xiyyeeffatuudha. Kiristoos waa'ee dursa jireenya isaa yeroo dubbate, “Ani fedha koo hojjechuuf osoo hin taane fedha isa na erge raawwachuuf samii irraa bu'e” (Yoh. 6:38).

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, hubannoo fedha Waaqayyoo irratti qabdu fayyadamuun tajaajilaa fi murtoo jireenya kee gochuuf si qajeelchuu danda'a. Tokkoo tokkoo filannoowwaan kanatti fufanii jiran of gaafachuu dandeessa, kanatto “Sochiin kun kaayyoo Waaqayyoo jireenya kootiif qabu akkan raawwadhu kan na gargaaru akkamitti?” Sochiin kaayyoo Waaqayyoo daran guddisu kamiyyuu hammatamuu qaba. Sochiin kaayyoo Waaqayyoo hin tarkaanfachiifne kamiyyuu irraa fagaachuu ykn addaan cituu qaba.¹

3. *Madaallii.* Kana malees, jireenyi haala gaariin bulfamu jireenya madaalawaadha. Jireenyi madaalawaa ta'e tokkoon tokkoon hojjiwwan jireenyaa barbaachisoo ta'aniif yeroo fi humna barbaachisaa ta'e ramada. Namni jirma mukaa kufe tokko irra deemee sulula qaxxaamuruuf yaalu of eeggannoodhaan madaallii isaa eeguu qaba. Garmalee gara bitaa ykn mirgaatti yoo duufe ykn jal'ate bishaan keessatti kufuu danda'a. Soortuu Pheenxeqoosxeefis fakkeenyi kun ni hojjeta. Xiyyeeffannoo isaanii hunda gama jireenyaa ykn tajaajilaa tokko ykn lama qofa irratti yoo xiyyeeffate, madaallii dhabuu fi naannoo murteessaa kan biraa tokko irratti kufaatiidhaaf balaa keessa jiru.

Fakkeenyaaf, ati akka soortuutti miseensota waldaa kunuunsuuf yeroo baay'ee dabarsuu dandeessa, maatii ofii keetii irraanfachuu dandeessa. Yookiin qophii lallabaaf baay'ee of kennuu dandeessa, kadhannaa ykn warra badan bira ga'uu dagachuu dandeessa. Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxee amanamaa tokkootti, gama jireenyaa adda addaatiin madaallii eeguuf carraaquu qabda, kannen akka

- madaallii hojjechuu fi ta'uu gidduu jiru, .
- madaallii hojii fi boqonnaa gidduu jiru, .
- madaallii tajaajilaa fi maatii gidduu jiru, .
- madaallii namoota biroo kunuunsuu fi of kunuunsuu gidduu jiru.

¹ Dursa dhuunfaa fi tajaajilaa soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee yaada dabalataa argachuuf Boqonnaa 4: “dursa dhuunfaa” Boqonnaa 5: dursa tajaajilaa

Dubbiin Yesus Fariisotaaf dubbate asirratti ni hojjeta. Kurnoo kennuudhaaf garmalee xiyyeeffachuu isaanii ilaalchisee, gochaalee caalaatti barbaachisoo ta’an kan biroo dagachuu isaanii ilaalchisee isaan morme. Innis, “Silaa isa duraa osoo hin dhiisin isa boodaa shaakaluu qabda ture” (Luq 11:42).

4. *Kallattii*. Dhumarratti, soortuu Pheenxeqoosxee tokkoof jireenyi akka gaariitti geggeeffamu jireenya hafuura Waaqayyootiin qajeelfamudha. Qajeelfama Hafuura Qulqulluu hamma itti dhiyeenyaan hordoftu jireenyi kee caalaatti tartiiba qabaataa deema.

Phaawuloos amantoota Galaatiyaa keessa jiran jajjabeessee, “Hafuuraan deemaa, fedhii fooniis hin guutiinaa” (Gal. 5:16). Achiis “gocha foonii” hedduu tarreesse. Mee gochoonni kun tokkoon tokkoon isaanii firii jireenya haala gaarii hin taanetiin bulfamu ykn naamusa hin qabne ta’uu isaanii akkamitti caqasuu akka danda’an ilaali: “ejja, xuraa’ummaa fi jireenya gaddhiisii; waaqeffannaa waaqa tolfamaa fi hojii xibaaraa; jibba, wal hin simne, hinaaffaa, dheekkamsa, hawwii ofittummaa, wal dhabdee, garee fi hinaaffaa; machaa’uu, jeequmsaa fi kan kana fakkaatan” (Gal. 5:19-21).

Gama biraatiin, hafuura qulqulluudhaan geggeeffamu jechuun jireenya Waaqayyoo bitame jiraachuudha. Jireenyi akkasii “ija hafuuraa” horachuu barbaada. Phaawuloos firii kana “jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, gaarummaa, amanamummaa, garraamummaa, of to’achuu” (Gal. 5:22-23) jechuun adda baasee ibsa. Tokkoon tokkoon ija hafuuraa kanaa akkamitti akka amala jireenya haala gaariin bulfamutti caqasuu akka danda’an ilaali. Kiristoos keessa turuun (Yoh 15:5) fi hafuuraan deddeebi’uudhaan kan oomishaman (Gal. 5:24-25).

Fakkeenya Jireenya Keenya Isa Akka gaariitti Hooganamee

Yesus fakkeenya keenya isa mudaa hin qabne kan jireenya haala gaariin bulfame jiraatedha. Yesuus jireenya isaa naannoo ajandaa Abbaa isaatti ajaje, sagantaa Abbaa isaa wajjinis tarkaanfiin adeeme. Sababa kanaan ergama Isaa irratti xiyyeeffatee turuu danda’eera. Jireenyi Yesus amala jireenya haala gaariin bulfamu arfan armaan olitti ibsaman akkamitti fakkeenya akka ta’u hubadhu:

- *Kaayyoo*. Yesuus kaayyoo dhufaatii isaa ni beeka, ergama jireenya isaatiifis amanamaa ta’ee hafe. Kanaaf tajaajila isaa isa lafa irraa gara xumuraatti yeroo fidu, “Ani hojii ati naaf kennite xumuruun lafa irratti ulfina siif fideera” (Yoh 17:4) jedhee Abbaa isaa kadhachuu kan danda’u.

Boqonnaa 13: Jireenya Akka gaariitti Hogganame

- *Dursa.* Yesus yeroo hundumaa wantoota tokko tokkoof dursa kenna. Fakkeenyaaf, Abbaa Isaa wajjin hariiroo cimaa qabaachuuf dursa kenneera. Maarqos waa'ee isaa akkas jedhee barreesse, “Ganama barii utuu dukkanaa'ee jiruu, Yesuus ka'ee, mana keessaa ba'ee gara iddoo kophaa isaa jirutti deemee, achitti kadhate” (Mar. 1:35).
- *Madaallii.* Yesus jireenya madaalawaa ta'e jiraachaa ture. Inni hojjechuu wajjin ta'uu fi hojii boqonnaa wajjin madaaleera (Mar. 6:31-32). Sababii jiireenya madaalawaa jiraateef, Inni gonkumaa hin rifachiifne, gonkumaas hin ariifanne. Yeroo hundumaa yeroo sirrii ta'etti bakka sirrii ta'etti waan sirrii hojjechaa ture.
- *Kallattii.* Yesuus jireenya isaa qajeelfama hafuura qulqulluu jalatti jiraate. Inni hafuuraan kan guutame ture (Luq 4:18-19), yeroo hundumaas akkuma hafuurri qajeelche godha ture (Mat. 4:1; Luq. 4:1). Waa'ee ofii isaatii, “Ilmi ofii isaatiin homaa gochuu hin danda'u; inni wanta abbaan hojjetu arge qofa gochuu danda'a, sababiin isaas Ilmis waan abbaan hojjetu hundumaa waan hojjetuuf” (Yoh. 5:19).

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti fakkeenya Yesuus hordofuu kaayyoo kee gochuu qabda (1Yoh 2:6).

Faayidaa Jireenya Akka gaariitti Bulfame

Jireenya akka gaariitti bulfamu galmaan gahuun carraaqqii kan barbaadu yoo ta'u, soortuun Pheenxeqoosxeetiif garuu carraaqqii yeroo dheerraa akka gaariitti irratti fudhtamudha. Soortuun jireenya isaa akka gaariitti bulchu tajaajila keessatti oomishtummaa guddaa ni argata. Yeroon isaanii haala gaariin waan bulfamuuf carraaqqii xinnoodhaan waan baay'ee hojjechuu danda'u.

Kana malees, jireenyi akka gaariitti bulfamu tasgabii sammuu guddaa argamsiisa. Bulchiinsi jireenyaa bu'a qabeessa ta'e gara sirnaatti kan ce'u yoo ta'u, sirni immoo gara nagaan kan deemudha. Yesuus jireenya isaa guutuu tasgabii sammuu hin baratamne agarsiiseera. Yeroo warri kaan rifatan Inni tasgabbaa'ee ture. Fakkeenyaaf, yeroo duuka buutonni isaa bubbee qileensa jabaa qabu sana keessatti rifatan, inni nagaadhaan duuba bidiruu sanaa keessa rafa ture (Mat. 8:23-27). Phaawuloos imala isaa gara Roomaa irrattis baay'een kanumatu ta'e (HoE 27:27-38).

Jireenyi haala gaariin bulfamus tajaajila keessatti umurii dheeraa akka qabaatu abdii kenna. Jireenyi haala gaariin hin bulfamne dhiphina fida, dhiphinni

immoo jeequmsa jireenyaa hamaa (gubaa) namatti fida. Haata'u malee, jireenyi haala gaariin bulfamu nagaa kan argamsiisu si'a ta'u, kunis tajaajilarratti obsa guddaa akka qabaannu gumaacha.

FUULA SADEEN JIREENYA AKKA GAARIITTI HOOGGANAMUU

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, fuula jireenyaa fi tajaajila sadeen milkaa'inaan bulchuu danda'uu qabda, akka armaan gadiitti haa ilaallu:

Bulchiinsa Maallaqaa

Tokkoffaa, maallaqa dhuunfaa kee akka gaariitti bulchuu qabda. Adeemsa kana jalqabuu dandeessa, wanti ati qabdu hundi dhuma irratti kan Waaqayyoo ta'uu isaa of yaadachiisuun qabda (Faar. 24:1; 1Qor. 4:7). Qabeenya Waaqayyoo qofa kan bulchitu ta'uu kee hubachuun barbaachisaadha, guyyaa tokkos akkaataa ati maallaqa kee itti qabatte herrega isaaf ni kennita (Luq 16:2).

Karoorri bulchiinsa maallaqaa gaariin galii kee bakka bal'aa sadiitti gooduudha: Tokkoffaa, Waaqayyoof kennuu sana booda, fuul-duraaf qusachuu; dhumarratti immoo, fedhii amma qabdu irratti ogummaadhaan baasii gochuudha. Mee karoora bulchiinsa maallaqa Waaqayyoof ta'u kutaa sadii qabu kana caalaatti sirriitti haa ilaallu.

1. *Tokkoffaa, Waaqayyoof kennita.* Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti arjumaadhaan kennuudhaan nageenya maallaqaa argachuuf tarkaanfii kee isa jalqabaati. Caaffanni Qulqullaa'oon irra deddeebi'ee waan argannu hundumaa keessaa angafa kan Waaqayyoo akka ta'e nu beeksisa (cf. Ba'uu 13:1; 34:26; Lew. 2:14; Fak. 3:9). Kanaaf, maallaqa kee bulchuu keessatti ka'umsi kurnoo fi kennaa arjummaa kee amanamumaadhaan Waaqayyoof kennuudha. Maallaqaa biroo waadaa Isaaf ykn waldaa Isaaf galte kamiyyuu, kan akka ergamaa fi waadaa baasii ijaarsaa, daran raawwachuu qabda. Waaqayyo warra isaaf arjaa ta'an baay'inaan akka eebbisu waadaa galeera (Mal 3:10-11; Luq 6:38).

2. *Sana booda, gara fuulduraaf qusatta.* Waaqayyoof erga kennitee booda, fedhii gara fuula duraa fi yeroo muddamaatiif qusachuu qabda. Torbanitti maallaqa murtaa'e herrega qusannaa kee keessa kaa'uudhaan kana gochuu dandeessa. Lakkoofsi herreegaa baankii kun guddachaa yeroo deemu, balaa tasaa nageenyaa keenya quunnamu furuuf nugargaara, akkasumas bittaa gurguddaadhaaf madda maallaqaa ta'uu danda'a.

3. *Dhumarratti ogummaadhaan baasii goota.* Wanti erga Waaqayyoo kenninee fi qusannoo irratti oolchinu booda hafe, wantoota maatii itti fufiisaan barbaachisan kan akka nyaataa, mana jireenyaa fi wantoota kaan guutuuf itti fayyadamuu ni dandeenya. Maallaqni kun kan Waaqayyoo waan ta'eef, ogummaadhaan baasuu qabda. Kana gochuuf karaan hunda caalaa gaarii ta'e bajata hojiirra ooluu danda'u, ykn karoora faayinaansii qopheessuudha. Karoorri kun akka qajeelfama baasii ta'ee kan tajaajilu yoo ta'u, bittaa keessan toora galchuuf ni gargaara. Maallaqi haala gaariin bulfamu nagaa fi tasgabii mana keessanitti fiduuf gargaara. Akkasumas, ati fi maatiin kee kaayyoo kee akka galmaan ga'attan ni gargaaru.

Itti Fayyadama Yeroo

Lammaffaa, jireenya haala gaariin bulfamu hordofuu kee keessatti, itti fayyadama yeroo sirriitti beekuu qabda. Sababa dhiibbaa aadaatiin, soortuuwwan Afrikaa hedduun yeroo itti fayyadamuun qormaata ta'ee itti mul'ata. Yeroon garuu qabeenya nama tokkoo hunda caalaa gatii guddaa qabudha. Maallaqa bade bakka buusuu kan dandeenyu ta'us, yeroo bade gonkumaa deebisuu hin dandeenyu. Macaafni Qulqulluun carraa hundumaatti akka gaariitti fayyadamuudhaan yeroo sana akka furru nu gorsa (Efe. 5:15-16; Qol. 4:5).

Akka soortuu amanamaa Pheenxeqoosteetti, akkuma maallaqa keef baajata baasuu barbaaddu, yeroo keefis baajata baasuu barbaaddu qabda. Maatii, hojii, boqonnaa, qo'annaa, kadhannaa, daawwannaa fi hojiiwwan barbaachisoo ta'an kan birootiif yeroo ramaduu barachuu qabda. Hojiin kun tarreewwan hojiiwwan hojjetamuu qaban uumuu, iddoo hojii qindeessuu, hojiiwwan guyyaa fi torbanii qopheessuu fi yeroo tursiisuu irraa fagaachuu kee si gaafata.

Of Kunuunsuu Shaakaluu

Sadaffaa, jireenya haala gaariin bulfamu barbaaddu keessatti akkaataa of kunuunsuu itti shaakaltu barachuu qabda. Of kunuunsuun shaakala fedhii hafuuraa, miiraa fi qaamaa ofii keenyaaf kunuunsuudha. Kana kan goonu ofittummaaf utuu hin ta'in, sababii Waaqayyoo ta'uufi. Waaqayyoo fi warra kaan caalaatti akka tajaajiluuf ofii keenyaaf kunuunsina.

Waaqayyoo ilmaan namootaa yommuu uumu hafuura, lubbuu fi qaamaan uume (1Tas. 5:23). Hafuurri kutaa ittiin Waaqayyoo wajjin walqunnamuudha. Lubbuun kutaa yaadu, itti dhagahamu, filatudha. Qaamni immoo kutaa qaama

namaati. Mana hafuurri fi lubbuun keenya keessa jiraatudha. Of kunuunsuun sadan isaanii kunuunsuu kan dabalatudha.

Naamusa hafuura kan sagalee irratti xiinxaluu, waaqeffannaa, kadhannaa fi sooma shaakaluudhaan hafuura fi lubbuu kee kunuunsuu dandeessa. Kana malees, yaada, miiraa fi fedha kee yeroo hundumaa gooftummaa Kiristoosiif kennuu qabda. Macaafni Qulqulluun, “Yaada keessan haaromsuudhaan jijjiirradhaa malee, akka fakkeenya biyya lafaa kanaatti hin fakkaatinaa! Sana booda fedha Waaqayyoo maal akka ta’e qorachuu fi raggaasisuu ni dandeessa—fedhii isaa isa gaarii, isa gammachiisaa fi guutuu ta’e” (Rom. 12:2). Macaafni Qulqulluun jireenya yaada keenyaa akkamitti to’achuu akka qabnu caalaatti nu barsiisa:

“Wanti dhugaa ta’e, wanta kabajamaa ta’e, wanta sirrii ta’e, wanta qulqulluu ta’e, wanta jaalala qabeessa ta’e, wanta dinqisiifamu hundi—yoo wanti baay’ee gaarii ta’e ykn faarfamaa ta’e—waan akkasii yaadi.” (Filp. 4:8) .

Qaamni keenya mana qulqullummaa hafuura qulqulluu waan ta’eef qaama keenya kunuunsuun barbaachisaa dha. Kanaaf qaama keenyaan Waaqayyoon kabajuu qabna (1Qor. 6:19-20). Qaamni fayyaa qabu waamicha Waaqayyoo jireenya keenya irratti godhe haala gaariin akka raawwannu nu dandeessisa. Jireenya guutummaatti akka jiraannu nu dandeessisa (Yoh 10:10). Kanaaf, nyaata gaarii nyaachuudhaan, yeroo hunda sochii qaamaa gochuudhaan, hirriba gahaa rafuudhaan, akkasumas yeroo hunda qorannoo fayyaa gochuudhaan qaama keenya kunuunsuu qabna.

JIREENYA AKKA GAARIITTI HOOGGAMU HORDOFUU

Tarii, “Akkamittan akka soortuu Pheenxeqoosteetti jireenya haala gaariin bulfamuu hordofuun danda’a?”

Murteessuu

Jireenya haala gaariin bulfamuu barbaaduu kee murteessuu irraa jalqabda. Yesuus seenaa Ilma Bade sanaa dubbateera. Seenaa kana keessatti ilmi fincilaan kun dhaala isaa abbaa isaa irraa gaafatee manaa bahe. Utuu baay’ee hin turin dargaggeessi kun jireenya ofitti gammaduu isaatiin kan ka’e dirree keessatti booyyee nyaachisaa ta’ee of argate. Yeroo sanatti mucichis ofitti deebi’ee, “Ani ka’ee gara abbaa kootti deebi’ee, “Yaa abbaa, ani Waaqa irrattis ta’e sirratti cubbuu hojjetheera. Kana booda ani ilma kee jedhamuuf hin malu; akka hojjetoota

kee keessaa tokko na godhi” (Luq 15:18-19). Murtoo sanaan ka’ee imala isaa gara biyyaatti eegale.

Jireenya haala gaariin bulfamu barbaaduu keessattis baay’ee wal fakkaata. Imalli kee gara jireenya caalaatti bu’a qabeessa ta’etti murtoo cimaadhaan jalqabuu qaba. Haala amma keessa jirtu ilaaltee karaan ittiin jiraachuu fi tajaajiluuf fooyya’aan akka jiru murteessuu qabda. Sana booda, “Ani ka’ee jireenya caalaatti bu’a qabeessa ta’e hordofa” jettee ofitti dubbachuu qabda.

Karoorra Baafachuu

Jireenya haala gaariin bulfamu hordofuuf murtoon barbaachisaa ta’us, garuu gahaa miti. Murtoon kee karoorra hojiirra ooluu danda’uun hordofamuu qaba. Karoorri kun tarkaanfiiwwan sadii kan of keessaa qabu yoo ta’u, isaanis akka armaan gadiitti:

1. *Of madaaluu.* Imala kee gara jireenya haala gaariin bulfamuutti of madaaluun jalqabda. Of-madaallii kana keessatti akkaataa jireenya kee ammaa qorachuun bakka fooyya’iinsi itti barbaachisu ni beekta. Gaaffiiwwan armaangadii amanamummaadhaan deebisuudhaan kana gochuu dandeessa:

- Maallaqa koo bulchuu irratti hagam akka gaariitti hojjechaan jira?
- Yeroo koo bulchuu irratti hagam akka gaariitti hojjechaan jira?
- Hafuura, lubbuu fi qaama koo kunuunsuurratti hagam akka gaariitti hojjechaan jira?
- Tokkoo tokkoo isaanii irratti caalaatti hojjechuudhaaf hagramin carraaqaa jira?

Gaaffiiwwan kana of eeggannoodhaan deebisi, deebii kees barruulee irratti barreessi.

2. *Galma kaa’uu.* Naannoolee fooyya’iinsi si barbaachisu erga adda baafattee booda, galma guddina dhuunfaa keetii baafadhu. Kana gochuu kan dandeessu gaaffilee armaan gadii gaafachuu fi yaadaan deebisuudhaani:

- Dandeettii bulchiinsa faayinaansii koo karaa kamiin fooyyessuun barbaada?
- Dandeettii yeroo itti fayyadamuu koo karaa kamiin fooyyessuun barbaada?
- Hafuura, lubbuu fi qaama koo kunuunsuuf dandeettiin qabu karaa kamiin fooyyessuun barbaada?

Ammas deebii kee barruullee kee irratti barreessi. Xiyyeeffannoo qabaadhu.

3. *Karoora qopheessuu.* Galma kee erga baafatee booda kaayyoowwan kana bira ga'uuf karoora baasuu qabda. Yeroo tokkotti dhimma tokko ykn lama qofa irratti xiyyeeffadhu, kaayyoo tokkoon tokkoon isaa galmaan ga'uuf karoora baafadhu. Karoora kee keessatti tarkaanfiiwwan addaa kaayyoo kee galmaan ga'uuf fudhachuu dandeessu adda baasuu ni barbaadda ta'a. Fakkeenyaaf, baajata maatii qopheessuu fi hordofuudhaan dandeettii maallaqaa kee fooyyessuu barbaadda ta'a. Yookiin, ganama ganama tarree hojiiwwanii qopheessuudhaan, achiis tarree kana fayyadamuun sochiiwwan guyyaa keetii qajeelchuuf dandeettii yeroo kee itti fayyadamuu fooyyessuu barbaadda ta'a.

Gara Hojiitti Jijjiiri

Karoora kee erga qopheessitee booda gara hojiitti ce'uu qabda. Karoora kee raawwachuu jalqabuu qabda. Cimina qabaadhu; karoora kee irratti maxxani. Achiis, dhuma ji'a sadii hanga ja'aatti, guddina kee madaali. Bakka gaarii hojjetee fi bakka gaarii hin hojjenne adda baafadhu. Sana booda, karoora sirreessii adeemsa sana irra deebi'i. Galma wal fakkaatu irratti hojjechuu kee itti fufuu barbaadda ta'a, ykn kaayyoowwan kaan irratti hojjechuu filachuu dandeessa.

Jireenya haala gaariin bulfamu galmaan gahuun adeemsa umurii guutuuti. Galma hordofuu qabuudha, jireenya soortuu Pheenxeqoosxee keessattis eebba hedduu ni fida.



~ Boqonnaa 14 ~

Hariiroo Fayya-Qabeessa

Ogeessi Seera Musee tokko gaaffii tokko qabatee gara Yesusitti dhihaate. “Barsiisaa, abboommii Seerichaa keessaa inni guddaa isa kami?” Yesuus utuu hin shakkiin, “Waaqayyo kee gooftaa garaa kee guutuudhaan, lubbuu kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan jaalladhu.’ Abboommiin kun isa jalqabaa fi isa guddaa dha. Inni lammaffaa immoo: ‘Hiriyyaakee akka ofiikeetti jaalladhu ’” (Mat. 22:36-39). Kanaaf, akka Yesus jedhutti, Waaqayyoon tajaajiluu keessatti hariiroon wiirtuudha.

Kiristaanummaan amantii aadaa caala; inni karaa Yesuus Kiristoos Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya dhuunfaa qabaachuudha. Seera raawwachuu ykn amantaa barmaatileedhaan hordofamu mit. Kiristaanummaan, dhimma Waaqayyoo fi namoota kaan jaallachuudha. Yaadni Waaqayyoo wajjinis ta’e namoota wajjin walitti dhufeenya jaalalaa qabaachuu jedhu kun amantii Kiristiyaanaa amantiiwwan kaan irraa adda taasisa.

Tajaajilli soortuu itti dhiyeenyaan raawwatamuu qaba. Akkuma tiksee hoolota isaa fagoodhaa kunuunsuu hin dandeenye, soortuun Pheenxeqoosxee tokkos fagoodhaa saba isaa kunuunsuu hin danda’u. Tajaajila irratti milkaa’uuf, soortuun Pheenxeqoosxee barbaachisummaa hariiroo cimaa, fayya-qabeessa ijaaruu hubachuu qaba. Akkasumas hariiroowwan kun akkamitti akka guddatanii fi akka eegaman beekuu qabu.

HARIIROO HUBACHUU

Hariiroon walitti hidhamiinsa nuti waliin uumnudha. Isaanis karaalee nuti walitti dhufeenya itti qabaanudha. Hariiroon walitti dhiyeenya ykn fagoo, cimaa ykn laafaa, dhugaa ykn fakkeessuu, fayyaa-qabeessa ykn diigaa ta'uu danda'a. Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, miseensota maatii, miseensota waldaa, hiriyoota, fi soortuuwwan biroo wajjin hariiroo fayya qabeessa akkamitti akka ijaartu beekuu qabda. Atis warri kaanis akkasuma akka godhan barsiisuu danda'uu qabda.

Hariiroon fayya-qabeessa ta'e sabni Waaqayyoo tokkummaan akka waliin jiraatan ni taasisa. Nama eebbisu ni ijaarus. Akkasumas akka kabajaa fi fudhatama argatan isaan gargaaru. Hariiroon fayya-qabeessa ta'es saba Waaqayyoo dhaabbata oomishaa keessatti walitti fida. Waldaan tokko akka badhaatuu fi akka jabaattu godha. Gama biraatiin hariiroon fayya-dhabeessa hin taane, namoonni wal falmii fi aarii keessatti akka kufan taasisa. Hariiroon akkasii waldaan tokko akka laaftuufi bu'a qabeessa akka hin taane taasisa.

Kanaaf Phaawulos amantootni jalqabaa walitti dhufeenya fayya-qabeessa walii isaanii wajjin akka qabaatan gorseera. Amantoota Efesoon keessa jiraniif, "Tokkummaa hafuuraa karaa hidhaa nagaatiin eeguuf carraaqii hundumaa godhaa" jedhee barreesseera (Efe. 4:3). Amantoota Roomaa keessa jiran, "yaada tokko itatti waliif galaa,oftuulummaa dhiisaa, gad of deebisuun hojjechuutti cimaa, beekumsa keessaniin of hin jajiinaa" (Rom. 12:16). Phaawulos hariiroon fayya-qabeessa ta'e, tajaajila bu'a qabeessa ta'e walga'ii keessaas ta'e alatti bu'uura akka ta'e hubateera.

GOSOOTA HARIIROO

Akka suurtuuwwan Pheenxeqoosxeetti, gosoota ykn sadarkaa hariiroo jireenya keessatti si mudatan irratti dammaquun barbaachisaa dha. Hubannoon kun hariiroo kam irratti caalaatti hojjechuu akka qabdu caalaatti dursa akka kennitu si gargaara.

Hariiroo Jalqabaa

Jireenya keessatti walitti dhufeenyi kee inni guddaan hariiroo Waaqayyoo wajjin qabdudha. Hariiroon biroo hundi hariiroo jalqabaa kana irratti ijaaramuu qabu. Kanaaf hariiroo Waaqayyoo wajjin qabduuf dursa kennuu qabda. Hariiroo kana yoo sirritti argatte hariiroowwan biroo hundi bakka isaaniitti isa sirrii qabatu.

Faallaan isaas dhugaadha; yoo hariiroon kun sirrii miti ta'e, hariiroon biroo hundi dhiibbaa hamaa qabaatu.

Hariiroon ati Waaqayyoo wajjin qabdu kan jaalala gadi fagoo ta'uu qaba (Mat. 22:37). Jaalalli Waaqayyoof qabu kun abboommii isaaf of kennuudhaan abboomamuu (Yoh. 14:15, 21) fi jaalalaan warra kaaniif yaaduudhaan (Yoh. 15:12) of ibsa.

Hariiroo Maatii

Hariiroo Waaqayyoo wajjin qabdu booda kan lammaffaa walitti dhufeenya hiriyaa gaa'elaa kee wajjin qabdudha. Macaafni Qulqulluun Waaqayyo abbaa manaa fi haadha manaa foon tokko akka godhe dubbata (Uma. 2:24). Kanaaf abbaan manaa akkuma qaama ofii jaallatu haadha manaa isaa jaallachuu qaba, akkuma Kiristoos waldaa jaallatu jechuudha. Akkasumas haati manaa abbaa manaa ishee kabajuu fi mana keessatti aangoo isaaf bitamuu qabdi (Efe. 5:21-33). Kanaaf atii fi haati manaa kee hariiroo kana hariiroo dhala namaa kaan hunda caalaa iddoo guddaa kennuu qabda. Akkasumas hariiroo kana cimsuuf yeroo fi carraaqii ga'aa irratti taasisuu qabda.

Hariiroon keessan inni sadaffaan inni guddaan ijoollee keessanii wajjin kan wal qabatedha. Ijoollee keessan baay'ee jaallachuu qabdu, akkasumas gara laafinaan isaan kunuunsuu qabdu. Macaafni Qulqulluun warri ijoollee isaanii barsiisa Gooftaatiin guddisuu akka qaban dubbata (Efe. 6:4). Kanaaf, ijoollee keessan gonkumaa tuffachuu hin qabdan—hojii soortuu keessan hordofuu keessatti illee. Kanaa mannaa, tokkoon tokkoon isaanii wajjin michummaa uumuuf yeroo kennuu qabda. Kunis mana keessatti haala michummaa jaalalaa qabu ni uuma. Haalli kun nagaadhaan hojii kee akka hojjettu kan si dandeessisu si'a ta'u, tajaajilarrattis bu'a qabeessummaa kee ni dabala. Waldaa fi hawaasaafs ragaa ta'ee ni tajaajila. Hunda caalaa barbaachisaa kan ta'e, ijoollee keessan gara hariiroo dhuunfaa Kiristoos wajjin qabanitti geessuuf barbaaduu qabdu. Akkasumas daa'imman tokkoon tokkoon isaanii hafuura qulqulluudhaan akka gutaman mirkaneessuu qabda.

Kana malees, maatii bal'aa wajjin hariiroo jaalalaa qabaachuu qabda. Warra keessaniif, obboota keessaniif, obboleeyyan obboleessa keessaniifi miseensota maatii keessaniif jaalalaafi kabaja sirrii ta'e argisiisuu qabda. Ati garuu waan hundumaa tartiiba isaa sirrii ta'een eeguu qabda. Hiriyaa gaa'elaa fi ijoollee kee caalaa miseensota maatii bal'aa gonkumaa filachuu hin qabdu. Phaawuloos Ximotewoosiif akkas jedhee barreesse, “Namni firoota isaa, keessumaa immoo

maatii isaatiif wanta barbaachisu hin dhiheessine, amantii isaa ganeera, nama hin amanne caalaas hamaadha” (1Xim. 5:8).¹

Hariiroo Tajaajiltootaa

Hariiroo Waaqayyoo fi miseensota maatii kee wajjin qabdu malees, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, hariiroo tajaajilaa kee of eeggannoodhaan kunuunsuu qabda. Hariiroowwan kun warra ati tajaajiltuufi namoota wajjin tajaajiltu ni dabalata. Isaan miseensota waldaa keessanii, hawaasa keessan, fi waldaa amantii ykn biyyaalessaa keessan of keessatti qabatu. Tokkoon tokkoon hariiroo kanaa adda kan ta’an yoo ta’u, tokkoon tokkoon isaanii xiqqoo adda adda ta’anii qabamuu qabu. Hammi guddinakee fi milkaa’ina kee ykn kufaatiin tajaajilarratti simudatu, hariiroowwan kana akkamitti akka bulchitu irratti kan hundaa’u ta’a.

Dabalataanis miseensota hojjetoota soortuu fi tajaajiltoota waldaa keessanii wajjin hariiroo cimaa ijaaroo isin barbaachisa. Yesuus ergamoota kudha lamaan yeroo filate lallabuuf isaan ergee hafuura xuraawwaa baasan. Haa ta’u malee, jalqaba yeroo isaa wajjin akka dabarsan isaan waame (Mar. 3:13-15). Gooftaan keenya yeroo isaan waliin jiran walitti hidhamiinsi inni isaan waliin ijaaru yeroo addaan bahan tajaajila isaaniif bu’uura akka ta’u ni beeka ture. Waldaa ati geggeessitus akkasuma. Walitti hidhamiinsi ati hojjetoota soortuu fi tajaajiltoota kee wajjin qabdu tajaajila hundumaaf waldaa naannoo sana jiru keessatti akka bu’uuraatti tajaajila.²

Hariiroo Balaa Qabu Sadeen

Hariiroon tokko tokko sadarkaa balaa qabatani dhufu. Hariiroo sana keessaa sadeen: hariiroo addunyaa waliin qabdu, hariiroo warra saalaan faallaa kee ta’an waliin qabduu fi hiriyyoota dhiyoo filachuu kee ti. Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, tokkoon tokkoon hariiroo kanaa of eeggannoo guddaadhaan qajeelchuu qabda, akka armaan gadiitti haa ilaallu:

1. Hariiroo ati addunyaa waliin qabdu. Hariiroo addunyaa waliin qabdu keessatti dammaqinaan jiraachuu qabda. Biyyi lafaa sirnoota lafaa hedduu Seexanaan to’atamanii fi warra isa tajaajilan irraa kan ijaaramedha (1Yoh 5:19).

¹ Mata duree kana ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 7: “Maatiidhaaf Dursa Kennuuf” isa jedhu ilaali.

² Mata duree kana ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 5: “Aantummaa Ministeerotaa” ilaali.

Yesuus bartoota isaatiin, “Isin kan biyya lafaa miti, ani garuu biyya lafaa keessaa isin filadheera” (Yoh 15:19). Macaafni Qulqulluun akka ibsutti, hordofaan Kiristoos biyya lafaa keessa jiraachuu kan qabu yoo ta’ellee, wanta biyya lafaa keessatti liqimfamuu hin qabu (1Qor. 7:31). Jaalala isaanii wanta biyya lafaa irratti kaa’uu hin qaban (1Yoh 2:15). Akkasumas jireenya isaanii akka karaa biyya lafaatti fakkeessu hin qaban (Rom. 12:2).

2. *Hariiroo ati warra saalaan faallaa kee ta’an wajjin qabdu.* Kana malees, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, hariiroo warra saala faallaa ta’an waliin qabdu sirriitti hordofuu qabda. Soortuwwan tokko tokko hariiroo kana keessatti daangaa eeguu waan dadhabaniif, salphina keessatti kufanii hojii Waaqayyootti salphina fidaniiru. Phaawuloos Ximotewoos akeekkachiise, “Hawwii hamaa dargaggummaa keessaa baqadhu, qajeelummaa duukaa bu’i” (2Xim. 2:22). Itti dabaludhaanis amantitti ilma isaa isa ta’een akkas jedhee qajeelche, “Dubartoota dullooman akka haadhatti, dubartoonni quxisuus akka obboleettiitti qulqullummaa guutuudhaan [ilaadhaa]” (1Xim. 5:2).

Warra saalaan faallaa ta’an wajjin haala sirrii ta’een walitti dhufeenya qabaachuu qabda. Hiriyya gaa’elaa keetiin alatti, nama saalaa faallaa kee ta’an wajjin kophaa kee gonkumaa of argachuu hin qabdu. Jireenya yaada mataakeetii eeguu qabda. Dhimmi ejjaa hunduu yaada namaa keessaa jalqaba. Kanaaf, yaadni kee hiriyya gaa’elaa kee irraa gara nama biraatti akka ba’u gonkumaa eeyyamuu hin qabdu (Mat. 5:28). Macaafni Qulqulluun, “Waan hundumaa caalaa garaa kee eegi, wanti ati hojjettu hundinuu isa keessaa ba’a” (Fak. 4:23) jedhee gorsa.

3. *Filannoo hiriyyoota kee.* Namni tokko michoota filachuun jireenya isaa irratti eebba guddaa ykn miidhaa guddaa fiduu danda’a. Kanaaf, michoota kee filachuurratti ogummaatti fayyadamuu qabda. Macaafni Qulqulluun, “Warri qajeelonni michoota isaanii of eeggannoodhaan filatu, karaan warra jal’oo garuu isaan karaa irraa maqsa” (Fak. 12:26) nuun jedha. Phaawuloos itti dabaludhaan, “Hin dogoggorinaa, hiriyaan hamaan amala gaarii in balleessa” (1Qor. 15:33). Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti, warra Waaqayyootti akka dhihaattu fi jireenya isa gammachiisu akka jiraattu si jajjabeessan qofa wajjin hidhata michummaa cimaa uumuu qabda.

AMALOOTA HARIIROO SIRRII

Afrikaanonni qulqullinni jireenya nama tokkoo baay’inaan qulqullina hariiroo isaatiin akka murtaa’u ni hubatu. Egaa ulaagaaleen tokko tokko soortuun

Pheenxeqoosxee mana isaanii, waldaa isaanii fi hawaasa isaanii keessatti hariiroo fayya-qabeessa ijaaruu fi eeguu irratti isaan qajeelchuuf itti fayyadamuu danda’u maal fa’a? Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, hariiroon keessan amala shan agarsiisuu qaba:

Jaalala

Amalli jalqabaa hariiroo namoota biroo wajjin qabdu ibsuu qabu jaalala aarsaa dha. Hiriyyaa gaa’elaa kee, ijoollee kee fi saba Waaqayyoo akkuma Kiristoos si jaallatutti jaallachuu qabda. Yesuus bartoota isaa, “Akkuma ani isin jaalladhe, isinis akkasuma wal jaallachuu qabdu” (Yoh 13:34) jedhee abboomeera. Jaalalli ofittummaa hin qabne hariiroo isaan waliin qaban ibsuu akka qabu itti himaa ture. Yesuus lubbuu isaa isaaniif kennuudhaaf fedhii qaba ture. Amma, lubbuu isaanii waliif dabarsuudhaaf fedhii qabaachuu qabu (Yoh 15:12-13). Pheexiroos akkasitti, “Laphee keessaa, gad fagenyaan wal jaalladhaa” (1Phex. 1:22) jedhee nu jajjabeessa.

Ifatti Waliin Dudubbachuu

Amalli lammaffaan hariiroo namoota biroo wajjin qabdu ibsuu qabu, ifatti, amanamummaadhaan waliin dudubbachuudha. Phaawuloos Kiristaanota Efesoon keessa jiran dhugaa jaalalaan akka dubbatan gorseera. Osoo kana gochuu barbaadan akka qaama isaatti guddatanii bilchaatu turan (Efe. 4:15). Ergamaan kun dabalataan amantoota Qolosaayis gorseera, “Akka nama hundumaaf deebii kennuu akka beektaniif, dubbiin keessan yeroo hundumaa ayyaanaan kan guutame, soogiddadhaan kan mi’eeffame haa ta’u” (Qol. 4:6).

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, dubbachuu kee dura dubbii kee of eeggannoodhaan madaaluu qabda, jechoota Caaffata Qulqullaa’oo yaadadhu: “Warri arraba isaanii eegan lubbuu isaanii ni eegu, warri ariitiin dubbatan garuu ni badu” (Fak. 13:3). Waliin dudubbachuun ati namoota kaan wajjin gootu michummaa, ofitti amanamummaa fi garaa qulqulluudhaan kan amala qabu ta’uu qaba. Dubbiin kee gara jabinaan osoo hin taane, jalalaan akkasumas amanamummaa kan ofittummaa of keessaa hin qabne ta’uu qaba. Akkasumas wanta warri kaan dubbatan sirriitti dhaggeeffachuu barbaaduu qabda. Macaafni Qulqulluun, “Osoo hin dhaggeeffatin deebii kennuun—kun gowwummaa fi salphina” (Fak. 18:13) jedhee gorsa.

Wal Amaanuu

Amalli sadaffaan hariiroo maatii keessanii fi miseensota waldaa keessanii wajjin qabdan ibsuu qabu wal amanuudha. Amaanaa jechuun amantaa namoonni walirratti qaban dha. Wal amantaa jechuun qaamoleen hariiroo sana keessa jiran hundi dhugaa akka ta’anii fi hariiroo sanaaf kutannoo qaban akka itti fufan amantaa waliiniidha. Wal amantaan akka uumamuuf qaamoleen hariiroo sana keessa jiran hundi of kennuu isaanii waliif agarsiisuu qabu.

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, imaanaa ummataaf kan malu ta’uu kee mirkaneessuu qabda. Namoonni naannoo soortuu isaaniitti nageenyi itti dhaga’amuu qaba. Iccitii isaanii isa gadi fagoo isaaf himuu irratti nageenyi itti dhaga’amuu qaba. Akkasumas soortuun isaanii iccitii kana nama biraatiif akka hin qoodne beekuu qabu.

Kabaja

Amalli afraffaan hariiroo namoota biroo wajjin qabdan ibsuu qabu wal kabajuudha. Kabajni kabaja ol’aanaa namni tokko miira, mirгаа fi ulfina namoota birootiif qabuudha. Pheexiroos kiristaanota, “Nama hundumaaf ulfina sirrii agarsiisaa” (1Phex. 2:17) jedhee jajjabeessaa ture. Haati manaa abbaa manaa ishee kabajuu qabdi, abbaan manaas haadha manaa isaa kabajuu qaba. Ijoolleen warrasaanii kabajuu qabu, warris ijoolleesaanii kabajuu qabu. Miseensonni waldaa soortuu isaanii kabajuu qabu, soortuun isaaniis isaan kabajuu qaba.

Namoonni hundi fakkii Uumaa isaanii waan qabaniif, nama hundaaf sanyii, gosa ykn ejjennoo hawaasaa kamiinuu utuu hin ilaalin iddoo guddaa kennuu qabda. Phaawuloos amantoota Roomaa jiran “waliif of kennanii” akkasumas “ofii keessan caalaa wal kabajuu” (Rom. 12:10) akka ta’an dhaamseera. Itti dabaluudhaanis, “Wali waliif ta’anii jiraadhaa. Namoota ejjennoo gadi aanaa qaban waliin walitti dhufeenya uumuuf fedhii qabaadhu malee of hin tuuliin ” (lakk. 16).

Gad of qabuu

Dhumarratti, hariiroon namoota kaanii wajjin qabdu gad of deebisuudhaan kan mallatteeffamu ta’uu qaba. Gad of qabuun faallaa of tuulummaa fi of guddisuuti. Innis of tuulummaa fi of jajuu irraa bilisa ba’uudha. Gad of deebisuun dandeettii namni tokko akka Waaqayyo isa ilaalutti of ilaaluudha. Kana jechuun, namni gad of deebisu tokko akkuma jirutti of ilaalu danda’a. Gad of deebisuun

jaalala dhugaa kan argisiisudha. Phaawuloos akkas jedhee barresse, “Jaalalli... of hin jaju, hin tuulu. Namoota kaan hin salphisu, ofittoo miti” (1Qor. 13:4-5).

Of tuuluun hariiroo gadi fagoo fi dhaabataa ta’etti balbala cufa. Gad of deebisuun garuu balbala bana (Rom. 12:16). Akka soortuu gad of deebisuutti dhiira ykn dubartii ummataaf jiraattu taata. Ofii fi namoota gidduutti dallaa ijaaruu irra riqicha ni ijaartu.

HARIIROO FAYYAA QABU EEGUU

Shaakaliwwan sadeen namoota wajjin hariiroo fayya-qabeessaa fi Waaqayyoo ulfina kennu ijaaruu fi eeguuf si gargaaran kunooti:

Kaayyoo Qabadhu

Tokkoffaa, miseensota maatii kee, miseensota waldaa kee fi hiriyoota tajaajilaa wajjin hariiroo fayya-qabeessa ijaaruu fi eeguu ilaalchisee kaayyoo qabaachuu qabda. Kaka’umsa fudhachuu fi hariiroowwan kana dammaqinaan hordofuu qabda. Yesuus kan godhe kana. Ummata gidduu deemuu filate. Yeroo fudhatee isaan dhaggeeffatee boo’icha isaanii dhaga’e. Diinonni isaas kana hubatanii, “michuu gibira sassaabdootaa fi cubbamoootaa” jechuun isa himan (Mat. 11:19). Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, akka Yesuus ta’uuf carraaquu fi namoota biroo wajjin hariiroo cimaa ijaaruuf dammaqinaan barbaaduu qabda.

Hariiroo Guddisuu

Kana malees, hariiroo fayya-qabeessa ta’e horachuuf cimtee hojjechuu qabda. Maatii kee, miseensota waldaa kee fi hiriyoota tajaajilaa kee wajjin walitti dhufeenya cimaa fi waaraa ijaaruuf yeroo fi carraaqii barbaachisu gochuuf fedhii qabaachuu qabda. Kana gochuuf, yeroo isaanii wajjin dabarsuu, seenaa isaanii dhaggeeffachuu, qoosaa isaaniitti kolfuu, dhukkubbii garaa fi kufaatii isaanii irratti boo’uu si barbaachisa (Rom. 12:15). Kana yoo goote yeroon booda hidhannoo jaalalaa cimaan siifi saba kee gidduutti ni uumta.

Dhiifama Shaakali

Dhumarratti, namoota biroo wajjin hariiroo cimaa fi waaraawaa ijaaruu fi eeguu yoo barbaadde, dhiifama gaafachuu fi dhiyeessuu barachuu qabda. Namoota mufachiisun waan hin oole dha; isaanis ni mufatu. Hubannoon dogoggoraa ni uumama, miirrii ni miidhama. Hariiroon kunuunfamuuf yoo ta’e dhiifamni uumamuu qaba.

Boqonnaa 14: Hariiroo Fayya-Qabeessa

Saantimni dhiifamaa fuula lama qaba. Gama tokkoon namni yakki itti dhaga'amu dhiifama gaafachuudha. Gama biraatiin immoo namni mufate dhiifama fudhachuudha. Lamaanuu hojjechuuf qophaa'uu qabda (Mat. 5:22-26). Yeroo mufatte dhiifama gaafachuuf daftee ta'uu qabda. Akkasumas namni tokko yeroo dhiifama gaafatu dhiifama kennuudhaaf fedhii qabaachuu qabda. Dhiifama gochuun nama yakkamaas ta'e nama mufate bilisoomsa. Balbala araaraa bana, hariiroon cabe akka sirreeffamuuf karaa tolcha.

Tajaajilli bu'a qabeessa ta'e hariiroo cimaa fi fayya-qabeessa ta'e irratti ijaarama. Soortuun Pheenxeqoosxee ogeessi hariiroo kana ijaaruu irratti gatii guddaa ni baasa.

Kutaa 4ffaa: Jireenya Dhuunfaa Soortota Pheenxeqoosxee



~ Boqonnaa 15 ~

Amala Waaqeffannaa Dhuunfaa Cimaa

Kiristoos Yesuus gooftaa koo beekuu kootiin waan hundumaa akka kasaaraatti nan ilaala” (Filp. 3:8). Dubbiin Phaawuloos ergamaan dubbate kana. Yesuus booda lammaffaa, ergamaa guddaa hanga ammaatti jiraatee akka ta’e amanama. Humnaan lallabaa, dinqii hojjetee, guutummaa Impaayera Roomaa keessatti waldoota dhaabe. Waaqayyo balbala fayyinaa ormootaaf banuuf itti fayyadame (HoE 14:27). Ta’us, kana hundumaa keessatti, jirenya keessatti bu’aan inni guddaan Yesuus beekuu qofa akka ta’e itti dhaga’ame. Kadhanaan isaa yeroo hundumaa, “Kiristoos beekuu nan barbaada” isa jedhudha (Filp. 3:10).

Akkuma Phaawuloos, soortuwwan Pheenxeqoosxees geggeessitootadha. Akka kanaan itti gaafatamummaa hedduu qabda. Amantoota gara duuka buutotaatti akka guddistuu fi mootummaa Waaqayyoo lafa irratti akka tarkaanfachiiftu waamamteetta. Kun hojiiwwan gurguddoo waan ta’aniif, hojiiwwan kana amanamummaadhaan raawwachuu qabda. Haa ta’u malee, akkuma Phaawuloos tajaajila irratti fagoo deemuu yoo barbaadde, hariiroo Kiristoosii wajjin qabduuf dursa kennuu qabda. Kiristoosii beekuu fi isa wajjin yeroo hundumaa walitti dhufeena qabaachuu barbaaduuf of kennuu qabda.

Kana gochuuf, amala waaqeffannaa cimaa horachuu si barbaachisa. Hammi dadhabbi kamiyyuu, hammam cimee yookiin bu’a qabeessa ta’us, Gooftaa wajjin walitti dhufeena dhabuu bakka hin bu’u. Boqonnaan kun amala waaqeffannaa soortuun Pheenxeqoosxee ni ilaala.

AMALOOTA WAAQEFFANNAA DUUNFAA

Qorannoon keenya amala waaqeffannaaf hiika muraasa kennuun eegala.

Jechicha Hubachuu

Amalli waan namni yeroo hunda hojjetudha. Amala irra deddeebi’ame eenyummaa kee lammaffaa ta’eedha. Akkuma namni ganama ganama ilkaan isaa rigaadhaan qulqulleeffatu, amalli irra deddeebi’uudhaan kan uumamudha. Jalqaba irratti namni tokko gocha sana hojjechuun barbaachisaa ta’uu isaa of yaadachiisuu qaba. Yeroo tokko tokko immoo hojjechuuf dirqamummaa godhee fudhachuu qaba. Haa ta’u malee, adeemsa keessa sochiin sun amala ta’a.

Egaa amalli waaqeffannaa dhuunfaa maali? Amalli waaqeffannaa dhuunfaa naamusa amanataa tokko guyyaa Kiristoosii wajjin walitti dhufeenya qabaatudha. Tajaajilaan Kiristoos amanamaan walitti dhufeenya Waaqayyoo wajjin qabu guddisuuf guyyaatti waan hojjetu adda baasachuu qaba. Yeroo booda, waanuma barame waan ta’uuf amala ta’aaf. Kaayyoon isaa hariiroo namni tokko Waaqayyoo wajjin qabu guddisuu fi Isaa fi ergama isaaf of kennuu isaanii guddisuu waan ta’eef waaqeffannaa dhuunfaadha jechuudha.

Faayidaa Amala Waaqeffannaa

Amala waaqeffannaa cimaa yoo guddiftee fi amanamummaadhaan eegde, jireenya kee fi tajaajila kee keessatti faayidaan hedduun ni dhufa. Mee faayidaawwan sana keessaa afur haa ilaallu:

1. *Kiristoosiin beekuu.* Faayidaan jalqabaa amala waaqeffannaa cimaa horachuu keetii, hariiroo Kiristoosii wajjin qabdu keessatti akka guddattu si gargaaruu isaati. Barreessaan Ibrootaa, “Laphee qulqulluudhaan gara Waaqayyooitti haa dhihaannu” (Ibr. 10:22) jedhee nu jajjabeessa. Yaaqoob ajaja kana irratti waadaa dabalee jira: “Waaqayyooitti dhihaadhaa innis isinitti in dhihaata” (Yaaqoob 4:8). Caaffata Qulqullaa’oo irratti yeroo kadhattuu fi xiinxaltu gara iddoo hundumaa qulqulluutti ni galta (Ibr. 10:19). Achitti, fuula Waaqayyoo duratti, ati akkuma Musee isa durii, “akkuma namni tokko michuu isaatti dubbatutti fuulaaf fuulatti” Waaqayyoo wajjin wal qunnamtee of argatta (Ba’uu 33:11).

2. *Fedha Waaqayyoo hubachuu.* Faayidaan inni lammaffaan amala waaqeffannaa cimaa horachuu keetii, fedha Waaqayyoo jireenya keetiif qabu caalaatti hubachuuf dhufta. Yommuu kadhattu, Dubbii Waaqayyoo dubbistu,

Boqonnaa 15: Amala Waaqeffannaa Dhuunfaa Cimaa

akkasumas barumsa isaa jireenya kee irratti hojii irra oolchitu, sammuun kee ni jijjiirama. Yeroo kun ta’u, “fedhiin Waaqayyoo maal akka ta’e qorachuu fi raggaasisuu ni dandeessa—fedha isaa isa gaarii, isa gammachiisaa fi guutuu ta’e” (Rom. 12:2).

3. *Ilaalcha macaafa qulqulluu guddisuu.* Faayidaan sadaffaan amala waaqeffannaa cimaa guddifachuu keetii shaakala ilaalcha addunyaa macaafa qulqulluu akka horattu si gargaara. Kadhannaadhaan Caaffata Qulqullaa’oo yeroo sakattaatu, biyya lafaa akka Waaqayyo argutti arguu ni jalqabda. Karoora inni dhala namaaf qabu hubachuu ni jalqabda. Karoora sana raawwachuu keessattis bakka ati qabdu adda baasuu ni dandeessa.

4. *Hafuura Qulqulluu Wajjin Walitti Dhiyeenyaan Jiraachuu.* Faayidaan arfaffaan amala waaqeffannaa cimaa eeguu, Hafuura Qulqulluu wajjin walitti dhiyeenyaan jiraachuu ni baratta (2Qor. 13:14). Phaawuloos amantoonni “hafuura wajjin akka wal deemtan” (Gal. 5:25) jajjabeessaniiru. Dabalataanis, “Yeroo hundumaa hafuura qulqulluudhaan guutamaa” (jecha jechaatti hiikkaa Efesoon 5:18) jedhee isaan gorseera. Haala of kennuu keessatti Hafuurri Qulqulluun humnaa fi argamuu isaa ni beeksisa. Innis akka kaarentii madda humnaa irraa gara ampuulii ibsaa jirutti. Hanga funyoon sun sokeetiitti hidhamee jirutti, ampuulii ni ibsa. Haa ta’u malee, yoo irraa buqaafame humni humni dhangala’u dhaaba, ampuulii ni dhaama. Karaa amala waaqeffannaa amanamaa ta’een, madda humnaa keessatti cuftee turuu dandeessa. Hafuura Waaqayyootiin guutamtee turuu dandeessa.

DURSA WAAQEFFANNAA FI SHAAKALAA

Gaaffiiwwan lama ni ka’u: “Akka Soortuu Pheenxeqoosxee tokkootti, amala waaqeffannaa cimaa horachuu kan dandeessu akkamitti?” akkasumas “Shaakala kana irraa bu’aa guddaa argachuuf maal gochuu qabda?”

Dhimmoota Barbaachisoo Sadii

Amala waaqeffannaa cimaa hundeessuuf, dhimmoota walqabatan sadii ilaaluu barbaachisaadha:

1. *Dursa kennuu.* Amala waaqeffannaa uumuuf waanta ati jalqaba dursa kennituuf murteessuudha. Dursi kennamuuf waan namni tokko hunda caalaa barbaachisaa ta’ee itti ilaaludha. Innis waan inni ykn isheen dursee ykn dursitee hojjetudha. Hariiroo Waaqayyoo wajjin qabdu dursa akka qabu murteessuu qabda.

Akkasumas amala waaqeffannaa akka mala hariiroo sana cimsuuf gargaarutti ilaaluu qabda. Kana gochuuf, “abbaa irree ariifachiisaa” jedhaman irraa of eeggachuu si barbaachisa. Kunis, sochiiwwan jireenyaa ariifachiisaa ta’an hedduun shaakala baay’ee barbaachisoo ta’an sana akka dhiiban eeyyamu hin qabdu.

Akka soortuu hojiin itti baay’atutti, guyyaa guyyaan fedhiiwwan ariifachiisaa hedduu si mudatu, hojiiwwan yeroo hunduma yeroo kee si gaafatan. Gaaffiiwwan kana bira darbuu kan hin dandeenye ta’us, tartiiba isaanii isa sirrii ta’een kaa’uu barbaaduu qabda. Hariiroo Waaqayyoo wajjin qabdu eeguu qabda. Akkasumas hariiroo sana tarree dursa kennitu keessaa isa jalqabaa ta’uu qaba. Yesuus kan godhe kanuma. Itti gaafatamummaa isaa hedduun Abbaa Isaa isa Waaqa irraa wajjin akka wal hin qunnamne akka isa dhorku hin eeyyamne. Macaafni Qulqulluun akka inni “yeroo baay’ee bakka kophaa ta’etti deebi’ee kadhachaa ture” (Luq 5:16) akka ta’e nutti hima. Tajaajila irratti Isa deggeruuf yeroo kana Abbaa Isaa wajjin kophaa isaa akka isa barbaachisu ni beeka ture.

Seenaan Maariyaamii fi Maartaa yaada kana caalaatti ibsa. Maariyaam miila Yesuus jala taa’uu fi yeroo inni barsiisu dhaggeeffachuuf dursa kennite. Haata’u malee, Maartaan hojiiwwan hojjetamuu qabu hundinuu yaadni ishee hih hirame. Yesus Maartaadhaan, “Ati wanta baay’eedhaan dhiphatta, ni dhiphatta, garuu wanti barbaachisu muraasa, ykn dhugumatti tokko qofa. Maariyaam wanta caalu filattee jirti, innis ishee irraa hin fudhatamu” (Luq 10:41-42). Maartaan abbaa irree ariifachiisaa ta’een yaada ishee jeeqxee turte. Haa ta’u malee, Maariyaam wanta hundarra gaarii ta’e, Gooftaa wajjin walitti dhufeenya uumuuf dursa kennitee turte. Soortuun Pheenxeqoosxee hundi akkuma kana gochuu barbaaduu qaba.

“Har’a Macaafa Qulqulluu dubbisee kadhachuu hin danda’u. Wantoota ariifachiisaa ta’an baay’een qaba.” Haa ta’u malee, har’a kana yoo jette, achiis guyyaa itti aanutti, achiis isa itti aanutti yoo jette, amala miliquun rakkisaa ta’e jalatti kufta. Garuu yeroo guyyaa guyyaan of kennitu akka beellama Waaqayyootti yoo ilaalte, akkasumas amanamummaadhaan beellama sana yoo eegde, beela argama Waaqayyoo ni guddifatta. Yeroo waaqeffannaa kee gammachuudhaan itti dhiyaachuu ni jalqabdu.

2. Itti fayyadama yeroo. Dhimmi lammaffaan suurtoon Pheenxeqoosxee tokko amala waaqeffannaa guddisuu keessatti ilaaluu qabu bulchinsa yeroodha. Bulchiinsa yeroo jechuun sagantaa guyyaa guyyaa ofii qindeessuun tokkoon tokkoon hojii guyyaa sanaaf yeroon sirrii ta’e akka ramadamu gochuudha.

Soortuun bu'a qabeeyyii ta'an yeroon kennaa Waaqayyoo akka ta'e hubatu, akkasumas akka gaariitti bulchuu qabu. Guyyaa kee saganteessuu keessatti, of kennuu dhuunfaaf yeroo ga'aa qabachuu kee mirkaneessuu qabda.¹

Soortuun bilchaataa ta'e tokko yeroo waaqeffannaa isaa akkamitti akka saganteeffate dubbateera. "Kadhannaa waaqeffannaa fi qayyabannaa Macaafa Qulqulluutiif ganama ganama sa'aatii nan kaa'a" jedheera. "Sagantaan koo maal akka ta'e ummata kootti nan beeksisa. Achiis yeroo sanatti namni tokko bilbilee 'si arguun barbaada' yoo naan jedhe, hamman waaqeffannaa koo xumurutti akka eegan nan godha. Yeroon xumuru gadi bahee isaan waliin wal argu. Dhugaadha, balaawwan ariifachiisaa an deebii kennuu qabu akka jiran beekamaadha. Haa ta'u malee, kanneen kanaan ala ta'aniidha. Seerichi yeroon Waaqayyoo wajjin dabarsu dursa akkan kennudha."

3. *Of adabuu ykn to'achuu.* Amala waaqeffannaa cimaa horachuu keessatti dhimmi sadaffaan of shaakalsiisuudha. Soortuun Pheenxeqoosxee tokko dursa kennuu fi yeroo isaa qindeessee keessatti of adabuudhaan karoora isaa hordofuuf barbaachisu yoo baate maal fayyada? Kanaaf guyyaa guyyaadhaan Waaqayyoo wajjin beellama kee eeguuf of adabuu qabda. Akka soortuutti nama "Yeroon kadhachuu ga'eera. Macaafa Qulqulluu dubbisuuf yeroon isaa amma." Kanaaf, of adabdee raawachuun qabda. Phaawuloos ilaaltuu, ykn soortuun tokko of to'achuu akka qabu Ximotewositti hime (1Xim. 3:2). Dabalataanis of to'achuun, ykn of adabuun firii hafuura qulqulluu akka ta'e barsiiseera (Gal. 5:23).

Shaakala Waaqeffannaa Lameen

Akkuma boqonnaa kana keessatti duraan argisiisne, shaakalawwan jalqabaa lamaan amala waaqeffannaa kadhannaa fi qayyabannaa Macaafa Qulqulluu dha. Mee tokkoon tokkoon shaakala waaqeffannaa kanaa caalaatti sirriitti haa ilaallu:

1. *Kadhannaa waaqeffannaa.* Soortuun Pheenxeqoosxee kadhannaa waaqeffannaa yeroo waaqeffannaa isaa keessatti hammachuu qaba. Kadhannaan waaqeffannaa kadhannaa iyyannoo ykn kadhannaa araarsummaa irraa adda. Kadhannaa iyyachuu keessatti namni barbaadu jireenya ofii isaa keessatti fedhii tokko akka guutu Gooftaa gaafata. Kadhannaa araarsummaa keessatti fedhii namoota birootiif ni kadhata. Haa ta'u malee, kadhannaa waaqeffannaa keessatti,

¹ Waa'ee Soortota Pheenxeqoosxee fi bulchiinsa yeroo ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 13: "Jireenya Akka gaariitti Bulfame" ilaali.

waaqeffataan karaa isaa gara Waaqayyootti dabarsee kenna, gara Waaqayyootti dhihaachuu barbaada. Daawit, “Yaa gooftaa, karaa kee natti agarsiisi, karaa kee na barsiisi” (Faar. 25:4) jedhee Waaqayyoon yeroo gaafatu kadhannaa waaqeffannaa kadhate.

Kadhannaan waaqeffannaa dabalataan yeroo faarfannaa, waaqeffannaa fi Waaqayyoo galateeffachuu of keessatti qabata. Yeroo tokko tokko qalbii diddiirrachuu of keessatti qabata, akkuma yeroo Daawit kadhate, “Ani cubbuu hojjedheera, si durattis waan hamaa ta’e hojjedheera...Hisoopiin na qulqulleessi, anis nan qulqullaa’a; na dhiqi, ani cabbii caalaa nan addaadha ” (Faar. 51:4, 7). Dubbiin Waaqayyoo, “Cubbuu keenya yoo himanne, inni amanamaa fi qajeelaa dha, cubbuu keenyaas nuuf dhiisa, jal’ina hundumaa irraas nu qulqulleessa” (1Yoh. 1:9).

Yeroo waaqeffannaa keessanitti, maatii keessaniif, fayyaa qaamaa fi hafuuraa gaarii akka qabaatan kadhachuu ni barbaadda. Akkasumas waldaa keessaniif, Hafuurri Qulqulluun akka humna kennu fi dhimma ishee akka qajeelchu, akkasumas warri qaama waldaa ta’an hundi hafuuraan akka guutaman kadhachuu ni barbaadda. Kana malees, waldaan fayyaa gaarii akka qabaattuu fi kennaa fi firii hafuuraa waldaa keessatti akka argamu kadhachuu ni barbaadda.

2. *Qo’annoo Macaafa Qulqulluu waaqeffannaadhaan.* Yeroon waaqeffannaa qayyabannaa Macaafa Qulqulluu kan dabalatu ta’uu qaba. Garaagarummaa qayyabannaa Macaafa Qulqulluu waaqeffannaa fi ogummaan qabu hubachuun kee barbaachisaa dha. Qo’annoo Macaafa Qulqulluu ogummaan qo’annoo soortuun tajaajilaaf qophaa’uuf godhudha. Qo’annoo Macaafa Qulqulluu gosa kanaa kan uumamu yeroo inni Macaafa Qulqulluu qo’atee lallaba ykn barumsa Macaafa Qulqulluu qopheessudha. Soortuuwwan Pheenxeqoosxeetiif qo’annoon Macaafa Qulqulluu ogummaan barbaachisaa dha. Haa ta’u malee, waaqeffannaan qo’annaa Macaafa Qulqulluu, qo’annoo Macaafa Qulqulluu irraa addadha.

Qo’annoon Macaafa Qulqulluu waaqeffannaa kan uumamu yeroo ati guddina hafuuraa dhuunfaaf Macaafa Qulqulluu dubbistudha. Kaayyoon kee lallaba qopheessuu osoo hin taane sagalee Waaqayyoo caalaatti hubachuudha, akkasumas dubbiin Waaqayyoo jireenya kee akka bocu eeyyamuudha. Kaayyoon qo’annoo Macaafa Qulqulluu waaqeffannaadhaan Waaqayyoon sagalee isaa keessatti qunnamuudha. Kaayyoon isaas Waaqayyoon caalaatti beekuu, gara Kiristoositti dhihaachuu fi caalaatti guutummaatti isa tajaajiluudha. Iyoob waa’ee deebii waaqeffannaa mataa isaa Caaffata Qulqullaa’oo yeroo dubbate, “Ani abboommii

arraba isaa irraa hin fagaanne; Ani buddeena guyyaa guyyaa koo caalaa dubbii afaan isaa baay'ee qabadheera" (Iyoob 23:12).

Namoonni tokko tokko Macaafa Qulqulluu waaqeffannaadhaan qayyabachuuf tarkaanfiiwwan afur akka fudhatan yaada kennaniiru. Tarkaanfiin jalqabaa kutaa sana suuta suutaan fi yaadaan dubbisuudha. Tarkaanfiin inni lammaffaan barreeffamicha irratti xiinxaluudha, gaaffiiwwan akka, "Waaqayyo karaa kutaa kanaa maal naan jedha?" fi "Ergaa Waaqayyoo kutaa kana keessatti kenneef akkamitti deebii kennuu qaba?" Tarkaanfiin sadaffaan, "Gooftaan, maal akkan godhu barbaadda?" Akkasumas tarkaanfiin dhuma wanta Waaqayyo sagalee isaa keessatti dubbate bitamuu fi seera bu'uuraa isaa hojii irra oolchuudha.

AMALA WAAQEFFANNAA IRRATTI HUBANNOO DABALATAA

Xumura irratti, akkamitti amala waaqeffannaa kee guddisuu fi hariiroo Waaqayyoo wajjin qabdu cimsuu akka dandeessu hubannoo dabalataa sadii haa ilaallu.

Kadhannaa Gooftaa fayyadamuun

Darbee darbee yeroo of kennuu keessanitti Kadhannaa Gooftaa akka qajeelfamaatti fayyadamuu ni barbaadda ta'a. Kadhannaan kun Maatewos 6:9-13 irratti argama. Yesuus kadhannaa bu'a qabeessa ta'eef akka fakkeenyaatti ykn akka yaadaatti duuka buutota isaatiif kenneera. Kadhannaa kana akka qajeelfamaatti fayyadamuun, walgahiin waaqeffannaa keessan akka armaan gadiitti itti fufa:

1. *Faarfannaadhaan jalqabi*: "Yaa abbaa keenya waaqa irraa, maqaan kee haa qulqullaa'u" (lak. 9). Yeroo muraasaaf faarfachuu fi Waaqayyoon waaqeffachuuf dabarsuu. Eenyu akka ta'eef Isa galateeffadhu, waan inni hojjete hundumaaf Isa galateeffadhu.

2. *Fedhiin Waaqayyoo akka raawwatamuuf kadhadhu*: "Mootummaan kee haa dhufu, fedhiin kee akkuma waaqa irratti ta'u lafa irratti haa ta'u" (lak 10). Mootummaan Waaqayyoo gara jireenya namootaatti akka dhufu kadhadhaa. Lammaffaa dhalatanii Kiristoos duukaa bu'uu akka jalqaban kadhadhaa (Yoh 3:3-8). Akka fayyini fi garbummaa hafuurota xuraa'aa jalaa akka bilisa ta'aniif kadhadhaa (Mat. 12:28; Luq. 11:20). Hafuura qulqulluudhaan akka guutaman kadhadhaa (Mar. 9:1; HoE 1:3-8). Akkasumas Yesuus yeroo dhiyootti akka dhufu kadhadhu (Luq. 22:18; Mul. 12:10; 22:20).

3. *Waaqayyoon kadhadhu*: “Har’a buddeena keenya guyyaa guyyaa nuuf kenni” (lak. 11). Waaqayyo “akka badhaadhina ulfina isaa Kiristoos Yesuusitti” waan isin barbaachisu hundumaa akka isiniif dhiyeessu gaafadhaa (Filp. 4:19). Fedhii namoota birootiif kadhadhu.

4. *Dhiifama gaafadhu, kenni*: “Akkuma nuyis warra nutti balleessan iif dhiifnu atis nuuf dhiisi” (lakk. 12). Waaqayyoo duratti gad of deebisuun, dhiifama isaa gaafachuu fi namoota biroof dhiifama kennuu.

5. *Qajeelfamaa fi eegumsa Waaqayyoo gaafadhu*: “Isa hamaa jalaa nu oolchi malee, gara qorumsaatti nu hin geessiin” (lakk. 13). Jireenyaa fi tajaajila kee keessatti kallattii isaa Waaqayyoon akkasumas seexanaa fi humnoota xuraa’aa irraa eegumsa isaa gaafadhu.

Kadhannaa Walitti Fufaa

Yeroo guyyaa guyyaa of kennuu eeguu malees, soortuun Pheenxeqoosxee “yeroo hundumaa kadhachuu” barbaaduu qaba (1Tas. 5:17). Kana jechuun guyyaa guyyaan mana kadhannaa keessa turuu qabdu jechuu akka hin taane beekamaadha. Kana jechuun gonkumaa kadhachuu dhiisuu hin qabdu jechuudha. Waaqayyoo wajjin haala walitti fufiinsa qabuun jiraachuu barachuu qabda. Hojii guyyaa guyyaa kee irratti yommuu deemtu, kadhannaan tokko yeroo hundumaa afaan kee irra jiraachuu qaba (Faar. 34:1; Ibr. 13:15). Shaakala kana kan guddatu yoo guyyaan keessan yeroo of kennuudhaan akka armaan olitti ibsametti yoo jalqabe ta’a. Jireenya hafuura Waaqayyoo wajjin tarkaanfatee jiraachuuf kadhannaan addaan hin cinne barbaachisaa dha (Gal. 5:25).

Kadhannaa Katabuu

Dhumarratti, soortuun Pheenxeqoosxee tokko galmee kadhannaa guyyaa guyyaa qabachuun shaakala gaarii dha. Barruulee Kadhannaa soortuun yeroo waaqeffannaa isaa keessatti maaltu akka kadhatamuu fi raawwatamu galmeessudha. Barruulee Kadhannaa kana keessatti, gaaffii Waaqayyoo irraa dhiheessite, deebii Waaqayyoo gaaffiiwwan sanaaf kenne waliin galmeessita. Waaqayyoo kadhannaa kee deebisuuf amanamummaa akka ta’e yommuu ilaaltu, amantiin kee ni cima.

Akkasumas jechoota ykn yaada hafuura qulqulluu irraa argachuu dandeessan kamiyyuu galmeessuu ni barbaadda. Yaadonni kun yeroo booda qajeelcha ta’anii, kallattii Waaqayyoo jireenyaafi tajaajila keessaniif kennu akka hubattan sin gargaaruu danda’u. Kana malees, yeroo Macaafa Qulqulluu dubbistan

Boqonnaa 15: Amala Waaqeffannaa Dhuunfaa Cimaa

hubannoowwan argattan kamiyyuu barreessuun barbaadda ta'a. Hubannoowwan kana keessaa tokko tokko yeroo booda gara ergaawwan gumiidhaaf ta'utti guddachuu danda'u. Darbee darbee waan barruulee kee irratti barreessite irra deebitee ilaaluu ni barbaadda, Waaqayyo wantoota inni akka yaadattu barbaadu sana garaa kee irratti akka maxxansu gaafatta.

Soortuu Pheenxeedhaaf, amalli waaqeffannaa filannoo guyyaa guyyaa miti; barbaachisaa dha. Amalli akkasii jireenyaa fi tajaajila isaa karaa hedduudhaan humna guddaadhaan ni misoomsa. Waamicha Waaqayyoo jireenya isaanii irratti godhe raawwachuuf kallattii fi humna hafuuraa isaan barbaachisu ni kenna.

Kutaa 4ffaa: Jireenya Dhuunfaa Soortota Pheenxeqoosxee

~ KUTAA 5FFAA ~



TAJAAJILA HAWAASUMMAA
SOORTOTA PHEENXEQOOSXEE



~ Boqonnaa 16 ~

Lallaba Hafuuraan Dibame

Soortuun Pheenxeqoosxee hin taane tokko dhugaa cuuphaa hafuura qulqulluu shakkee. Yeroo baay’ee muuxannoo sana ilaalchisee shakkii akka qabu ibsaatu. Sana booda guyyaa tokko Hojii Ergamootaa 2 dubbisee taateewwan Guyyaa Pheenxeqoosxee irratti utuu yaadu, muuxannoo Pheenxeqoosxee gaafatee fudhate. Boodarra, “Ergan Hafuura Qulqulluu argadhee yeroo gabaabaa keessatti, lallabni koo waggoota lallabaa koo darban hunda caalaa bu’aa baay’ee argamsiiseera!” jedhe.

Seenaa keessatti, lallabni humna guddaa qabu, hafuuraan kan dibame mallattoo tajaajila Pheenxeqoosxee ta’ee jira. Jalqaba jaarraa digdamaffaa irraa eegalee sochiin Pheenxeqoosxee waraana lallabdootaa bal’aa hafuura qulqulluudhaan humna argate, hinaaffaadhaan ergaa fayyinaa sabootaaf labsaa jira.

Boqonnaan kun mata duree lallaba Pheenxeqoosxee ilaalla. Innis gahee Hafuurri Qulqulluun lallabaa dibuu keessatti qabu irratti xiyyeeffata. Akkasumas qophii lallabaa fi kennuu irratti yaada ni kenna.

LALLABA PHEENXEQOOSXEE

Yesuus duuka buutota isaa, “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaatii uumama hundumaatti wangeela lallabaa” jedhee abboomeera (Mar. 16:15). Lallaba jechuun namoota Kiristoos duukaa bu’anii fedha isaa akka raawwatan amansiisuuf yaadamee sagalee Waaqayyoo quuqamaan labsuu dha. Innis mata duree beekamaa Kakuu Haaraa keessatti jechoota bifa tokko tokko lallabuu ykn labsuu gara yeroo 150tti dhiyaatudha. Dandeettiin ergaa bu’a qabeessa, hafuuraan dibame lallabuu itti gaafatamummaa jalqabaa soortuu Pheenxeqoosxee hundaati.

Fakkeenya Macaafa Hojii Ergamootaa

Warri Pheenxeqoosxee lallabni ergamootaa fi namoota biroo macaafa Hojii Ergamootaa keessatti lallabdoota har’aaf fakkeenya ta’ee tajaajiluuf yaadamee akka ta’e amanu. Hojii Ergamootaa keessatti, Luqaas qabiyyee lallaba hedduu ergamootaa fi lallabdoota biroottiin lallabaman galmeessa (fkn, Pheexiroos: HoE 2:14-40; 3:12-26; 10:28-47; Isxifaanos: HoE 7:1-53; Phaawuloos: HoE 13:16-41;17:22-31). Luqaas Hojii Ergamootaa keessatti lallaba kanaaf iddoo guddaa kenne, iddoo guddaa inni isaan irratti kennu argisiisa. Dubbistoonni isaas akkasuma gochuu akka danda’aniif ergamoonni akkamitti akka lallaban akka beekan barbaada ture.

Lallaba Hojii Ergamootaa of eeggannoodhaan qorachuun yoo xiqqaate wantoota barbaachisoo lallaba ergamootaa shan mul’isa:

1. *Yesuusiin giddu galeessa kan godhate.* Ergaa Hojii Ergamootaa keessatti lallabamu hundumaa keessatti namni fi hojiin Kiristoos wiirtuu dha. Lallaboonni Kakuu Haaraa Yesuus raawwii raajii Kakuu Moofaa akka ta’e, akkasumas karaan fayyinaa isa qofa akka ta’e haala wal irraa hin cinneen beeksisaniiru (cf. HoE 2:22-24, 30-32; 3:13-20; 4:10-12 ;5:30-31;8:5;fi kanneen biroo).
2. *Caaffata Qulqullaa’oo caqasuu .* Lallaboonni macaafa Hojii Ergamootaa keessaa osoo wal irraa hin kutiin Caaffata Qulqullaa’oo caqasuun lallaba isaanii deggeran (cf. HoE 2:17-21; 3:22-23; 4:11, 25-26; fi kanneen biroo).
3. *Hafuura Qulqulluudhaan kan dibame.* Lallaboonni Hojii Ergamootaa keessatti argaman hafuura qulqulluudhaan kan guutaman, akkasumas kan dibaman (cf. HoE 2:4, 14; 4:8; fi kanneen biroo).

4. *Mirkaneessuu humna Waaqumaa.* Hojii Ergamootaa keessatti, labsiin wangeelaa yeroo baay'ee mallattoolee fi dinqiiwwan mirkaneessan waliin kan deemu ture (cf. HoE 3:1-8; 8:4-7; 14:8-10; fi kanneen biroo).
5. *Waamicha qalbii jijjiirrannaa fi amanti.* Lallaboonni macaafa Hojii Ergamootaa keessatti akka idileetti lallaba isaanii waamicha qalbii jijjiirrannaa fi amantiitiin xumuran (cf. HoE 2:38; 3:19; 8:22; fi kanneen biroo).

Amaloonni kunniin har'a Afrikaa keessatti lallaba Pheenxeqoosxee wiirtuu ta'uu qabu. Tarree kana sammuutti qabattee tajaajila lallabaa mataa keetii madaaluuf akka ulaagaatti itti fayyadamte gaarii ta'a.

DIBATA HAFUURA QULQULLUU

Kakuu Moofaa keessatti raajonni, luboonni, mootonni yeroo aangootti muudaman dibataan dibamu turan (cf. Ba'uu 28:41; 1Sam. 9:16; 16:11-13; 1Mootota 1:34; 19:16). Dibatni kun mallattoo waamicha isaanii kan argisiisu si'a ta'u, aangoo Waaqayyo isaaniiif kenne waajjira isaanii keessatti akka hojjetan kan argisiisu ture. Dabalataanis hojii aangoo isaanii akka raawwatan kan isaan dandeessisu Hafuurri Waaqayyoo isaan irratti argamuu isaa kan argisiise ture (Isa. 61:1-2).

Akkuma olitti ibsame, wanti lallaba macaafa Hojii Ergamootaa keessatti mul'atu tokko lallaboonni hafuura qulqulluudhaan kan dibaman ta'uu isaaniiiti. Mee yaada kana sirriitti haa ilaallu.

Yesuus Dibataan Tajaajiluu Isaa

Yesuus tajaajila isaa kan jalqabe, “Hafuurri gooftaa ana irra jira, inni oduu gammachiisaa akkan labsuuf waan na dibeeff” (Luq 4:18). Akkasitti dibamuu Hafuuraa Hafuurri Isa irra akka jiru ibseera. Jecha kanatti fayyadamee hojii Hafuurri Qulqulluun isa keessaa fi karaa isaa humna guddaa qabu ibsuuf, tajaajila masiihii isaa akka raawwatu isa dandeessiseera.

Ergamootni Dibataan Tajaajiluu Isaanii

Guyyaa Pheenxeqoosxeettis duuka buutota 120 irratti kanumatu ta'e. Tokkoffaa, Hafuurri isaan irra dhufe (HoE 2:3). Ergasii, isaan guute. Dhumarrattis, karaa isaanii dubbachuu jalqabe (lakk. 4, 14). Kun hundi kan raawwatame abdiin Yesus Hojii Ergamootaa 1:8 irratti kenne raawwachuudhaan: “Isin garuu yommuu

Hafuurri Qulqulluun isin irra dhufu humna in argattu; isin immoo dhugaa baatota koo ni taatu...hanga dhuma lafaatti.”

Kanaaf, dibamuu jechuun hafuura qulqulluudhaan guutamuu fi humna argachuudha. Akkuma Hafuurri Yesuusii fi duuka buutota jalqabaa irratti dhufe, tajaajilaaf isaan dibe, hafuurri har'as duuka bu'aa harka kennate irratti ni dhufee tajaajilaaf isa diba.

Dibanni Yeroo Ibsame

Dibanni hojii humnaa Hafuurri Qulqulluun namoota dhuunfaa guutummaatti Waaqayyoo of kennanii keessatti, irratti fi karaa isaaniitiin hojjetudha. Innis argama Waaqayyoo ifa ta'eedha kunis bu'aa hafuuraan guutamuu ykn irra boqochuu irraa kan dhufudha kuni immoo humnaa fi bu'a qabeessummaan akka tajaajilu isa dandeessisa.

Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti jechootni *Hafuura Qulqulluun guutamanii* fi *Hafuuraan guutamee* jedhan yeroo tokko tokko dibata hafuura ibsuuf itti fayyadamu. Jechi, *Hafuura Qulqulluun kan guutame*, Hafuurri nama dhuunfaa humnaa fi aangoodhaan akka hojjetuu fi dubbatutti dhufuu, guutuu fi dibuu isaa ibsa (HoE 4:8, 31; 13:9-12). Jechi kun, Hafuura Qulqulluudhaan kan guutame, haala itti fufiinsa qabuun hafuura qulqulluudhaan dibamuu ibsa (HoE 6:3, 5; 7:55). Kun “dibata isa nama irratti hafu” Yohaannis dubbame ta'uu danda'a (1Yohaannis 2:27). Dibamni hanga nuti Kiristoos keessa turrutti nurra jiraata (Yohaannis 15:4-7). Cubbuu irraa adda ba'uun dibanni akka turuuf haala barbaachisaa dha (Yohaannis 14:15-16). Dibanni kun jireenya soortuu Pheenxeqoosxee hundumaa keessatti dursa kennuu qaba.

Lallaba Dibame

Lallaba hafuuraan dibame namoota kan biraa caalaatti dubbachuudhaaf qofa, kaarizimaa uumamaa, ykn dandeettii tuuta namootaa miiraan sochoosuu wajjin wal-makuu hin qabu. Lallaba xiiqiidhaan kennuu wajjinis wal-makuu hin qabu. Lallabni hafuuraan dibame amala kana agarsiisuu kan danda'u ta'us, kana caalaa baay'eedha. Lallabni hafuuraan dibame lallaba hafuuraan guutameedha. Innis gosa lallabaa Yesuus fi ergamoonni fakkeenya godhataniidha.

Luqaas dhugaa kana seenaa Aphiloosiin ibsa. Innis akkas jechuun ibsa, “Aphiloos...nama baratee, Caaffata Qulqullaa'oo gadi fageenyaan beeku ture. Inni karaa gooftaa barsiifamee ture, innis cimina guddaadhaan dubbatee waa'ee Yesus sirriitti barsiisaa ture” (HoE 18:24-25). Kanaaf Aphillos lallabaa dubbii beekuu fi

sammuudhaan ga'umsa qabu ture. Ta'us inni “cuuphaa Yohaannis qofa beeka ture” (lakk. 25). Muuxannoo Ayyaana Pheenxeqoosxee hin qabu ture. Haata'u malee, Pirisqilaa fi Aqilaan 'karaa Waaqayyoo caalaatti erga isaaf ibsanii' booda, hafuura qulqulluudhaan akka guutame ifaadha. Sana booda gara Akaayaatti imaluun achitti “warra ayyaanaan amananiif gargaarsa guddaa” ta'e (lakk. 27).

Yesuus waa'ee lallabaa fi barsiisa ofii isaa Hafuuraan dibamuu isaa dubbate, “Dubbi ani isinitti dubbadhe, hafuuraa fi jireenyaan kan guutame dha” (Yoh. 6:63) jedheera. Macaafni Qulqulluun lallaba ergamootaa akkas jechuudhaan ibseera: “Du'aa ka'uu Gooftaa Yesuus, ergamoonni humna guddaadhaan dhugaa ba'aniiru. Ayyaanni Waaqayyoos hundumaa isaanii keessatti humna guddaadhaan hojjeta ture” (HoE 4:33). Jechi, *ayyaanni Waaqayyoo hundumaa isaanii keessatti humna guddaadhaan hojjechaa ture*, dibamuu Hafuura Qulqulluu sirriitti ibsa. Hojii Ergamootaa keessatti, Hafuurri lallabaa tokko irratti dhangala'uun isaa warra dhaggeeffatan irratti dhiibbaa guddaa geessiseera (HoE 2:4, 14 1Qor. 2:4 wajjin; HoE 2:37 1Qor. 2:5 wajjin).

Phaawuloos ergaawwan isaa keessatti waa'ee lallaba mataa isaa hafuuraan dibame dubbateera. Amantoota Qorontos akkamitti jalqaba wangeela akka isaanitti lallabe yaadachiise. “Ergaan koo fi lallabni koo, dubbii ogummaa fi amansiisaa ta'een osoo hin taane, humna hafuuraa agarsiisuudhaan ture” (1Qor. 2:4-5) jedhee barreesse. Tajaajila isaa amantootaaf Roomaa keessatti ibseera: “Humna mallattoo fi dinqiidhaan, humna hafuura Waaqayyootiin...wangeela Kiristoos guutummaatti labseera” (Rom. 15:19). Innis amantoota Tasaloonqee keessa jiran yaadachiisee, “Wangeelli keenya dubbii qofaan osoo hin taane humnaan, hafuura qulqulluudhaan, amantii gadi fagoodhaanis gara keessan dhufe” (1Tas. 1:5).

Hafuurri Qulqulluun akkuma Yesuusiifi ergamoota jaarraa tokkoffaatti dibe har'a lallaba keenya dibuuf qophii ta'ee dhaabbatee jira. Garuu maddi dibataa maali, akkamitti argamuu danda'a?

MADDA DIBATAA

Dibata Hafuuraatiin lallabuu danda'uuf, soortuun Pheenxeqoosxee madda isaa hubachuu qaba. Maddi dibataa argamuu fi humna kennuu Hafuura qulqulluu keessa jiraachuudha. Innis hafuura keessaa fi lallabaa irra jiru dha (Yoh 14:17; HoE 1:8). Humna hafuura qulqulluu kana kan fudhatu yeroo namni tokko hafuura qulqulluudhaan cuuphamee guutamudha (HoE 2:4). Dibanni Hafuura Qulqulluu

hamumma namni tokko “hafuura waliin tarkaanfatee” adeemutti ni jiraata (Gal. 5:25). Dhugaan kun tajaajila Yesuus fi ergamootaa keessatti mul’ateera.

Madda Dibata Yesuus

Yesuus maddi dibata isaa hafuura gooftaa akka ta’e mirkaneesse (Luq 4:18). Inni dhuguma Ilma Waaqayyoo foon uffate ta’us, humnaa fi mirga waaqummaa isaa irraa of duwwaa gochuu fi humna hafuuraatiin tajaajila isaa raawwachuu filate (Filp. 2:5-8). Tajaajilli Yesuus hafuuraan dibame akkasitti warra isa hordofan hundumaaf fakkeenya ta’ee tajaajila ture.

Yesuus hanga jalqaba hafuuraan dibamutti tajaajila isaa hin jalqabne. Cuuphaan Hafuuraa isaa battaluma Yohaannis bishaanitti isa cuuphee sanatti kan raawwate ture. Macaafni Qulqulluun, “Yesuus kadhachaa utuu jiruu, samiin in baname, hafuurri qulqulluunis akka gugee bifa qaamaatiin isa irratti bu’e” (Luq 3:21-22). Yesuus sana booda “tajaajila isaa jalqabe” (lak. 23). Inni humna hafuuraatiin socho’uu fi tajaajiluu jalqabe (Luq 4:1, 14). Innis, “Hafuurri Waaqayyoo ana irra jira, inni misiraachoo akkan labsuuf waan na dibeeff” (Luq 4:18) jedhee labse. Booda, namoonni Yesuus dubbatu yommuu dhaga’an, “dubbii gaarummaa afaan isaa keessaa ba’u dinqisiifatan” (lakk. 22). Isaanis “dubbiin isaa aangoo waan qabuuf” ni dinqisiifatan (lak 32; Mat. 7:28 29 ilaali).

Madda Dibata Ergamootaa

Akkuma Hafuurri Qulqulluun madda tajaajila Yesuus dibamee ture, innis madda tajaajila ergamootaa dibamee ture. Akkuma Yesuus ergamoonni jalqaba hafuura qulqulluudhaan cuuphamani. Sana booda humnaan lallabuu jalqaban.

Pheexiroos fakkeenya hunda caalu kan sochii hafuuraa kanaa ta’uun isaa hin oolu. Pheenxeqoosxee dura, intala hojjettuutti waa’ee Yesuus dhugaa bahuu sodaate (Mat. 26:69-72). Haa ta’u malee, erga hafuura qulqulluudhaan guutamee booda humnaan lallabaa ture, dubbiin isaas namoota isaa dhaga’an irratti dhiibbaa guddaa geessiseera (HoE 2:37). Kanarraa kan ka’e namoonni kuma sadii gara Kiristoos dhufan. Seenaan kun Hojii Ergamootaa (4:8, 31-33) keessatti yeroo hedduu irra deddeebi’ameera.

Dibabni Yesusiifi ergamoota irratti ture humnaan akka lallabaniif isaan dandeessisu sun har’as nu bira jira.

DIBATA SHAAKALUU

Gaaffiiwwan ka'an, "Namni tokko har'a dibamuu Hafuura Qulqulluu dhugaadhaan akkamitti mudachuu danda'a? Dibatichi akkamitti fudhatama? Tajaajila keessatti kan mul'atu akkamitti? Akkamitti kunuunfamuu danda'a?"

Dibata Fudhachuu

Dibabni kun akkuma Yesuusiifi duuka buutota jalqabaatiin fudhatame har'as ni fudhatama. Jalqaba kan fudhatamu yeroo namni tokko hafuura qulqulluudhaan cuuphamuudha. Akkuma armaan olitti ibsame, Yesuus yeroo cuuphamu hafuura qulqulluu fudhateera. Sana booda aangoodhaan tajaajiluu jalqabe. Duuka buutotaafis akkasuma ture. Isaan jalqaba hafuura fudhatan guyyaa Pheenxeqoosxeetti, isaanis akkuma Yesuus humnaan tajaajiluu jalqaban.

Yesuus akkamitti namni tokko hafuura fudhachuu akka danda'u qajeelfama ifa ta'e kenneera. Bartoota Isaatiin, "Abbaan keessan inni waaqa irra jiru, warra isa kadhataniif hafuura qulqulluu [in kenna]!" (Luq 11:13). Innis akkana jedhee ibse, "Kadhadhaa isiniif ni kennama; barbaadaa ni argattu; rukutaa balballi siif banama. Namni kadhatu hundinuu ni argata; kan barbaadu ni arga; nama rukutuufis balballi ni banama" (lakk. 9-10). Hafuurri akkasitti amantiidhaan gaafachuudhaan (lakk. 9), amantiidhaan fudhachuudhaan (lakk. 10 Maarqos 11:24 wajjin), amantiidhaan dubbachuudhaan fudhatama (HoE 2:4).¹

Dibata Mul'isuu

Dibabni cuuphaa hafuuraa irraa argame tajaajila-yaaliin adda durummaan hojii kenna hafuuraatiin mul'ata. Dhuguma lallabni hafuuraan dibame, dhugaa dubbachuuf, mul'ata kenna raajii ti. Innis dubbii Hafuuraan kan jalqabame, kan hafuuraan kakaafame dha. Lallabni hafuuraan dibame mul'achuu kennaawwan mul'ataa kanneen akka jechoota beekumsaa fi jechoota ogummaas of keessatti qabachuu danda'a. Dabalataanis, lallabni hafuuraan dibame yeroo baay'ee mul'achuu kenna humnaa wajjin kan deemudha, akkuma Phaawuloos Lixiraa keessatti ta'e (HoE 14:8-10).

Argama Hafuura Qulqulluu gaafachuudhaan, amantiidhaan deebii kennuudhaan dibata argachuu dandeessa. Yeroo waltajjii lallabaatti dhihaattu,

¹ Boqonnaa 20 irratti waa'ee hafuura qulqulluu fudhachuu caalaatti dubbatameera: "Amantoota gara Cuuphaa Hafuuraatti qajeelchuu."

“Yaa Hafuura Qulqulluu, amma koottu sagalee kee akkan tajaajiluuf na dibi” jettee kadhachuu qabda. Sana booda Waaqayyo kadhannaa kee akka dhaga’e amanuudhaan amantiidhaan socho’uu qabda. Erga argamuun Hafuuraa sitti dhaga’amee booda, amantiidhaan deebii kenni, geggeessummaa isaaf harka kennadhu fi lallaba kee dandeessisuuf fi humna itti kennuuf isa amanadhu.

Dibata Eeguu

Dibata kana eeguuf hafuuraan jiraachuu fi deemuu qabda (Gal. 5:25). Deemsi hafuuraan guutame jireenya Waaqayyoo fi ergama isaaf bitamuudha. Kadhannaan, kadhannaa hafuuraan dabalatee, dibata eeguuf qaama ijoodha (Rom. 8:26-27; 1Tas. 5:17).

QOPHII ISA DIBAMEE FI KENNIINSA ISAA

Soortuun Pheenxeqoosxee lallabaa bu’a qabeessa, hafuuraan dibame ta’uuf yaada qabu kamiyyuu qophii fi lallabaa irratti hojii irra oolchuu isa barbaachisa. Inni ykn isheen Hafuurri Qulqulluun argamuudhan hojii dibataa akka qajeelchu mirkaneeffachuu qabu.

Qophii Lallabaa

Lallaba Hojii Ergamootaa sirriitti qorachuun dhugaawwan gurguddoo lama mul’isa: Ergaawwan ergamootaa Caaffata Qulqullaa’oodhaan kan guutaman, akkasumas hafuura qulqulluudhaan kan dibaman turan. Lallaboonni Hojii Ergamootaa keessatti argaman beekumsa bal’aa Caaffata Qulqullaa’oo agarsiisaniiru. Yeroo baay’ee ergaa isaanii keessatti Caaffata Qulqullaa’oo caqasu turan. Fakkeenyaaf, lallaba guyyaa Pheenxeqoosxee Pheexiroos caqasawan Kakuu Moofaa afur of keessaa qaba (cf. HoE 2:16-21, 25-28, 31, 34-35). Haaluma wal fakkaatuun, ergaan Isxifaanos gara Sanheedrinii Yihudootaaf dubbate caqasa saddeet of keessaa qaba (cf. HoE 7:3, 6-7, 28, 32-35, 37, 40, 42-43, 49). Lallaboonni Hojii Ergamootaa keessatti ibsaman kaanis kanuma hordofu. Lallaboonni jalqabaa kun Caaffata Qulqullaa’oo kan hubatan si’a ta’u, ergaa isaaniis hubannoo sana irratti hundaa’aniiru.

Soortuuwwan Pheenxeqoosxee har’a Afrikaa keessa jiran akkasuma gochuu qabu. Akkuma gita keenya ergamootaa, lallaba keenya Caaffata Qulqullaa’oo irratti jabaannee bu’uura godhachuu qabna. Kana gochuuf, Kitaaba Qulqulluu adabaan qayyabachuuf of kennuu qabna. Torbanitti yeroo ga’aa dubbisuu Macaafa Qulqulluu cimsee fi qophii lallabaaf kennuu qabna. Yeroo qophoofnu, dibachuun

Hafuura Qulqulluu qophii akka hin hafne hubannee, yaada keenya dibachuu fi kakaasuuf gara Hafuura Qulqulluu ilaaluu qabna; inumaayyuu ni guddisa.

Dabalataanis, Hojii Ergamootaa keessatti lallaboonni hafuura qulqulluudhaan guutamuu fi dibamuu eeguun kadhahan. Macaafni Hojii Ergamootaa wal irraa hin kutiin dhufaatii Hafuura Qulqulluu kadhannaa wajjin walqabsiisa. Fakkeenyaaf, duuka buutonni yeroo Pheenxeqoosxeetti dhangala'aan utuu hin dhangala'in dura kadhachaa turan (HoE 1:14; 2:1-4); amantoonni Yerusaaalem osoo hafuurri lammataa magaalattii keessatti hin dhangala'iin dura kadhachaa turan (HoE 4:23-31); akkasumas Phaawulosii fi Anaaniyaas Phaawuloos hafuuraan osoo hin guutin dura kadhachaa turan (HoE 9:5, 10-15). Fakkeenya dabalataa kaasuun ni danda'ama ture.

Nuti soortuwwan Pheenxeqoosxee Hafuurri Qulqulluun lallaba keenya akka dibu barbaannu kadhannaaf of kennuu qabna. Kadhannaan akkasii kan of kenne dibamuu Hafuura ni mirkaneessa, qabiyyee fi kenniinsa lallaba keenyaa irratti dhiibbaa guddaa qaba.

Lallaba Dhiheessuu

Kaayyoon lallaba lallabuu warra lallaba keenya dhaggeefatan dinqisiisuuf osoo hin taane hubannoo ergaa sagalee Waaqayyoo qaban guddisuudha. Wanti dubbatamu ykn hojjetamu hundi namoota gara Waaqayyoo wajjin wal arguutti qajeelchuuf kan kaayyeffate ta'uu qaba. Tooftaaleen ykn malawwan galma kanaaf gumaachan kamiyyuu horachuu qabu. Kan galma irraa yaada namaa jeequ kamiyyuu gatamuu qaba.

Kanaafuu, akka lallabdoota Pheenxeqoosxeetti amalli keenya dhugaa fi kan hin jijjiiramne ta'uu qaba. Gunkumaa iyya, kaayyoo malee tarkaanfachuu fi harka raasuu irraa fagaachuu qabna. Kana gochuu caalaa , sochiin keenya ofumaan kan raawwatamuu fi kan hin shaakalamin ta'uu qaba. Sochiin keenya uumamaan hojii hafuura keessaa fi qabiyyee ergaa irraa burquu qaba. Yoo sammuu fi miiraan ergaa sana waliin bobbaane, sochiin qaamaa sirrii ta'e uumamaan ni hordofa.

Keessumaa waamichi iddoo aarsaa barbaachisaa dha. Sadarkaa murteessaa lallaba kana keessatti lallabaan hafuura qulqulluudhaan geggeeffamuun barbaachisaa dha. Waamichi iddoo aarsaa yeroo yaada haaraa itti dhiyeesinu miti. Lallabaan xiyyeeffannoo isaa keessa turuu qabna malee xiyyeeffannaa keenya keessaa bahuu hin qabu. Kanaa mannaa, yaada isaa irratti xiyyeeffachuun wanta isaan gochuu qaban ilaalchisee qajeelfama ifa ta'e kennuu qaba.

Soortuuwwan Pheenxeqoosxee lallabdoota biroo irraa adda kan ta'an, lallaba isaanii keessatti dibata Hafuura Qulqulluuf iddoo guddaa kennuu barbaaduu isaaniiti. Kana gochuudhaan fakkeenya Yesuus fi lallabdoota Kakuu Haaraa hordofuu dandeenya. "Gooftaa, na guuti, tajaajilaaf na dibi" jechuun kadhannaa keenya isa cimsinee itti fufnu ta'uu qaba.



~ Boqonnaa 17 ~

Barsiisa Bu'a qabeessa

Sabni koo beekumsa dhabuu irraa kan ka'e ni bade" (Hos. 4:6). Dubbiin Waaqayyo biraa dhufe kun karaa Hose'aa raajichaa luboota Israa'eliif dubbatameera. Geggeessitoonni hafuuraa kun saba Waaqayyoo dhugaa barsiisuu waan dadhabaniif, soba amananiiru. Kanaan kan ka'es, cubbuu keessa gad fageenyaan kan burjaaja'an turan. Raajichi haala gaddisiisaa isaanii akkas jechuudhaan ibseera: "Biyattii keessatti amanamummaan, jaalalli, Waaqayyoof beekamtiin hin jiru. Abaaruu, sobuu fi ajjeechaa, hatuu fi ejja qofatu jira" (lak. 1-2).

Kan nama gaddisiisu, amantoonni Pheenxeqoosxee guutummaa Afrikaa keessatti argaman hedduun haala wal fakkaatu keessatti of argu. Dubbii Waaqayyoo ilaalchisee hubannoo ifa ta'e hin qaban. Kanaaf, guddinni hafuuraa isaanii laafeera. Kanarraa kan ka'es, barsiisota sobaan salphaatti adamsamanii fudhatamu. Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxee amanamaa tokkootti, waldaa ati kessatti soortu kamiyyuu keessatti haalli akkasii akka hin jirre mirkaneessuu qabda.

ITTI GAAFATAMUMMAA SOORTUU

Soortuun Pheenxeqoosxee tokko tokkoon isaanii saba Waaqayyoo ilaalchisee itti gaafatamummaa sodaachisaa guddaa akkasii baatee jira. Phaawuloos walga'ii dhuma soortuuwwan waldaa Efesoon waliin godhe keessatti, "Ofii keessanis ta'e

Kutaa 5ffaa: Tajaajila Hawaasummaa Soortota Pheenxeqoosxee

hoolota hafuurri qulqulluun ilaaltoota isin godhe hundumaa eegaa” (Hojii Ergamootaa 20:28) jechuun isaan jajjabeesseera. Sana booda soortuuwwan kana, “Waldaa Waaqayyoo isa inni dhiiga isaatiin bite soortuuwwan ta’aa” jedhee dubbateera. Phaawuloos saba Waaqayyoo sagalee Waaqayyoo barsiisuudhaan, soortuuwwan Efesoon karaa hafuuraa akka jabaatan akka isaan gargaaran beekature. Kunis “yeeyyii sodaachisoon” yeroo dhiyootti waldaa seenanii, dhugaa jallisanii, saba Kiristoos irraa fageessuu barbaadan mormuuf isaan qopheessa ture (lakk. 29-30).

Barumsi akkasii kun soortuun Pheenxeqoosxee ta’uu jechuun maal jechuu akka ta’e ni mul’isa. Phaawuloos waa’ee kennaawwan tajaajilaa shan Kiristoos waldaadhaaf kenne akkas jedhee barreesseera: “Kiristoos ofii isaatii ergamoota, raajota, wangeela lallabdoota, tiksootaa fi barsiisota, saba isaa hojii tajaajilaaf akka qopheessan, qaamni Kiristoos akka ta’uuf in kenne ijaarame” (Efe. 4:11-12).

Mee akkamitti, kutaa kana keessatti, Phaawuloos kennaawwan tajaajilaa lamaan dhumaa walitti makuun tokko akka ta’e hubadhu. Phaawulos akkuma kennaawwan jalqabaa sadan irratti godhe “soortuwwanii fi barsiisota” jechuu mannaa, “soortota barsiisota” jedhe. Sababa kanaan, hayyoonni tokko tokko kenna kana “Soortuu-barsiisaa” jedhanii eeranii jiru. Dubbiin jiru kana: Dhiirri ykn dubartiin soortuu ta’uuf barsiisaas ta’uu qaba. Kan Waaqayyoo soortuu jedhee waamu, barsiisaadha.

Hoolota sirriitti kunuunsuuf, saba Waaqayyoo haala bu’a qabeessa ta’een sooruu, sagalee Waaqayyoo nyaachisuu danda’uu qabda. Macaafni Qulqulluun Sagalee Waaqayyoo nyaata soorataa kan akka buddeenaa (Mat. 4:4), aannan (1Phex. 2:2), nyaata jabaa wajjin wal bira qaba (Ibr. 5:12-14). Soortuun saba isaa sagalee Waaqayyoo sooruu dadhabe kamiyyuu soortuu amanamaa hin taanedha, Waaqayyos kufaati kanaaf isaan ni gaafata (Yaaqoob 3:1; His. 34:1 6).

Haa ta’u malee, amanamummaadhaan saba sagalee Waaqayyoo yoo barsiiste, Waaqayyoo ulfina ni argata (Mat. 24:45-47). Caalaatti kan barbaachisaa ta’e, sabni Waaqayyoo ni jajjabeeffamu. Isaan “kana booda daa’imman hin ta’an, dalgaan gara fuulduraa fi gara boodaatti darbatamanii, bubbee barsiisa sobaan, haxxummaa namootaa gowwoomsaa isaaniitiin asii fi achi hin raafaman. Inumaayyuu, jaalalaan dhugaa dubbachuudhaan, [isaan] karaa hundumaan qaama bilchaataa isa mataa ta’e, jechuunis gara Kiristoosti in guddatu” (Efe. 4:14-15).

Duuka Bu'oota Gochuu

Yesuus Waldaa isaa, “Dhaqaa saba hundumaa bartoota koo godhaa” jedhee ajajeera (Mat. 28:19). Waan inni isaan irratti hojjete namoota biroo wajjin gochuu akka qaban itti himaa ture. Yesuus duuka buutota isaa wajjin adeemee, dhugaa isaan barsiisee, akkamitti akka jiraatan argisiisee ture. Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti miseensota waldaa keenyaa wajjinis akkasuma gochuu qabna. Namoota gara Kirstoositti fiduun qofti ga’aa miti, duuka buutota gochuu qabna. Duuka buutuun Kiristoosiif kan of kennedha. Inni ykn isheen nama miila Yesuus jala taa’ee ykn teessee isarraa baratudha ykn barattudha. Namootni Kiristoos duukaa akka bu’an waamuu qofa osoo hin taane, abboommi isaa hundumaa “akka eegan barsiisuu” qabna (lakk. 20).

Lallabaa fi Barsiisaa

Soortuun Pheenxeqoosxee hedduun Afrikaa keessa jiran akka lallabaatti of ilaalu, garuu akka barsiisaatti of hin ilaalan. Akka soortuutti garuu Waaqayyo lamaan isaa akka taatan isin waamee jira. Ati, yeroo wal fakkaatutti, lallabaa ogummaa qabuu fi barsiisaa bu’a qabeessa ta’uu qabda. Barsiisaa saba Waaqayyoo ta’uudhaan gahee ati qabdu sirriitti hubachuuf, garaagarummaa lallabaa fi barsiisuu gidduu jiru beekuu qabda.

Macaafni Qulqulluun hojiiwwan lamaan kana ifatti adda baasee ibsa. Fakkeenyaaf, Macaafni Qulqulluun, Yesuus “guutummaa Galiilaa keessa deemee, mana sagadaa isaanii keessatti barsiisaa, misiraachoo mootummaa labsaa ture” jedha (Mat. 4:23, cimsituu dabalata). Waa’ee Phaawulosii fi Barnaabaas “Anxokiyaa keessa akka turan, isaanis ta’ee namoonni baay’een dubbii gooftaa barsiisanii lallaban” jedha (HoE 15:35, cimsituu dabalata). Phaawuloos, soortuu waldaa Efesoon kan ta’e Ximotewos, “Hanga ani dhufutti, Caaffata Qulqullaa’oo ummataaf dubbisuuf, lallabuuf, barsiisuuf of kenni” (1Xim. 4:13, cimsituu dabalameera). Egaa garaagarummaan lallabaa fi barsiisuu gidduu jiru maali?

Garaa isaa keessatti lallabni namoota gara Kiristoositti waamuuf yaadamee wangeela labsuu dha. Barsiisuu jechuun Kiristoosiif jiraachuu jechuun maal jechuu akka ta’e ibsuudha. Lallaba jechuun labsuu dha; barsiisuun qajeelfama kennuudha. Lallabuun labsii labsuudha; barsiisuun duuka buutota gochuudha. Lallabaan namoota karaa irra naanna’an gara Kiristoositti amanuutti waama; barsiisaan karaa Gooftaa isaaniif ibsa. Kaayyoon barsiisaa sabni Waaqayyoo akkamitti akka caalaatti isa tajaajiluu danda’an agarsiisuudha. Akka soortuu-barsiisaa tokkootti, Caaffata Qulqullaa’oo of eeggannoodhaan saba Waaqayyoo

ibsuu qabda. Jecha dhaga'an hojiitti hiikuuf odeeffannoo fi hubannoo isaan barbaachisu kennuu qabda.

Fakkeenya Yesuus Hordofuu

Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti fakkeenya Yesuus isa barsiisaa guddaa ta'ee fi yeroo hundumaa dorgommee hin qabne hordofuuf carraaquu qabda. Yesuus yeroo baay'ee "Barsiisaa" jedhee of waama ture (Mat. 26:18; Yoh. 13:13-14). Kaan immoo akkasuma jedhanii waamaniiru (fkn, Mat. 8:19; 12:38; Luq. 10:25; Yoh. 11:28). Wangeelonni yeroo baay'ee waa'ee tajaajila barsiisummaa Yesuus ni dubbatu. (fkn, Maarqos 1:21-22; Luqaas 4:31-32). Akkasumas kutaaleen Caaffata Qulqullaa'oo dheeraan barsiisa isaatiif kan kennamanidha. Kutaaleen kun Lallaba Gaaraa (Mat. 5-7), Haasaa Ejersaa (Mat. 24-25), fi Haasaa Kutaa Gubbaa (Yoh. 14-16) of keessatti qabatu. Yesuus tajaajila barsiisuu isaa akkasitti yoo ilaale, nutis har'as akkasuma gochuu qabna.

Yesuus tajaajila barsiisummaa isaa akkamitti akka raawwate ilaalchisee wanti baay'een dubbachuun ni danda'ama ture. Waa'ee mala barsiisuu isaa kitaabonni barreeffamaniiru. Mala barsiisuu Isaa sadii kaasuun barbaachisaadha:

1. *Aangoodhaan barsiise.* Macaafni Qulqulluun waa'ee Yesuus akkas jedha, "Namoonni akka barsiisota seeraatti utuu hin ta'in, akka nama aangoo qabuutti waan isaan barsiiseef, barsiisa isaa dinqisiifatan" (Mar. 1:22). Yesuus Waaqayyoon waan ergameef, akkasumas dubbii Waaqayyo isaaf kenne waan dubbateef aangoodhaan barsiisaa ture. Innis, "Ani waan abbaan na barsiise qofa dubbachuu malee homaa ofii kootiin homaa hin hojjedhu" (Yoh. 8:28) jedhee dhugaa ba'eera. Atis akkuma Yesuus aangoodhaan barsiisuuf sagalee Waaqayyoo amanamummaadhaan barsiisuu qabda.

2. *Jaalalaan barsiisa ture.* Yesuus namoota inni barsiise baay'ee jaallata ture. Barumsi isaa, dhugaa dubbachuuf, jaalala inni namootaaf qabu keessaa kan ba'ee ture. Yeroo tokko Yesuus namoota baay'ee dadhabanii fi beela'aniin wal arge. Yommuu isaan argu, "Isaan akka hoolota tiksee hin qabne waan ta'aniif isaan garaa laafe." Sana booda, jaalala guddaa isaaniif qabu irraa kan ka'e, "Waan baay'ee isaan barsiisuu jalqabe" (Mar. 6:34). Booda nyaata foon isaaniif ta'u isaan ni soore (lakk. 35-44). Garuu jalqaba fedhii isaanii isa guddaa tajaajilee sagalee Waaqayyoo isaan nyaachise.

Yeroo kan biraatti Yesuus bartootasaa wajjin kutaa ol aanaa tokko keessatti wal argeera. Macaafni Qulqulluun, "Yesuus yeroon isaa biyya lafaa kana dhiisee

gara Abbaa dhaquuf akka ga'e beeka ture. Inni warra biyya lafaa keessa turan jaallatee, hamma dhumaatti isaan jaallate" (Yoh 13:1). Ammas, jaalala guddaa isaanif qabuuf, akkasumas warra isaan ofii isaanii yeroo dhiyootti geggeessaniif qabu irraa kan ka'e, waa'ee geggeessummaa tajaajilaa irratti barumsa humna qabu isaan barsiise (lakk. 2-17).

Yeroo lamaanitti jaalalli Yesus namootaaf qabu akka isaan barsiisu isa kakaase. Haaluma walfakkaatuun akka soortuu Pheenxeqoosxeetti warra akka geggeessitu waamamte jaallachuu qabda. Jaalalli kun immoo amanamummaadhaan sagalee Waaqayyoo akka isaan barsiistu si kakaasuu qaba. Jaalala akkasii saba keetiif yoo hin jiraanne, jechi kee "sibiila kilkilchuu yookiis dibbee kosh kosh jedhuu" ta'uu danda'a (1Qor. 13:1).

3. *Humna hafuuraatiin barsiiseera.* Yesuus yeroo tokko maalummaa tajaajila barsiisummaa isaa duuka buutota isaatiif ibseera. "Dubbi ani isinitti dubbadhe, hafuuraa fi jireenyaan kan guutame dha" jedhe (Yoh 6:63). Jechi Yesuus hafuuraa fi jireenyaan kan guutame ture sababiin isaas Inni ofii isaa hafuuraa fi jireenyaan waan guutameef. Tajaajila isaa kan jalqabe hafuura qulqulluudhaan dibamuudhaan (Luq 3:21-22; 4:18-19). Sana booda tajaajila barsiisuu isaa humna hafuuraatiin raawwate (Luq 4:14-15).

Yesuus barsiisaa ture, jecha qofaan osoo hin taane, agarsiisa humna hafuuraatiin (Luq 5:17). Dubbiin isaa humna hafuuraatiin baay'ee waan fe'ameef, akkuma inni barsiisetti, hafuurri xuraawwonni, "Yaa Yesus nama Naazireet maal nuu barbaadda? Nu balleessuuf dhuftee? Ani eenyu akka taate nan beeka—Qulqulluu Waaqayyoo!" (Marq 1:24). Yesuus hafuura xuraawwota sana namicha keessaa baase, namoonnis, "Kun maali? Barumsa haaraa—akkasumas aangoo wajjin! Hafuurota xuraa'oo ta'aniif illee ajaja ni kenna, isaanis isaaf abboomamu" (lakk. 27).

Yesuus tajaajila barsiisuu isaa duuka buutota isaatiif dabarseera (Mat. 28:19-20). Isa ilaaluuudhaan akkamitti akka warra kaan barsiisan barataniiru. Akka suurtuuwwan Pheenxeqoosxeetti nutis akkasuma gochuu qabna. Tajaajila barsiisaa Yesus fakkeessuuf carraaquu qabna.

SOORTUU AKKA BARSIIISAA OLAANAATTI

Akka soortuu, waldaa ati geggeessuuf waamamte keessatti akka "barsiisaa ol'aanaa" ta'etti of ilaaluu qabda. Kana jechuun, ofii keetii barsiisaa ogummaa qabu Dubbichaa ta'uu qofa osoo hin taane, namoota biros akkasuma akka godhan

cimsitee leenjisuu qabda. Kana Yesuus fi ergamoonni kan godhan. Akka barsiisaa olaanaatti, itti gaafatamummaawwan jalqabaa sadii qabda: (1) tajaajila barsiisuu mataa keetii guddisuu qabda; (2) dandeettii barsiisuu warra kaanii guddisuu qabda; akkasumas (3) tajaajila barsiisaa waldaa qindeessuun dirqama. Mee tokkoon tokkoon itti gaafatamummaa kanaa haa ilaallu:

Of Guddisuu

Tokkoffaa, akka barsiisaa olaanaa waldaa keessatti tajaajila barsiisuu mataa keetii fooyyessuuf carraaquu qabda. Phaawuloos Ximotewosiif barreessee ilaaltuu, ykn soortuun tokko “barisiisuu danda’uu” akka qabu dubbateera (1Xim. 3:2). Yookiin akkuma hiikni tokko ibsutti, soortuun tokko “barisiisuuf dandeettii qabaachuu” qaba. Phaawuloos ergaa Kiristiyaanota Roomaaf barreesse keessatti, warri kennaa barsiisuu argatan kennaa kana amanamummaadhaan fayyadamuu akka qaban ibseera (Rom. 12:6-8). Akka ibsaatti dandeettii barsiisaa ta’uu isaanii guddisuuf ciminaan carraaquu qabu. Dandeettiin barsiisuu akka kennaa hafuuraatti kennamuu kan danda’u ta’us, akka dandeettii baratameetti guddachuu qaba. Akka Suurtuuwwan Pheenxeqoosxeetti, barataa sagalee Waaqayyoo umurii guutuu ta’uu qabda. Akkasumas dandeettii barsiisuu kee guddisuuf cimtee hojjechuu qabda (2Xim. 2:15).

Namni tokko barsiisuun haasa’uu caalaa, barachuun immoo dhaggeeffachuu caalaa akka ta’e dubbachuu isaatti sirriitti galeeraaf. Kaayyoon barnootaa inni dhumaa jireenya barattootaa keessatti jijjiirama fiduudha. Kanaaf, barumsi bu’a qabeessa ta’e, dhugaawwan barsiifaman yeroo baay’ee hojjiirra oolchuu kan dabalatudha. Kana hubannee miseensonni keenya jecha keenya qofa dhaga’uu isaanii beekuun gonkumaa quufuu hin qabnu. Jireenyi isaanii yeroo jijjiiramu arginu qofa quufuu qabna. Kanaaf, dubbiin Waaqayyoo maal jechuu akka ta’e ibsuu qofa osoo hin taane, amantoonni dhugaawwan Caaffata Qulqullaa’oo jireenya isaanii irratti akka hojii irra oolchan gargaaruu qabna.

Dabalataanis, akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, yeroo baay’ee jecha keenyaan kan barsiifnu caalaa gocha keenyaan akka barsiifnu hubachuu qabna. Phaawuloos dhugaa kana hubateera. Akkasitti amantiota Qorontos, “Akkuma ani fakkeenya Kiristoos hordofe, fakkeenya koo hordofaa” (1Qor. 11:1) jedhee waamicha dhiheesse. Yesuus duuka bu’oota isaatiin, “Barataan barsiisaa caalaa hin ta’u, namni guutummaatti leenji’e hundinuu garuu akka barsiisaa isaanii in ta’a” (Luq 6:40) yeroo jedhu seera bu’uuraa walfakkaatu hojjiirra oolchaa ture.

Kanaaf, waldaadhaaf akka fakkeenyaatti, wantoota warra kaan barsiifnu sana hojiitti hiikuu qabna.

Warra Kaan Guddisuu

Lammaffaa, akka barsiisaa olaanaa waldaa keessatti dandeettii barsiisuu geggeessitoota warra kaan guddisuuf hojjechuu qabda. Waldaan guddachaa fi bilchaachaa yeroo deemtuutti gaggeesittoonni tajaajiloota ka'an qajeelchuun fi guddisuun isaan irraa eegama. Tokkoon tokkoon isaanii akka gaariitti geggeessuuf dandeettii barsiisuu waan bu'uuraa ta'e tokko tokko horachuu isaan barbaachisa. Hogganaan haaraan hundi akka gaariitti geggeessuuf leenjii barbaachisaa ta'e akka argatu gochuu qabda.

Kana gochuudhaan gaggeessitoota hin baranne Macaafa Qulqulluu akkamitti akka qo'ataniifi sirritti hiikan barsiisuu qabda. Akkasumas akkamitti akka sagalee Waaqayyoo qopheessanii warra kaan barsiisan isaanitti argisiisuu qabda. Wantoota kana yoo hojjetan waldaan yeroo hundumaa barsiisota dandeettii qaban kan dhaabbataa ta'an ni qabaatti. Yoo geggeessitoota hin baranne akkamitti akka barsiisan barsiisuu dadhabdan tajaajilli duuka bu'ummaa waldaa ni raafama, guddinni hafuuraa kiristaanotaa ni rakkata.

BARSIISUUF WALDAA GURMEESSUU

Dhumarratti, akka barsiisaa olaanaatti, barnoota amantiif nama olaantumaatti falmuu fi gumaachu ta'uu qabda. Tajaajila barsiisaa waldaa of eeggannoodhaan qindeessuu fi fedhiidhaan guddisuu qabda. Tajaajilli barsiisaa waldaa nama umurii hundumaa waldaa keessa jiru hunda akka hirmaachisu caalaatti mirkaneessuu qabda. Sagantaan leenjii waldaa keessatti kennamu kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu qaba:

Mana Barumsaa Sanbata Guddaa

Sagantaan leenjii waldaa keessatti taasifamu Mana Barumsaa sanbata guddaa caalaa dandeettii guddaa hin qabu. Manni barumsaa sanbata guddaa tajaajila waldaa keessatti nama umurii hundumaa yaa'ii keessatti argamu hunda bira ga'u qofaadha. Kanaaf waldaan ati geggeessitu Mana Barumsaa sanbata guddaa haala gaariin gurmaa'ee fi baajeta gaarii qabu akka qabaattu hojjechuu qabda. Kutaan Mana Barumsaa sanbata guddaa nama gahumsa qabuun akka geggeeffamu caalaatti mirkaneessuu qabda. Tajaajilli kun barbaachisaa waan ta'eef, mana

barumsichaa irratti dammaqinaan hirmaachuu qabda. Akkasumas sochii isaa yeroo hunda hordofuu fi bu'a qabeessummaa isaa fooyyessuuf carraaquu qabda.¹

Garee gurmii Manaa

Yoo sirritti hojjetame, gareewwan gurmii manaa mala leenjii duuka bu'ummaa bu'a qabeessa ta'e kan biraati. Gareen kun torban torbaniin mana miseensota waldaa filatamoo ta'anii keessatti waldaa, kadhannaa fi qo'annoo Macaafa Qulqulluuf walga'u. Akka barsiisaa olaanaatti gareen manaa hundi geggeessaa amanamaa, leenjii gaarii qabuun akka geggeeffamu mirkaneessuu qabda. Tokkoon tokkoon walgahii garee gurmii keessatti mata duree macaafa qulqulluu filatame irratti ifatti mariidhaaf yeroon ramadamuu qaba. Ati, ykn namni ati bakka akka hoogganu keesse, garee gurmii tokkoon tokkoon isaanii keessatti wanta barsiifamu itti dhiyeenyaan hordofuu qabda. Mala barumsaa murtaa'e gareewwan keessatti barsiifamu kennuu ni barbaadda ta'a.²

Kutaalee Tajaajila

Kutaan tajaajilli waldaa akka mala leenjii duuka bu'ummaatti ilaalamuu qaba. Kutaaleen tajaajilaa kan akka Kutaa Tajaajila Dhiiraa, Kutaa Tajaajila Dubartootaa, Kutaa Tajaajila Dargaggoota, Kutaa Tajaajila Daa'immanii, fi kanneen biroo ni argamu. Gareewwan kana keessaa tokko yommuu walga'u hundatti barumsawwan Macaafa Qulqulluu qabatamaa ta'an barsiifamuu qabu.

Mana Barumsaa Tajaajilaa

Soortuun Pheenxeqoosxee hundi waldaa isaa keessatti Mana Barumsaa Tajaajilaa jalqabuuf yaaduu qaba. Mana Barumsaa Tajaajilaa mana barumsaa "qulqulloota hojii tajaajilaaf mijeessuu" (Efe. 4:12) irratti kaayyeffateedha. Kaayyoon isaas waldaa naannoo keessatti hojjetoota tajaajilaaf leenjisuudha. Mana barumsaa kana keessatti soortuun barumsa dhimmoota qabatamaa kanneen akka lallabaa, barsiisuu, kadhannaa, lubbuu mo'achuu, waldaa dhaabuu, dandeettii

¹ Barumsi dhugicha jiraachuu jedhu kan Afriikaas Hooppiin qophaa'ee barumsa duuka buutummaa ga'essitootaa guyyaa sanbata guddaa waggoota toorbaaf walitti fufiinsaan kan kennamudha. Kitaabni kun bilisaan marsariitii <https://africaatts.org/resources/>. Iraa buusuun itti fayyadamuu dandeessa.

² Kitaaba Hundee Amantii jedhamu kan Afriikaas Hoppiin qophaa'ee kan tooftaa macaafa Qulqulluu qo'achuu nu barsiisu marsariitii <https://africaatts.org/resources/>. irraa bilisaan buusuun itti fayyadamuu dandeessa.

Boqonnaa 17: Barsiisa Bu'a qabeessa

geggeessummaa fi kkf ilaallatu barsiisa. Leenjiin akkanaa waldaan kun hojjetoota ga'umsa qaban dhaabbataadhaan akka qabaattu gargaara.

Akka waldaan guddachaa fi badhaatuu ta'aa deemtuun, itti gaafatamummaa leenjii kee keessaa gar tokko namoota biroof kennuu si barbaachisuu danda'a. Haa ta'u malee, akka barsiisaa guddaa waldaa tokkootti, yeroo hundumaa tajaajila barsiisaa fi duuka bu'ummaa waldaa irratti dammaqinaan bobba'uu qabda.

Yesuus yeroo sadii Pheexiros, “Simoon, ilma Yohaannis! Isa warri biroon na jaallatan caalaa ana jaallattaa ree?” Phexros yeroo sadii immoo, “Eeyyee yaa gooftaa! akkan si jaalladhu atuu ni beekta” jedhee deebiseef. Yeroo hundumaa Yesuus, “Hoolota koo eegi,” ykn “Ilmoolee koo eegi” jedhee deebii kenne. (Yoh 21:15-18). Phexros dhuguma Yesuusiin yoo jaallata ta'ee, wanta Gooftaan isaa abboome raawwatee amanamummaadhaan saba Waaqayyoo ni soora ture.

Har'a, Yesuus soortuu Pheenxeqoosxee guutuu Afrikaa keessa jiran gaaffii wal fakkaatu gaafachaa jira: “Ana jaallattuu?” Akkasumas ajaja Pheexiroosiif kenne sana, “Hoolota koo eegaa” jedhee isaaniif dabarsaa jira. Jaalala isaaniif ragaa ta'ee, Yesuus soortuuwwan kana amanamummaadhaan sagalee Waaqayyoo barsiisuudhaan itti gaafatamummaa Waaqayyoo saba Waaqayyoo kunuunsuuf kenne akka ciminaatti akka fudhatan ajaja.

Kutaa 5ffaa: Tajaajila Hawaasummaa Soortota Pheenxeqoosxee



~ Boqonnaa 18 ~

Waldaa Waaqeffannaan Geggeessuu

Biyya Giddugaleessa Afrikaa tokko keessatti, dargaggeessi leenjifamu tokko soortuu maanguddoo ta'e tokko jalatti akka tajaajiluuf ramadame. Soortuun sun dargaggeessa leenjifamaa jiru sana Sanbata Guddaa itti aanutti ganama waaqeffannaa waldaa akka geggeessu isa gaafate . Dargaggeessi sun garuu yaada soortuu isaa kanatti hin gammanne. Osoo soortuun isaa sun akka lallabuuf isa afeeree ni awwa ture. Waaqeffannaa geggeessuun akka soortuutti kabaja isaa gadi buusutti yaadee ture. Dabalataanis, mana barumsaa Macaafa Qulqulluu keessatti Hafuuraan waan guutameef, kadhachuun ykn karaa biraatiin taatee sanaaf qophaa'uun akka hin barbaachifne yaade.

Akkuma eegamutti, hoggansa isaa jalatti Sanbata Guddaa ganama tajaajilli waaqeffannaa akka gaariitti hin deemne. Osoo soortuun manguddoon ogummaadhaan gidduu seenuu baatee tajaajilli sun balaa guddaa ta'a ture. Yeroo sanaa kaasee soortuun sun geggeessitoota waaqeffannaa baay'ee of eeggannoodhaan filate. Kanaa booda, namoota bilchinaa fi leenjii gaarii qaban qofaan waaqeffannaan akka gaggeeffamu eeyyame.

Waldaa tokko gara waaqeffannaa dhugaatti geggeessuun hojii hafuuraa gudaadha. Ogummaa, qophii fi miira hafuuraa barbaada. Daawit mootichi kana hubate. Kanaaf warri galataa fi waaqeffannaa keessatti saba gaggeessan Lewwoota keessaa qofa akka filataman gaafate (cf. 1Sen. 15:16). Soortuun tokko waaqeffannaa keessatti waldaa akka geggeessaniif namoota biroo filachuu

danda'us, waldaan waaqeffannaa macaafa qulqulluu, hafuuraan gaggeeffamu akka raawwattu mirkaneessuuf itti gaafatamummaa isaanii gonkumaa dhiisuu hin qaban.

AMALA WAAQEFFANNAA DHUGAA

Macaafa Qulqulluu keessatti jechoonni Ibirootaa fi Giriikii hiika waaqeffannaa irratti lamaan isaanii iyyuu Waaqayyoof jilbeenfachuu fi ulfina kennuu jechadhii hiiku. Isaanis yaada gad of deebisuudhaan galata isaaf kennu, akkasumas qulqullummaa isaaf, ulfina isaatiif, humna isaatiif ol kaasuudhaaf yaada dabarsu (Isa. 6:1-3; Mul. 7:11-12).

Hafuuraa fi Dhugaadhaan Waaqeffachuu

Yesuus hundee waaqeffannaa dhugaa kan mul'ise yeroo dubartii Samaariyaatiin, “Yeroon itti warri dhuguma sagadan, hafuuraa fi dhugaadhaan abbaadhaaf sagadan garuu in dhufa; innis ammuma iyyuu ga'eera. Abbaanis warra akkasitti isaaf sagadan in barbaada. Waaqayyo hafuura; warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta'aaf” (Yoh 4:23-24) jedhedha. Kutaa kana keessatti Yesuus waa'ee waaqeffannaa dhugaa dhugaawwan gadi fagoo afur ibseera:

1. *Waaqayyo hafuura dha.* Waaqayyo hafuura waan ta'eef, yeroon ykn bakka itti argamuun hin daangeffamu. Kanaaf yeroo fedhettii fi bakka kamitti iyyuu waaqeffamuu ni danda'a.
2. *Waaqayyo waaqeffattoota dhugaa barbaada.* Inni namoota bifaa fi sirna alaatiin utuu hin ta'in gadi fageenya garaa isaanii irraa isa waaqeffatan barbaada (cf. Maarqos 12:33).
3. *Waaqeffannaa dhugaan hafuuraa fi dhugaadhaan raawwatamuu qaba.* Waaqayyo hafuura waan ta'eef, warri isa waaqeffatan hafuuraan isaa sagaduu qabu. Inni dhugaa guutuu waan ta'eef, akkaataa dhugaa Caaffata Qulqullaa'oo keessatti mul'atuun Isaa sagaduu qabu.
4. *Yeroon isaa amma.* Yeroon hafuuraa fi dhugaadhaan Waaqayyoon waaqeffannu ammadha.

Waaqeffannaan gocha qulqulluu argama Waaqayyoof deebii sirrii ta'e kennuudha, akkuma jaarsoliin digdamii arfan mul'ata 4 irratti taasisan sana. Argamuu Kiristoosiin kan ajaa'ibsiifaman, “isa teessoo irra taa'u duratti kufanii isa waaqeffatu” (lakk. 10). Sabni Waaqayyoo akkuma isa waaqeffatanitti, inni

caalaatti argamuu isaa gidduu isaaniitti mul'isa, caalaatti akka isa waaqeffatan isaan kakaasa.

Eeggannoo Pheenxeqoosxee

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti maalummaa waaqeffannaa Pheenxeqoosxee hubachuun murteessaadha. Waaqeffannaan Pheenxeqoosxee adda kan ta'e karaa hafuura qulqulluu Waaqayyoo wajjin dhuunfaan wal arguu cimsee kan ibsu ta'uu isaati. Akkasitti warri Pheenxeqoosxee irra caalaan warra Pheenxeqoosxee hin taane irraa saba ejjennoo adda ta'een gara waaqeffannaa seenudha. Namoonni Pheenxeqoosxee hin taane hedduun dirqama amantii tokko raawwachuuf ykn sirna amantii tokko tokko raawwachuuf kaayyoo qabatanii waaqeffannaa seenu. Pheenxeqoosheen dhugaan garuu kaayyoo adda ta'een gara waaqeffannaa seena. Kaayyoon isaa ykn ishee Kiristoos isa jiraataa wajjin wal arguudha, akkasumas bu'aa wal arguu sanaatiin, hafuura isaatiin jijjiiramuu dha (2Qor. 3:17-18).

Jijjiiramni kun xiqqaa ykn guddaa, dhokataa ykn mul'ataa ta'uu danda'a. Jijjiiramni dhokataa ta'uu danda'a, akkuma amantiin waaqeffannaa keessatti Kiristoosiin qunnamu, isa tajaajiluu keessatti humnaa fi gammachuu haaromfame argachuu isaanii ta'uu danda'a. Jijjiiramni caalaatti dinqisiisaa ta'e, waaqeffataan Kiristoos isa du'aa ka'e waliin wal argee dinqiidhaan fayyuu ykn hafuura qulqulluudhaan cuuphamuun isaa ta'uu danda'a.

Jijjiiramni akkasii karaa lamaan kan dhufudha: hafuuraa fi dhugaadhaan (cf. Yoh. 4:23). Waaqeffattooni Waaqayyotti yeroo dhihaatan, inni argamuu isaa ni mul'isa. Akkuma argamuu Waaqayyoo isa ifa ta'etti (waaqeffannaa hafuuraan) wal arganii fi amantiidhaan deebii kennan gara bifa Kiristoositti jijjiiramu (2Qor. 3:17-18). Kana malees, sagalee labsameef (dhugaadhaan waaqeffachuu) amantiidhaan akkuma deebii kennan, daran ni jijjiirama.

WAAQEFFANNAAAF WALDAA QOPHEESSUU

Akka soortuutti, Waldaan Kiristaanaa dhugaadhaaf hafuuraan akka Waaqayyoon waaqeffattu qopheessuun dirqama keeti. Namoonni hafuuraa fi dhugaadhaan akkamitti akka isa waaqeffatan akka beekan mirkaneessuu qabda. Waaqeffannaa akkasii akka raawwatu daran mirkaneessuu barbaachisaadha. Kana karaa sadiitiin raawwachuu dandeessa:

Waa'ee Waaqeffannaa Barsiisuudhaan

Tokkoffaa, Macaafni Qulqulluun waa'ee waaqeffannaa maal akka jedhu waldaa barsiisuu dandeessa. Kanas karaa lallaba, gorsaa fi barsiisa walduraa duubaan kennuudhaan gochuu dandeessa. Karaa gaariin soortuun Pheenxeqoosxee saba isaa hafuura fi dhugaadhaan Waaqayyoon akka waaqeffatan barsiisuu danda'u keessaa inni gaariin tokko isaan agarsiisuudha. Namoonni Soortuun isaanii Waaqayyoon cimsee akkatti waaqeffatan ilaaluu qabu. Yeroo tokko soortuun bilchaataa ta'e tokko garee soortuwwan barattootaa tokko, "Yoo dhugaadhaan Waaqayyoon waaqeffatte, sabni kee si duukaa bu'a, isaanis isa waaqeffatu" jedhee qajeelfama kenneera.

Kana malees, namoonni jireenya isaaniitiin akkamitti akka Waaqayyoon waaqeffatan agarsiisuu qabda. Kana gochuu kan dandeessu jireenya qulqullummaa jiraachuudhaan akkasumas karaa eebba hafuura warra kaaniif geessu ta'uudhaani.

Tajaajila Waaqeffannaa Hordofuudhaan

Lammaffaa, ga'ee akka ilaaltuutti qabdu keessatti, namoonni hafuura fi dhugaadhaan Waaqayyoon akka waaqeffatan gaggeeffamaa akka jiran mirkaneessuuf tajaajila waaqeffannaa kadhannaadhaan hordofuu qabda. Tajaajila waldaa keessatti wanti hundi "karaa sirrii fi sirna qabuun" akka raawwatamu gaafachuu qabda (1Qor. 14:40). Jecha biraatiin, waaqeffannaan karaa dhugaadhaan Waaqayyoo ulfina kennuu fi namoota gara Kiristoositti dhiheessuun akka raawwatamu mirkaneessuu qabda (1Qor. 10:31).

Garee Waaqeffannaa Hordofuudhaan

Karaan sadaffaan waldaan hafuura fi dhugaadhaan Waaqayyoon akka waaqeffatu dandeessu garee waaqeffannaa waldaa jaalalaa gorsuudha. Ga'een isaanii waldaa gara galataa fi waaqeffannaa dhugaa hafuuraan qajeelfamuutti geggeessuu akka ta'e isaan barsiisuu qabda. Kanaaf yeroo isaan wajjin dabarsuu, akkamitti dhugaadhaan Waaqayyoon akka waaqeffatan isaan barsiisuu fi namoota kaan gara waaqeffannaa dhugaatti akkamitti akka geggeessan isaan argisiisuu dha.

Dabalataanis, miseensota garee waaqeffannaa wajjin yeroo baay'ee kadhachuu qabda, hafuura qulqulluudhaan akka guutamanii fi qajeelfama hafuura akkamitti akka hordofan akka beekan mirkaneessuun barbaachisaadha. Akkasumas gareen sun faarfannaa hafuura fi dhugaa macaafa qulqulluu irratti hundaa'ee of keessaa qabu filachuu isaanii mirkaneessuu qabda. Akka soortuutti,

faarfannaa haaraa tajaajila waaqeffannaa kamiyyuu keessatti osoo hin fayyadamin dura dursitee mirkaneessuuf mirga qabaachuu qabda.

Dabalataanis, akka soortuu waldaa tokkootti, ati geggeessaa waaqeffannaa olaanaa waldaa ta'uu kee yeroo hundumaa yaada keessa galchuu qabda. Kana jechuun gumii fuuldura dhaabbattee saba galateeffachuu fi waaqeffachuudhaan geggeessitu jechuu miti. Haa ta'u malee, yeroo hunda itti gaafatamummaa tajaajilaa tatee turuu qabda jechuudha. Gareen waaqeffannaa, akka paastariitti, yeroo barbaaddetti tarkaanfii fudhachuu fi itti gaafatamummaa tajaajilaa fudhachuu akka dandeessu hubachuu qaba. Yeroo kun ta'u gareen waaqeffannaa battalumatti tajaajila siif kenname dhiisuu qaba.

Waaqeffannaan dhugaa hafuuraa fi dhugaadhaan yeroo raawwatamu, eebbi humna qabu gara waldaa ni dhufa: Waaqayyo ulfina argata, argamuun hafuuraa ni mul'ata, qaamni Kiristoos ni jabaata.

WAQEFFANNAAN WALDAA GEGGEESSUU

Soortuun Pheenxeqoosxee dhugaawwan kana hubatu waldaa isaa gara waaqeffannaa hafuuraan geggeeffamutti qajeelchuuf quuqama qabaata. Kana jechuun, yeroo waaqeffannaa, sagalee hafuuraatiif xiyyeeffannaa kennuu qabda, akkasumas kaka'umsa isaa hordofuuf daftee ta'uu qabda. Akkuma Musee lafa onaa keessatti, waldaa yeroo duumessi socho'u akka socho'u, yeroo duumessi dhaabatu akka dhaabbattu qajeelchuuf qophii ta'uu qabda (cf. Ba'uu 40:34-38).

Hirmaannaa Jajjabeessuu

Akka geggeessaa waldaa hafuuraa tokkootti, tokko tokkoo namoota achitti argaman hundi waaqeffannaa irratti dammaqinaan akka hirmaatan jajjabeessuu qabda. Harka isaanii ol kaasuudhaan, faarfachuudhaan, ililleedhaan, dhugaa ba'uudhaan, harka rukutuudhaan, shubbisuudhaan, jilbeenfachuudhaan, ykn ibsa waaqeffannaa macaafa qulqulluu kamiinuu Waaqayyoof galata isaanii akka ibsan isaan kakaasuu qabda. Sabni kurnoo fi aarsaa isaanii yommuu kennan Waaqayyoon waaqeffataa akka jiran caalaatti barsiisuu qabda. Kana gochuudhaan, qabeenya isaanii fi ija duraa midhaan isaaniitiin Waaqayyoon ulfeessu (Fak. 3:9).

Faarfattoota Guddisuudhaan

Kana malees, soortuun Pheenxeqoosxee tajaajila waldaa fi lallaba wangeelaa irratti akka tajaajilan waldaa faarfannaa fi gareewwan muuziqaa akka tajaajilan jajjabeessu qaba. Gareen ykn waldaan faarfannaa kamiyyuu yeroo hundumaa

soortuu ykn tajaajilaa muuziqaaf mijachuu qaba. Kanaaf gareewwan waaqeffannaa waliin akkuma hojjettu warra faarfatan wajjinis akkuma hojchuu qabda, dabalatannis namoota garaagarummaa farfachuu fi tajaajila dhugaa hafuuraan gidduu jiru isaan barsiisuun barbaachisaadha.

Kennaawwan Hafuuraa Kunuunsuu

Akka geggeessaa hafuuraa amanaa tokkootti, soortuun Pheenxeqoosxee tajaajila waaqeffannaa keessatti kennaawwan hafuuraa akka hojiirra oolanis jajjabeessuu qaba. Kun waldaa Kakuu Haaraa keessatti waan barame ture, har’aa tajaajila waaqeffannaa keessattis ta’uu qaba (cf. HoE 11:27-28; 13:2).

Phaawuloos waldaan Qorontos “Kenna garaa garaa warra hafuurri qulqulluun kennu akka argattaniif dhama’aa” jedhee gorseera (1Qor. 14:1). Itti dabaluu dhaanis, “Yeroo walitti qabamtanitti isin keessaa tokko faarfannaa, tokko barsiisa, tokko mul’ata qaba; inni tokko waan afaan hin beekamneen dubbatu, inni kaanis hiikaa waan dubbatame sanaa qaba” (1Qor. 14:26). Kanaaf, akka soortuutti waldaa waa’ee kenna hafuuraa barsiisuu qabda. Akkasumas tajaajila waldaa keessatti mul’achuu isaaniiif bakka kennuu qabda. Akkasumas kenna hafuuraa karaa doggogoraan akka faayidaa irra hin oolle akkeekkachuun barbaachisaadha (1Qor. 14:26-33).

Ga’ee Muuziqaa

Muuziqaa fi faarfannaan waaqeffannaa keessatti ga’ee guddaa qabu. Faarfatichi, “Isin qajeelota nana, Waaqayootti gammaduu keessan guddisaa dhageessisaa! Waaqayyoon jajachuun warra qajeelotaaf in ta’a. Kiraaraan Waaqayyoon galateeffadhaa, mi’a ribuu kudhan qabuun isa faarfadhaa! Faarfannaa haaraadhaan isa faarfadhaa! Ribuu mi’ichaa baay’isaa bubbutaa, gammaduu keessan guddisaa dhageessisaa!” (Faar. 33:1-3).

Akka Phaawuloos jedhutti, muuziqaa fi faarfannaan waaqeffannaa keessatti yoo xiqqaate tajaajila afur qaba: Waaqayyoof ulfina kennuu, galata isaaf ibsuu, dhugaa macaafa qulqulluu barsiisuu, fi amantoonni akka isaaf jiraatan gorsuu. Ergamaan kun xalayaa waldaa Efesooniif barreesse keessatti qabxiilee lamaan jalqabaa cimsee ibseera: “Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa! Yeroo hundumaa waan hundumaafuu maqaa gooftaa keenya Yesus Kiristosiin Waaqayyo abadhaaf galata galchaa!” (Efe. 5:19-20). Ergaa warra Qolosaayisiif barreesse keessatti warra lamaan hafan cimsee ibseera: “ogummaa hundumaan wal barsiisaa, wal gorsaas, qooqa garaa garaatiin, faarfannaa

galataatiin, wedduu hafuuraatiinis galata garaa keessanii Waaqayooof farfadhaa” (Qol. 3:16).¹

Akeekkachiisa Yeroo Isaa Eeggate

Akeekkachiisni yeroon kennamu asitti tartiiba qaba. Namoonni yeroo baay’ee waldoota Pheenxeqoosteetti kan harkifaman faarfannaa miira ho’aa qabu irraa kan ka’edha. Kun gaarii dha, gocha kanas jajjabeessuu qabda. Kanuma waliin garuu waldaan “ibidda ormaa” Gooftaaf akka dhiyeessitu gonkumaa eeyyamuu hin qabdu (Lew. 10:1). Jecha biraatiin, faarfannaa fi shubbisuun deebii laphee qulqullaa’e hafuura Waaqayyooof kennuu caalaa agarsiisa foonii akka hin taane mirkaneessuu qabda. Kanaaf, akka soortuutti, muuziqaan sun sagalee guddaa fi jeequmsa akka ta’u, waaqeffannaa dhugaa garaa irraa madde akka liqimsu gonkumaa eeyyamuu hin qabdu. Gorsa Phaawuloos irra deebi’ii yaadadhu: “Namni tokko illee fuula Waaqayyoo duratti of hin jajin” (1Qor. 1:29). Waaqayyo waldaa keessaniin gonkumaa, “Iyya faarfannaa keessanii ana irraa fageessaa! Sagalee maseenqoo keessaniis ani dhaga’uu hin barbaadu” (Amos 5:23).

QORMAATA WAAQEFFANNA LAMEEN

Afrikaan ardii bal’aa saboota 3,000 ol ta’anii fi afaanota 2,100 ol dubbatan of keessaa qabdudha. Kanaaf gumiin Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiru tokko namoota dhuunfaa gosoota adda addaa hedduu irraa dhufan hammachuun waan hin baratamne miti. Kana malees, gumii tokkoon tokkoon isaanii umurii addaa addaa irraa ijaaramaniiru. Hedduminaan kun muuziqa fi akkaataa waaqeffannaa keessatti filannoo addaa addaa akka qabaattu si diqamsiisa. Ogummaadhaan kan hin ilaalamne yoo ta’e, gumii tokko keessatti madda walii galuu dhiisuu danda’a. Waldaa keessatti tokkummaa guddisuu irra tajaajilli waaqeffannaa waldichaa madda qoqqoodinsa ta’uu danda’a.

Qormaatni lama garaagarummaa kana irraa maddan akkaataa waaqeffannaa irratti walii galuu dhabuu fi qormaata tajaajila waaqeffannaa keessatti afaanota hedduu fayyadamuudha. Akka soortuutti tokkoo tokkoo qormaata kanaa ogummaadhaan ilaaluu qabda.

¹ Ibsa dabalataa 2: “ kennaawwan Hafuuraa 1Qorontos 12:8-10 irra jiran ilaali.”

Muuziqaa fi Akkaataa Waaqeffannaa

Waldoonni Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti argaman hedduun muuziqaa fi akkaataa waaqeffannaa ilaalchisee miseensonni wal dhabanii argamu. Fakkeenyaaf, dargaggoonni waldichaa akkaataa waaqeffannaa sagalee guddaa qabuu fi humna qabu filachuu danda’u, miseensonni maanguddoonni immoo akkaataa waaqeffannaa callisaa fi of eeggannoo qabu filachuu danda’u. Inni tokko farfannaa yeroo ammaa kan filatu yoo ta’u, inni kaan immoo faarfannaa durii filata. Akka sooretuutti dhimma kana ilaaluu keessatti ogummaa guddaa fayyadamuu qabda. Akkasumas waaqeffannaa keessatti akkaataa fi qabiyyee adda baasuu danda’uu qabda.

Akkaataan bifa waaqeffannaa alaa filannoo dhuunfaa dubbata; qabiyyeen isaa dhugaa keessaa jiru dubbata. Waaqeffannaan garaa guutuudhaan Waaqayyoo waaqeffachuudha (cf. Maarqos 7:6-7). Dhugaan jiru garuu Amanataan tokko akkaataa adda addaatti fayyadamuun Waaqayyoon dhugaadhaan waaqeffachuu danda’a. Namni akkaataa kamiinuu yoo fayyadame, hafuuraan fi dhugaadhaan yoo ta’e Waaqayyo biratti fudhatama qaba. Hafuuraan fi dhugaadhaan yoo hintaane ta’e fudhatama hin qabu. Kanaaf namoonni waaqeffannaa keessatti filannoo walii walii isaanii akka kabajan barsiisuu qabda. “kanaafis kottaa wanta nagaaf ta’u, waan ittiin jireenya tokkummaa waliif ijaarru duukaa in buunaa” (Rom. 14:19).

Soortuun ogeessi miseensonni maanguddootni yeroo dargaggoonni waaqayyoon waaqeffatan haala garaa isaanii waaqayyoo banees isatti dhiheessuun yeroo argan akka gammadan ni barsiisa. Jaalala dargaggootaaf qaban irraa kan ka’e, waaqeffannaa Waaqayyoo qaban irratti isaan waliin ta’uuf fedhii qabaachuu qabu. Haaluma wal fakkaatuun dargaggoonni fedhii fi filannoo jaarsolii isaanii akka kabajan, akkasumas garaa guutuudhaan waaqeffannaa isaanii irratti akka isaan waliin hirmaatan barsiisuu qabda. Akkasumas dargaggoonni faarfannaa amantii gurguddaa akka jaallatan fi dinqisiifatan barsiisuu ni barbaadda ta’a.

Soortuun ogeessi Pheenxeqoosxee akkasitti tajaajilli waaqeffannaa waldaa faarfannaa haaraa fi durii, kan yeroo fi aadaa walitti makame akka of keessaa qabu ni mirkaneessa. Inni ykn isheen wanti barbaachisaan amantoonni hundi waaqeffannaa keessatti hafuura Waaqayyoo wajjin wal qunnamuu fi Kiristoosiif of kennuu isaanii garaadhaa akka ibsan yaada keessa ni qabata.

Afaanota Hedduu

Akkuma armaan olitti ibsame, waldootni Pheenxeqoosxee hedduun guutuu Afrikaa keessatti argaman keessatti, namoonni afaan adda addaa dubbatan ni hirmaatu. Dhimmi kun soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti qormaata guddaa tokko tokko ni fida. Waldaan tajaajila waaqeffannaa ishee afaan olaantummaa naannichaa qofaan gaggeessuu yoo filatte – kanneen biroo hunda yoo dagatte – namoota garee afaanota biroo irraa dhufan waan fageessuuf balaa qaba. Yoo garuu waaqeffannaa keessatti afaanota hedduu fayyadamte, waldaan amantoota naannoo sanaa gidduutti gamachuu guddaa ni qaba. Kanaaf haala kana ogummaadhaan gochuu qabda. Tajaajilli waaqeffannaa waldaa aadaa jiru kan hawwatu ta’uu isaa, yeroo wal fakkaatutti, warra kaan simachuu isaa mirkaneessuu qabda.

Dhimma kana ilaaluu keessatti ogummaa isaa Waaqayyoon barbaaduun si barbaachisa. Ati fi gareen hoggansa kee dhimmoota akka kanaa kadhannaadhaan ilaaluu si barbaachisa:

- Afaan ijoo waldaan tajaajila waaqeffannaa keessatti itti fayyadamtu kam ta’a?
- Afaanota biroo kamtu itti fayyadamamana? Afaanonni kun yoom akka itti fayyadamamanii fi haala kamiin itti fayyadamamamu?
- Beeksisni, kadhannaan uummataa fi lallabni afaan kamitti hiikama?
- Faarfannaa keessatti afaanota kam fayyadamna? Afaanota kanatti yoomii fi akkamitti itti fayyadamna?
- Waldaa keessatti gareewwan afaanii yeroo ammaa tuffatamaa jiran akkamii? Akka isaan hammataman akka itti dhaga’amu gargaaruu kan dandeenyu akkamitti?

Gumiin hundi dhimma kana ilaalchisee karaa mataasaa barbaaduu kan qabu ta’us, qajeelfamni bal’aan muraasni hojii irraa ni oolu. Fakkeenyaaf, waaqeffannaa karoofachuu keessatti, namni tajaajila tokkorratti argamu hundi akka simatameefi akka hammatamu itti dhaga’amu gochuuf carraaquu qabda. Kaayyoon biraa immoo namoonni irratti argaman hundi akka ijaaramaniif. Kana malees, tajaajilli waaqeffannaa gumii walitti buusuu mannaa tokkummaa uumuu kan danda’u ta’uu qaba. Qajeelfamoota bu’uuraa kana hordofuun murtoon sirrii ta’e akka godhamu gochuuf gargaara.

Kutaa 5ffaa: Tajaajila Hawaasummaa Soortota Pheenxeqoosxee

Waldoonni magaalaa tokko tokko akkuma waldoota idil-addunyaa tajaajila isaanii afaan waliigalaa Awurooppaa biyyattiitiin gaggeessuu ni barbaadu. Waldoonni biroo afaan Afrikaa naannootti fayyadamuu ni barbaadu. Gariin tajaajila guutuu hiikuu ni barbaadu. Kaan immoo lallaba qofa ni hiiku. Kaan immoo tajaajilli tokkoon tokkoon isaa afaan adda addaatiin kan gaggeeffamu ta'ee tajaajila hedduutti deemuu barbaadu ta'a. Waldaan kee tooftaa kamiyyuu yoo fudhattu, galmi kee namni waaqeffannaa irratti argamu hundi kabajaa fi hammatamuu akka itti dhaga'amu gochuu ta'uu qaba.

Itti gaafatamummaa inni jalqabaa Soortuun Pheenxeqoosxee hundumaa waldaa isaa gara waaqeffannaa dhugaa, hafuuraan dibameetti geggeessuudha. Inni ykn isheen kana gochuu kan danda'u/dandeessu hafuuraa fi dhugaadhaan Waaqayyoon dhugaadhaan waaqeffachuu jechuun maal jechuu akka ta'e namoota barsiisuudhaan, akkasumas jireenya ofii isaa keessatti akkaataan jireenyaa waaqeffannaa dhugaa ta'e maal akka fakkaatu fakkeenya gochuudhaani.



~ Boqonnaa 19 ~

Waldaa Kiristaanaa Gara Haaromsa Pheenxeqoosxeetti Gaggeessuu

Namni tokko guyyaa Ayyaana Pheenxeqoosxeetti Hafuurri Qulqulluu dhangala'uun isaa haaromsa waldaa kiristaanaa isa jalqabaa ta'uu ibseera. Guyyaa sana ture Waaqayyo kan inni yeroo jalqabaaf hafuura isaa waldaa kiristaanaa irratti dhangalaasuun, jireenya ishee guutee ergama isaa lafa irratti akka raawwattu humnaan ishee hidhachiise. Sochiin ammayyaa pheenxeqoosxee maqaa fi eenyummaa isaa kan argate waan guyyaa sana ta'e irraati.

Pheenxeqoosxee ta'uu jechuun namni tokko muuxannoo fi kaayyoo Ayyaana Pheenxeqoosxee lamaanuu hammachuu jechuudha. Muuxannoon Ayyaana Pheenxeqoosxee mudannoo hafuuraa humna qabuudha, Macaafni Qulqulluun cuuphaa ykn cuuphamuu hafuura qulqulluu jedhee ibsa (Luq 3:16; HoE 1:5). Kaayyoon Ayyaana Pheenxeqoosxee mana keenya keessattis ta'e hanga dhuma lafaatti dhugaa ba'uuf aangoo kennuudha (HoE 1:8).

Waldaan Pheenxeqoosxee hin taane irraa kan adda ishee godhu, waldaan Pheenxeqoosxee tokko osoo irra deddeebiin hafuura qulqulluun hin guutamiin kaayyoo fi waamicha isheef amanamtee turuu hin dandeessu. Akkuma qaamni namaa qilleensa yoo hafuura baafachuu dhiise du'u, waldaan Pheenxeqoosxee tokkos hafuura Waaqayyoo yoo hafuura baafachuu dhiiste ni duuti. Jecha biraatiin, waldaan tokko dhuguma Pheenxeqoosxee ta'uuf haaromsa Pheenxeqoosxee

argachuu qabdi. Yesuus, “Hafuurri in jiraachisa, foon homaa dhimma hin baasu” (Yoh. 6:63). Boqonnaan kun akkamitti akka soortuun Pheenxeqoosxeetti waldaa kee gara haaromsa akkasiitti geessuu akka dandeessu ni ibsa.

HAAROMSA HAFUURAA HUBACHUU

Soortuun Pheenxeqoosxee tokko dhiira ykn dubartiin waldaa isaa ykn ishee gara deebitee jiraachuutti osoo hin gaggeessin dura, haaromsi Kakuu Haaraa maal akka fakkaatu fakii ifa ta’e sammuu isaanii keessatti qabaachuu qabu. Kan nama dhibu garuu, soortuwwan Pheenxeqoosxee baay’een yaada haaromsaa jallatu qabu. Yaada haaromsaa isaanii Caaffata Qulqullaa’oo irraa osoo hin taane, aadaa waldaa beekamaa irraa argataniiru. Kanarraa kan ka’e, haaromsa akka waldaa namoota gammachuudhaan faarfatanii, shubbisan fi Waaqayyoon galateeffataniin guutamteetti ilaalu. Yookiin haaromsa akka Waaqayyo eebba qaamaa fi badhaadhina saba isaa irratti roobuutti yaadu. Wantoonni kun tokko tokko haaromsa wajjin kan walqabatan ta’us, akka macaafa Hojii Ergamootaa keessatti fakkeeffameetti haaromsa dhugaa hin ibsan.

Kakuu Haaraa keessatti jechi haaromsa jedhu kan hin argamne ta’us, yaad-rimeen haaromsa hafuuraa (cf. HoE 3:19). Haaromsi waa’ee jireenya haaromfame kan dubbatu yoo ta’u, dadammaqina, humnaa fi jajjabina deebisuu kan agarsiisudha. Kakuu Moofaa haaromsa jedhee kan inni waamu (Faar. 85:6; Hab. 3:2), Kakuu Haaraa akka dhangala’uu hafuuraa ta’etti ibsa (HoE 2:17-18). Hojii Ergamootaa boqonnaa lamaan jalqabaa keessatti Macaafni Qulqulluun wantoota barbaachisoo sadii haaromsa Kakuu Haaraa adda baasee ibsa:

- Tokkoffaa, sabni Waaqayyoo hafuura qulqulluudhaan ni cuuphamu, akkasitti humna argatu (HoE 1:8; 2:1-4).
- Itti aansuudhaan sabni Waaqayyoo humna hafuura qulqulluutiin warra badaniif ija jabinaan Kiristoos labsuu jalqabu (HoE 2:14-40; 4:31).
- Dhumarratti, namoonni badan qalbii diddiirratu, amantii isaanii Kiristoos irra kaa’anii, ni fayyu (HoE 2:41, 47; 5:12-16).

Bu’aawwan biroon hafuura qulqulluu dhugaadhaan dhangala’uu macaafa Hojii Ergamootaa keessatti ibsame dinqiidhaan fayyisuu, mallattoo fi dinqiidha (HoE 2:43; 5:12-16). Dinqiiwwan uumamaa ol ta’an kun yeroo baay’ee gammachuu guddaa, walga’ii waldaa jireenya qabuu fi guddina waldaa fidu. Kanas ta’e sana, wantootni barbaachisoo sadii wiirtuu haaromsa Pheenxeqoosxee dhugaa ta’anii hafan: humna hafuuraa, dhugaa ba’uu humna qabuu fi namoonni

*Boqonnaa 19: Waldaa Kiristaanaa Gara Haaromsa
Pheenxeqoosxeetti Gaggeessuu*

gara Kiristoos dhufudha. Qaamolee sadan kana keessaa tokko yoo bade, haaromsi Pheenxeqoosxee dhugaa hin raawwatamnu.

FAKKEENYA MACArafa QULQULLUU

Waa'ee haaromsaa ilaalchisee mee hiika keenya waan Guyyaa Pheenxeqoosteetti ta'e caalaatti ilaaluun xiqqoo haa bal'isnu. Hojii Ergamootaa boqonnaa 2 itti dhiyeenyaan qorachuun, wantoota ijoo torba haaromsa dhugaa Kakuu Haaraa nutti mul'isa:

Namoonni Waaqayyoon Barbadu

Kakuu Haaraa keessatti qaamni haaromsaa inni jalqabaa, dhugaa sabni Waaqayyoo kadhannaadhaan fuula isaa barbaaduu isaanii. Macaafni Qulqulluun akka nutti himutti, osoo Ayyaana Pheenxeqoosxee Hafuurri hin dhangala'iin dura, duuka buutonni 120 “yeroo hundumaa mana qulqullummaa keessatti maqaa Waaqayyoo galateeffachaa turan” (Luq 24:53). Akkasumas “Isaan kun hundinuu yaada tokkoon kadhataaf of kennanii turan” jedha (HoE 1:14). Macaafni Hojii Ergamootaa wal irraa hin cinne kadhannaa dhangala'uu hafuura qulqulluu wajjin walqabsiisa. Hiikni isaa ifaadha: Waldaan tokko haaromsa Pheenxeqoosxee argachuu yoo barbaadde, miseensonni kadhannaadhaan Waaqayyoon cimanii barbaaduu qabu.

Waaqayyo Hafuura Isaa Dhangalaasuu

Kakuu Haaraa keessatti qaamni haaromsaa inni lamaffaan, dhangala'uu hafuura Waaqayyooti. Guyyaa Pheenxeqoosxee irratti, kadhannaa saba isaatiif deebii kennuudhaan, Waaqayyo bilisaan hafuura isaa Waldaa Kiristaanaa irratti dhangalaase. Akkas ta'e:

“Ayyaanni guyyaa shantammaffaa inni ‘Pheenxeqoosxee’ jedhamee beekame yommuu ga'e, hundinuu iddoo tokkotti walitti qabamanii turan. Dingatas huursaan waaqa irraa akka bubblee bubbisuutti dhaga'amee, manicha isaan keessa jiranis guute. Arraba ibiddaa kan fakkaatan isaanitti mul'atan, gargar tamsa'aniis, wanti akka arraba ibiddaa kun tokko tokkoo isaanii irraa taa'an. Yommuus hundumti isaanii hafuura qulqulluudhaan guutaman; akka hafuurri dubbachuu isaaniif keneetti, afaan garaa garaa dubbachuu jalqaban” (HoE 2:1-4).

Amantoonni Hafuuricha Fudhatu

Kakuu Haaraa keessatti qaamni haaromsaa inni sadaffaan, amantoonni hafuura qulqulluudhaan guutamuu isaaniiti. Waaqayyo hafuura isaa dhangalaasuun waan tokko; sabni isaa hafuura fudhachuun isaa waan biraati. Guyyaa Pheenxeqoosteetti Hafuurri Qulqulluun tokkoon tokkoon isaanii irratti dhufuu qofa osoo hin taane, “hundumti isaanii hafuura qulqulluudhaan guutaman; akka hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kennetti, afaan garaa garaa dubbachuu jalqaban” (HoE 2:4). Akkasitti duuka buutonna akkuma Yesuus abdachiisetti hafuura qulqulluudhaan cuuphamaniiru (HoE 1:4-5). Yeroo sanatti, mana keessattis ta’e hanga dhuma biyya lafaatti dhugaa baatota Kiristoos ta’uuf humna argatan (HoE 1:8). Sabni Waaqayyoo hafuura fudhachuun isaanii jalqaba haaromsa Pheenxee isa dhugaa agarsiisa.

Warri Alaas Xiyyeeffannoo Ittikennuun Ilaalan

Kakuu Haaraa keessatti qaamni haaromsaa inni afaffaan, warri alaa waan Waaqayyo saba isaa gidduutti hojjachaa jiru hubannoo keessa galchuudha. Ayyaana Pheenxeqoosteetti, namoonni dhufaatii Hafuurri duuka buutota irratti argamu arganii fi afaanota hin baratamneen yommuu dubbatan dhaggeeffatan, “ni dinqisiifatanii, ni burjaaja’an.” Isaanis, “Kana jechuun maal jechuudha?” jedhanii wal gaafatan (HoE 2:12).

Wangeelli ni labsama

Kakuu Haaraa keessatti qaamni haaromsaa inni shanaffaan, dhugaa ija jabinaan, hafuuraan kaka’umsaan labsamuu wangeelaati. Guyyaa Pheenxeqoosxeetti wanti ta’e kana. Pheexiroos hafuura qulqulluudhaan erga guutamee booda dhaabatee ija jabinaan namoota walitti qabamaniif wangeela labse. Waa’ee Yesuus isaanitti himee gara qalbii diddiirrannaa fi amantiitti isaan waame (HoE 2:14-40). Warri hafuuraan guutaman hundinuu Pheexiroos waliin ta’uun Kiristoosiif dhugaa ba’aniiru (lak 47).

Hedduun Fayyu

Kakuu Haaraa keessatti qaamni haaromsaa inni ja’affaan, baay’een naamootaa wangeelaaf deebii kennuudhaan fayyuu isaaniiti. Ayyaana Pheenxeqoosxeetti, sababa dhangala’uu hafuura qulqulluu fi Pheexiroos dibamee wangeela labsuu isaatiin, baay’een isaanii qalbii diddiirrachuun gara Gooftaa dhufan. Macaafni Qulqulluun, namoonni dhaggeeffatan kan ‘lapheen isaanii cabe’ gara Pheexirositti dhufuun, “Maal goona?” Pheexiroos deebisee, “Isin hundinuu

*Boqonnaa 19: Waldaa Kiristaanaa Gara Haaromsa
Pheenxeqoosxeetti Gaggeessuu*

cubbuu keessaniif dhiifama akka argattaniif maqaa Yesuus Kiristoositti qalbii jijjiirradhaa, cuuphamaa. Kennaa hafuura qulqulluus ni fudhattu” (HoE 2:37-38). Kanarraa kan ka’e namoonni 3,000 fayyamani, bishaaniin cuuphamanii, waldaa kiristaanaatti dabalaman (lakk. 41). Guyyoota itti aananitti, “Gooftaan warra fayyan guyyaa guyyaan lakkoofsa isaaniitti dabaleera” (lakk. 47).

Waldaan Kiristaanaa Babal’achuu

Kakuu Haaraa keessatti qaamni haaromsaa inni torbaffaan, babal’ina waldaa ti. Guutummaa macaafa Hojii Ergamootaa keessatti Pheenxeqoosxee fi dhangala’uu hafuura kan biroo hordofuun, waldaan lakkoofsaan guddachuu fi teessuma lafaatiin babal’achuu itti fufte (cf. HoE 2:47; 4:31-35; 5:12-16; 9:31).

Wantoonni haaromsaa beekamoo biroo HoE 2 irratti mul’atan Caaffata Qulqullaa’oodhaaf of kennuu, kadhannaa fi wal jaallachuudha. Waaqayyo isaan gidduutti dinqii yeroo raawwatu, sabni sun miira sodaa qulqulluudhaan jiraachaa turan. Argamuun Hafuurri Waaqayyoo caalaatti garaa isaanii keessatti hafuura arjummaa uume. Wantoonni kun hundinuu guddina waldaa fidan (HoE 2:41, 47; 4:4; 5:14).

Walumaagalatti, haaromsi Pheenxeqoosxee dhugaa kan ta’u namoonni ergaa waa’ee Yesuus amanan, hafuuraan guutaman, achiis oduu gammachiisaa warra kaaniif qooduuf yeroo ba’an. Warri wangeela fudhatan sana booda ni fayyu, hafuura qulqulluudhaan guutamu. Isaan ofii isaanii sana booda labsitoota wangeela amanamoo ta’u. Adeemsi kun irra deddeebi’amee yeroo deemu, haaromsi fagootti babal’ata.

GAHEE SOORTUU

Lammaffaa, tajaajila Hafuuraan humna argate namoota duratti fakkeenya gochuu qabda. Miseensonni kennaa hafuura akka fayyadaman jajjabeessuuf karaan hundarra gaariin akkamitti akka raawwatamu isaanitti argisiisuudha. Kun waan Yesuus duuka buutota isaa wajjin hojjetedha. Nama hafuura hamaan qabame bilisa baasuudhaan humna hafuuraatiin akkamitti akka tajaajilan isaanitti agarsiise (Luq. 8:26-39) akkasumas dubartii dhukkubsattuu fayyisuu fi intala du'aa kaasuudhaan (lak 40-56). Sana booda “mootummaa Waaqayyoo labsuuf, dhukkubsattoota fayyisuuf isaan erge” (9:2). Kanaaf Waaqayyoo hafuura qulqulluudhaan akka si guutee fi deebisee si guutu eeyyamuu qabda. Sana booda, jireenya fi tajaajila mataa keetii keessatti kennaa hafuura agarsiisuuf akka si fayyadu isa amanachuu qabda.

Sadaffaa, miseensonni kee kaka'umsa hafuura qulqulluuf deebii akka kennan fi kennaa hafuura mul'isuuf amantiidhaan akka socho'an jajjabeessuu qabda. Akkasumas yeroo waaqeffannaa fi wangeela lallabuutti ummanni kennaa akka itti fayyadamaniif carraa kennuu qabda.

Dhumarratti, tajaajila waldaa keessatti haala mijaawaa ta'e horachuu barbaaduudhaan kennaa hafuura waldaa keessatti akka mul'atu jajjabeessuu qabda. Haalli akkasii argama Waaqayyoo ifa ta'ee fi amantii eeguudhaan kan mallatteeffamudha. Waaqayyoo argamuu isaa kan mul'isu yeroo sabni isaa galataa fi waaqeffannaa dhugaatiin garaa isaanii Isaaf banamudha. Amantiin eeggataa kan uumamu yeroo sabni Waaqayyoo harka isaanii diriirsuuf jajjabeeffamanii fi Waaqayyoo argama isaa “milikkita fi wanta dinqisiisaa karaa garaa garaas hojii aangoo hojjechuudhaan, akka jaalala isaatti kennaa hafuura qulqulluu hiruudhaan, duukaa bu'ee dhugaa ta'uu isaa mul'iseera” (Ibr. 2:4).

Soortuun Pheenxeqoosxee dhugaan dhiira ykn dubartiin nama hafuura ta'uuf ni carraaqa. Mallattoolee itti aanuun humna hafuura qulqulluutiin tajaajiluu barachuu kaayyoo isaanii ni godha, saba isaaniis akkasuma akka godhan ni barsiisa.



~ Boqonnaa 22 ~

Lola Hafuuraa Irratti Bobba'uu

Yesuus Seexanaa fi loltoota isaa wajjin qabsoo hafuuraa guddaa keessatti akka hirmaate hubateera. Yeroo tokko nama jaamaa fi dubbachuu hin dandeenye tokko keessaa hafuura hamaa tokko baase. Namichi arguu fi dubbachuu yeroo jalqabu namoonni ajaa'ibsiifatani ilaalaa turan. Tokko tokko, “Kun Ilma Daawit ta'uu danda'aa?” jedhan. Kaan immoo, “Namichi kun Bi'el Zebul angafa Seexanootaa duwwaadhaan hafuurota hamoota baasa” jedhan (Mat. 12:22-24).

Yesus wanta isaan yaadan waan beekuuf, “Biyya kam illee taanaan tokkummaan isaa yoo gargar cabe, mootummaan isaa dhaabatee hin turu; mandarri tokko yookiis maatiin tokko ofii isaa irraatti ka'ee yoo gargar cabe, dhaabachuu hin danda'u.” jedheen. Achiis wanta ta'e akkas jechuudhaan isaaniif ibseera: “Ani garuu hafuura Waaqayyootiin hafuurota hamoota kanan baasu erga ta'ee, mootummaan Waaqayyoo isin irratti dhufeera” jechuudhaan ibseera. Itti dabaluuudhaanis, “Yookiis namicha jabaa sana duraan dursee yoo hidhe malee, attamitti namni mana nama jabaa tokkoo lixee mi'a isaa saamuu danda'a ree? Erga isa hidhee garuu dhuguma mana isaa akka jirutti saamuu ni danda'a” (Mat. 12:25-29).

Har'as kanuma; nutis humnoota hamaa waliin lola guddaa keessa jirra. Namoota cubbuu fi Seexanaa jalaa bilisa baasuu keenya dura, yeroo baay'ee waraana hafuuraa irratti bobba'uu qabna. Dura nama jabaa hidhuu qabna. Sana booda, mana isaa saamuu dandeenya. Boqonnaan kun soortuun Pheenxeqoosxee

hafuurota hamaa mormuu fi injifachuu irratti ga'umsa qabaachuu akka qabu ni ibsa.

LOLA HAFUURAA HUBACHUU

Yesuus gara samiitti osoo hin deebi'in dura Ergama Guddaa Waldaa Isaaf kenne. Hordoftoota isaa akkas jedhee ajaje, “Dhaqaatii saba hundumaa bartoota koo godhaa, maqaa abbaa, kan ilmaa fi kan hafuura qulqulluutiin cuuphaatii, waanan isin ajaje hundumaa akka ajajaman barsiisaa” (Mat. 28:19-20). Kitaabni Hojii Ergamootaa seenaa duuka buutonni Kiristoos jalqabaa akkamitti humna hafuura qulqulluutiin ergama isaa raawwachuu akka jalqaban agarsiisa.

Ergamni Guddaan har'as hojiirra jira, akkasumas “hanga dhuma baraatti” hojiirra oola (lakk. 20). Ergama kana bu'a qabeessa ta'een raawwachuuf, Amantoonni Kiristaanaa fi hoggansi ishee Seexanaa fi ergamtoota isaa kan ta'an humnoota xuraahaa akkamitti akka injifatan beekuu qabu.

Dhugummaa Lola Hafuuraa

Lolli hafuuraa dhugaadha. Diinni dhugumaan jira, lola hafuuraa dhugaan kan nuti akka soortuwwan Pheenxeqoosteetti falmuu fi injifachuu qabnu jira. Phaawulos ergaa warra Efesooniif barreesse keessatti waa'ee lola hafuuraa kanaa akkas jedheera:

“Nuyi namoota foon uffatanii wajjin wal'aansoo wal qabna miti; garuu humnoota aboo qabanii fi gooftummaa qaban, warra bantii waaqaa keessaa biyya lafaa isa dukkana keessa jiru kana seerratan, macca hafuurota hamminaa warra bantii waaqaa keessa jiraatanii wajjin wal'aansoo wal qabna.” (Efe. 6:12).

Ergamaan kun, tajaajiltoonni Kiristos lola hamaa kanarratti akka itti fayyadaman meeshaa hafuuraa humna guddaa qabu akkamitti akka kennameef dabalataan ibseera: “Mi'i waraanaa keenya mi'a da'oo jajjabaa jigsuudhaaf Waaqayyoof hojjechuu danda'uu dha malee mi'a namni foonii ittiin hojjetu miti” (2Qor. 10:4).

Guutummaa Afrikaa keessatti namoonni miliyoonaan lakkaa'aman waa'ee wangeelaaf dhugaa ba'umsa ga'aa hin arganne. Namoonni kun iddoowwan sirna amantiin babal'ina amantiin Kiristaanaa morman ol'aantummaa qaban keessa jiraatu. Sirnoonni kun bulchitoota humna hafuura hamaan qabaniin kan to'ataman yoo ta'u, isaanis Seexana, “mootii hafuurota hamminaa” tiin qabamaniiru (Mar.

3:22; cf. 1Yoh. 5:19). Namoota kana baraaruu namni jabaan sun hidhamee ari'amuu qaba (Mat. 12:28-29). Haala kanaan Waldaan ergama Kiristoos miikiin raawwachuu yoo barbaadde, humna hafuura qulqulluutiin socho'uu baraduu qabdi. Akkasumas humnoota hafuura hamaa akkamitti akka loltuu fi injifatu beekuu qaba.

Yesuus duuka buutonni isaa, “Mootummaan kee haa dhufu, jaalalli kee waaqa irratti akka ta’u, akkasuma immoo lafa irratti haa ta’u” (Mat. 6:10) jedhanii akka kadhatan barsiiseera. Innis yeroo tokko, “Dhugumaan isinittan hima, namoota as dhaabbatanii jiran keessaa, kan utuu hin du’in, mootummaan Waaqayyoo humnaan dhufee arguuf jiru” jedhe (Mar. 9:1). Yesuus guyyaa Pheenxeqoosxee, yeroo duuka buutonni isaa “akka nama uffannaa guutuu uffatuutti waaqa irraa human hamma argattanitti mandaricha keessaa tura” (Luqaas 24:49; HoE 2:4) kan jedhu ture.

Har’a namni tokko yeroo fayyina lubbuu argatu, yeroo fayyina foonii argatu, yeroo bilisa ba’u, ykn hafuura qulqulluudhaan guutamu hundumaatti mootummaan Waaqayyoo humnaan dhufa. Soortuun Pheenxeqoosxee sabni isaa mootummaan Waaqayyoo aangoodhaan akka dhufu yeroo baay’ee akka kadhatan gaggeessuu qaba.

Maalummaa Waraana Hafuuraa

Lolli hafuuraa walddhibdee gaarii fi hamaa, isa qulqulluu fi isa qulqulluu hin taane gidduutti taasifamuudha. Bara kana keessatti walddhibdee seexanaa fi hafuurota hamaa fi Waldaa Waaqayyoo isa dhugaa gidduutti adeemsifamaa jiruudha.

Diyaabiiloos qabeenya isaa hunda walitti qabee ergama Waaqayyoo sabootaaf qabu danquu fi balleessuu barbaada. Inni nama ajjeesaa fi sobduu waan ta’eef “hatuu, ajjeesuu, balleessuu” barbaada (Yoh 8:44; 10:10). Inni fi hafuurotiin hamaan isaa sammuu namootaa dhugaa wangeela jaamsuuf hojjetu (2Qor. 4:3-4). Waaqayyoon waan jibuuf, seexani hojii isaa miidhuu barbaada. Haa ta’u malee, Waaqayyoon miidhuu akka hin dandeenye ni beeka. Kanaaf warra Waaqayyoo jaallatu, jechuunis sanyii namaa dhiphisuu fi balleessuu barbaada.

Yesuus mootummaan Waaqayyoo akka dhufe beeksise (Mar. 1:14-15; Luq 8:1, 9:11). Mootummaa Seexanaa kuffisuufi bulchiinsa Waaqayyoo lafarratti hundeessuuf akka dhufe ija jabinaan labseera. Ergaan mootummaa Waaqayyoo wiirtuu lallaba bartoota Kiristoos ture (cf. HoE 8:12; 19:8). Yesuus mootummaa

Waaqayyoo akka labsuu fi “humna diinaa hundumaa” irratti humna isaa akka agarsiisuuf isaan erge (Luq. 10:19; cf. Mat. 10:7; Luq. 9:1-2; 10:8 9) ¹.

LOLA HAFUURAAF QOPHEESSUU

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, hafuurota hamoo mormuu fi injifachuuf yeroo hundumaa qophaa’aa ta’uu qabda. Miseensonni waldaa kees akkasuma akka godhan barsiisuu qabda. Karaawwan waraana hafuuraatiif of qopheessuu dandeessan tokko tokko kunooti:

Hafuura Qulqulluudhaan Guutami

Jalqaba, hafuura qulqulluudhaan guutamuu kee mirkaneessi (HoE 2:4; 4:31) akkasumas yeroo ammaa “Hafuura duukaa bu’uudhan” (Gal. 5:25) deddeebi’uu fi jiraachuu kee mirkaneessi. Yesuus mataan isaa hafuuraan kan guutame ture (Luq 3:21-22), humna hafuuraatiin jiraataa fi tajaajilaa ture (Luq 4:18-19; HoE 10:38). Yesuus jinnii kan ari’e humna hafuura qulqulluutiin akka ta’e dhugaa ba’eera (Mat. 12:28). Lola hafuuraa irratti milkaa’inaan bobba’uuf yoo ta’e, nutis hafuura qulqulluudhaan humna argachuu qabna.

Waan Kiristoos Raawwate Hubadhu

Itti aansuudhaan, waraana hafuuraaf qophaa’uu keessatti, wanta Kiristoos fannoo irratti raawwate hundumaa hubachuu qabda. Achitti, furtuu dhala namaatiif gatii kaffaleera (Isa. 53:6; 1Yoh. 2:2). Inni daran bulchiinsa seexanaa biyya lafaa irratti qabu balleesse (Yoh 12:31). Macaafni Qulqulluun Kiristoos “Fannoo sana irraatti Kiristos warra qilleensa irraa gooftummaa qabaniif fi human qaban hark duwwaa hambisee bakkeetti isaan mul’isuudhaan salphisee isaan argisiise” nutti hima (Qol. 2:15).

Amma, sababa hojii cimaa Kiristoos fannoo irratti hojjeteef, seexanaa fi hafuuronni hamoon isaa diinota mo’aman dha (Ibr. 2:14-15). Hafuuraan yoo deddeebine, akkasumas guutummaatti Kiristoosii fi fedha isaaf of kennine, inni humnaa fi aangoo seexanaa fi hafuurota hammota isaa mo’uuf nu barbaachisu nuuf kenna.

¹ Waa’ee dhufaatii mootummaa Waaqayyoo caalaatti baruuf, kitaaba barataa Africa’s Hope Discovery Series, Mootummaa Waaqayyoo: Hiikkaa Pheenxeqoosxee Denzil R. Miller, kan Tajaajila Leenjii Ti’ooloojii Afrikaatiin maxxanfame (<https://africaatts.org/>) ilaali.

Kiristoos keessatti Eenyu akka taate yaadadhu

Kana malees, lola hafuuraaf qophaa'uu keessatti, Kiristoos keessatti eenyu akka taate of yaadachiisuu qabda. As lafa irra jiraattus, akka mucaa Waaqayyooti, ati lammii waaqaati (Filp. 3:20). Dhugaa kana yoo yaadatte, akkasumas akka mucaa dhugaa waaqaati jiraachuu yoo filatte, Gooftaan qabeenya, aangoo fi humna mootummaa sanaa hundumaa siif dhiyeessa. Akka lammii mootummaa Waaqayyooti yaaduu fi hojjechuu hamma barattu, wangeela mootummaa dhala namaa badeef labsuuf qophaa'aa taata, akkasumas naannoo hafuuraa keessatti waraana banuuf dandeettii guddaa qabaatta.

Mi'a Lolaa Waaqayyoo Guutumatti Uffadhu

Dhumarratti, Phaawuloos loltoonni hafuuraa “Gooftaati humna isaa isa aangoo-qabeessattis jabaadhaa” jedhee gorsa (Efe. 6:10). Karaan kana gochuu dandeenyu tokko meeshaa waraanaa Waaqayyoo guutuu uffachuudha. Sana booda, guyyaan hamaan yommuu dhufu, diina dura dhaabbachuu ni dandeenya (lak. 11, 13).

Phaawuloos achiis meeshaawwan hafuuraa humna guddaa qaban torba kan Kiristoos tajaajiltoota isaatiif kenne caqaseera. Akkasumas meeshaan waraanaa tokkoon tokkoon isaa akkamitti lola hafuuraa gaggeessuuf itti fayyadamuu akka danda'u hubannoo tokko tokko ni dhiyeessa (Efe. 6:13-18). Mee meeshaa waraanaa hafuuraa torban kana caalaatti sirriitti haa ilaallu:

1. Hidhanaa dhugaa. Tokkoffaa, “akka nama sabbataan hidhatuutti dhugaadhaan mudhii keessanii” jabeeffannee hidhachuu qabna (Efe. 6:14). Hidhannoo dhugaa hidhachuu jechuun waan lama jechuudha: Dhugaa sagalee Waaqayyootiin of hidhachiifna jechuudha (Yoh 17:17). Akkasumas dhugaadhaan, jechuunis amanamummaa fi amanamummaa guutuudhaan of huwwisuu qabna jechuudha. Meeshaa waraanaa kanaan soba seexanaa qolachuu ni dandeenya (Yoh 8:44).

2. Maddaa Sibiila qajeelummaa. Itti aansuudhaan, “qajeelummaas akka maddaa sibiilaatti” (Efe. 6:14) uffachuudhaan lola hafuuraaf of qopheessuu qabna. Kana kan goonu Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya sirrii akka qabnu, akkasumas Yesus Kiristoos wajjin walitti dhufeenya hin cabne keessa akka jiraannu mirkaneessuudhaan (Yoh. 15:5). Walitti dhufeenya kana irraa kan ka'e jireenya qulqullaa'aa fi qulqulluu jiraachuuf nu dandeessisna (Tito 2:11-12).

3. *Kophee Wangeelaa Hidhachuun qophaa'uu.* Sadaffaa, “akka nama kophee kaa’ateettis wangeela nagaa” hidhachuu qabna (Efe. 6:15). Kana jechuun, yeroo hundumaa haleellaa diinaa irraa of eeggachuu qabna (1Phex. 5:8). Qophiin kun kan uumamu wangeela dhagahuu fi abboomamuudhaani. Akkasumas, akka tiksitoota amanamoo tuuta Waaqayyootti, akkuma Phaawuloos jaarsolii Efesoon wajjin godhe, haleellaa diinaaf saba Waaqayyoo qopheessuu qabna (HoE 20:28-31).

4. *Gaachana Amantii.* Afraffaa, “amantii akka gaachanaatti” fudhachuu qabna (Efe. 6:16). Meeshaa hafuuraa kanan “Isaan xiyya isa hamaa sana, warra boba’aa adeeman dhamsuu in dandeessu” fayyadamuu dandeenya (lakk. 16). Xiyyawwan abiddaan boba’an kun qorumsa daabiloos adda addaa kan akka yaadaafi hawwii qulqulluu hin taanee fi sossobbiin ajaja Waaqayyoo akka hin ajajamne kan of keessatti qabatudha. Amantiin keenya kan ijaaramu sagalee Waaqayyoo dhaggeeffachuu fi dubbisuudhaan (Rom. 10:17) akkasumas hafuura qulqulluudhaan kadhachuudhaan (Yihu. 20).

5. *Gonfoo Sibiilaa Fayyinaa.* Meeshaan waraanaa shanaffaan nu harka jiru “Gonfoo sibiilaa fayyinaa” dha (Efe. 6:17). Fayyinni kun, cubbuu fi si’ool jalaa fayyina qofa osoo hin taane, fayyina yookaan bilisa ba’uu Waaqayyoo biraa dhufu kamiyyuu, kan akka jinniiwwan jalaa bilisa ba’uu, balaa, dhukkuba, fi du’a of keessatti qabata.

6. *Sagalee Waaqayyoo.* Ja’affaa, “Sagalee Waaqayyoo akka billaatti, hafuura qulqulluu biraa” hidhachuu qabna (Efe. 6:17). Sagaleen Waaqayyoo meeshaa hafuuraa soortuun Pheenxeqoosxee humna guddaa qabu keessaa isa tokkodha. Caaffata Qulqullaa’oo ciminaan qo’achuu fi sammuu qabachuudhaan sagalee Waaqayyoo hidhachuu dandeenya (Faar. 119:11). Kana malees, warra dhaga’an hundumaaf sagalee Waaqayyoo amanamummaadhaan labsuu qabna (2Xim. 4:2).²

Dubbiin Waaqayyoo lola weeraraa fi ittisaaf itti fayyadamuu ni danda’ama. Sagaleen kadhannaa keessatti yeroo itti fayyadamnu, akkasumas dibata hafuuraa jalatti yeroo lallabamuu fi barsiifamu akka meeshaa nama aarsutti fayyadamuu ni danda’a. Akkasumas, akkuma Yesuus lafa onaa keessatti godhe, haleellaa

² Hariiroo Soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu wajjin qabu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 9: “Macaafa Qulqulluu ni amana” ilaali.

seexanaa ofirraa ittisuuf meeshaa ittisaa ta'ee itti fayyadamuu ni danda'a (Luq 4:1-13).

“Dubbiin Waaqayyoo” kutaa kana keessatti caqafames jecha dhuunfaa ykn *reemaa* duuka bu'aan Kiristoos hafuura irraa argachuu danda'u ta'uu danda'a. Kun kutaa macaafa qulqulluu addaa Gooftaan garaa nama tokkoo irratti dhiibbaa godhu ta'uu danda'a. Yookiin fedhii addaa, kan akka dubbii beekumsaa yookaan jecha ogummaa guutuuf Waaqayyoo biraa mul'ata ta'uu danda'a (1Qor. 12:8).

7. *Hafuuraan kadhachuu*. Dhumarratti meeshaa kadhannaa hafuuraan fudhachuu qabna. Kadhannaan akkasii meeshaa hafuuraa humna guddaa qabudha. Phaawuloos akkasitti amantoonni “Kadhataa fi himata keessan hundumaa keessatti yeroo hundumaa hafuuraan geggeeffamaatii kadhadaa!” jedhee gorsa (Efe. 6:18). Kana jechuun yeroo baay'ee Hafuurri Qulqulluun kadhannaa keenya akka dibee fi qajeelchu eeyyamuu qabna. Kadhannaan gosa kanaa kadhannaa araarsummaa afaan adda addaatiin godhamu of keessatti qabata (1Qor. 14:14; cf. Rom. 8:26).

Meeshaa Hafuuraa Kan Biroo Torba

Macaafni Qulqulluun waa'ee meeshaa lolaa hafuuraa humna guddaa qabu dabalataa torba soortuun Pheenxeqoosxee diina injifachuuf itti fayyadamuu danda'u dubbata:

1. *Soomaa*. Kadhannaa cinatti yommuu itti fayyadamnu soomni meeshaa lolaa hafuuraa cimaadha (Mar. 9:29 KJV).

2. *Galateeffachuu*. Humni hafuuraa guddaan galata hafuuraan dibameen maddisiifama. Sabni Waaqayyoo yeroo isa galateeffatan, dallaan ni kufa (Iya. 6:16-20), waraanni ni mo'ama (2Sen. 20:1-26), balballi mana hidhaa ni banama (HoE. 16:25-26).

3. *Jaalalaa*. Jaalalli dhugaa dhiiraa fi dubartoota gara Kiristoositti qajeelchuu keessatti humna ajaa'ibaa qaba (Rom. 5:5). Tokko tokko, falmii sababaa keenyaan, yookaan illee mul'annoo humna keenyaatiin mo'amuu hin dandeenye, agarsiisa jaalala kiristaanaa salphaadhaan gara Kiristoositti mo'amuu danda'u (12:20-21).

4. *Cuuphaa hafuuraa*. Yesuus duuka buutota isaaf yeroo Hafuurri Qulqulluun isaan irra dhufu humna abdachiiseera (HoE 1:8). Inni waa'ee muuxannoo inni cuuphaa hafuura qulqulluudhaan jedhee waame dubbachaa ture (Luqaas 3:16; HoE 1:5; 2:4).

5. *Kennawwan hafuuraa*. Sababni Hafuurri kennaa isaa waldaadhaaf kennu tokko amantoonni lola hafuuraaf akka hidhamanidha (1Qor. 12:8-10).

6. *Maqaa Yesuus*. Aangoon samii hundi maqaa Yesuus duuba dhaabata (Filp. 2:9-11). Maqaa isaa akka inni qajeelchetti yeroo fayyadamnu humnoonni si'ool harka kennachuu qabu (Yoh 14:13-14; HoE 3:6; 9:27; 16:18).

7. *Wangeela*. Phaawuloos wangeela “humna Waaqayyoo isa warra amantii qaban, duraan dursee warra Yihudootaa akkasumas warra Griikotaa fayyisuu dha” jedhee waameera (Rom. 1:16). Wangeelli ergaa fayyina Kiristoos keessatti argamudha. Ergaan wangeelaa laphee warra lallabame dhaga'an keessatti amantii uumuuf humna qaba (Rom. 10:17). Carraa argannu hundumaatti amanamummaadhaan wangeela lallabuu irraa hafuu hin qabnu (1Qor. 9:16).

LOLA HAFUURAA IRRATTI BOBBAA'UU

Gaaffiin ka'u, “Soortuun Pheenxeqoosxee (ykn, duuka bu'aa hafuuraan guutame kamiyyuu) akkamitti nama garbummaa hafuurota hamaa keessatti qabame tokko dura dhaabbachuu fi hafuurota hamoota baasuu danda'a?” Kunoo tarkaanfii sadii kan itti fayyadamuun warra booji'amu hafuurota hamaa qabamanii bilisa baasuu danddeessa.

Gaaffii fi Deebii

Booji'amtootaaf bilisummaa tajaajiluu keessatti tarkaanfiin jalqabaa gaaffii fi deebii gochuu dha (kun yoo danda'ama ta'e jechuudha). Tarkaanfii kana keessatti, nama dhuunfaa bilisummaa barbaadu waliin ni haasofta. Galmi kee haala nama sanaa ilaalchisee hubannoo guddaa argachuudha. Yeroo kanatti, karaa kennaa hafuurota adda baasuutiin, argama hafuurota hamaa argachuu danddeessa. Yookiin hafuuronni hamaan argamuu Waaqayyootiin jeeqamanii of saaxiluu danda'u (Mar. 1:23; 5:6-7).

Yeroo danda'ametti nama dhiphate kadhannaa deebi'ee gaabbii fi cubbuu himachuu keessatti geggeessuu qabda. Keessumaa cubbuun nama sanaa garbummaa hafuuraa isaa wajjin walitti dhiyeenyaan yeroo wal qabatu kun baay'ee barbaachisaadha. Kadhannaa kana keessatti namni rakkate weerara jinniiwwanii fi hojiiwwan foonii wajjin jiran jireenya isaa keessatti ganuu qaba.

Hirmaannaa Tajaajilaa

Adeemsa bilisa baasuu keessatti tarkaanfiin lammaffaan bobba'iinsa tajaajilaati. Kun wal qunnamtii aangoo qabatamaa humnoota hafuurota hamaa wajjin taasifamuudha. Maqaa Yesuus waamuu fi Hafuurri Qulqulluun akka dhufee argamaa fi humna isaa mul'isu afeeruudhaan kadhannaa jalqabuu qabda. Erga argamuun Waaqayyoo sitti dhaga'amee booda, gara hafuurota hamaa ari'uutti itti fufuu dandeessa. Akkuma Hafuurri si gaggeessutti, adeemsa macaafa qulqulluu armaan gadii keessaa tokko ykn isaa ol fayyadamuu dandeessa:

- Maqaa Yesuusiin hafuurota hamaa hidhuu dandeessa (Mat. 16:17-19; 18:18).
- Hafuuronni hamaan akka ba'an, ykn akka baqatan, ykn miidhamaa sana gadhiisanii deeman ajajuu dandeessa (Luq 4:35).
- Hafuurotni hamoon sun nama sanatti deebi'anii akka hin seenne ajajuu dandeessa (Mar. 9:25).

Yeroo tokko tokko hafuuronni hamootni ni mormu, wal'aansoo ni uumu (Luq 8:29; 11:14). Haala akkanaa keessatti hanga injifannoon dhufutti amantiidhaan cichuu qabda. Bilisummaan yeroo baay'ee fooniin mul'achuu waliin deema (Marq 7:30; Luqaas 4:33-35; 9:42). Yeroo kun ta'u sodaachuu ykn yaada kee jeequu hin qabdu. Kanaa mannaa, humna hafuura qulqulluutiin socho'uu kee itti fufuu qabda, jinniiwwan akka callisan ajajuu qabda (Mar. 1:25), akkasumas aangoo maqaa Yesuusiin akka ba'anii akka ala jiraatan ajajuu qabda (Mar. 9:25).

Kadhannaa Booda Gorsa

Adeemsa bilisummaa keessatti tarkaanfiin dhuma gorsa kadhannaa booda kennuudha. Tarkaanfiin kun nama to'annoo hafuurota hamaa jala tureef baay'ee barbaachisaadha. Erga bilisa ba'anii booda kadhannaa fi deggersa miiraa isaan barbaachisa. Namni sun lammata hin dhalanne taanaan battalumatti gara Kiristoositti amanuutti isa geggeessuu qabda. Kana malees, battalumatti gara cuuphaa hafuura qulqulluutti isa geggeessuu qabda. Yesuus waa'ee dhimmoota barbaachisoo ta'an kana tuffachuu akeekkachiiseera (Mat. 12:43-45). Ati, ykn namni ati bakka biraatti kennitu, hamma inni guutummaatti garbummaa isaanii irraa bilisa ta'utti, nama sanaa wajjin walitti dhufeenya cimaa qabaachuu qabda.

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, Kiristoos lola hafuuraa irratti akka hirmaattu si ajajeera (Mar. 16:15-16). Inni si keessa jiraatu isa biyya lafaa keessa jiru caalaa daangaa hin qabne akka caalu beektee, seexanaa fi humnoota isaa isa hafuurota hamaa ofitti amanamummaa guddaadhaan fuuldura dhaabbachuu dandeessa (1Yoh 4:4).

~ KUTAA 6FFAA ~



SOORTUU PHEENXE QOOSXEE
AKKA TIKSEETTI



~ Boqonnaa 23 ~

Tajaajila Soortuu Hubachuu

Namni tokko hojii amantii tokko irratti dammaqinaan hirmaachuu, fi hojii sanaaf gadi fageenyaan of kennuu, yeroo wal fakkaatutti maal akka hojjetu ykn maaliif akka hojjetu dhuguma hubachuu dhabuun isaa baay'ee ni danda'ama. Hafuurri yeroo tokko Filiphos gara nama kabajamaa Itoophiyaa garaa kabajamaa fi gadi fageenyaan of kennuutti qajeelche. Namni kabajamaan sun dirqamaan Caaffata Qulqullaa'oo dubbisaa ture. Haa ta'u malee, wanta dubbisaa ture hin hubanne (HoE 8:29-31). Yeroo biroottis , Phaawulos Ateenaa keessatti namoota akkasuma kabajamoo ta'an tokko tokko wajjin wal argeera. Namoonni kun "WAAQAYYOO HIN BEEKAMNE" waaqeffatu turan. Haa ta'u malee, eenyuun akka waaqeffatan ykn maaliif akka sagadan hin hubanne (HoE 17:22-23). Ibsa isaan barbaachisa ture.

Soortuwwan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessatti argaman hedduun haala wal fakkaatu keessatti of argu. Tajaajila soortuu irratti dammaqinaan kan hirmaatan yoo ta'u, ga'ee akka soortuwwaniitti qaban ba'uuf gadi fageenyaan kan hojjetan ta'uu ibsameera. Haa ta'u malee, dhugaa dubbachuuf, wanta hojjetan ykn maaliif akka godhan wanta xinnoo hubatu. Akkuma nama kabajamaa nama Itoophiyaa "Utuu namni anaaf hin ibsin, attamittan hubachuu danda'a?" Boqonnaan kun iyyannoo kana deebisuuf kan barreeffame dha. Tajaajila soortuudhaaf bu'uura hubannoo ni kaa'a, bu'uura tajaajilli cimaan irratti ijaaramuu danda'u.

HAALA TAJAJILA SOORTUMMAA

Tajajilli soortuu kan uumamu haala waldaa naannoo tokkoo keessatti. Jechi Giriikii kakuu haaraa keessatti waldaa jedhamee hiikame *ekklesia* yoo ta’u, hiikni isaas warra waamamanii adda baafaman jechuudha. Haala kanaan waldaan naannoo garee namoota Kiristoosiin adda baasee Isa tajaajiluufi waaqeffatuudha. Innis warra hafuura Waaqayyootiin dhalatani dhiiga Yesuusiin dhiqaman irraa kan ijaarame dha (Yoh 3:3-7; HoE 20:28).

Waa’ee Waldaa Kiristaanaa waan sadii jechuun ni danda’ama: Tokkoffaa, Waldaan Kiristaanaa kan Waaqayyooti. Yesuus Waldaa Kiristaanaa “waldaa koo” jedhee eereera (Mat. 16:18). Phaawuloos “mana Waaqayyoo...waldaa Waaqayyoo jiraataa” jedhee waame (1Xim. 3:15). Lammaffaa, Waldaan Kiristaanaa iddoo jireenya Waaqayyooti. Phaawuloos waa’ee Mana Kiristaanaa akka “mana qulqullummaa qulqulluu” “mana jireenyaa Waaqayyoo hafuura isaatiin keessa jiraatu” jedha (Efe. 2:22). Dhumarratti, Waldaan Kiristaanaa “utubaa fi bu’uura dhugaati” (1Xim. 3:15). Kana jechuun, caasaa hafuuraati kan dhugaa deggeruu fi itti fufsiisudha. Ergamni Mana Kiristaanaa inni jalqabaa tokko dhugaa kunuunsuu fi labsuu dha (Mat. 28:19; 2Qor. 2:14). Akka soortuuwan Pheenxeqoosxeetti tajaajila kee haala kanaan akka raawwattu guutummaatti beekuu qabda.

YAAD-RIMEE TAJAJILAA

Akkasumas yaad-rimee tajaajilaa macaafa qulqulluu hubachuun barbaachisaa dha. Kiristoos Waldaaf ergama Waaqayyoo kenne akka raawwattu akka ishee dandeessisu tajaajilaa akka muudu Caaffanni Qulqullaa’oon ni barsiisu. Ergamni Waldaan Kiristaanaa yeroo dhiyootti dhufaatii Kiristoos dura humna hafuura qulqulluutiin namoota hundumaaf oduu gamachisa labsuu dha (Mar. 16:15-16; HoE 1:8). Sana booda, warra amanan fudhachuun bartoota abboomamoo taasisuudha, bifa gooftaa isaaniitti bocuudha (Mat. 28:19; Qol. 3:10).

Jechi tajaajila jedhu daran yaad-rimee tajaajilaa fi hojii of keessaa qaba. Phaawuloos yaada tajaajilaa bal’inaan ibsa. Efesoon 4 irratti waa’ee gosa tajaajilaa sadii dubbata:

Tajaajila Yesuus

Tokkoffaa, Phaawuloos waa’ee tajaajila Yesuus, Masihiichaa dubbata (Efe. 4:8-10). Hojii furtuu fannoo irratti hojjeteen (du’a, awwaalcha, du’aa ka’uu fi gara Abbaatti ol ba’uu isaa dabalatee) Yesuus Kakuu Haaraa eebbise. Kiristoos yeroo

lafa irra ture ergamaa ta'ee (Ibr. 3:1), raajii ta'ee (Luq. 24:19), lallabaa wangeelaa (Luq. 19:10), soortuu ta'ee (Yoh. 10:11-16), akkasumas barsiisaa ta'ee tajaajilaa ture (Yoh. 3:2 ;13:13). Akkasitti “dhagaa bu'uuraa isa guddaa” Mana Kiristaanaa ta'ee, tasgabbii fi obsa ishee mirkaneesse (Efe. 2:20).

Tajaajila Amantootaa

Lammaffaa, Phaawuloos waa'ee tajaajila amantootaa ni dubbata (Efe. 4:11-16). Yesuus tajaajila isaa Waldaadhaaf imaanaa kenne. Kanaaf, tajaajilli Waldaa Kiristaanaa keessatti taasifamu kamiyyuu dheerina tajaajila isaati. Galmi tajaajilaa miseensi waldaa hundinuu bilchaataa ta'uu isaati “guutummaa Kiristoos bira hamma geenyutti” (Efe. 4:13). Warri bilchaatan sana booda garagalani warra kaan jabeessuun waldaa guutuun akka guddattuu fi akka badhaatu gochuu qabu.

Tajaajila Geggeessumaa

Sadaffaa, Phaawuloos tajaajila geggeessumaa Kiristoos Waldaa Kiristaanaaf kenne irratti mari'ata. Innis, “Isumatus namootaaf kennaa kenne; kennaan isaas kaan ergamoota, kaan waan Waaqayyoo isaanitti mul'ise warra himan, kaan warra wangeela lallaban, kaan eegdotaa, kaanis barsiisota akka ta'aniif ture” (Efe. 4:11). Ga'een tajaajilaa kun akkuma namoonni baay'een godhan adda durummaan akka waajjiraatti ykn mata dureetti ilaalammu hin qaban. Isaan kana caalaa akka hojii tajaajilaatti yaadamuu qabu. Waajjira gaggeessitoonni waldaa irraa bulchan miti. Kanaa mannaa, hojiiwwan geggeessitoota tajaajiltootaaf kennaman “Inni warra Waaqayyoof qulqullaa'an, hojii isa itti ergaman sanaaf qopheessuudhaaf” (Efe. 4:12), akka armaan gadiitti:

- *Hojii Ergamootaa:* Ergamaan mootummaa Waaqayyoo gara naannoo hin dhaqqabnettii fi saboota hin dhaqqabne gidduutti humna hafuura qulqulluutiin tarkaanfachiisuun Waldaa fi kaayyoo Waaqayyoo tajaajila—akkasumas warra kaanis akkasuma akka godhan hidhachiisa.
- *Hojii raajii:* Raajichi humna Hafuura Qulqulluutiin ergaa Waaqayyoo irraa dhufu dubbachuudhaan Waldaa Kiristaanaa fi kaayyoo Waaqayyoo tajaajila—akkasumas warra kaanis akkasuma akka godhan hidhachiisa.
- *Hojii Lallabaa Wangeelaa:* Hojjettoonni wangeelaa, wangeela humna hafuura qulqulluutiin warra badanitti beeksisuudha—akkasumas warri kaanis akkasuma akka godhan hidhachiisuun Waldaa fi kaayyoo Waaqayyoo tajaajila.

- *Hojii Soortuu:* Soortuun humna hafuura qulqulluutiin saba Waaqayyoo tajaajiluudhaan—akkasumas warri kaanis akkasuma akka hojjetan hidhachiisuun Waldaa fi kaayyoo Waaqayyoo tajaajila.
- *Hojii barsiisaa:* Barsiisaan sagalee Waaqayyoo humna hafuura qulqulluutiin barsiisuudhaan—akkasumas warri kaanis akkasuma akka hojjetan hidhachiisuun Mana Kiristaanaa fi kaayyoo Waaqayyoo tajaajila.

Hojiwwan tajaajilaa kunneen yeroo baay'ee kan wal-jala qaxxaamuran yoo ta'aniyyuu, namoonni dhuunfaa ga'ee dachaa hojjechuu ni danda'u. Fakkeenyaaf, namni dhuunfaa tokko yeroo tokkotti ergamaafi raajii ta'ee hojjechuu danda'a. Kan biraan immoo barsiisaa fi lallabaa wangeelaa ta'ee hojjechuu danda'a, fi kkf. Akkuma olitti ibsame, Yesus akkuma Phaawulos ergamaan hojjete, ga'ee hojiiwwan shanan kana hundarratti hojjeteera. Phaawuloos jechoota lakkoofsa 11 ibsuu isaatiin ga'ee soortuu fi barsiisaa gara hojii soortuu-barsiisaa tokkootti waan walitti makamu fakkaata.

Haala kana keessatti Phaawuloos akka “hojjetaa Yesus kristos ergamaa ta'uudhaaf waamame” ta'uu isaa of beeksisa (Rom. 1:1; cf. Tito 1:1). Akkasuma Pheexiroos akka “Yesus Kristosiif hojjetaa, ergamaas ta'e” ta'uu isaa of beeksisa (2Phe. 1:1). Namoonni lamaan jalqaba akkamitti akka tajaajiltoota of labsan hubadhu. Ergamoota dhugaa ta'uu kan danda'an sana booda qofa ture. Nama tajaajila hoggansa shanan keessaa kamiinuu tajaajiluuf har'a akkasuma ta'uu qaba. Hunda caalaa akka tajaajiltoota Waaqayyoo fi saba isaatti of ilaaluu qabu (cf. Yoh. 21:15-17; 1Phex. 5:2-4).

“Kennaawwan ol ba'uu Kiristoos” shanan kun daran akka ibsa aangoo Kiristoos Waldaa keessatti tajaajilu. Kaayyoon isaanii Waldaa Kiristaanaa gara kaayyoo waaqaatti qajeelchuudha. Phaawuloos tajaajiloonni kun hojii lama akka qaban barsiiseera, dhaabuu fi bishaan obaasuu (1Qor. 3:6). Tajaajilli dhaabbii ergamootaa fi lallabdoota wangeelaa of keessatti hammachuu danda'a. Tajaajilli bishaan obaasuu raajota, paastarootaa fi barsiisota of keessatti qabachuu danda'a. Walta'iinsi namoota dhaabuu fi bishaan obaasu gidduutti taasifamuun hojiin Waaqayyoo akka adeemu mirkaneessa.

Hojii Tajaajilaa

Tajaajila gaggeessummaa waliin Waaqayyoo tajaajila tajaajilaa murtaa'e Waldaa Kiristaanaa keessa kaa'eera. Tajaajiloonni kun jaarsolii fi diyaaqonoota of

keessatti qabata (cf. HoE 6:1-6; 14:23; 1Xim. 3:1-10). Jechi Ibrootaa jaarsa jedhu *zaqen* yoo ta’u, innis nama muuxannoo fi aangoo qabu argisiisa (Lak. 11:16). Jechi Giriikii jaarsa jedhu *presbyteros* yoo ta’u, hiikni isaas baay’ee wal fakkaata. Jaarsi waldaa keessatti nama akka ilaaltuutti tajaajiluuf aangoo qabudha (episkopos afaan Giriikiitiin) (HoE 20:17, 28). Kanaaf, soortuun jaarsummaa fi ilaaltuu dha (HoE 20:17, 28; 1Xim. 3:1-2; Tit. 1:5-7). Waldaa bu’a qabeessa ta’ee geggeessuuf, soortuun Pheenxeqoosxee hafuuraan bilchaataa ta’uu qaba, akkasumas waa’ee sagalee Waaqayyoo gadi fageenyaan beekumsa qabaachuu qaba (1Xim. 3:6; 2Xim. 4:2).

Jechi afaan Giriikii *diyaaqon* jedhu *diyaakonoos* kan jedhu si’a ta’u, hiikni isaas “nama tajaajilu” jechuudha. Hojii Ergamootaa 6 irratti, ergamoonni “yeroo hundumaa kadhannaa fi tajaajila dubbii Waaqayyoof of kennuu” akka danda’aniif namoonni hafuuraan guutaman torba namoota nyaachisuu akka tajaajilaniif filatamaniiru (HoE 6:2-4). Namoota kana keessaa lama Isxifaanos fi Filiphoos Kiristosiif dhugaa ba’oo humna guddaa qaban ta’aniiru. Roomaa 16:1 irratti Phaawuloos Feebeen waldaa Roomaa keessatti diyaaqon akka taate beeksiseera.

HOJII SOORTUU

Jechi Macaafa Qulqulluu keessatti “Soortuu” jedhu jecha Giriikii *poimēn* jedhu irraa kan dhufe si’a ta’u, hiikni isaas jecha jechaatti “tiksee” jechuudha. Akka soortuutti ga’een kee saba Waaqayyoo tikuudha (HoE 20:28). Akkasumas akka tikseetti, akka gaggeessaa, gorsaa, fi eegduu saba Waaqayyoo taatee tajaajiluu qabda (1Phex. 5:1 4).

Itti Gaafatamummaa Soortuu

Itti gaafatamummaa soortuu keessanii keessaa muraasni hoolota kunuunsuu (Yoh. 21:15-17; 1 Phex. 5:2-3), qaama cimsuu (Efe. 4:11-12), saba Waaqayyoo gorsuu (1Xim. 5:14).), akkasumas hoolota eeguu dha (HoE 20:28). Itti gaafatamummaan biroon immoo lallabuu (2Xim. 4:2), barsiisuu (1Xim. 3:2; Tit. 2:1), gaggeessuu (Ibr. 13:17), bulchuu (Hojii Ergamootaa 20:28), bartoota gochuu (Mat. 28:19), warra badaniif wangeela lallabuu (2Xim. 4:5), akkasumas waldaa ergamaaf sochoosuu fa’i (HoE 13:1-4). ¹

¹ Itti gaafatamummaa Soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee bal’inaan Boqonnaa 23-27 ilaali.

Bara jalqabaa Waalaa Kiristaanaa, Guyyaa Pheenxeqoosxee booda utuu hin turin, ergamoonni ga'ee suurtoowwan fudhatan. Isaanis akkuma Yesus isaan gaggeesseetti, waan inni cimsee dubbate cimsanii Waalaa Kiristaanaa geggeessan. Cimsi isaanii hedduun ibsa Luqaas waa'ee Walaa Hojii Ergamootaa 2:38-47 keessatti mul'ateera.

Kutaan dinqisiisaa kun, caqasoota isa dura jiran waliin, cimsa soortuu ergamootaa kudhan mul'isa. Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti, fakkeenya ergamootaa hordofuun ogummaa ta'a, cimsitoonni kurnan kun har'a tajaajila mataa keetii akka unkaatti akka tajaajilan eeyyamuudhaan.

1. *Labsii wangeela*. Pheexiroos hafuura qulqulluudhaan humna haaraa argatee dhaabatee ija jabinaan wangeela labse. Pheexiroos lallaba isaa guyyaa Pheenxeqoostee keessatti du'aa fi du'aa ka'uu Kiristoos cimsee dubbateera (HoE 2:23-24, 32; cf. 1Qor. 15:1-4). Ergaa isaa sabni akka qalbii diddiirratanii wangeelatti akka amanan waamicha taasisuun xumureera (HoE 2:36-40). Cimsi kun guutummaa Hojii Ergamootaa keessatti itti fufeera (cf. 3:19; 20:21; 26:20). Haaluma walfakkaatuun, labsiin wangeela har'a tajaajila tiksee keessan keessatti wiirtuu ta'uu qaba.²

2. *Humneessuu Hafuura Qulqulluu*. Pheexiroos hafuura qulqulluudhaan humna argachuu akka qaban cimsee dubbateera (HoE 2:38-39; cf. 2:17-18). Warri Kiristoosiin fudhatan hatattamaan hafuura qulqulluudhaan akka guutaman carraan isaaniif kennamuu qaba. Akkuma labsii wangeelaa, cimsi kun guutummaa Hojii Ergamootaa keessatti itti fufeera (8:14-17; 9:17-18; 10:44-46; 19:1-7). Akka soortuu Pheenxeqoosxee Afrikaatti, atis akkasuma gochuu qabda. Cuuphaa hafuura qulqulluu irratti yeroo baay'ee lallabuu fi barsiisuu qabda galma miseensi hundi akka dhugaa ba'u warra badaniif humna argate arguuf (1:8)³.

3. *Sagalee Waaqayyoo barsiisuu*. Dabalataanis, Luqaas amantoonni Yeruusaaleem “Amantoonnis barsiisa ergamootaatti” akka of kennan nutti hima (HoE 2:42). Ergamoonni akkasitti sagalee Waaqayyoo barsiisuu cimsanii dubbataniiru. Waggoota booda Phaawuloos dhugaa ba'a ture, “Kamiin illee taanaan waan waa'ee isiniif baasu hundumaa, waldaatti, mana manattis isinitti

² Tajaajila lallabaa Soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 16: “Lallaba Hafuuraan Dibame” ilaali.

³ Waa'ee humna hafuura qulqulluu kennuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 20: “Amantoota gara Cuuphaa Hafuuraatti qajeelchuu” ilaali.

lallabuudhaaf isin barsiisuu irra ani of hin qusanne” (20:20). Kunis Phaawuloos bakka deeme hundatti mala hojii isaa ittiin hojjetu akka ture agarsiisa (cf. 11:26-26; 15:35; 28:31). Atis waldaa Waaqayyo akka gaggeessituuf si waame keessatti sagaleen Waaqayyoo sirritti, ifatti, fi bal’inaan akka barsiifamu mirkaneessuu qabda.⁴

4. *Seera Qulqullaa’aa kabajuu.* Abboomii Yesuusiif abboomamuudhaan (Mat. 28:19-20; Luq. 22:19), ergamoonni cuuphaa bishaanii fi Irbaata Qulqulluu cimsanii dubbataniiru (HoE 2:38-41). Cuuphaan bishaanii muuxannoo amantichi haaraa dhalachuu isaa ragaa ba’a. Irbaatni Qulqulluun hariiroo isaan Kiristoosii wajjin qaban itti fufiinsaan dhugaa ba’a. Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti sirnoonni qulqulluun lamaan kun waldaa keessatti amanamummaadhaan akka bulfaman mirkaneessuu qabda.⁵

5. *Kadhannaan gaggeessuu.* Ergamoonni kadhannaa caalaatti cimsanii dubbataniiru. Luqaas sabni “kadhata godhachuuttis qabamanii” akka jiraatan nutti hima (HoE 2:42). Kadhannaan of kenne bu’uura quuqama dhuunfaa amantichaa fi dhugaa ba’uu uuma. Akkasumas waldaa keessattis ta’e jireenya amantootaa keessatti argamuu fi humna hafuuraa ni mirkaneessa (cf. 4:31). Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeettis, barsiisaa fi fakkeenya dhuunfaatiin saba kadhannaadhaan gaggeessuu qabda.⁶

6. *Mallattoo fi dinqii akka raawwataman eeguu.* Ergamoonni dabalataan waldaa keessatti argamuu fi humna Waaqayyoo agarsiisuuf falman. Luqaas akkas jechuun barreessa, “Dinqiinii fi milikkinni baay’een harka ergamootaatiin in godhamu, namoonni hundinuus Waaqayyoon in sodaatu tura” (HoE 2:43). Agarsiisni argama Waaqayyoo fi humna isaas tajaajila kee akka soortuu Pheenxeqoosxee har’aatti amala ta’uu qaba.⁷

⁴ Tajaajila barsiisaa Soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 17: “Barsiisa Bu’a qabeessa” ilaali.

⁵ Waa’ee icciitiiwwan kennuu caalaatti ilaaluuf, Boqonnaa 42: “Icciitiiwwan, Ebbifamuu fi Dhaabbilee Gaggeessuu” ilaali.

⁶ Waa’ee Soortuu fi kadhannaa Pheenxeqoosxee bal’inaan ilaaluuf, Boqonnaa 8: “Dursa Kadhannaa” ilaali.

⁷ Waa’ee tajaajila uumamaan ol ta’e ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 21: “Humna Hafuuraatiin Tajaajiluu” ilaali.

7. *Tokkummaa dagaagsuu.* Akkasumas, ergamoonni qaama keessatti tokkummaan akka jiraatu godhaniiru. Luqaas akkas jechuun barreessa, “Kan amanan hundinuu walii wajjin iddoodhuma tokko turan, kan isaan qaban hundinuu qixxee ture” (HoE 2:44). Tokkummaan ummataa asitti dubbatame, qaama caalaa ture. Tokkummaa garaa fi kaayyoo waldaa ergamaan fuulduratti tarkaanfachiisu qabu turan.

8. *Arjummaa jajjabeessuu.* Kana malees, ergamoonni arjummaa akka ta’u godhaniiru. Kanarraa kan ka’e, miseensonni waldaa “Araddaa isaaniiitti fi qabeenya isaanii gurguranii, horii isaas hundumaafuu, akka isa barbaachisetti in hiru turan” (HoE 2:45). Arjummaan akkasii kan dhalate hariiroo jaalalaa walii fi Gooftaa isaanii wajjin qaban irraati. Atis akkuma ergamootaa saba kee arjumaadhaan hojii Waaqayyootiif kennuudhaan geggeessuu qabda.

9. *Waaqeffannaaf gurmaa’uu.* Luqaas akkas jedhee barreesse, “Guyyaa guyyaatti yaada tokkoon mana qulqullummaatti deddeebi’anii, manuma mana isaaniiitti buddeena cabsatanii, gammachuudhaan, garaa qulqulluudhaanis nyaata isaanii waliin ga’anii in nyaatu turan. Isaan Waaqayyoon in galateeffatan, saba hundumaa durattis ayyaana argatan; gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale” (HoE 2:46-47). Ergamoonni sabni waaqeffannaa, shaakallii fi jajjabeessuudhaaf walitti dhufuun hammam barbaachisaa akka ta’e beeku turan⁸.

10. *Dhuga-ba’umsaaf sochoosuu.* Dhumarratti, ergamoonni dhuunfaan dhugaa ba’uu cimsanii dubbataniiru. Ergaa Kiristoos namoota biroof akka qoodan jajjabeessuun, ergamaaf ummata sochoosan. Kanarraa kan ka’e, “Gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale” (HoE 2:47).⁹

Xiyyeeffannoowwan kurnan ergamoonni waldaa Yerusaalem keessa jiran kun har’a akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti akka fakkeenyaatti siif tajaajiluu danda’u. Tajaajila kee tajaajila Yesusii fi ergamootaa wajjin akka walsimsiistu si gargaaru. Akkasumas waldaan ati soortuu taate hawaasa kee keessattis ta’e addunyaa irratti humna hafuuraa akka taate ni gargaaru.

⁸ Waa’ee waldaa waaqeffannaan geggeessuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 18: “Waaqeffannaan Geggeessuu” ilaali.

⁹ Waa’ee waldaa dhugaa ba’uuf sochoosuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 37: “Warra Badaniif Wangeela Lallabuu” ilaali.

Kaka'umsaa fi Itti Gaafatamummaa Soortuu

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti wanti ati hojjettu barbaachisaa dha; maaliif akka gootu caalaatti barbaachisaa dha. Pheexiroos waa'ee kaka'umsa sirrii hojii soortuu barreesseera (1Phex. 5:2-3). Soortuuwwan hojii isaanii miira dirqamaa irraa kan ka'e, ykn bu'aa maallaqaa argachuuf, ykn fedhii namoota irratti bulchuu irraa kan ka'e hojjechuu hin qaban. Kanaa mannaa, saba Waaqayyoo dhugaadhaan kunuunsuu fi jaalalaan isaan tajaajiluu qabu. Soortuuwwan kaayyoo kabajamaa ta'een tajaajilan sun badhaafamu. Pheexiroos waadaa tokkoon soortuuwwan amanamoo jajjabeessa: "Yeroo tiksee inni guddaan mul'atu, gonfoo ulfinaa isa yoomiyyuu hin badne ni argattu" (lakk. 4).

Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, gaaf tokko Kiristoos dura dhaabbatee akkamitti waamicha kee akka raawwate deebii akka kennitu gonkumaa dagachuu hin qabdu. Phaawuloos, "Namni adduma addaan dhagna isaa kanatti utuu jiruu gaariis ta'e hamaas ta'e, akkuma hojjetetti waan isaaf ta'u akka argatuuf, nuyi hundumti keenya barcuma firdii Kristos duratti dhi'aachuuf jirra" (2Qor. 5:10). Soortuun amanamaan ni badhaafama (Mat. 25:23); soortuun amanamaa hin taane ni gaafatama (lakk. 26).

Guutummaa Caaffata Qulqullaa'oo keessatti, soortuuwwan saba Waaqayyoo kunuunsuu dadhaban sun ni balaaleffatamu. Fakkeenyaaf, Waaqayyoo karaa Ermiyaas akkas jedhee dubbateera, "Wayyoo tiksitoota hoolota dheedichaa koo keessa jiran balleessanii fi facaasan!...Ati hoolota koo bittinneessite, isaan ari'attee, isaan hin kunuunsine, ani adabbii siif nan kenna waan hamaa hojjetaniif" (Er. 23:1-2; cf. Hiz. 34:1-10).

TAJAJILAAF DANDEESISUU

Tajaajilli soortuu tattaaffii hafuuraa gadi fageenyaan hojjetamuudha. Warra badaniif haala bu'a qabeessa ta'een wangeela lallabuu fi qulqulloota hidhachiisuuf, soortuun Pheenxeqoosxee qabeenya waaqa irraa kenname irratti hirkachuu barbaaduu qaba. Tajaajilli soortuu itti dabalatinsan lola hafuuraa meeshaa hafuuraatiin geggeeffamuu qabu of keessatti qabata (Efe. 6:12; 2Qor. 10:4-5).¹⁰

¹⁰ Waa'ee lola hafuuraa caalaatti baruuf, Boqonnaa 22: "Lola Hafuuraa Irratti Bobba'uu" jedhu ilaali.

Meeshaa hafuura kana keessaa inni tokko humna yeroo hafuura qulqulluudhaan cuuphamte argattedha. Yesuus gara samiitti deebi'uu isaa dura bartoonni isaa hafuura qulqulluudhaan humna akka argataniif Yerusaalem keessa akka turan ajajeera (HoE 1:4-8). Hanga “humna isa gubbaa irraa uffatanitti” tajaajila isaanii jalqabuu hin qaban turan (Luq 24:49). Humna sana kan argatan Guyyaa Pheenxee yeroo “hundi isaanii hafuura qulqulluudhaan guutamanii akkuma hafuurri isaan dandeessisu afaan biraatiin dubbachuu jalqabanitti” (HoE 2:4). Akkuma ergamootaa, humna waaqummaa malee ga'ee akka soortuu ta'uu kee sirnaan ba'uu hin dandeessu. Akkasumas akkuma isaanii, namni gara Kiristoos dhufu hundi dafee Hafuura Qulqulluun akka cuuphamuu fi akka dhugaa ba'umsa Kiristoositti humna akka argatu mirkaneessuu qabda.¹¹

¹¹ Amantoota haaraa gara cuuphaa hafuura qulqulluutti geggeessuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 20: “Amantoota gara Cuuphaa hafuuraatti qajeelchuu” ilaali.



~ Boqonnaa 24 ~

Hoolotaa Kunuunsuu

Yeroo tokko Fariisonni tokko tokko waan Yesus cubamoota warra badan waliin walitti dhufeenya godhateef isa qeequ turan. “Namichi kun cubbamoota ni simata” jedhanii gunguman. “Isaanii wajjini illee ni nyaata!” jedhanii Yesus irratti gunguman. Yesus yaada kana yommuu dhaga’u, “Isin keessaa hoolaa dhibba kan qabu, dhibba sana kessaa hoolaan tokko yoo duraa bade, inni sagaltamii salganuu moggaatti dhiisee, ishee bade sana hamma argatutti barbaaduudhaaf kan hin dhaqne nama attamii tiree?” Sana booda seenaa tiksee hoolaa isaa keessaa akka bade argate sanaa itti hime. Tiksee amanamaan sagaltamii sagal gaara irratti dhiisuun hoolaa tokko ishee bade sana barbaaduuf ka’e. Yommuu argatu gurmuu isaa irra kaa’ee baatee gara manaatti deeme. Yommuu ganda seenu, hiriyyoota isaatiin waamee, “Hoolaa ishee koo badde waanan argadheef, anaa waliin gammadaa!” jedha (Luq. 15:4-6).

Daawit mootii fi faarfataa ta’uun dura, tiksee, hoolota abbaa isaa ture. Adeemsa kana keessatti tokko tokkoo isaanii jaalachuu barate. Haaluma wal fakkaataan Waaqayyoos akkasuma akka isa jaallatuu fi akka isaf yaadu hubate. Innis akkas jedhe, “Waaqayyo tiksee koo ti, ani homaa hin dhabu! Inni marga lalisaa keessa akkan boqodhu in godha, gara laga itti aara galfataniittis na geessa” (Faar. 23:1-2).

Yesus maqaa Tiksee jedhu ofiif dubbate. “Tikseen gaariin ana” jedhe, “Ani hoolota koo beeka, hoolonni koos ana beeku. Abbaan akkuma ana beeku, anis

akkuman abbaa beeku, anii fi hoolonni koo wal beekna; lubbuu koos hoolotaaf nan kenna.” (Yoooh 10:14-15). Barreessaan Ibrootaa Yesuus “Tiksee hoolotaa isa guddaa” jedhee waama (Ibr. 13:20). Hoolonni isaa warra isa duukaa bu’uuf filataniidha. Yesuus itti dabalee Inni abbaa hoolotaa akka ta’e ibse. Bitamee kan eegu, yeroo yeeyyiin hoolotatti dhufuu argu, hoolota dhiisee in baqata, tiksee dhugaan garuu ittisuuf ni dhaabata. Lubbuu isaa isaaniif dabarsee kennuuf qophaa’aadha.

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, Yesuusiin akka fakkeenya keetti godhii fudhadhu. Akkuma Yesus, osoo fooniin biyya lafaa irra jiraatee, tiksutti, saba Waaqayyoo tiksuu qabda. Boqonnaan kun itti gafatamummaa soortuun pheenxeqoosxee saba Waaqayyoo kunuunsuuf qabu ilaalla.

GARAA SOORTUU

Akka soortuuwwan saba Waaqayyootti, soortuun Pheenxeqoosxee gara laafessa, amanamoo, fi hirkisaa ta’uu qabu, akka armaan gadiitti:

Gara-laafessa

Isaayaas waa’ee Waaqayyoo yeroo dubbatu, “Inni akka tikseetti hoolota isaa in tiksa, ilmoolees harka isaatiin walitti in sassaaba, kaasuutti isaan in baata, haadhotii hoolotaa warra hoosisanis suuta jedhee in oofa” (Isa. 40:11). Akkuma Gooftaa isaanii, soortuuwwan Pheenxeqoosxee warri dhugaan gara laafeyyiidha. Namoota dhugaadhaan jaallatu. Kunis kanneen mana kiristaanaa keessa jiranii fi ala jiran ni dabalata. Yesuus jaalala namootaaf qabu argisiiseera. Macaafni Qulqulluun waa’ee isaa akkas jedha, “Inni namoota akka hoolota tiksee hin qabneetti bututanii, gatamanii turan sana yommuu arge isaaniif ho’e” (Mat. 9:36). Haaluma wal fakkaatuun, namoota Waaqayyoo akka tajaajiltuuf si waame dhugaadhaan jaallachuu qabda.

Amanamaa

Dabalataanis, akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti, amanamaa ta’uu kee of mirkaneessuu qabda. Hunda dhiistee guutummaatti Gooftaa kee hordofuuf fedhii qabaachuu qabda (Mat. 19:21; Maar. 8:34-35). Kiristoos saba isaa akka imaanaa qulqulluutti harka kee keessa kaa’eera. Kanaaf mirga dhuunfaa ofii bilisaan dhiisuu qabda. Akkasumas warra Kiristoos kunuunsa keessan jala galche amanamummaadhaan tajaajiluu qabdu. Phaawuloos tajaajiltoota wangeela

ilaalchisee, “Warra hojii adeemsisan irraa immoo amanamummaatu barbaadama” (1Qor. 4:2) jedhee barreesseera.

Hirkisaa

Dhumarratti, Saba Waaqayyoo amanamummaadhaan tiksuuf hirkataa ta’uu qabda. Akka nama qacarama, isa yeroo rakkinni dhufu hoolota dhiisee baqatu ta’uu hin qabdu (Yoh 10:12-13). Kanaa mannaa, jaba fi amanamaa ta’uu qabda. Waaqayyo inni si waame, akkasumas namoonni ati tajaajiltu, waanuma dhufu kamiyyuu, dhaabbatee itti gaafatamummaa kee ba’uu fi si irratti lakkaa’amuu akka danda’u beekuudhaan, sitti hirkachuu danda’uu qabu.

HOJII SOORTUU

Akka Soortuu Waaqayyootti, Soortuun Pheenxeqoosxee hundi itti gaafatamummaa cimaa lama qaba: hoolota kunuunsuu fi waldaa akka hawaasa kunuunsuudanda’uutti gurmeessuu. Mee itti gaafatamummaa lamaan kana haa ilaallu:

Hoolotaaf Kunuunsuu

Tokkoffaa, hoolota kunuunsuu qabda. Kana gochuuf, yoo xiqqaate itti gaafatamummaa ja’a ba’achuutu si barbaachisa:

1. Hoolota nyaachisuu. Ergaan Yesuus Pheexiroosiif kenne, “[Yoo na jaallatte]...hoolota koo tiksi” (Yoh. 21:17). Waaqayyo Israa’eliif, “Ani tiksoota warra akka garaa kootii isiniif nan kenna; isaan beekumsaa fi hubachuudhaan isin in gaggeessu [ykn isin sooru]” (Er. 3:15). Kanaaf saba Waaqayyoo sooruu qabda. Sagalee Waaqayyoo amanamummaadhaan isaan barsiisuu qabda. Gochi kun ummanni akka guddatuu fi amantiin akka jabaatu taasisa. Akkasumas waldaan akka ijaaramtuu fi Kiristoos keessatti akka bilchaattu ni taasisa (Efe. 4:11-16). Phaawulos Ximotewos ‘dubbicha akka lallabuuf’ kan jajjabeesse keessaa tokko akka ta’e hin shakkisiisu. “Dubbicha lallabi, ‘kun yeroo dha, kun yeroo miti’ utuu hin jedhin qophaa’ii argami! Nama balleessaa isaa hubachiisi, ifadhu! Obsa hundumaan gorsi barsiisii” (2Xim. 4:2).

Sagalee Waaqayyoo ofii keetii amanamummaadhaan lallabuu fi barsiisuu qofa osoo hin taane, waldaa keessatti sagantaa barsiisuu bal’aa hundeessuun

dirqama. Macaafni Qulqulluun namoota umurii hundumaa keessa jiran, jechuunis ijoollee, dargaggootaafi ga'eessotaaf sirnaan akka barsiifamu gochuu qabda. ¹

2. *Saba Waaqayyoo eeguu.* Phaawuloos jaarsolii Efesoon, "Of eeggadhaa, karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis, eeggadhaa! Waldaa Kristiyaanaa isa Waaqayyoo dhiiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa" (HoE 20:28) jedhee jajjabeessa ture. Achiis, "Erga ani adeemee immoo warri akka yeeyyii sodaachisoon, hoolota karra keessatti kan hin hambifne akka isin gidduu galan ani beeka. Isinuma keessaa iyyuu namoonni dubbii dhugaa jal'isuudhaan amantoota garagalchaniif of duukaa buusan ni ka'u" (lakk. 29-31).

Kanaaf raajota sobduu fi barsiisota sobaa waldaa adamsuu barbaadan irraa of eeggachuu qabda. "Yeeyyiiwwan uffata hoolaa uffatan" kana adda baastee ija jabinaan isaan dura dhaabbachuu qabda. Yoo barbaachisaa ta'e, hoggansa waldaa waliin waldaa keessaa ari'uu qabda. Warra waldaa keessatti wal qoqqoodinsa uumuun rakkina itti fufan irrattis akkasuma gochuu qabda (Rom. 16:17).

Kana malees, saba Waaqayyoo dhugaa jiru argisiisuudhaan barsiisa sobaa fi barsiisota sobaa irraa eeguu qabda. Yeroo sanatti "Egaa nuyi si'achi ijoollee dha'aan asii fi achi rukutu, warra qilleensa barsiisa namoota axaarotaatiin, haxxummaa isaanii isa gowwoomsaadhaan raawwatamuunis fudhataman hin taanu. Kanaa manna jaalalaan dubbii dhugaa dubbachaa, kottaa karaa hundumaan gara isa mataa nuuf ta'ee, gara Kristositti in guddannaa!" (Efe. 4:14-15). ²

3. *Nama miidhame bira gahuu.* Yesuus namoota miidhaman gara laafinaan harka isaa diriirseera (Mat. 9:36; 15:32-38). Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeettis akkasuma gochuu qabda. Waldaa fi hawaasa keessan keessatti warra dadhaboo fi gidiraa keessa jiran jaalalaan dhaqqabuu qabdu. Kunis dubartoota abbaan manaa irraa du'ee fi ijoollee abbaa fi haadha hin qabne of keessatti hammachuu danda'a (Yaaqoob 1:27). Akkasumas dhukkubsattoota, hiyyeeyyii, warra mana hidhaa keessa jiraniif kanneen biroo rakkatan hammachuu danda'a (Mat. 25:38). Yesuus akkas jedhee nu jajjabeessa,

¹ Sagalee Waaqayyoo barsiisuu keessatti itti gaafatamummaa Paastariin Pheenxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 17: "Barsiisa Bu'a qabeessa" ilaali.

² Waa'ee waldaa eeguu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 27: "Hoolota Eeguu" ilaali.

“Dhugumaan isinitti hima, obboloota koo keessaa isa xiqqaa tokkoof waanuma gootan, anaaf [gootan]” (lakk. 40).

Akkasumas, mana namoota dhukkubsatan, abdi kutatanii, duubatti deebi’anii ykn hafuura hamoon rakkisan daawwachuu si barbaachisa. Achittis akka barbaachisummaa isaaniitti isaan tajaajilta. Akkasumas miseensota waldaa hospitaala ciisan ykn hidhaman daawwachuu qabdu. Yeroo fudhattee isaan waliin kadhachuu fi jajjabeessuu qabda. Akkasumas sa’aatii hojii addaa namoota rakkoo qaban ykn gorsa barbaadan itti simattu saganteessuu barbaadda ta’a. Achitti, rakkina isaanii xiyyeeffannaadhaan dhaggeeffatta, isaan wajjin kadhatta, akkasumas sagalee Waaqayyoo keessatti furmaata akka argatan ni gargaarta.³

4. *Namoota dadhaboo cimsuu.* Gumii hundumaa keessatti namoonni karaa hafuura dadhaban jiru. Sababa kanaan deemsi isaanii Gooftaa wajjin tasgabbaa’aa miti. Gariin isaanii, sababa bilchina dhabuu hafuura isaaniitiin, ykn sababa biraatiin, balaa Gooftaa irraa fagaachuu keessa jiru. Namoota haala balaa qabu kana keessa jiran yeroo hunda of eeggannoo gochuu qabda. Karaa itti isaan jajjabeessitu fi gooftaa wajjin deemsa isaanii keessatti cimsitu barbaaduu qabda. Karaan kana itti goonu tokko, Kiristaana cimaa ta’e tokko akka michuu fi jajjabeessaatti ramaduudha. Karaan biroo immoo hafuura qulqulluudhaan guutamuu isaanii mirkaneeffachuudha. Hafuurri gargaaraa, jajjabeessaa fi qajeelcha isaaniif ni dhufa⁴.

5. *Kan bade barbaaduu.* Yesuus “warra badan barbaaduuf, fayyisuuf” akka dhufe dhugaa ba’eera (Luq 19:10). Bartoota isaas akkasuma akka godhan ajaje (Mar. 16:15-16; Luq 14:23). Akka soortuwwan Pheenxeqoosxeetti fakkeenya Gooftaa hordofuu qabda. Warra badan dhugaa bahuu qabda, saba kees akkasuma akka godhu geggeessuu qabda. Kana malees, waldaa kee lallaba wangeelaa hafuuraan humna argate, dhaabbii waldaa, fi ergamaaf qindeessuu qabda.

Kana gochuuf fedhii namoonni Kiristoos akka fayyisaatti beekuu qaban irratti yeroo baay’ee lallabuu fi barsiisuu si barbaachisa. Akkasumas sabni Waaqayyoo wangeelaan warra badan bira ga’uuf akka itti gaafatamummaa qaban yeroo

³ Tajaajila gorsaa soortuu Pheenxeqoosxee ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 26: “Saba Waaqayyoo Gorsuu” ilaali.

⁴ Waa’ee miseensota waldaa gara guutummaa hafuuraatti geggeessuu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 20: “Amantoota gara Cuuphaa hafuuraatti qajeelchuu” ilaali.

baay'ee yaadachiisuu qabda. Akkasumas sagantaalee fi jalqabbii ummata kakaasuu fi dhugaa ba'uuf hidhachiisu hundeessuu qabda. Namni tokko sirriitti, "Soortuun tokko saba isaa akka dhugaa ba'uuf kakaasuuf karaan hundarra gaariin ofii isaatii dhugaa ba'aa ta'uudha" jedheera. Namoonni soortuun isaanii warra mo'aman Kiristoositti akka mo'atu, fi gara waldaa akka isaan fidu yeroo ilaalan, isaanis akkasuma gochuuf kaka'umsa ni argatu.⁵

6. *Warra karaa irraa maqan adabuu.* Adabbiin hoolota kunuunsuu keessatti kutaa barbaachisaa dha. Innis karaa macaafa qulqulluu keessatti ajajamee warra karaa irraa maqe gara dachaatti deebisanii waamuudha. Miseensonni karaa irraa maqan cubbuu yommuu raawwatan akeekkachiifamuu qabu. Yoo qalpii geddaran obboleessi ykn obboleettiin tokko gara Kiristoositti deebi'u. Yoo qalpii diddiirrachuu didan adabamuu qabu (Mat. 18:15-17). Gochi kun waan lama galmaan ga'a. Nama duubatti deebi'e dammaqsuuf ni tajaajila, waldaa keessattis namoota biroo akeekkachiisuuf ni tajaajila.

Galmi naamusaa yeroo hundumaa furtuu akka ta'e yaadadhu. Hafuura gad of deebisuu fi jaalalaatiin raawwachuu qabda. Phaawuloos akkas jedhee barreesse, "Namni tokko utuu itti hin yaadin cubbuu kamitti illee yoo kufe, isin warri hafuuraan gaggeeffamtanii jiraattan, hafuura garraamummaattin akka isaa duriitti isa deebisaa! Garuu isinumti iyyuu akka hin qoramnetti of eeggadhaa" (Gal. 6:1).

Hawaasa Kunuunsu Uumuu

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti dhuunfaan namootaa kunuunsuu qofa osoo hin taane, akkuma armaan olitti yaadame, waldaan akkasuma akka gootu kakaasuu qabda. Waldaa kee hawaasa dhugaan namaaf yaadutti guddisuuf carraaquu qabda. Hawaasa namaaf yaadu ta'uu jechuun qalbiin miseensotaa nama miidhameef gara laafinaan guutama jechuudha. Jaalala Waaqayyootiin waan guutamaniif, uumamaan warra rakkatan bira ga'u. Obboleessa ykn obboleettii miidhame yommuu argan battaluma sanatti gara laafinaan deebii kennu. Yesuus nama dhukkuba lamxii qabu tokko yommuu qunnamu kana godhe. Namni dhagni isaa lamxaa'e tokko gara Yesuus dhufee [jilbeenfatee], "Fedhii kee yoo ta'e na qulleessuu in dandeessa" jedhee isa kadhate. Macaafni Qulqulluun, "Kanaaf

⁵ Waa'ee namoota badan bira ga'uu ilaalchisee bal'inaan ilaaluuf, Boqonnaa 37: "Warra Badaniif Wangeela Lallabuu" fi Boqonnaa 39: "Waldaa Haaraa Dhaabuu" ilaali.

Yesus garaa laafeefii hiixatee qabee ‘Fedheeraa qullaa’i!’ ittiin jedhe” (Mar. 1:40-42).

Saba Waaqayyoo hawaasa namaaf yaadutti bocuuf karaan tokko hafuura qulqulluudhaan akka guutamani fi jireenya isaanii keessatti Hafuurri humnaan hojjechaa akka jiru mirkaneessuudha. Jaalalli firii hafuuraati (Gal. 5:22). Macaafni Qulqulluun, “Jaalalli Waaqayyoo karaa hafuura qulqulluu isa nuuf kennameen garaa keenyatti dhangala’eera” jedha (Rom. 5:5). Akkasumas, ummanni gara laafina jireenya soortuu isaanii keessatti mul’atu akkuma ilaalu ofii isaanii gara laafessa ta’u.

Akkuma haalli jiru gaafatu, akkasumas akkuma Hafuurri geggeessutti, sagantaalee gara laafessa ta’an hundeessuun waldaa geggeessuu ni barbaadda. Kunis nyaata kennuu, mana jireenyaa fi sagantaalee biroo dabalatee ta’uu danda’a.⁶

ITTI GAAFATAMUMMAA SOORTUU

Akkuma armaan olitti ibsame, soortuwwan Pheenxeqoosxee akka bulchitoota, ykn kunuunsitoota waldaa Kiristoositti of ilaaluu qabu. Waldaan kan isaanii akka hin taane gonkumaa dagachuu hin qaban; Waldaan kan Yesuusi. Akka bulchitoota waldaa isaatti, Isaaf itti gaafatamummaa qabu. Dirqama isaanii amanamummaadhaan raawwachuu qabu, sababiin isaas guyyaa tokko yeroo Kiristoos deebi’u qabeenya isaa akkamitti akka bulchan herrega ni kennu (Luq. 12:42-43; 1Qor. 4:2).

Soortuwwan ofittummaadhaan of kunuunsanii fi saba waaqayyoo tuffatan sun akka malee itti murteessa. Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti Macaafni Qulqulluun soortuwwan akkasii cimsee balaaleffata. Fakkeenyaaf, Hisqi’el tiksitoota gatii hoolotaatiin of furdisan irratti raajii dubbateera: “Isin warra dadhaboota hin jabeessine, warra dhukkubsatanis hin fayyifne; warra caban hin wal’aanne; warra karaa irraa ce’anii badanis barbaaddanii hin deebifne; isin humnaan gara-jabinaanis isaan irraatti in mootan” (His. 34:4). Sana booda karaa raajichaa dubbachuudhaan Waaqayyo, “Kunoo, ani tiksoota irratti nan ka’a” (lakk. 10) jedhee labse. Yeroo biraa Waaqayyo tiksitoota Israa’el akkas jedhee ajaje, “Isin isaan daddarbattanii isaan tamsaافتan malee, isaan hin eegne, isaaniiifs hin

⁶ Kunis Boqonnaa 38: “Hawaasa Tajaajiluu” jedhu keessatti bal’inaan ibsameera

dhimmine. Kunoo, sababii wanta hamaa akkasii hojjettaniif ani isin nan adaba” (Er. 23:2).

Kakuu Haaraa keessatti Yaaqoob akeekkachiisa, “Obboloota ko, baay’een keessan barsiisota ta’uutti hin ariifatinaa! Nuyi warri barsiisota taanu warra kaan irra caalaa firdii fudhachuuf akka jirru in beektu” (Yaaqoob 3:1). Pheexiroos waa’ee raajotaa fi barsiisota sobduu akkas jechuun barreessa, “Akkuma raajonni sobduun sab asana gidduu turan, akkasuma barsiisonni sobduun isin gidduu ni jiraatu, Isaan warra utuu irratti hin beekamin, barsiisa wanta amaname irraa kaachisee nama balleessu fidanii, goofticha isa isaan fure iyyuu gananii, ofii isaanii irraatti badiisa ariifachiisa fidanii dha” (2Phex. 2:1).

Waaqayyo suurtoowwan amanamoo hin taane irratti yoo murteessu, warra amanamummaadhaan hoolota kunuunsan arjumaadhaan deebisee ni badhaasa. Yesuus akkana jedhe, “Egaa hojjetaan amanamaanii fi ogeessi, gooftaan isaa naa’ota isaa warra kaaniif yeroodhaan nyaata isaanii akka isaaniif kennuuf mana isaa irra kaa’ate isa kam ree? Egaa hojjetaan kun, gooftaan isaa dhufee akkasuma utuu hojjetuu kan isa argu, gammachuu qaba. Dhuguman isinitti hima, goftaan isaa qabeenya isaa hundumaa irratti ajajjuu isa godhachuuf jira” (Mat. 24:45-47).

Pheexiroos jaarsolii waldootaaf barreessu, “Karra Hoolotaa isa Waaqayyoo tikaaf isinitti kenne sana, gididiidhaan utuu hin ta’in, jaalalaan, akka Waaqayyo barbbaadutti, bu’aa nama yeellaasisu irraa argachuuf utuu hin ta’in, of kennuudhaan egaa! Hoolota karra sanaaf fakkeenya ta’uudhaan egaa malee, warra tika keessan jala jiran irraatti gooftummaa argisiisuudhaan miti ” (1Phex. 5:2-3). Sana booda, “Gaafa angafni tiksootaa sun mul’atutti, isinis immoo gonfoo ulfinaa isa gad deebi’aa hin adeemne in argattu” jedhee isaan jajjabeesse (lak. 4).

Kiristoosiin akka tiksee saba isaatti tajaajiluun ulfinaafi dirqama qulqulluudha. Soortuowwan itti gaafatamummaa isaanii amanamummaadhaan ba’an gammachuu fi ejjennoo guddaadhaan gara fuulduraa ilaaluu danda’u. Gaaf tokko jecha Gooftaa isaanii “Gooftaan isaa immoo, ‘Ba’eessa goote, hojjetaa gaarii dhaa fi amanamaa nana, ati waan xinnoo irratti amanamte, ani immoo waan guddaa irra sin dhaaba; gamachuu gooftaan kee itti jiraatutti gali!” jedhu ni dhaga’u (Mat. 25:21).



~ Boqonnaa 25 ~

Warra Qaama Kiristoos Ta'an Cimsuu

Lallabaan beekamaan tokko biyya Giddugaleessa Afrikaa keessatti duula l'wangeela lallabuu guddaa gaggeesse. Duula kanarratti namoonni kuma kudhaniin lakkaa'aman kan argaman yommuu ta'u, namoonni kumaatamaan lakkaa'aman afeerraa Kiristoosiin akka fayyisaa lubbuu isaanniitti akka fudhataniif isaaniif dhihaateef deebii kennaniiru. Magaalaa duulli itti gaggeeffame keessatti gammachuu guddaatu ta'e.

Waggaa sadii booda qorannoon hordoffii gaggeeffame. Duula kana keessatti kumaatamaan lakkaa'aman kan Kiristoositti amanan keessaa, waldaa amantootaa keessatti muraasa qofaatu akka cimee hafe hubatameera. Geggeessaan waldaa tokko kana yommuu dhaga'u, "Gabaasa kanaan garaankoo dhiphate. Gad fageenya hafuura koo keessatti waldaan Afrikaa keessa jirtu mala duuka bu'ummaa Yesuus irra deebitee ilaalu akka qabdu natti dhaga'ame. Waldaan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jirtu wangeela guutuu labsuun hojii leenjii duuka bu'ummaa akka dabalatu hubachuu qabdi."

Waldaan Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jirtu milkaa'ina wangeela lallabuu isheetiin beekanti. Amma sagantaa duuka bu'ummaa isheetiin beekamtuu ta'uu qabdi. Wangeela lallabuu fi duuka buutuu ta'uun wal cinaa deemu. Soortuun Pheenxeqoosxee waldaa guddisuu qofa osoo hin taane, qaama cimsuuf of kennuu qabu. Boqonnaan kun karaalee ati akka soortuu Pheenxeqoosxeetti qaama Kiristoos itti cimsitu irratti ibsa ni kenna.

ITTI GAAFATAMUMMAA SOORTUU PHEENXEQOOSXEE

Dirqamni inni guddaan soortuun hundumaa waldaa inni gaggeessu ijaaruu fi cimsuu dha. Kanaaf soortuun Pheenxeqoosxee hundi waldaa yeroo argatan caalaa cimtee akka haftuuf kaayyeffachuu qabu. Karaan inni jalqabaa soortuun tokko kaayyoo kana galmaan ga'uu danda'u leenjii duuka bu'ummaati. Hojiin kun wiirtuu Ergama Guddaati, Yesuus hordoftoota isaa "Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa" (Mat. 28:19) jedhee abboome. Waan isaan waliin hojjete namoota biroo wajjin akka godhan itti himaa ture. Akkuma Isaa yeroo fi humna isaanii garee saboota irratti dhiibbaa uumu ijaaruu irratti xiyyeeffachuu qabu turan. Phaawuloos tooftaa Yesuus kana cimsee duuka bu'aa isaa Ximotewoos yeroo qajeelche, "Dhuga-baatota baay'ee duratti waan ana irraa dhageesse, namoota amanamoo warra kaan barsiisuufis ta'anitti hadaraa kenni" (2Xim. 2:2).

Waldaa Kiristaanaa cimsuu

Phaawulos ajaja Yesuus bartoota akka godhuuf kenne akka waan guddaatti ilaaleera. Tajaajila ergamootaa isaa keessaa kutaan guddaan waldoota inni dhaabe cimsuuf kan of kenne ture. Kanaafidha waldoota keessatti soortuuwwan kan muudu (Hojii Ergamootaa 14:23), waldoota dhaabe irra deebi'ee kan ilaalu (15:41), xalayaa hordoffii barreessuudhaan karaa gooftaatti isaan qajeelchu. Phaawuloos dabalataan waldoota ijaaruu Gooftaan aangoo ergamaa isaa akka isaaf kenneef ragaa ba'eera (2Qor. 10:8; 13:10). Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxeetti tajaajila kees akkasuma ilaaluu qabda. Waldaa Kiristoos akka geggeessitu siif kenne keessatti akka nama duuka buutotaa isa guddaatti of ilaaluu qabda.

Phaawuloos ergaa amantoota Efesoon jiraniif barreesse keessatti, Kiristoos soortuuwwan qaama Kiristoos akka jajjabeessaniif kenne (kenna tajaajilaa arfan hafan waliin) akka kenne dubbateera (Efe. 4:11-16). Kutaa kana keessatti, ergamaan itti gaafatamummaa tajaajiltoota kanaa inni jalqabaa "Inni warra Waaqayyoo qulqullaa'an, hojii isa ergaman sanaaf qopheessuudhaaf, [waldaa isa] dhagna Kristos sanas cimsuudhaaf" (lakk. 12) akka ta'e hubachiisa. Isaan kana gochuu qabu "Kunis hamma hundumti keenya tokkummaa amanti ... guddannees safara guutummaa Kristos bira hamma geenyutti ta'a" (lakk. 13). Sana booda, Phaawuloos akka ibsetti, waldaan "kootaa karaa hundumaan gara isa mataa nuuf ta'ee, gara Kristositti in guddanna" (lakk. 15).

Akkasitti duuka buutota gochuun fayyaa waldaa kamiifuu murteessaadha. Hoggansi mana kiristaanaa duuka buutota gochuu yoo dadhabe, carraaqqiin isaan wangeela lallabuu fi waldaa dhaabuu irratti godhan baay'een isaa akkasumaan ta'a.

Jechoota Hubachuu

Adeemsa duuka bu'oota gochuu caalaatti hubachuuf jechoota itti fayyadamaa jiran hubachuun barbaachisaadha. Mee jechoota sana keessaa sadii haa ilaallu:

1. *Duuka bu'aa.* Duuka buutuun barataa of kennedha. Inni ykn isheen nama barsiisaa gooftaa tokkoo bira xiyyeeffannaadhaan taa'ee jecha isaanii keessatti dhugaatii dhagahudha. Barataan tokko akkuma leenjifamuun nama ogummaa harkaa qabu tokko fakkeessuudhaan hojii isaa ni barata. Duuka bu'aan Kiristoos nama jireenya isaa Yesuus Kiristoosiif dabarsee kennee guyyaa guyyaan isa duukaa bu'aa, isarraa barachaa, ergama isaa nama hordofaa jirudha.

2. *Duuka bu'ummaa.* Duuka bu'ummaan adeemsa jireenya guutuu Yesuus fakkaachuudha. Innis yeroo namni jireenya isaa Kiristoosiif dabarsee kennu jalqabee hanga du'aatti itti fufa. Yaad-rimeen duuka bu'ummaa mata duree guddaa Kakuu Haaraati. Jechi Kiristaana jedhu Hojii Ergamootaa keessatti yeroo sadii qofa kan mul'atu yoo ta'u, jechi amanaa jedhu immoo Wangeelotaa fi Hojii Ergamootaa keessatti yeroo xiqqaa si'a 35 kan argamu yoo ta'u, jechi duuka bu'aa jedhu garuu Wangeelota keessatti yeroo 289, Hojii Ergamootaa keessatti yeroo 13 mul'ateera.

Duuka bu'ummaan Kiristoosii fi ergama isaaf of kennuu gaafata. Yesuus namoota isa duukaa bu'an akeekkachiise, "Fannoo isaa anaaf jedhee baatee na duukaa kan hin buune, bartuu koo ta'uu hin danda'u" (Luq 14:27). Duuka bu'oota Isaa ta'uu isaanii dura baasii duuka butummaan isaan baasisu lakkaa'uu akka qaban itti hime. Innis, "Akkuma kanattis eenyu illee isin keessaa qabeenya isaa hundumaa kan gad hin dhiifne bartuu koo ta'uu hin danda'u" jedhee akeekkachiiseera (lak 33).

3. *Duuka bu'aa taasisuu.* Duuka bu'aa kan godhu ajaja Kiristoos "saba hundumaa bartoota koo godhaa" (Mat. 28:19) jedhe abboomamuuf kan of kennedha. Inni ykn isheen duukaa bu'aa Yesuus Kiristoos bilchaataa ta'ee fi guutummaatti Gooftaa isaanii hordofuu fi warra kaanis akkasuma akka godhan gaggeessuuf of kennedha. Soortuuwwan Pheenxeqoosxee bu'a qabeeyyii ta'an hojiin isaanii namoota jijjiiraman qofa gochuu akka hin taane hubatu. Hojiin

isaanii amantoota gara duuka buutota Kiristoos guutummaatti of kennanii guddisuudha.

KARAWWAN ITTIIN WALDAA CIMSAN

Kiristoos hojiin mootummaa Waaqayyoo abbootii amantaa ogummaa qaban qofaan akka hojjetamu gonkumaa hin yaadne. Inni inumaayyuu kennaa tajaajilaa shanan Waldaadhaaf kennuudhaan kiristaanota idilee, guyyaa guyyaa jireenya mootummaa fi tajaajila irratti leenjisuuf kenne. Kaayyoon ergamootaa, raajotaa, lallabdoota wangeelaa, soortuuwwan fi barsiisotaa amantoota gara mo'attoota lubbuutti guddisuudha, achiis akkamitti akka wal kunuunsuu fi gara tajaajiltoota Kiristoos bu'a qabeessa ta'anitti wal guddifachuu danda'an barsiisuudha (Efe. 4:11-16).

Kanaafuu, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, hordoftoonni Kiristoos hundinuu mootummaa Waaqayyoo biyya lafaa irratti tarkaanfachiisuu keessatti akka hirmaatu waamamee humna akka argate barsiisuu qabda. Ergamoota ta'uuf kan waamaman muraasni yoo ta'u, hundi isaanii ergama irratti akka hirmaatan waamamaniiru. Muraasni raajii ta'uuf kan waamaman yoo ta'u, hundi isaanii waan sirrii fi gaarii ta'eef akka dhaabbatu waamamaniiru. Muraasni lallabdoota wangeelaa ta'uuf kan waamaman yoo ta'u, hundi isaanii amantii isaanii warra kaaniif akka qoodaniif waamamaniiru. Barsiisaa ta'uuf kan waamaman muraasni yoo ta'u, hundi isaanii akkamitti Kiristoosiin akka tajaajilan warra kaan barsiisuuf waamamaniiru. Soortuuwwan ta'uuf kan waamaman muraasa yoo ta'u, hundi isaanii jaalalaan warra kaaniif akka kunuunsan waamamaniiru. Akka soortuutti hojiin kee saba Waaqayyoo wantoota kana barsiisuu fi waldaa keessatti sagantaa leenjii duuka bu'ummaa cimaa qopheessuudha.

Mee tooftaalee ja'a waldaa keessan cimsuuf itti fayyadamuu dandeessan haa ilaallu:

Moodeela (Fakkeenya) Duuka Bu'ummaa Ta'uu

Tokkoffaa, duuka bu'aa dhugaa Kiristoos ta'uu jechuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya gochuudhaan waldaa cimsuu dandeessa. Jireenya mataa keetiin bartuun dhugaa maal akka fakkaatu argisiisuu dandeessa. Miseensonni waldaa akkaataa jireenya soortuu isaanii waaqayyoof qabu yeroo ilaalan, akkasuma akka jiraatan ni jajjabeeffamu. Isaanis bartoota Kiristoos ta'uu ni barbaadu. Kanarraa kan ka'e waldaan cimtee ni badhaatu, mootummaan Waaqayyoos ni tarkaanfata.

Keessumaa iddoowwan duraan wangeela hin lallabamnetti waldoota haaraa hundeessuuf tooftaa duuka bu'ummaa kun barbaachisaa dha. Haalota kana keessatti Kiristiyaanonni haaraan Kiristoosiif jiraachuu jechuun maal jechuu akka ta'e yaada xiqqoo qabu. Jireenya kiristaanaa ilaalchisee fakkeenya isaan qaban akkaataa jireenya soortuu fi maatii isaa qofa. Akkuma Phaawuloos, "Akkuma ani fakkeenya Kiristoos fudhadhe, isinis immoo fakkeenya koo fudhadhaa!" (1Qor. 11:1) jedhee sabatti dubbachuuf qophaa'uu qabda.

Lallabaa fi Barsiisaa

Lammaffaa, lallaba tarsiimoo qabuu fi sagalee Waaqayyoo sirnaan barsiisuudhaan qaama Kiristoos cimsuu dandeessa. Sagalee Waaqayyoo tarsiimoodhaan lallabuun kaayyoo ifa ta'e yaada keessa galchuun ergaawwan macaafa qulqulluu qopheessuu fi lallabuudha. Kana gochuuf, jalqaba kadhannaa fi dubbii irratti xiinxaluudhaan, kallattii Hafuurri Qulqulluun waldaa geggeessaa jiru murteessuu qabda. Kadhannaadhaan yommuu eegdu, Hafuurri Qulqulluun garaa keetti ni dubbata, "Karichi isa kana, isa irra adeemaa" (Isa. 30:21).¹

Kallattii Waaqayyoo waldaadhaaf qabu erga hubatee booda, lallaba waldaa kallattii sanaan sochoosuuf kaayyeffate qopheessuu fi lallabuu jalqabuu qabda. Kanuma waliin, "fedha Waaqayyoo hundumaa" – jechuunis, guutummaan sagalee Waaqayyoo – waldaa keessatti akka barsiifamu mirkaneessuu qabda (HoE 20:27). Gochoonni kun sabni Waaqayyoo sagalee Waaqayyoo fi fedha inni jireenya isaaniif qabu akka hubatan ni taasisa.²

Dabalataanis, barumsi fi lallabni kee ergaa Waaqayyoo yeroo baay'ee ergamu, itti gaafatamummaa waldaan ergama sana irratti hirmaachuuf qabdu waliin of keessatti qabachuu qaba. Ergamni Waaqayyoo, yeroo tokko tokko *missio Dei* jedhamee kan waamamu, karoora Waaqayyoo isa bara baraa gosa, afaanii fi saba lafa irra jiru hundumaa keessaa saba tokko furuu fi ofitti waamuudha (Mul. 5:9; 7:9). Yesuus ergama Waaqayyoo raawwachuu keessatti itti gaafatamummaa

¹ Mata duree kana ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 15: "Amala Waaqeffannaa Cima" ilaali.

² Mata duree kana ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 16: "Lallaba Hafuuraan Dibame" fi Boqonnaa 17: "Barumsa Bu'a qabeessa" ilaali. Kaarikulamii duuka bu'ummaa "Dhugaa Jiraachuu" fi "Hundee Amantii" bilisaan www.africaatts.org/resources irraa buufachuu dandeessu.

Waldaan qabdu jala sararee ergama isaa isa guddaa keessatti (Mat. 28:18-20; Mar. 16:15-18; Luq. 24:46-49; Yoh. 20:21-22; HoE 1:8) .

Namoota Humna Hidhachiisuu

Sadaffaa, miseensonni waldaa tajaajilaaf humna akka argatan gochuudhaan qaama cimsuu dandeessa. Tajaajilaaf humneessuun kun humneessuu hafuura fi xiin-sammuu of keessatti qabata:

Humna Hafuura Hidhachuu. Miseensi waldaa hundi hafuura qulqulluudhaan humna akka argate arguuf hojjechuu qabda. Kun ajaja Yesus Waldaadhaaf kenne isa dhumaa ture. Gara samiitti ol ba'uu isaa dura bartoota isaa akkas jedhee ajaje, “‘Abdii abbaan koo isiniif kenne, isa ani isinitti hime sana eeggadhaa malee, Yerusaalemii hin ba'inaa!’ jedhee isaan abboome. Itti dabalees, ‘Yohannis bishaaniin cuuphe, isin garuu guyyaa baay’ee utuu hin turin Hafuura Qulqulluudhaan in cuuphantu’ jedhe” (HoE 1:4-5). Yesuus sana booda waadaa dinqisiisaa duuka buutota isaatiif kenne: “Isin garuu, Hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u, humna in godhattu; Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu” isaaniin jedhe (lakk. 8). Duuka buutonni ajaja Kiristoosiif abboomamaniiru, Yesuus abdii isaas raawwateera. Macaafni Qulqulluun akkas nuun jedha,

“Ayyaanni guyyaa shantammaffaa inni ‘Phenxeqostee’ jedhamee beekame yommuu ga’e, hundinuu iddoo tokkotti walitti qabamanii turan. Dingatas huursaan waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhanga’amee, manicha isaan keessa jiranis guute. Arraba ibiddaa kan fakkaatan isaanitti mul’atan, gargar tamsa’aniis, wanti akka arraba ibiddaa kun tokkon tokkon isaanii irra taa’an. Yommuu hundumti isaanii hafuura qulqulluudhaan guutaman; akka hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kennetti, afaan garaa dubbachuu jalqaban.” (HoE 2:1-4)

Humna waaqummaa hidhachuun kun furtuu wangeela bu’a qabeessa ta’ee fi ergama waldaa keessatti. Kanaaf mata duree irratti yeroo baay’ee lallabuu fi Hafuura Qulqulluudhaan akka guutamtuuf saba kee wajjin kadhachuu qabda. Akkamitti humna hafuuraatiin akka jiraatanii fi akka deeman caalaatti barsiisuu qabda. Akkasumas firii hafuuraa akka godhatanii fi kennaa hafuuraa jireenya

isaanii fi tajaajila isaanii keessatti akka mul'isan jajjabeessuu qabda (Gal. 5:22-23; 1Qor. 12:8-10).³

Xiin-sammuu humneessuu. Akka soortuutti, miseensonni waldaa kee tajaajilaaf saayikoloojiiidhaan humna akka argatan gochuufis hojjechuu qabda. Miseensonni tajaajila waldaa keessatti akka hirmaatan balballi banaadha jedhanii yeroo amanan xiin-sammudhan (saayikoloojiiidhaan) humna argatu. Tajaajila filataniin milkaa'uu akka danda'an ofitti amanamummaan isaaniif kennameera. Akka soortuuwwan Pheenxeqoosxee tokkootti amantaa akkasii ummata keessatti horachuun hojii keeti.

Yoo kana gootan miseensonni waldaa tola ooltummaa tajaajilaaf akka hojjetan ni jajjabeeffamu. Haa ta'u malee, kana gochuu yoo dadhabdan tola ooltummaa hojjechuuf fedhii hin qaban. Kanaaf waldaa keessatti tajaajilaaf kan ga'umsa qabu si qofa akka ta'e yaada kennuu irraa of qusachuu qabda. Kanaa mannaa, bakki tajaajilaa nama hundaaf ta'u akka jiru cimsitee dubbachuu qabda. Akkasumas laphee namootaa keessatti Kiristoosiif bu'a qabeessa ta'ee tajaajiluu akka danda'an mirkaneessuu qabda.

Hojjetoota Sochiisuun

Ummanni erga humna argatee booda tajaajilaaf socho'uu qaba. Kun karaa arfaffaa waldaa cimsuu dandeessudha. Adeemsi hojjetoota sochoosuu hojjiwwan armaan gadii of keessatti qabata:

Waan barbaachisuu adda baasuu. Fedhii furuu barbaaddu adda baasuun adeemsa sochii jalqabda. Waldaan tajaajila daa'immanii haaraa jalqabuu, waldaa haaraa dhaabuu, tajaajila waaqeffannaa waldichaa fooyyessuu, ykn hojii biraa tokko raawwachuu ni barbaaddi? Waan raawwatamuu arguu barbaaddu ifatti ibsuudhaan adeemsa sochii jalqabuu qabda.

Carraa hojii uumuu. Sana booda tajaajila haaraa hojjetootaaf gitoota hojii maaltu uumamuu akka qabu murteessuu qabda. Tokkoon tokkoon gitoota hojii haaraadhaaf ibsa hojii qopheessuu qabda. Ibsi hojii ga'umsa hojii sanaa fi dirqama nama gitoota hojii sana qabate of keessatti qabachuu qaba.

³ Hiika kennaawwan hafuura ilaalchisee, Dabalata 2: "Kennaawwan Mul'achuu 1 Qorontos 12:8-10" ilaali.

Kadhachuu. Yeroo hundumaa, hojjettoota barbaachisoo ta'an akka kaasu gaafachuun, Gooftaa abbaa Midhaanichaa kadhachuu qabda (Luq 10:2).

Mul'ata qooddachuu. Yeroo sirrii ta'etti mul'ata sana waldaadhaaf qooduu qabda. Waa'ee tajaajila haaraa sanaa namootatti himuu qabda, akkamitti waldaa akka eebbisu ibsuu qabda.

Hojjettoota filachuu. Sana booda tola ooltota gaafachuu qabda. Hojiin sun maal akka of keessaa qabu addatti dubbachuu qabda. Namoota addaa hojii sana akka gaariitti hojjechuu danda'u jettanii yaaddan adda baasuudhaan waa'ee tola ooltummaa akka kadhatan gaafachuu dandeessu. Kennaa nama sanaa fi hojii barbaachisu walsimsiisuuf barbaaduu qabda.

Leenjii. Warra tola ooltummaa hojjetaniif sagantaa leenjii qopheessuu qabda.

Bobbaasuu. Hojjettoota haaraa erga filattee booda, akkasumas erga sirnaan leenjiftee booda bakka isaaniitti kaa'uu qabda. Sana booda hojjettoota haaraa waliin wal qunnamtii qabaachuu, adeemsa isaanii hordofuu fi hojii keessatti jajjabeessuu qabda. Manni kiristaanaas hojjettoota kanaaf qabeenya itti gaafatamummaa isaanii ba'uuf isaan barbaachisu kennuu qabdi.

Leenjii Tajaajilaa

Akkuma amma jedhame, yeroo miseensota tajaajilaaf sochoostu, warra tola ooltummaadhaan hojjetaniif leenjii kennuudhaaf qophaa'uu qabda. Namoonni hojii sanaaf leenjii akka argatan yoo beekan carraan tola ooltummaa guddaa qabu. Leenjiin kennamus abdii milkaa'ina isaanii baay'ee ni dabala. Leenjiin kun seminaara addaatiin ykn leenjii hojii irratti kennamuu danda'a. Leenjiin kun maaliif fi akkamitti hojiin akka hojjetamu lamaanuu kan hammatu ta'uu qaba. Hojjettoonni haaraan tajaajilichi maaliif akka jiruu fi maal akka raawwachuu barbaadu barsiifamuu qaba. Akkasumas hojii sana akkamitti akka gaariitti akka hojjetan barsiifamuu qabu. Soortichi waldaa keessatti Mana Barumsaa Tajaajilaa jalqabuuf yaaduu barbaada ta'a.

Warra Fedhii Argisiisan Gorsuu

Karaan dhumaa qaama cimsuu dandeessu namoota waadaa agarsiisan adda baasuu fi yaadaan gorsuudha. Akka soortuutti miseensota hojii Waaqayyootiif hinaaffaa addaa agarsiisan sana hubachuu qabda. Harki Waaqayyoo namoota dhuunfaa kana irratti sitti dhaga'amu danda'a. Yeroo kun ta'u, akkuma Yesus duuka buutota isaa wajjin godhe, isaan wajjin hariiroo gorsaa uumuu ni barbaadda.

Sana booda namoota dhuunfaa kana wajjin yeroo dabarsitu, isaan wajjin kadhachuu fi hojiiwwan tajaajilaa tokko tokko irratti akka si waliin ta'an ni afeerta.

Tokko tokko mala Yesus bartoota ta'uu isaa adeemsa sadii akka of keessaa qabu hubataniiru: Tokkoffaa, Yesus duuka buutonni isaa utuu ilaalanii warra kaan tajaajilaa ture. Yeroo tokko tokko cinaatti isaan fuudhee waan hojjetee fi maaliif akka hojjete itti ibsa ture. Lammaffaa, bartoonni Yesus yommuu ilaalu tajaajilaa turan. Sana booda hojii isaanii ni madaala ture. Dhumarratti Yesuus duuka buutota ofii isaaniitiin akka tajaajilaniif fi duuka buutota kaanis akkuma isaan guddise akka guddisan erge. Tajaajila irratti humna isaaniif kennuu fi dandeessisuuf hafuura qulqulluu akka erguuf waadaa galeera.

Warri ati gorsitu tokko tokko waamicha tajaajilaa sitti dhaga'amu danda'a. Yeroo kun ta'u waamicha sana guddisuu qabda. Akkasumas adeemsa mirkaneessa tajaajilaa keessatti isaan qajeelchuu qabda.

Macaafni Qulqulluun waldaan "Isa jalatti bu'aan dhagnaa hundinuu wal fudhatanii, buusaa adduma addaan argataniin walitti qabsiifamaniiru; yeroo bu'aan dhagnaa adduma addaan tooraan hojjetutti, dhagnichi in guddata, jaalalaanis of in cimsa" (Efe. 4:16, cimsituu dabalata).

Soortuun Pheenxeqoosxee tokko waldaa cimsuuf karaan hundarra gaariin sagantaa duuka bu'ummaa cimaa amantoota gara duuka buutotaa fi duuka bu'oota gara tajaajiltoota wangeela bu'a qabeessa ta'anitti jijjiiruuf kaayyeffate qopheessuudha.

Kutaa 6ffaa: Soortuu Pheenxe Qoosxee Akka Tikseetti



~ Boqonnaa 26 ~

Saba Waaqayyoo Gorsuu

Miseensi waldaa tokko gaa'ela isaa keessatti waggoota dheeraaf hariiroo miidhaa qabu erga dabarseen booda miidhama hiikuun isatti fide yaada. Dargaggeessi haadha manaa isaa dhabe kun jireenya qofummaa wal'aansoo qabaa jiraata. Haati kophaa jirtu dhukkuba kaansariin qabamte dandamachuuf dhama'aa jirti. Warri jeeqaman ilma isaanii isa umrii kurnanii keessa jiru isa fincilaa ta'e to'achuuf yaalaa jiru. Kun dhimmoota dhibbaan lakkaa'aman miseensota waldoota keenya Pheenxee guutuu Afrikaa keessa jiran mudatan keessaa muraasa. Warra cunqursaa hafuura hamaa, hiyyummaa naannoo sanaa, hojii dhabdummaa, amala araada namatti fiduu fi kkf hedduu wajjin wal'aansoo wal-qabaa jiraatan tarree kana irratti dabali.

Waaqayyo dhiiraa fi dubartoota bifa isaatiin uume. Addaamiifi Hewwaan qaama, sammuu fi hafuuraan guutuu ta'anii uume. Isaanis "hojiiwwan Waaqayyoo" kan turan si'a ta'u, Isaa wajjinis ta'e walii isaanii wajjin guutummaatti walsimsiisuudhaan kan jiraatan turan. Haa ta'u malee, yeroo isaan abboommii cabsanitti, walitti dhufeenyi isaan Waaqayyoo wajjin qaban, akkasumas walii isaanii wajjin qaban dhiibbaa jala seene (Uma. 3:6-24; Rom. 5:12). Cabbuu fi gidiraan hala qabatamaa namni keessa jiraatu ta'e.

Gorsi soortuu tajaajila soortuu keessatti wiirtuu dha. Kiristoos Waldaa isaa hawaasa jaalalaa, kan namaaf yaaddu akka taatuuf waamee jira. Inni bakka sabni Waaqayyoo isaa fi Hafuura Qulqulluu waliin michuu ta'ee namoota cabee

fayyisuu fi guutummaa fiduuf akka ta’u barbaada. Bakka namoonni badan jijjiirama, araara, abdii itti argatan ta’uu qaba (2Qor. 5:18-19). Waaqayyo soortuun Pheenxeqoosxee hojjiin kun akka raawwatamu ajajeera.

Boqonnaan kun tajaajila gorsaa soortuun Pheenxeqoosxee Afrikaa keessa jiru ni qorata. Amaloota adda ta’an gorsa soortuu irratti kanumaaf bu’uura macaafa qulqulluu ni kaa’a. Gahee Hafuurri Qulqulluun gorsa kennuu keessatti qabu daran ni qorata. Dhumarratti, gosoota, qajeeltoowwanii fi naamusa gorsa soortuu gabaabinaan ni mari’ata.

SOORTUU AKKA GORSAATTI

Kiristoos soortuun Pheenxeqoosxee hunduu ajaja ergama waldaa Kiristaanaa akka raawwatu waamicha taasisa. Amantoota gara duuka buutota bu’a qabeessa ta’anitti akka bocuuf isa ykn ishee waldaa Kiristaanaaf kenneera (Efe. 4:11-12). Kiristoos lallabuu, barsiisuu fi geggeessuu bira darbee miseensota guutumaatti Kiristoos hordofuu barbaadaniif gorsaa fi deggersa Waaqayyoo kennuudhaaf itti gaafatamummaa soortuu irra kaa’eera.

Tiksee Hoolota Waaqayyoo

Tajaajilli isaa xumuramuutti yeroo dhihaatu, Yesuus Pheexiroos, “Hoolota koo kunuunsi” (Yoh. 21:16) jedhee ajajeera. Phaawuloos haasaa naggaa jaarsolii waldaa Efesooniif godhe keessatti, soortuuwwan “hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis” akka eegachuun barbaachisu isaantti cimsee dubbateera. Isaanis “waldaa Waaqayyoo isa Waaqayyoo dhiiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa” (HoE 20:28). Haaluma walfakkaatuun, Pheexiroos jaarsolii waldaa “tiksoota hoolota Waaqayyoo akka ta’an” waamicha dhiheesse (1Phex. 5:2). Hoolota miidhaman, dadhaban fi madaa’an kunuunsuu qabu turan.

Soortuun Pheenxeqoosxee akka gorsaa ta’ee waamamuun isaa filannoo hojii miti; muudama waaqaati. Miseensonni waldaa (yeroo tokko tokko keessattis, kan miseensota hin taanes) dhimmoota miiraa, hawaasummaa fi hafuurra waliin yeroo rakkatan, gargaarsaaf gara soortuu isaanii deemuu qabu. Akkuma tikseen hoolota isaa sooru, qajeelchu fi ittisu, soortuuwwan Pheenxeqoosxee warra Kiristoos irratti isaan muude kunuunsuu qabu.

Hariiroo Adda Ta'e

Ogeessota fayyaa sammuu biroo wajjin wal bira qabamee yoo ilaalamu, tajaajilli gorsaa soortuu addadha. Namoonni yeroo baay'ee soortuuwwan akka bakka bu'oota Waaqayyooti ilaalu. Adeemsa fayyinaa keessatti akka meeshaatti akka dibamanii fi meeshaa hidhataniitti ilaalu. Ogeessota fayyaa sammuu biroo irraa adda ta'ee, kaayyoon soortuu sabni Waaqayyoo "ayyaanaa fi beekumsa Gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenya Yesus Kristoositti akka guddatan" arguu dha (2 Phex. 3:18).

Kana malees, soortuuwwan miseensota isaanii wajjin hariiroo wal amantaa hundeeffame qabu. Rakkoollee, milkaa'ina isaanii, fi bu'aa ba'ii isaanii dabalatee jireenya miseensota isaanii keessatti gama adda addaa keessatti hirmaatu. Sirna gaa'ilaa, eebba daa'immanii fi sirna awwaalchaa akka raawwatan waamamu. Sababa hariiroo addaa kanaan miseensonni salphaatti caba isaanii soortuu isaaniif qooduu danda'u, osoo hin sodaatin garagaaramuu danda'u.

Kana malees, soortuuwwan ogeessota fayyaa sammuu biroo caalaa dhaqqabamaa dha. Hawaasni hedduun gorsitoota ogummaa qaban hin qaban. Yeroo kana godhanis yeroo baay'ee tajaajilli isaanii gatii hin qabu. Abdiin ummataa soortuu qofa dha. Kana malees, akkuma Gooftaa isaanii, soortuuwwan warra "rakkifamanii fi gargaarsa hin qabneef" gara laafina qabaachuu qabu (Mat. 9:36). Gorsa kennuu akka carraa jaalala Waaqayyoo namoota miidhamaniif qooduuf akka ta'etti ilaalu.

Gorsa Soortummaa

Yeroo ammaa guutummaa Afrikaatti gosoota gorsaa hedduutu hojiirra oolaa jira. Tokkoon tokkoon isaanii haala dhala namaa walxaxaa ta'e ilaaluu barbaadu. Tokkoon tokkoon isaa ilaalcha addunyaa fi sirna amantii murtaa'e irratti hundaa'a. Isaan keessaa kanneen biroo keessaa ilaalcha addunyaa, ilaalcha addunyaa aadaa Afrikaa fi ilaalcha addunyaa Kiristaanummaa kan dabalatudha.

Gorsi xiin-sammuu addunyaa ilaalcha addunyaa fi mala isaatiin saayinsaawaa dha, yeroo baay'ee dhugaa Caaffata Qulqullaa'aatti hin amanan. Malli kun malawwanii fi wal'aansoowwan adda addaa fayyadamuun jeequmsa sammuu, miiraa fi amala wal'aanu. Biyyoota Afrikaa tokko tokko keessatti malawwan fayyisuu dhalootaan Afrikaa ta'anis beekamtii argachuun bifa wal'aansaa warra dhihaa cinatti akka hojjetan hayyamameera. Malli aadaa kun ilaalcha addunyaa

Afrikaa irratti kan hundaa’an yoo ta’u kunis jireenyaa fi fayyaa ta’uu humnoota hafuuraa hin mul’anneen kan kennudha.

Soortuun Pheenxeqoosxee mala gorsaa itti kennu mala addunyaa ykn aadaa Afrikaa irraa adda. Akkaataan soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa’e, Kiristoosiin kan giddu galeessa godhate, fi Hafuuraan kan geggeeffamudha. Gorsi soortuu aangoo Caaffata Qulqullaa’oo keessatti hundee qaba. Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyoo akka ta’ee fi “barsiisuuf, ceepha’uuf, qajeelchuuf, qajeelummaa leenjisuufis ni fayya” (2Xim. 3:16). Macaafni Qulqulluun Dubbii Waaqayyoo waan ta’eef, rakkina jireenyaa hundaaf deebii of keessaa qaba.

GORSA SOORTUUF BU’UURA MACAFA QULQULLUU

Soortuun Pheenxeqoosxee Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyoo isa mul’ate ta’uu isaa ni amana. Kaanaafuu Macaafni Qulqulluu qajeelfama gorsaati. Meeshaa adda baasuu kam caalaa, Macaafni Qulqulluun iccitii gad fagoo garaa nama tokkoo ifa godha (Ibr. 4:12). Innis hundee eenyummaa dhala namaa kan ilaalu yoo ta’u, Yesuus Kiristoosiin rakkoo dhala namaa hundaaf furmaata godhee dhiheessa.

Kana jechuun, akka soortuu Pheenxeqoosxeetti, dhugaa sagalee Waaqayyoo keessatti argamuun of guutuu qabda. Tajaajila gorsaa kee keessatti dhugaawwan kun akka si qajeelchan caalaatti eeyyamuu qabda. Dandeettii gorsaa kee guddisuuf yaadota addunyaa irraa ergifachuu yoo filatte, yaadonna kun dhugaa macaafa qulqulluu fi duudhaalee kiristaanaa wajjin kan walsimu ta’uu isaanii mirkaneessuu qabda.¹

Geggeessitoota Kakuu Moofaa

Kakuun Moofaa fakkeenya geggeessitoota gorsa waaqayyoo dhiheessan hedduu of keessaa qaba. Fakkeenyaaf, Museen sa’aatii dheeraadhaaf saba Waaqayyoo irratti murtii kennuufi gorsa dabarseera. Yeroo tokko tokko, garee gurguddaa ta’ee isaan gorsaa ture. Yeroo biraa immoo yeroo tokkotti tokko ykn lama qofa gorseera (Bau. 18:13-27). Haa ta’u malee, yeroon Museen mataan isaa gorsa itti barbaadu ni dhufe. Abbaan haadha manaa isaa Yeetroon hojiin akka

¹ Hariiroo Soortuun Pheenxeqoosxee Macaafa Qulqulluu waliin qabu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 9: “Macaafa Qulqulluu ni amana” ilaali.

Museetti baay'ate hubatee ture Kanaaf, Museen namoota dandeettii qaban filatee akka isa gargaaran akka filatu gorseera. Museen gorsa Yeetroo hordofee hojiin sun badhaadhina argate.

Daawits fakkeenya gorsaa akka dubbii Waaqayyoo isa birooti. Faarfannaa isaa keessattis namoota gorseera. Achittis tooftaalee gaggaarii ta'an hedduu dhimmoota jireenyaa ilaaluuf gargaaran dhiheesse. Solomoonis fakkeenya keessatti haaluma wal-fakkaatuun gorseera, raajotnis barreeffama isaanii keessatti akka gorsituutti caqafamaniiru.

Tajaajila Yesuus

Yesuus mataan isaa gorsaa ture. Isaayaas “Gorsaa dinqii” jedhee isa waama (Isa. 9:6). Yeroo baay'ee namoota dhimma hafuuraa wajjin wal'aansoo qabaniif gorsa kenna ture. Fakkeenyonni beekamoo sadii caqasuun ni danda'ama, Niqoodimoos (Yoh. 3:1-21), Zakewoos (Luqaas 19:1-9), fi dubartii ejaan qabante (Yoh. 8:1-11). Yesuus, “Jireenya haa qabaataniif, irraa hafaas haa qabaataniif dhufeera” (Yoh 10:10) jedhee labseera.

Yeroo tokko tokko Yesuus namoota miiraan dhiphataniif tajaajilaa ture. Maariyaamii fi Maartaan obboleessa isaanii Alaazaar yommuu dhaban, Yesuus gara isaanii dhufe. Inni gara laafina agarsiisee gadda isaanii keessa isaan waliin hirmaate (Yoh 11:17-44). Halkan fannifamuu isaa dura, Yesuus yeroo baay'ee duuka buutota isaa wajjin dabarsee rakkina dhufuuf jiruuf isaan qopheesse (Yoh 14-16).

Tajaajilli gorsaa Yesuus namoota kutaa jireenyaa hundarraa dhufan tuqeera. Namoota barataniif fi dubbisuu fi barreessuu hin dandeenye, warra qulqullaa'anii fi bakka waliigalaa, dureeyyii fi hiyyeeyyii, dhiiraa, dubartootaa fi daa'imman tuqe. Jaalalli Yesuus namootaaf qabu ergama isaa kan warra badan barbaaduu fi fayyisuu raawwachuuf gufuulee dinagdee, hawaasummaa fi aadaa hunda akka qaxxaamuru isa kakaase (Luq 19:10).

Tajaajila Phaawuloos

Kutaaleen ergaawwan Phaawuloos akka yeroo gorsaatti dubbifamuu danda'u. Isaanis ergamaan saba Waaqayyootiif tiksee akka yaadu agarsiisu. Isaan keessattis namoota dhimmoota jireenyaa dandamachaa jiran ni gorsa. Fakkeenyaaf, amantoota Filiphiisiiysitti argamaniif barreessee, “Waanuma tokkotti yaaddoo hin qabaatinaa” jedheera. Yoo kadhatan nagaan Waaqayyoo ni argatu ture (Filp. 4:6-7). Fakkeenyi biraa tajaajila gorsaa Phaawuloos karaa inni eegumsa isaa

Ximotewoos cinaa dhufedha, tasgabii dhabuu dhuunfaa isaa fi dhimmoota ofitti amanamummaa isaa ilaalchisee isa gargaaruuf (2Xim. 1:3-14; 2:15).

Ergamaan kun xalayaa Kiristiyaanota Qorontosiif barreesse keessatti ilaalchaa fi amala gadhee tokko tokko kan waldaa achi jiru balleessuuf sodaachisaa ture dubbateera. Ergamaan kun xalayaa Filemooniiif barreesse keessatti, hariiroo Filemooniiifi garbicha isaa kan baqate Oneesmoos isa yeroo ammaa obboleessa Kiristiyaanaa ta'e gidduu jiru addaan cite sirreessuu barbaada. Ergaawwan Phaawuloos bal'inaan gamaaggamuun, malli gorsaa isaa Kiristoos giddu galeessa godhate, hafuuraan kan geggeeffamu, kan barsiisu, kan deggeru, kan araarsu, yeroo tokko tokko immoo kan wal dhabsiisu ta'uu isaa mul'isa.

GAREE HAFUURRI QULQULLUU GORSA KEESSATTI QABU

Akka soortuu Pheenxeqoosxeetti tajaajila gorsaa kee keessatti michuu cimaa qabda. Michuun sun Hafuura Qulqulluudha. Isa irratti hirkatanii jiraachuu dhiisuu hin qabdu. Mee loltoon meeshaa waraanaa isaa malee gara lolaatti deemu tokko yaadi. Seera bobba'iinsaa fi tooftaa waraanaa hunda beekuu danda'a, garuu meeshaa waraanaa isaa malee bu'aan isaa balaa guddaa qabaata. Soortuun Pheenxeqoosxee humna hafuura qulqulluu malee lola hafuuraatti seenuun isaas walqixa gowwummaadha.

Isa Gargaaraa

Yeroo afur Yesuus Hafuura Qulqulluu *Paarakilite* jedhee eereera, hiikni isaas afaan Giriikiitiin “Gargaaraa” ykn “Gorsaa” jechuudha (Yoh. 14:16, 26; 15:26; 16:7). Akka Gorsaa keenya isa samiitti, Hafuurri Qulqulluun tarkaanfii imala gorsaa hundumaa irratti nu gargaaruuf qophii ta'ee dhaabata. Yoo affeeramee ni gorsaa ni qajeelcha, ni jabeessa, ni deeggara. Akkasumas inni nama gorfamu dhukkubbii fi wal'aansoo isaa akka dandamatu ni gargaara (Yoh 14:1; 16:8).

Gorsi yeroo baay'ee lola hafuura of keessatti qabata (Efe. 6:12). Hafuura Waaqayyoo qofatu jabaatee dhugaadhaan “sagalee misraachoo warra gadadamootti himudhaaf” fi “booji'amtootaaf bilisummaa labsuu” nama gargaara (Isa. 61:1; cf. Luq. 4:17-18). Kanaaf Macaafni Qulqulluun “Gooftaatti humna isaa isa aangoo-qabeessattis jabaadhaa” jedhee nu jajjabeessa (Efe. 6:10).

Kadhannaan amanamaa, amantiidhaan guutame adeemsa gorsaa keessatti qaama barbaachisaa dha. Hafuurri Qulqulluun gama kanaan ni gargaara. Macaafni Qulqulluun, “Hafuutichis immoo akkuma kanatti dadhabbi keenyatti nu gargaara;

nuyi maal akka kadhannu akka ta'utti hin beeknu isaatuun karaa namni dubbiidhaan mul'isuu hin dandeenyeen nuuf kadhata" (Rom. 8:26). Yesuus Abbaan Waaqaa nama kadhata kamiifuu hafuura qulqulluu akka kennu dubbateera (Luq 11:9-10, 13).²

Yesuus gorsaa Pheenxeqoosteetiif fakkeenya gaarii dha. Macaafni Qulqulluun "warra humna seexanaa jala turan hundumaa fayyisuuf" Hafuura Qulqulluudhaan akka dibame dubbata (HoE 10:38). Karaa dibata kanaan hiyyeeyyiif oduu gammachiisaa labse, hidhamtootaaf bilisummaa labse, warra cunqurfamanis bilisa baase (Luq 4:18). Phaawuloos gorsaa Pheenxeqoosteetiif fakkeenya gaarii kan biraati. Barumsa guddaa fi bu'aa ba'ii qabaatus humna hafuura qulqulluu irratti hirkatee ture (1Qor. 2:4-5). Haaluma walfakkaatuun, soortuun Pheenxeqoosxee gorsaa bu'a qabeessa ta'uuf gargaarsa Hafuura Qulqulluu barbaada.

Mul'isaa Dhugaa

Yesuus dabalataan Hafuurri Qulqulluun dhugaa hundumaa kan mul'isu ta'uu isaa barsiiseera (Yoh 16:13). Dubbii Waaqayyoo akka hubannuufi hiikuuf nu gargaara. Akkasumas yaada Waaqayyoo fi yaada namoota nuti gorsaa jirruu irratti hubannoo nuuf kenna (1Qor. 2:11-12). Kun barbaachisaa kan ta'eef amala nama tokkoo yaada isaatiinis ta'e hiika isaan taateewwan jireenyaa irratti kaa'aniin waan murtaa'uufi. Namni balaan jireenya isaa marsee jiru humnoota badii fi abbootii aarii irraan kan ka'e ta'uu isaa amanu haaluma kanaan ni hojjata. Hafuurri Qulqulluun dhugaa bilisa isaan baasu akka beekan ni gargaara (Yoh 8:32).

Abbaa Kennaa

Rakkoon fayyaa sammuu adda addaa, walxaxaa fi aadaa wajjin kan walqabatudha. Isaanis qaamolee uumamaa fi hafuura kan of keessatti hammadha. Kanaaf kennaawwan hafuura qulqulluu adeemsa gorsatiif barbaachisoo dha (1Qor. 12:8-10). Karaa kennaa mul'ataa, Hafuurri Qulqulluun gorsaa Pheenxeqoosxee fedhii nama gorfameef hubannoo kennuu danda'a. Karaa kennaa hafuurota adda baasuutiin, Hafuurri argamaa fi sochii hafuurota jinniiwwanii mul'isuu danda'a. Akkasumas, karaa kennaa raajjiitiin, gorsaan

² Amantoonni hafuura qulqulluu akka argatan gargaaruu ilaalchisee caalaatti baruuf, Boqonnaa 20: "Amantoota gara Cuuphaa Hafuuraatti qajeelchuu" ilaali.

jechoota abdiif fi fayyisuu hafuuraan ba’an dubbachuu danda’a. Kanaaf soortuun Pheenxeqoosxee adeemsa gorsaa tarkaanfii tokkoon tokkoon isaa keessatti hafuura qulqulluudhaan guutamee fi hojii isaatiif miira qabaachuu qaba.³

GOSOOTA GORSAA SOORTUU

Soortuun Pheenxeqoosxee gosoota gorsaa armaan gadii kennuudhaaf qophaa’uu qaba:

Gorsa Hafuuraa

Gorsi hafuuraa hariiroo gorsaan sun Waaqayyoo wajjin qabu, fi fedha Waaqayyoo jireenya isaatiif qabu irratti xiyyeeffata. Asitti, yaaddoon guddaan soortuun Pheenxeqoosxee, namni gorfamu Kiristoosii wajjin hariiroo jiraataa keessa akka fidamudha. Yaaddoon biraa hariiroon sun fayya qabeessaa fi guddachaa akka deemudha. Dhimmoonni gorsaa biroo kanaan walqabatan kanneen armaan gadii of keessatti qabatu:

- Hubannoo namni sun Waaqayyoo akka Abbaa jaalalaa fi namaaf yaadutti qabu
- Hubannoo namni sun hiika dhugaa fi maalummaa fayyinaa irratti qabu
- Namichi Kiristoos waliin deemsa itti fufiinsa qabu
- Gabrummaa jalaa bilisa bahuu fi barbaachisummaa fayyina keessaa
- Duudhaalee Kiristiyaanaa jireenya guyyaa guyyaa wajjin walitti araarsuu.

Haala Afrikaa keessatti, gorsaan gochaalee waaqa tolfamaa isaa duraanii adeemsa Kiristaanummaa wajjin walitti makuuf yaaliin inni taasisu ilaaluun barbaachisaa ta’uu danda’a. Gochootni kun humnoota hamoo fi abaarsa irraa eegumsa akka argatan gochuuf fakkii ykn kudhaama fayyadamuu kan dabalatu ta’uu danda’a.

Gorsa Gaa’ilaa fi Maatii

Gorsi gaa’ilaa fi maatii maatii miseensotaa keessatti dhuudhawwan Kiristaanummaa fi jireenya Waaqayyoon guutame guddisuuf kan kaayyeffatedha.

³ Kennaawwan hafuuraa ilaalchisee caalaatti baruuf, Ibsa Dabalataa 2: “Kennaawwan Mul’achuu 1 Qorontos 12:8-10” jedhu ilaali.

Gorsi gosa kanaa seminaara keessatti gorsa dhuunfaa ykn garee of keessatti hammachuu danda'a. Kanneen armaan gadii of keessatti qabata:

- Hiriyoondi gaa'elaa gaa'elaaf karoofataniif gorsa gaa'ela duraa
- Gorsa gaa'ela badhaadhina hiriyoondi gaa'elaa hariiroo isaanii walii isaanii waliin qaban gadi fageessuu barbaadaniif
- Hiriyoondi gaa'ela isaanii keessatti rakkoo isaan mudateef gorsa gaa'elaa
- Maatii Kiristiyaanotaaf gorsa kennuu
- Miseensota maatii hariiroo namoota gidduu jiruun rakkatan gargaaruuf gorsa garee maatii
- Gorsa sirna maatii kan akka gaa'elaa, da'umsaa, du'aa, fi awwaalchaa wajjin walqabatu.

Deggarsaa fi Gorsa Yeroo Rakkinaa

Gorsi deggersaa fi muddamaa taateewwan jireenyaa keessatti nama gaddisiisan keessa darban gargaaruuf kan kaayyeffatedha. Taateewwan sun kanneen armaan gadii of keessatti qabatu:

- Dhukkuba fayyuu hin dandeenye ykn du'a nama jaallattu
- Gogiinsa, beela, weerara dhukkubaa fi balaa uumamaa
- Miidhama yakkaa
- Hojii dhabdummaa fi hiyyummaa.

Yeroo rakkisaa kana keessatti miseensonni dhukkubbii isaanii keessa yeroo hojjetan nama isaan dhaggeeffatu barbaadu ta'a. Soortuun tokko haalawwan lubbuu namaa balaa irra buusan kan akka of ajjeessuu fi dhiphina sammuu guddaa dandamachuuf yoo meeshaa hin qabne, nama dhukkubsate gara gorsaa gahumsa qabuutti erguu qaba.

Gorsa Guddinaa

Gorsi guddinaa namoota jireenya keessatti akka milkaa'an humneessuuf kan kaayyeffatedha. Kaayyoon isaas karaa hundarra gaarii ta'e gara fuulduraatti akka murteessan gargaaruudha. Faarfannaa fi Fakkeenya jechoota ogummaa fi gorsaa baay'ee dhiyeessu (fkn, Far. 32:8; Fak. 15:22).

QAJEELFAMA GORSAA

Hasawaa Yesuus dubartii Samaariyaa Yohaannis 4 irratti qabu yaadaan qorachuun, seera bu'uuraa gorsaa barbaachisoo afur soortuun Pheenxeqoosxee fayyadamuu barbaadu mul'isa:

Amaanaa Hundeessuu

Yesus adeemsa gorsaa kan jalqabe ofii isaatii fi dubartii sana gidduutti wal amantaa uumuudhaan ture. Kabaja murtii malee isheef qabu agarsiisee jaalalaa fi fudhatama haalduree tokko malee agarsiise. Gufuuwwan aadaa jiran irra darbuun daran ishee dhaqqabe (Yoh 4:7-9, 17-18).

Dammaqinaan Dhaggeeffachuu

Yesus gaaffiiwwan qoratan gaafachuudhaan haala dubartii sanaa hubachuuf yaaleera. Sana booda waan isheen jettu sirriitti dhaggeeffatee deebii sirrii ta'e kenneera. Deebii inni kenne hubannoo inni fedhii hafuuraa ishee isa gadi fagoo ilaalchisee qabu ifatti dabarseera. Yesuus caalaatti yaada ishee keessatti bakka jaamaa dhugaa fudhachuu fi bilisummaa isa keessatti akka hin arganne ishee dhorkaa turan sana morme (Yoh. 4:9-16, 21-24).

Dhugaa Jaalalaan Dubbachuu

Yeroo barbaachisaa ta'etti Yesuus jaalalaan amanamummaa dhabuu ishee dura dhaabbatee dhugaan ishee morme (Yoh. 4:16-18; cf. Efe. 4:15).

Xiyyeffannoodhaan Jiraachuu

Adeemsa kana hundumaa keessatti, Yesuus kaayyoo isaa kan dubartittiin kaayyoo jireenyaa ishee isa dhugaa akka argattu gargaaruu irratti xiyyeeffatee itti fufe (Yoh 4:10, 13-14, 16-18, 21-24). Dubartiin cubbuu ishee amantee akka Masihiitti Isa beeksifte. Sana booda waa'ee isaa namoota birootti himuuf fiigde (Yoh 4:28-29).

SAAFUU GORSA

Akka bakka bu'oota Kiristoosii fi kunuunsitoota saba isaatti, soortuun Pheenxeqosxee dhiiraa fi dubartoota amanamoo ta'uu qabu. Gorsa kennuu keessatti dhimmoota naamusaa armaan gadii ilaaluu qabda. Seerawwan bu'uuraa kana hordofuun si fi nama gorsa kennitu sana ni eega:

Hanga Ofii Hubachuu

Dandeettii fi daangaa gorsa kennuu irratti qabdu ilaalchisee amanamaa ta'uu qabda, akkasumas daangaawwan kana bira darbuuf yaaluu hin qabdu. Biyyoota tokko tokko keessatti gorsitoonni ogummaa boorditiin mirkanaa'uu qabu.

Wabeeffachuun

Daangaa kee yoommuu geesse beekuu qabda. Yoo naannoo murtaa'e irratti gorsa kennuudhaaf leenjii hin fudhanne ykn ga'umsa hin qabne ta'e, miseensota kee gara gorsitoota Kiristiyaanaa mirkanaa'oo ta'anitti erguuf qophaa'uu qabda. Akkasumas yeroo hariiroon hirkataa siifi nama gorsaa gidduutti uumamu, ykn yeroo gorsaan tokko kana booda gorsa kee irraa fayyadamaa hin taane isaan eeruuf qophaa'uu qabda.

Qulqullina Walqunnamtii Saalaa

